


....Garuu, yeroon itti namaaf gamu ni dhufa.Yeroon itti uummattoonni miilla hacuuccaatiin dhidhiitamuun oobsa isaan fixachiisu ni dhufa.Yeroon itti uummattoonni 'gara ayyallaa saamiinsaa lafa abdiin hin mul'annetti darbatamuun ni ga'a' jedhan ni dhufa.Yeroon itti uummattoonni jireenya ifa o'aa keessaa darbatamanii qorra lafee namaa nyaatu keessa qofaa akka dhaabbatan taasifamuun isaan dadhabsiisu ni dhufa. Dadhabbii isaanii keessa ta'anii uummattoonni kunniin mataa ol qabatanii mirga ofiif qabsaa'uuf murteeffatan.

Humna qawwee namoota abdii kutatan harka jiru irra humna uummata gurmaa'ee nagaan hiriiru keessa jiruutu caala. Diinonni keenya uummata guddaa, meesha-maleessa, garuu kutataa dura dhaabbachuu irra gartuu hidhate xiqqoo loluu filatu. Haata'uu malee, malli tarkaanfii jamaa kun kan itti fufiinsa qabuu fi hin qabbanoofne ta'uu qaba.



Kitaabicha keessaa kan fudhatame



Gaaf tokko ijoolleen koo xixinnoon afran biyya bifa gogaa isaaniitiin osoo hin taane qabiyyee amala isaaniitiin madaalaman keessa akka jiraatan natti mul'ata.Har'a mul'atan qaba!

Gatii Qar 150/\$30

Mana Maxxansaa Rehobot 0114 169027 Finfinnee

MAARTIIN LUUTER KIING, XIQQAA MUL'ATAN QABA

Maxxansa Addaa
MAARTIIN
LUUTER KIING.
XIQQAA
Yaadannoo Waggaa 50th



BARREEFFAMOOTAA FI HAASAWWAN

ADDUNYAA KANA JIJHIRAN

Gulaalaan
Jeems Melvin Waashingiten

Afaan Oromootti Kan Hiike
Baqqalaa Garbaa Daakkoo

Mul'atan Qaba

Barreeffamootaa fi Haasawwan
Addunyaa Kana Jijjiiran

MAARTIIN LUUTER KIING, XIQQAA
Ariirratni Koreetaa Iskoot Kiingiitiin

Afaan Oromootti Kan Hiike
Baqqalaa Garbaa Daakkoo

Sadaasa 2015
Oromiyaa

Baafata

Ariirrata Koreetaa Iskoot Kiingiitiin, iv
 Dubbistootaaf, vi
 Seensa Gulaalaa, x
 Tartiiba Gochaalee Jajjaboo, xxi

Kutaa I Mul'ata Ife (1956-1959), 1

1. Qabsoo Keenya (1956),2
2. Rakkoo Bara Haaraa Waliin Dhufu Jala Dhaabbachuu (1957),15
3. Humna Hokkara-Malummaa(1958),33
4. Haasawa Hiriira Dargaggoonni Manneen Barnootaa Waleef Taasisan Duratti Godhame (1959),39

Kutaa II Mul'atichi Seenaa Addunyaa Keessa Gale (1959-1964), 43

5. Imala Gara Biyya Gaandiitti (1959), 44
6. Caasaa Hawaasummaa Hokkara-maleessaa (1959),56
7. Imala Gara Qabsoo Karaa Nagaatti Geessu (1960),63
8. Dhahaa Dammaqiinsa Waa'ee Sanyummaa (1960),73
9. Yeroon Bilisummaa Gahee Jira (1961),83

10. Xalayaa Mana Hidhaa Bermingam Irraa (1963),95
11. Mul'atan Qaba (1963),125
12. Haasawa Fudhannaa Badhaasa Nagaa Noobel Irratti Godhame (1964),132

Kutaa III Mul'atichi ni Bubbule (1963-1968), 138

13. Faaruu Daa'imman Wareegamaniif (1963), 139
14. Waaqni Keenya Hojii Irra Jira (1965), 143
15. Hokkara-malummaa: Karaa Tokkicha Gara Bilisummaatti Geessu (1966), 150
16. Callisuu Hin Qabnu (1967), 162
17. Humni Gurraachaa Yoo Ibsamu (1967), 182

Kutaa IV Raajiin Egeree Arga (1967-1968), 199

18. Asirraa Garamitti Deemna? (1967), 200
19. Anaafii Guddicha Dhuunfaa (1968), 215
20. Biyya Abdii Argaan Jira (1968), 232

Ariirrata

Koreetaa Iskoot Kiingiitiin

BARA SOCHII MIRGA NAMUMMAA AMEERIKAA, MAARTIIN LUUTER Kiing Xiqqaan haasaawwani fi lallaba dhibbaan lakkaawaman dhiheessuu isaarrayyuu kitaabota shani fi barreeffamoota hedduu maxxansiisee jira. Maxxansi, *"Mul'atan Qaba: Barreeffamootaa fi Dubbiwwan Addunyaa Kana Jijjiiran"* jedhu kun hunda bira ga'uu kan danda'uu fi bakka-bu'aa barreeffamoota isaatiiti.

Kitaabni kun barreeffamootaa fi dubbiiwwan jajjaboo abbaa manaa kootii, haasaa isaa isa beekamaa, "Mul'atan Qaba," jedhu dabalatee kan of keessatti hammateedha. Haata'u malee, haasaawwan isaa baay'ee gaggaariin, garuu kanneen hinhubatamin darban biroonis, itti dabalamanii jiru.

Kanneen keessaa barreeffamni isaa, "Xalayaa Mana Hidhaa Bermingam Irraa," jedhu qabsoo hawaasummaa keessatti amantiin qooda maalii akka qabu kan ibsuudha. Dr. Kiing akkamitti gara hoggansaa akka dhufe namoonni barumsa irraa argachuu fedhan mata-duree "Imala Gara Qabsoo Karaa Nagaatti Geessu," jedhu dubbisuu danda'u. Barreeffamni kun adeemsi karaa hafuuraa fi ilaalchaa inni keessa darbe akkamitti gara hoggansa Sochii Mirga Siviliitti akka isa fide agarsiisa.

Kitaabni kun qeeqa abbaan manaakoo humna gurraachaa ilaalchisee "Humni Gurraachaa Yoo Ibsamu," jechuun dhiheesse akkasumas "Callisuu hin Qabnu," jechuun lola Veetinaam keessatti geggeeffamuu fi balaa loltummaan dhaqqabsiisu mormee dhiheessee jira. "Anaafii Guddicha Dhuunfaa," mata-duree jedhu keessatti Dr. Kiing waa'ee caalanii argamuu ibsa kennuudhaan amaloota olaanoo kanneen gaafa inni barreesse caalaa har'a barbaachisoo ta'an tarreessee jira. "As Irraa Garamitti Deemna?" kan jedhu keessatti immoo mul'ata walii-galaa egereef qabu lafa kaa'ee jira.

Kanneeni fi walumaagalatti barreeffamoonni digdamni biroon kitaaba kana keessatti argaman yaada Dr. Maartiin Luuter Kiing

hubachiisuu irra darbanii barreeffamoota inni maxxansiiseef akka seensaatti gargaaruu ni danda'u. Haata'u malee, Dr. Kiing haasawa isaa kan nama sochoosuun kan yaadatamu yoo ta'u, jechoonni isaa fuula kitaaba kanaa irra jiran hojiirra oolanii jiru. Dr. Kiing nama dubbii beeku qofa osoo hin taane goota Ameerikaa lubbuu isaa hanga balaa irra buusutti kakuu yookiin waadaa dimookirasii dhugoomsuuf qabsaa'edha.

Barreeffamoota kitaaba kana keessa jirani fi hojiiwwan Dr. Kiing kanneen birootiif maddeen jalqabaa Mana Kitaabaa Maartiin Luuter Kiing Xiqqaa, isa Atilaantaa, Joorjiyaatti argamuu danda'u. Maddi addaa seena-qabeessi, kan waggaatti dubbistootaa fi qorattoota kuma shaniif tajaajila kennu kun, kan abbaa manaa kootii dabalatee, haasaawwan, lallaboota, waraqaalee dhuunfaa fi barreeffamoota Sochiilee Mirga Sivilii Ameerikaa agarsiisan billeetta yookiin dokumentoota miiliyoona lamaa ol qabatee jira.

Jeems Waashingiten yaada seensaa isaa keessatti, barreeffamoota filatamoo kanneen tartiiba seenaa raawwatameen walitti qabsiisuudhaan hojii guddaa hojjetee jira. Kitaabni kun falaasamaa fi mala qabsoo karaa nagaa Maartiin Luuter Kiing addunyaa tasgabbootuu uumuuf hojiirra oolche qorachuuf ni jajjabeessa jedheen amana.

Dubbistootaaf

HAASAWWAN MAARTIIN LUUTER KIING XIQQAA CAQASUU FI barreeffamoota isaa dubbisuun jabina, fedhaa fi kutannoo inni uummata isaa haqa hawaasummaa gonfachiisuuf qabu akka dinqisiifannuuf nu gargaara. Miira isaa ibsachuuf jabina jechoota inni itti fayyadamee akkasumas dogoggora hamoo baroota darban dalagamanis nu hubachiisa. Ameerikaa inni itti dubbachaa ture. Ameerikaa ishee har'aa irraa addadha. Ameerikaan kaleessaa biyya miidhaan sanyii seerota haqa hin qabneen deggeramaniidha. Ameerikaanotni hidda Afrikaa adda baafamanii irratti xiyyeeffatamuudhaan sirna gadaantummaa isaanii dheeressu akka fudhatan dirqamanii jiru.

Maartiin Luuter Kiing haala kana mormuudhaan bakka irra turee fi dandeettii amansiisuu qabutti fayyadamee gurraachi Ameerikaas nama akka *ture* hubatee dammaqinaan akka qooda fudhatu taasisee jira. Ofii isaatiin fakkeenya ta'uudhaan sirna cunqursaa ofirraa gatuun akka danda'amu gurraachota Ameerikaa amansiisee jira. Mirga namummaa isaanii guutummaatti kabachiifachuuf isaa wajjin hiriiruu qofti gahaa akka ta'e hubachiisee jira. Maartiin Luuter Kiing gocha isaa kanaan hogganaa mirga sivilii isa beekamaa jaarraa digdammaffaa ta'uu danda'ee jira.

Yoomiyyuu caalaa kaka'uudhaan gurraachonni Ameerikaa adda baafamuudhaan loogni irratti hojjetamuu isaa mormanii falmataa turanii jiru. Hiriira gugurdaa walakkeessa bara 1950 kaasee hanga 1960 gara dhumaatti taasisaniin gurraachonni Ameerikaa warra adii wajjin mirga tajaajila walqixaa argachuu, mirga filannoo keessatti qooda fudhachuu fi kabaja mirga dhala namaa argachuu danda'anii jiru.

FILANNOO HOGGANSAA

Bara 1954 keessa mirgi sivilii Ameerikaanota hidda Afrikaa abjuu malee dhugaa hin fakkaatu ture. Kibba biyyattii keessatti qoodiinsi seera-qabeessa ture. Seera kana ture kan konkolaachisaan otobuusii Alabaamaa, Montigoomerii tokko mirga dubartii waggaa afurtamii lamaa Roozaa Paarkis jedhamtuu mulqee mana hidhaa akka buusu kan godhe. Dubartiin gurraattiin uffata hodhitu tun otobuusii keessa turte keessaa bakka teessee jirtuu kaatee imalaa adii tokko akka teessiftu ajajamtee waan diddeef ture kan isheen hidhamte. Dubbiin kun wayita dhaaba mirga sivilii Waldaa Biyyoolessaa Fooyya'insa Uummattoota Halluu Addaddaa (WBFUHA) ga'u, pirezidantiin dhaabbatichaa atattamaan hoggantoota hawaasa gurraachaa walitti qaban. Gurraachonni Ameerikaa kana caalaa obsuu akka hin dandeenye agarsiisuuf yeroon isaan itti otobuusii yaabuu lagatan ni dhufe.

Otobuusii lagachuun guyyaa tokko qofaaf, Mudde 5tti karoorfame yeroo dheeraa fudhachuudhaan dhaabaa fi hoggansi cimaan akka barbaachisu mul'ise. Hoggantoonni mirga sivilii ulaagaalee barbaachisan irratti mari'atan. Namni hogganaa ta'uu qabu dargaggeessa, humna-qabeessa, kan barate, akkasumas gootaa fi kan arraba tolu ta'uu akka qabu irratti waliigalan. Tajaajilaan Waldaa Kiristaanaa warra gurraachaa ishee jabina hafuuraa isaanii kennaa turte filannoo gaarii ta'ee argame. Pirezidantiin WBFUHA nama ulaagaalee kanneen guutu sammuu isaa keessaa qaba ture – dargaggeessa, leenjii gahaa kan qabuu fi humna haaraa. Akkuma kanaan Maartiin Luuter Kiingiin dhiheessinaan hundi irratti waliigale.

Jalqaba irratti Kiing filannoo gaarii ta'uunsaa mamsiisee ture. Qabsoo bilisummaa keessatti beekamaa hin turre. Ilmaa fi ilma ilma paasteraa waan ta'eef, qananii malee rakkina hin beeku; rakkoon sanyummaan fidus isa gaaga'ee hin beeku. Alabaamaa, Joorjiyaa keessatti guddatee, barataa cimaa ta'uudhaan kolleejjii gurraachonni itti baratan Moorhaawus waggaa kudha shanitti seenee, booda immoo seminarii hafuuraa Kiroozer kan adiin itti baay'atan irraa tokkoffaa bahuun eebbifamee jira.

Yunivarsitii Boostenitti barnoota dokitorummaa osoo hin xumurin dura bara 1954 Kiing Kibbatti deebi'ee Montigoomerii keessatti

Waldaa Kiristaanaa Cuuphaa Daandii Deeksiteritti argamtuutti paastera ta'e. Amantootni waldattii muraasa haa ta'an malee namoota dhiibbaa fiduu danda'an, ogeeyyii kabajamoo fi kanneen Kiing itti madaqee fi wajjin ta'uu fedhudha.

Gufuu tokkichi hojii haaraa tajaajilaa dargaggeessa kana dura danqaramee jiru sanyummaa Montigoomerii keessaati. Dubbiin lagu otobuusiif sababa ta'e osooma hin dhalatin illee, Kiing sanyummaan jiraachuu isaa gadi fageessee jibbaa ture. Hidhamuu Roozaa Paarkis akkuma dhaga'een uummanni gurraachi waa'ee qoodiinsa sanyii waa tokko gochuu akka qabu hubate. Akka geggeessuuf yookiin akka dura bu'uuf wayita waamamu Kiing battalumatti of kenne.

DOGOGGORA SANYUMMAA IRRATTI HUNDAA'E MORMUU

Waldaa Fooyya'insaa Montigoomerii (WFM) haaraa dhaabbate akka hogganuuf akkuma filatameen, lagu otobuusii Mudde 5 jalqabamu qindeessuuf itti gaafatamni guddaan paastera waggaa digdamii ja'aa irratti kufe. Kaayyoon lagu kanaa seerri gurraachonni Ameerikaa warra adiin walqixa fuuldura otobuusii akka hin teenye dhowwu akka jijjiiramu gochuudha. Hoggantoonni adii magaalattii, kana fudhachuu waan didaniif, laguun otobuusii guyyaa 381 itti fufe. Yeroo kana gidduutti imaltoota gurraachaa keessaa dhibbeentaa sagaltamni otobuusii yaabuu lagatanii jiru. Kanaaf, galiin dhaabbata otobuusii dhibbeentaa jahatamii shaniin gadi bu'ee jira. Dhuma irratti Manni Murtii Waliigalaa Ameerikaa murtoo Mana Murtii Federaalaa isa kan Aanaa Montigoomerii mirkaneesse. Manni Murtii Aanaa Montigoomerii kan abbootii murtii sadii of keessaa qabu kun, "Seeronni Mootummaa Alabaamaa fi naannoolee, kanneen otobuusii keessatti qoodiinsa sanyii hayyaman, Heera Mootummaa Ameerikaatiin ala waan ta'aniif hojiirra ooluu hin qaban," jechuudhaan murteessee ture.

Murtiin kun qabsoo gurraachonni Ameerikaa mirga ofiif taasisan keessatti ibidda jalqaba haaraa qabsiise. Seerota haqa-dhabeeyyii Kibbaa karaa nagaa mormuudhaan Maartiin Luuter Kiing mallattoo walqixxummaa sanyii ta'ee biyya keessaa fi idil-addunyaatti beekame. Kiing akka dura-bu'aa Kora Hoggansa Kiristaana

Kibbaatti warra qoodiinsa sanyii deggeran irratti fuulaa fi fuulatti duula bane.

Kiing, "Haalli gurraachonni Ameerikaa keessa jiran qabsoo karaa nagaa isa walirraa hin cinne qofaan jijjiiramuu danda'a," jedhee amane. Tarsiimoon sochii hokkara-malummaa akkasii kun Montigoomerii keessatti qabsiifamee; diddaa taa'anii ka'uu diduu barattootaan fooyya'ee; hiriira gugurdaatiin bilchaatee; imaltoota bilisummaatiin hojiin mul'atee; dhumarratti seera mirga filachuu bara 1965 tumamee fi isa gurraachota Ameerikaatiif adii warra Kibbaan walqixa mirga kenneefiin xumurame.

KABAJA HIN DABARRE

Hoggansa Kiing jalatti Ameerikaanonni hidda Afrikaa mirga heerri mootummaa isaaniif kenne kabachifachuuf yoomiyyuu caalaa socho'anii jiru. Haasaawwani fi barreeffamoonni isaa seenaa kana mul'isu. Seeronni haqa-qabeessa ta'an akka tumamaniif qoodni isaa maal akka ture nu yaadachiisuufis nu gargaaru. Dubbiin isaa akkuma jiranitti fudhatamuu qabu jechuu miti; garuu, hafuura sammuu ofiif amanamaa ta'uu inni dadammaqse dagatamuu hin qabu. Barreeffamootaa fi haasaawwan kunniin galmee seenaa isaa fi waan inni dhaabbateefiiti yookiin falmaafii tureeti. Innis 'biyyi kun akkuma, "Jireenyaa fi seera Ameerikaa keessatti sanyiin bakka hin qabu," jettee waadaa seente, haa dhugoomsiitu 'kan jedhuudha.

Kiing dhuma bara jireenya isaatii jala, 'sanyummaa, hiyyumni fi lolli Veetinaam kan walitti hidhata qabani fi dogoggora ta'uurra darbanii wantoota Ameerikaa laaffisaniidha,' murtoo jedhurra ga'ee ture. Bara 1968 fuula isaa dura jiru ilaaluudhaan Waashingitenitti Hiriira Uummata Hiyyeeyyii kan jedhu karoorsuu eegale.

Eebba 3, bara 1968 Kiing haasaa godhe keessatti bara 1955 jalqabee mirgoota sivilii kabachiisuuf hojiiwwan hojjetaman yaadachiisuudhaan kanneen qooda fudhatan galateeffachuuf itti fayyadamee jira. "Ani fedha Waaqayyoo raawwachuu qofan barbaada," jedhee dubbate. "Waaqayyoo gara tulluutti ol na baase. Anis fageesseen ilaale. Achiis biyya kakuu nan arge... Ani har'a galgala kana gammadeen jira. Waa'ee waan tokkoo illee hin yaadda'u; nama tokkollee hin sodaadhu. Iji koo ulfina dhufaatii Gooftaa argee jira."

Kun mul'ata Maartiin Luuter Kiing hanga du'a isaatti dadhabaafii tureedha.

--Warreen J. Halliburton, barreessaa fi barsiisaa

Seensa Gulaalaa

OSOO MAARTIIN LUUTER KIING XIQQAAN HAR'A LUBBUUN JIRA TA'EEakkana jedheen isa gaafadhan ture. "Hagayya bara 1963 gaafa haasawa 'Mul'atan Qaba' jedhu gochuuf qophaawaa jirtu sana maaltu sitti dhagaa'ama ture? Baay'ina adii fi gurraacha 200,000 ta'an, Waashingiten DC bakka yaadannoo Linkenitti maal akka ati jettu dhaggeeffachuuf walga'an wayita argitu si ajaa'ibee jiraa? Namni gurraachi waggaa soddonii afurii akkamitti yeroo gabaabaa keessatti gara wiirtuu seenaa Ameerikaatti akka dhufe si dhibee jiraa? Mul'ata kee kana guutummaa biyyaatti ibsuuf sodaattee turtee?" jedheen gaafadha ture. Maal goona? Ajeechaan lundhummaa akka nuti gaaffilee kanneen raajicha Ameerikaa jaarraa 20ffaa hin gaafanneef carraa nu dhowwatee jira.

Dr.Kiingiin arginee gaafachuu waan hin dandeenyeef, Maartiin Luuter Kiingiitiif Goliyaad kan ture reeffa "Jim Kiroow " irratti qorannoo seenaa geggeesseen isiniif dhiheessa. Uumamni Jim Kiroow jedhamu kun kan uumame qoodiinsa irraa yoo ta'u, biyya dimokiraatawaa ofiin jedhu keessatti irre-qabeessa guddaadha.Hundeen sanyii isaatii fi dhiibbaan isaa garuu Yunaayitid Isteetis (Y.I) irra darbee laga ce'ee dagaagee jira. Kun garuu Ameerikaanota baay'eetti hin mul'atu. Haata'u malee, yeroo tokko tokko rakkinni, keessumaa kan idil-addunyaa,warreen rafan illee akka isaan dammaqan isaan taasisa.

Bara 1929 wayita Maartiin Luuter Kiing maatii gita giddu galeessaa tajaajilaa Wangeelaa Ameerikaa hidda dhaloota Afrikaa keessatti Atilaantaa Joorjiyaatti dhalatu, addunyaan qarqara kufaatii dinagdee fi hawaasummaa irra gahuu ishee namni baay'een hin hubanne ture. Eega Kiing dhalatee ji'a kudhan booda addunyaan Dhihaa, Boodatti Sigigaachuu Dinagdeetiin rukutame. Haa ta'u malee, boodatti sigigaachuun dinagdee hawaasa gurraachaa irra ga'u isa kan warra biroo caalaa hamaa fi ammas ammas irra deddeebii'ee kan dhufu ture. Uummattoonni kunniin kabaja namummaa fi dinagdee barbaacha gara kutaalee biroo Yunaayitid Isteetisitti

godaanu turan. Haata'u malee, babal'inni jireenya magaalaalee fi indastirii gurraachota baay'ee homaa osoo hin fayyadin jala dabree jira.

Maatii gita giddu-galeessaa keessaa dhalachuu isaa irraan kan ka'e, Maartiin Luuter Kiing Xiqqaan ijoollee gurraachotaa biroo irra carra-qabeessa ture. Haata'u malee, dinagdeen fooyyee qabaachuun, biyya warra adii baay'een ummattoota halluu addaa qaban gadi itti ilaalan keessatti loogii hawaasummaa Ameerikaanota hidda dhaloota Afrikaa irratti raawwatamu jijjiiruu hin dandeenye. Namoonni qoodiinsa sanyiitti amanan qabeenya uummataa hangana hin jedhamne baasuudhaan hawaasa Ameerikaa keessatti gurraachi bakka gadi-aanaa akka qabu yaadachiisu. Ga'eeyyiin gurraachaa oolmaan ijoollee isaanii akka fooyya'uuf wayita carraaqan, ijoolleen isaanii ammoo egeree addaa abjootu. Akkuma warra kaanii addunyaan mul'ataa Maartiin Luuter Kiing gara dammaqinaatti tarkaanfachuu kan jalqabe guyyuma dhaloota isaa Amajji 15, bara 1929 ture. Haata'u malee, sagalee fokkisaan rukutaa dibbee warra sanyiitti amananii adeemsi dargaggoo gurraachaa haala hinmalleen akka saffisu godhe.

Caamsaa 29, Alamoo, Teenesii keessatti gaafa gurraachi ol adeemaan tokko warra adiiin tumamee ajjeefamu Maartiin dhalatee ji'a afur ture. Adoolessa 14 ammoo Pirinses Aan, Meeriilaand keessatti adii fi gurraachi walitti bu'an. Ji'a osoo hin guutin gaafa Hagayya 11, adii fi gurraachi magaalaa Niwu Yoork karaa irratti wal tuman. Guyyaa kudha lama booda Baltimoor, Meeriilaand keessatti lola waa'ee sanyummaan ka'een namoonni digdamni miidhaman. Ka'umsi walitti bu'iinsa kanneenii yeroo baay'ee ifa miti. Garuu, walitti-bu'iinsi akkanaa jibbi gadi-fageenya qabu jiraachuusaa agarsiisa. Dhufaatii koloniyaaliizimii haaraa jaarraa kudha ja'ffaatii eegalee sanyiiwwan adda addaa gidduu wal jibbiinsi mul'achuun baratamaa ta'aa dhufee jira. Bara bilchina Dr. Kiing keessa gochaalee addunyaa irratti raawwatamani fi mormiiwwan hadhaawoo sanyiiwwan gidduutti mul'atan kaasanii ilaaluun barbaachisummaa mul'ata isaatii fi akkamitti akka inni uumame hubachuuf nama gargaara.

Warri Yuuroop fedhaa fi jaalala isaanii karaa salphaa guuttachuudhaaf jecha, biyyoota fagoo jiran keessatti yaadaa fi gocha kolonii uummachuu tarkaanfachiisaa turan. Suutumaanis gocha isaanii kana maqaa har'a "guddifachaa" jennee waamnu kennaniifii sirrummaa isaa himuu eegalan. Yaadi guddifachaa, "Hariiroon hawaasummaa heddumminaan wal gargaaruu irratti kan hunda'eedha," kan jedhudha. Warri Yuuroop yaada Kiristaanummaa 'arjummaa' jedhuun deggeramanii "Namuu, nama hanga isaa hin geenye tokkoof gargaarsa kennuu qaba," amantaa jedhu qabu turan. Namni sun ammoo, gargaarsa argateef, jaalates jibbes humna ofiitiin gatii baasuu qaba. Yuurooppaanonni Dhihaa beekumsa tekinoooloojii ammayyaa qabanitti fayyadamanii uummattoota qomoo fi aadaa adda addaa qaban durii maqaa misoomsuutiin hakuucaa turanii jiru.

Bulchitoonni haaraan kunniin namoota kanneeniif akka itti gaafatamtootaatti of ilaalu jalqaban. Arjoomni kun gurraachota qofaaf hin turre. Dubartoonni, Hindoonni, walumaa galatti uummattoonni Yurooppa-maleeyyiin "olaantummaa dhiirota adii" jala turan. Lolli walii-waliinii Ingilizootaa walakkeessa jaarraa 17ffaa, garaagarummaan warra adii gidduu akka jiru ifatti mul'ise. Akkuma daangaa gitoota gidduu jiru ce'uun ulfaataa ta'aa dhufeen, hoggansa koloneeffattoota warra adii keessaa tokko tokko, keessattuu kanneen kolonii Ingiliizi Kaaba Ameerikaa, wal caalmaa hawaasummaa fi siyaasaa kana mormuudhaan jala dhaabbachuu eegalan. Isaan keessaa kanneen akka Ameerikaanicha Tom Peen, 'Qubattoonni rakkoo of- tuulummaa keessa akka hin seenneef namni marti ija wal qixxummaan ilaalamuu qabu,' yaada jedhu qabu turan.

Rakkoon walcaalmaa hawaasaa kun, eega Ameerikaan bara 1776 Briten irraa bilisummaa ishee labsatee jalqabee jireenya uummata ishee korokkodee qabee jira. Rakkoon sanyummaa kun gosummaa dhala namaa wajjin umurii wal qixaa kan qabu yoo ta'ellee, hojiidhaan gara dhaabbata hawaasummaa fi dinagdee adda ta'eetti kan ce'e jaarraa 18ffaatti ture. Yeroo sana ture kan seeronni olaantummaa warra adii warraaqsoota Ameerikaa fi Fireenchiin gargaaramanii gara jireenya hawaasaa fi siyaasaa rippabiliikota haaraatti akka seerota uumamaatti fudhatamanii haala nama

gaddisiisuun beekamtii kan argatan. Heerri Yunaayitid Isteetis qooda fudhannaan Ameerikaan daldala garboota Afrikaa keessatti qabdu bara 1808 akka dhaabbatu kan tume yoo ta'eyyuu, daldalichi keessumaa gara Dhihaa keessatti hanga dhuma jaarraa 19ffaatti itti fufee ture.

Xiqqaachaa dhufuun dhiheessii garboota addunyaa irraa, bittaa fi gurgurtaa garboota biyya keessaa hin hambifne. Garboonni dhalanii wal horuu ittuma fufan. Akka lakkoofsa uummataa Y.I bara 1860 tti uummata biyyattii miiliyoona 32 ta'u keessaa, garboota miiliyoona afur kan aadaa xiqqoo fooyya'e garuu afrikaanummaa isaa hin gadhiisin qabanitu jira ture. Biyyattiin , 'Tokkummaa ishee cimsuu fi egeree aadaa fi siyaasa warra Negroo murteessuuf dursitee lola walii waliinii geggeessuu qabdi,' murtoo jedhurra gesse.

Akkuma Pirezidant Abraham Linken dubbii isaa Ebla 4, bara 1865 dubbate keessatti ibse, 'Baay'ina uummata biyyattii harka saddeet keessaa tokko garboota halluu adda addaa qaban yoo ta'an, isaanis guutummaa biyyattii keessa faca'anii osoo hin taane gara Kibbaa keessa qofatti gujjaa'anii yookiin tuuta'anii jiru. Garboonni kunniin fedhaa fi aadaa jabaa ta'e qabu. Ka'umsa waraanaa kan ta'es fedha isaanii kana keessummeessuu dhabuu akka ta'e hundi ni beeka'. Lola bara 1861 hanga 1865 geggeeffame kana jidduutti ture kan pirezidant Linken ajaja 'Labsii Bilisummaa' jedhamee waamamu kan dabarsan.

Linken haasaa isaanii jalqabaa (Bitootessa 4, bara 1861) irratti "Kutaalee dhaabbileen gabrummaa keessa jiranitti, asiinis achiinis waa'ee isaanii keessa galuu hin barbaadu," haa jedhan malee nuffiin, dheerinni lolichaa fi sababoonni biroon akka yaada isaanii jijjiiran isaan taasisee jira. Labsiin Bilisummaa gaaffii tokkummaa biyyattii, bilisoomuu garbootaa waliin wal qabsiise. Dubbii isaan Getisbergitti (Sadaasa 19, bara 1863) dubbatani fi haasaa isaanii isa lammataa keessatti, 'Ameerikaa keessatti walqixxummaan hawaasummaa abjuudha malee dhugaa miti,' jechuudhaan afaanii baasanii dubbatan.

Bara 1865 Joon Wilkis Buuz Pirezidantii Ameerikaa guddicha jaarraa 19^{ffaa} ajjeessuu qofa osoo hin taane, bara haaraa walqixxummaa sanyii Linken abdates hanga du'aatti madeesse. Yeroo gabaabaa bara 1865 hanga 1877 jiru, kan bara "Deebisanii Ijaaruu" jedhamee waamamu, keessa Ameerikaanonni hidda dhaloota Afrikaa waahiloota dhaabbilee siyaasaa akka ta'an hayyamameeffii ture. Haa ta'u malee, shira beektota beebbeekamoo fi hoggantoota amantiitiin kan ka'e seeronni duraanii haarawanii yaalii seena-qabeessi sanyiiwwan gidduutti dimookrasii dagaagsuuf ture gufate.

Bal'achuun mootummaa biyyoolessaa sodaa waan uumeef waa'een mootummaa naannoo irra deebi'ee akka ilaalamu taasise. Ilaalchi kun booda keessa " mirgoota naannolee' jedhamee waamame. Garuu, mootummoonni naannoo dhiibbaa jibbiinsaa naannummaa jala waan jiraaniif yaalii deebisanii ijaaruu booda garbootni bilisooman mirga ofii akka dhaban taasifaman. Bara 1877 fi 1954 gidduu qoodiinsi sanyii seera-qabeessa ta'ee jireenya Ameerikaa dhuunfate. Manni maree bara 1875 seera mirga sivilii kan labse yoo ta'eyyuu, Manni Murtii Waliigalaa, 'Seerri kun heera mootummaan ala,' jechuudhaan bara 1883tti kuffise. Leellistonni sanyii, seerotaa fi gochaawwan hawaasummaa Jim Kiroow jedhamuun waamaman hojii irra oolchuudhaan Afrikaanonni, Jewishoonni fi Kaatolikoonni Ameerikaa baay'een mana barnootaa addaa akka hordofani fi bakka jireenyaa qoodameef keessa akka jiraatan taasifame. Qunnamtiini fi ga'ellii sanyii ofiin alaa yeroo kana keessaa fi hanga dhuma jaarraa 20ffaatti sodaachisaa fi kofla ta'e. Jibbiinsi Ameerikaanota Afrikaa fi warra Jiwuu harka lafa jalaan hayyama uummataa argatanii, gartuun wal ijaaruudhaan shororkeessummaa adii bifa gudeeddi, reebichaa, ajjeechaa fi manneen gubuutiin akka raawwatan isaan jajjabeesse.

Sanyummaan warra adii bifa biraas ni qaba. Sirna sanyii irratti hundaa'etu Ameerikaa keessatti biqile. Daldaltoonni adii uummata gurraachaaf bakka addaa qopheessan. Haa ta'uu malee, Negroon kunniin waan gadi-aanaa ta'eef gatii wal qixa yookiin isaa ol baasu turan. Guutummaa biyyattii keessattii bakkeen bashannanaa, hospitaaloonni, bakkeewwan awwaalchaa, geejjibni uummataa, bakkeewwan qulqullinaa, manneen kitaabaa, hoteelonni, manneen nyaataa, tiyaatiroonni fi manneen barnootaa gurraachotaaf adda

bahanii ramadaman. Gochaaleen kunniin Kibba keessatti kan baay'atan yoo ta'an iyyuu bakka hundaatti hojiirra oolan. Gochaaleen kunniin keessumaa barnoota ilaalchisee murtee Manni Murtii Waliigalaa *Pileetii fi Ferguson* ilaalchisee bara 1896 dabarseen seera-qabeeyyii taasifaman. Akka murtee kanaatti dhaabbileen uummataaf tajaajila kennan adii fi gurraachaaf, "adda adda garuu walqixa" ta'uu ni danda'u. Gochaan kun mootummaan sadarkaa kamiitti iyyuu Ameerikaanonni Afrikaa horii baasaniin warra adiif tajaajila gaarii ofii ammoo tajaajila gadi-aanaa argachuuf akka dirqaman isaan taasise.

Yaaliin sanyummaa kun hawaasa aadaa lama qabu, kan wal qixa hin taanee fi oftuu laa ta'e uume. Haala kana waloo gurraachi beekamaan, Pool Loorens Danbar, barreeffama isaatiin asaasee, 'Nutti aguugani!' jechuun ibsee jira. Barri Jim Kiroow sanyummaa hammatee akkasumas hafuuraa fi sammuu Ameerikaanota Afrikaa xumura bara Deebisanii Ijaaruu 1877 irraa kaasee hanga murtee seena-qabeessa galmee *Biraawuni fi Boordii Barnoota Topekaa* ilalchisee Manni Murtii Waliigalaa Caamsaa 17, bara 1954 kenneetti waggaa saddeettamaaf awwaalee ture. Joon Hop Firakliin seena-barreessaa beekamaan Ameerikaa dhaloota Afrikaa akka tilmaametti bara 1884 kaasee hanga jalqaba Lola Aduunyaa Tokkoffaatti Ameerikaanonni Afrikaa 3,600 ol ta'an reebamanii ajjeefamanii jiru. Lakkoofsi kun gudeeddii warri adii gurraachota dhiiraa fi dubartii irratti raawwatan yookiin salphina lakkaawamee hin dhumne uummata Ameerikaa dhaloota Afrikaa biyya itti hin barbaadamne keessa jiraachuuf yaalu irra ga'u hin dabalatu.

Seenaa gaddisiisaa waa'ee sanyummaa Ameerikaa kana hibboo kan taasise biyya yaada dimookirasii leellistu keessatti raawwachuu isaati. Maartiin Luuter Kiing kan dhalate yeroo itti sanyummaan duudhaa amantii fi dimookirasii dhabamsiisaa jiraachuun isaa biyyattii yaadachisuuf yaaliin godhamaa jirutti ture. Garuu dhahaan galaana seenaa faallaa namoota yaada kana qabani kan ta'e fakkaata. Dhaloota Kiing dura beektonni akka W.E.D Buwa, 'Sanyummaan rakkoo addunyaa waliigalaati,' jechuudhaan waggaa dheeraaf falmaa turanii jiru. Sanyummaa akka waan salphaa fi hammeenya hin

qabneetti fudhachuun balaa cimaa akka fidu fakkeenya Waraana Addunyaa Lammaffaa fi Fixiinsa Naazii irraa barannee jirra.

Bara 1935 yeroo Maartiin Luuter Kiing Xiqqaan barnoota kutaa Iffaa eegaluuf qophaawaa turetti sobni guddaan Adoolf Hiitler waa'ee olaantummaa sanyii Ariyaan irratti qabuu fi sodaan kominiizimii waliin wal simatee ture. Ripaablikii Weeyimar dimokiraatawaan inni Jerman keessaa fonqolchamee Reich Sadaffaan humnaa fi gowwoomsaan ijaarame. Hafuuri gosummaa Jarmanii hudhee qabate. Tasgabii dhabuun dinagdee biyyoota addunyaa maraa jabaataa akkuma deemeen mootummonni biyyoota paartii tokkichaana bulanii yaada siyaasaa kan isaaniirraa adda ta'e seeraan dhowwan. Sirnoonni kun Jarmanii, Italii, Tokkummaa Sooviyeeti fi Jippaan keessatti biqilan. Miidhaan Ameerikaanota Afrikaa irra ga'e hanga miidhaa Jewishota irra Naazii Jarmaniin ga'e yoo ta'uu baatellee miidhaan qoor-qalbiin isaan irra ga'e garuu wal fakkaata. Ameerikaanonni baay'een deebi'ee lafa-qabachuu Kuu Kilaks Kilaan akkasumas ilaalchi sanyummaa fi faashistummaa hoggantoota Amantaa Kiristaanaa kanneen akka Abbaa Charles E. Kuglini fi booda keessa ammoo Luba Jerald L.K. Sniiz faa dimookirasii Ameerikaaf qaani ta'uu isaa hubatan.

Namoonni qaqqajeeloon qomoo, amantii, ilaalcha siyaasaa adda addaa irraa walitti dhufan gocha kana mormuuf harka wal qabatan. Eebila 12, bara 1930 torban muraasa eega Maartiin Luuter Kiing Xiqqaan waggaa Iffaa dhaloota isaa kabajatee booda, namoonni addunyaa sanyummaa irraa bilisoomte arguu fedhan murannoo Mahatama Gaandii nama Indiyaatiin baay'ee kaka'an. Impaayerri Briitish soogidda Indiyaatti ashuura kaffalchiisuu yaaduu isaa mormuudhaan Gaandiin gara Sulula Gambeyitti "Hiriira Soogiddaa" geggeesse. Gaandiin waraanaa humna-qabeettii kan taate Impaayera British jala dhaabbachuuf tooftaa hokkara-maleessa akka fayyadaman uummata isaa barsiise. Mala kana duraan dursee Afriikaa Kibbaa keessatti abukaatoo dargaggeessa wayita ture jijjiirama hawaasummaa fiduuf akka yaaliitti itti fayyadamee ture.

Haata'u malee, hawaasni Amerikaanota Afrikaas, olaantummaa warra adii mormuu keessatti seenaa mataa ofii qaba. Aadaan diddaa

kun bifa gurguddaa shan qaba: mormii aadaa, diddaa jarmiyaa, falmii, lagu fi mormii jamaa. Haarummaa fi addummaan aadaa Ameerikaanota Afrikaa beekamaa yoo ta'eyyuu, qoodi addaa inni aadaa warra Dhihaa keessatti qabu beekamtii argachuuf dadhabsiisaa ture. Haaromsi Haarlem bara 1920 milkaa'ina qabsoo akaademii, ogbarruu fi aartiif akka madaalliitti fudhatama. Daraaraan abaaboo miidhagaa kanaa hafuuraa fi qalbii hojjettoota mirga sivilii guutummaa jaarraa 20^{ffaa} haaromsuuf gargaare.

Dhuma jaarraa 18^{ffaa}tti yeroo bu'uureffamanii jalqabee dhaabbileen Ameerikaanota Afrikaa kanneen akka Waldaa Kiristaanaa fi waldaaleen obbolummaa yookiin afooshaaleen hawaasa gurraachaa olaantummaa warra adii irratti ni qabsaa'u turan. Waldaaleen kunniin yaaliiwwan booda ta'an hundumaaf bu'uura ta'anii jiru. Mormiiwwan ka'an yeroo yerootti dhaabbileen adda addaa kanneen akka Waliigaltee Biyyoolessaa Negroo (WBN) akka uumaman taasisee jira. WBNn bara 1830 hanga 1850tti waggaatti yeroo tokko wal ga'aa ture. Haa ta'u malee, kan akka WBFUHA fi Liigii Biyyoolessaa Magaalaa (LBM) (1909 fi 1911 duura duubaan bu'uureffaman) milkaa'ina argate hin jiru.

Falmii milkaawaa WBFUHAN geggeessuu fi barruu *Kiraaysis* jedhamu inni maxxansu akka dhaaba bu'a-qabeessa mirga sivilii Ameerikaanota Afrikaatti maqaa isaa tolchan. Tooftaa falmii cimaa abukaatoowwan Ameerikaanota Afrikaa kanneen akka Charles Hiyusteni fi Targud Maarshaliin WBFUHAN galmee *Biraawuni fi Topekaatiin* fuula Mana Murtee Waliigalaa duratti bara 1954 injifate. Dandeettiin diploomasii, mala saayinsaawaa isaan ragaa hawaasummaa ittiin sassaabbatani fi colluummaan magaalummaa LBM dubbii dharaa waa'ee Ameerikaanota Afrikaa dubbatamu hundeedhaa buqqisuuf danda'anii jiru. Haata'u malee, gartuun lamaanuu birkiilee baay'ee kutaalee biyyattii keessaa yoo qabaatan illee gurraachota guutummaatti sochoosuu hin dandeenye.

Sochiileen amantii Ameerikaanota Afrikaa yaada uummata gurraachaa dhaggeeffatanii itti fayyadamuutti muuxannoo gaarii qabu. Raandal K. Barket kitaaba isaa, *Gaarveyummaa Akka Sochii Amantiitti* jedhu keessatti Waldaa Fooyya'insaa Negroo Waliigalaa dhaabni jedhamu Markus Gaarveyin hundeeffame akka sochii amantiitti akka laalu jabeessee falme. Bara 1920oota keessa Gaarvey ceephoo warri adii aadaa fi siyaasa uummattoota Afrikaa irraan ga'an tuffatanii akka bira darban gurraachota dadammaqse. Haata'u malee, mootummaan federaalaa ergaa waliin dhahuun himatee Gaarveyin mana murtii dhaabuu danda'ee jira.

Gochaan kun sanyii ofiin boonuu warra gurraachaa hin hir'ifne. Sochichi bifa biraa qabate. Fakkeenyaaf, hiriyoonna Gaarvey baay'een namoota amantii kanneen akka Joorj Aleksander Makguuri, Wiiliyaam Yansii Beel, fi Juniyes Siizaar Ostin Paastera Waldaa Kiristaanaa Pilgrim Cuuphaa Shiikaagoo turan. Bara 1929 Ostin daldaltoota gurraachotaatti meeshaa gurguratan garuu kan gurraachota hin qacarre irratti sochii *irraa-bituu-lagaachuu* qindeessee ture. Sochiin 'Carraa Hojii Gurraachotaaf' jedhu kun hanga Kiliivlaandi fi Niwu Yoorkitti babal'atee ture.

Rakkoon dinagdee Ameerikaa irra Onkoloolessa 1929 ga'e, Ameerikaanota baay'ee, keessattuu Afrikaanota, akka isaan "Grand Ole Partii" Abirahaam Linken dhiisanii gara sagantaa Waliigaltee Dhimma Haaraa dimokiraaticha Pirezidant Firaankilin Dilaanoo Ruzeveltitti fuula deebifatan godhe. Gochaa Pirezidant Ruzevelt keessaa inni guddaan ajaja lakkoofsa 8802 mallatteesuudhaan bara 1941 "Komiishiniin Qacarrii Madaalawaa" akka hundeeffamu taasisuu isaati. A.Filip Raandof pirezidantiin Obbolummaa Hojjettoota Konkolaataa, "Yoo Ruzevelt indastrii waraanaa isa eega lolli Addunyaa Lammaffaa jalqabee kaasee meeshaa dhiheessaa jiru keessatti qoodiinsa sanyii hin dhaabsisan ta'e, Waashingitenitti hiriira baana" jechuun sodaachisan.

Yeroo lolaa sana jeequmsi sanyii irratti hundaa'e magaalota keessatti keessumaa bara 1946, humnooti walta'an Hiitileriin eega

injifataniiwaggaa tokko booda, ka'ee ture. Jeequmsi kun jibba Ameerikaanonni Afrikaa oftuummaa biyya sanyummaa Naazii balaaleffachaa karaa biraa ammoo reebicha, ajjechaa, loogii qacarrii hojii, fi dinagdee keessaa qooda-dhabiinsa sanyii irratti hundaa'e keessummeessitu irratti qaban mul'ise.

Jeequmsa kana waggaa kudhan booda, Yuniversitii Boosten irraa abbaan digrii sadaffaa, Maartiin Luuter Kiing Xiqqaan, paasterichi, dargaggeessi beekamaan amantoota gurraachaa Montigoomerii Alabaamaa, sochii seena-qabeessa uummata gurraachaa jaarraa 20^{ffaa} hogganuu jalqabe. Haasaa fi barreeffamoonni isaa bebbeekamoon kitaaba kana keessatti hammataman mul'ata Dr. Kiing addunyaa dimookirasii fi bilisummaan keessatti dagaagee agarsiisu. Garuu, Eebila 4, bara 1968 ajjeefame. Mul'ati ni du'aa laata? Waloon Laangisten Hiyuuz jedhamu mul'atni ni bubbula malee hin du'u jedhe amana. Walaloo isaa keessatti gatii mul'ata namaa addaan kutuu akkas jechuun saaxila.

Mul'anni bubbultee

Lafarra arkifamtee

Salphattee coligidii?

Akka baalaa gogdii?

Akka foon tortoree ajooftee xirooftii?

Akka ba'aa guddaa

Dugdi ishii goophataa?

Moo,

kan na dhowwu hin jiru

Jedhee futtaafataa?

Dubbiiwwani fi barreeffamoonni kitaaba kana keessaa bubbee keessatti illee raajiin tokko akkamitti akka yaadu ibsu. Doorsisa njjeechaa irra ga'uu fi abdi-kutannaa hawaasa Ameerikaanota Afrikaa keessa taa'ee illee Maartiin Luuter Kiing Xiqqaan tasgabbii, yaadi sababa irratti hundaa'ee fi abdiin isarraa adda bahee hin beeku. Luuter addunyaa yaada hamaa irraa bilisoomtee, wal amantaa, abdii, jaalalaa fi haqaan guutamteef dhaabbate. Haala sodaachisaa isa marsee jiru keessa taa'ee guyyaa gaarii arguuf abjoota ture. Iigeree addunyaa nuti keessa jiraachuu jalqabaa jirru kanaaf lubbuu isaa dabarsee kennuun akka irra jiru amane

Tartiiba Gochaalee Gurguddoo*

- 1929 *Amajji 15.* Maartiin Luuter Kiing Xiqqaan abbaa isaa Luba Maartiin Luuter Kiing Guddichaa fi haadha isaa Albertaa Kiristiin Wiiliyams irraa Atilaantaa, Joorjiyaatti dhalate.
- 1935- 1944 Kiing barnoota isaa Mana Barumsaa sadarkaa 1^{ffaa} Devid T. Haaward, Mana Barnootaa Labooratorii Yunivarsitii Atilaantaa fi Mana Barumsaa Olaanaa Buuker T. Waashingitenitti hordofe. Barnoota sadarkaa 2^{ffaa} osoo hin xumurin qormaata seensa kolleejjii Moorhaawus darbe.
- 1947 Kiing hayyama lallabuu argatee abbaa isaa kan paastera Waldaa Cuuphaa Abeenezar Atilaantaa tureef gargaaraa ta'e.
- 1948 *Guraandhala 25.* Kiing tajaajilaaf muudame. *Waxabajjii.* Kiing Kolleejjii Moorhaawus irraa barnoota sosiyoooloojiin digirii B.An eebbifame. *Fulbaana.* Kiing Seminarii Hafuuraa Kiroozer, Chester, Pensilveeniyaatti argamu seene. Lallaba Dr. A.J. Masti fi Dr. Mordekaay W. Jonsen waa'ee jireenyaa fi barnoota Mahaatima Gaandii irratti taasisan eega dhagahee booda, waa'ee Gaandii tolchee qo'achuu eegale.
- 1951 *Waxabajjii.* Kiing Kiroozer irraa digirii B.Dn eebbifame.
- 1953 *Waxabajjii 18.* Kiing Mariyon,Alabaamaatti Koreetaa Iskootiin fuudhe.

- 1954 *Caamsaa 17.* Manni Murtii Waliigalaa Ameerikaa galmee *Biraawuni fi Boordii Barnootaa* jedhu ilaalaa ture, "Mana barnootaa mootummaa keessatti qoodiinsi sanyii heera biyyattiin ala," jechuudhaan sagalee tokkoon murteesse. *Onkoloolessa 31.* Kiing abbaa isaa Luba Maartin Luuter Kiing Guddichaatiin Paastera 20ffaa Waldaa Dekster, ishee Montigoomerii, Alabaamaa keessaa ta'ee muudame.
- 1955 *Waxabajjii 5.* Kiing Yunivarsitii Booston irraa Siistemaatik Tiyooolojiin digirii PhD fudhate. *Sadaasa 17.* Mucayyoon Kiing isheen jalqabaa Yolaandaa Denis Montigoomeriitti dhalatte. *Mudde 1.* Aadde Roozaa Paarkis, dubartiin uffata hodhitu kan umrii waggaa afurtamii lamaa Montigoomerii, otobuusii keessaa barcuma qabatte irraa nama adiif ka'uu waan diddeef hidhamte. *Mudde 5.* Otobuusii lagachuun jalqabame. Aadde Roozaan seeratti dhihaatte. Hoggantoonni sochii uummataa walgahii godhatan. Dr. Kiing dhaabbata Waldaa Fooyya'iinsa Montigoomerii jedhamuuf pirezidantii ta'ee sagalee guutuun filatame; maqaa waldichaa Luba Raalf Abernatiitu moggaase. *Mudde 10.* Dhaabbatni Otobuusii Montigoomerii gandeen gurraachonni keessa jiraataniif tajaajila kennuu dhaabe.

- 1956 *Amajjii* 26. Dr. Kiing daandii sa'atiitti maayilii digdamii shan oofamu irra maayilii soddoma oftee jirta jedhamee hidhame. Gaafuma sana wabii mataa isaatiin gadi lakkifame.
Amajjii 30. Gardaafuu/barandaa/ mana Dr. Kiing kan Montigoomerii irratti boombiin darbatame. Haati warraa Dr. Kiingi fi Aadde Roskoo Wiiliyaams haati warraa miseensa waldaa tokko, akkasumas Yolaandaa Denis wajjin turan; namni miidhame garuu hin jiru.
Guraandhala 2. "Seerri qoodiinsaa imalaa Montigoomerii kan heera cabseedha; kanaaf, ka'uu qaba," himatni jedhu Mana Murtii Federaalaa Aanaatti dhihaate.
Guraandhala 21. Dr. Kiing waahiloota isaa biroo wajjin lagachuu otobuusii Montigoomerii wajjin walqabatee, 'Waan dhugaa hin qabneef hojii daldalaa gufachiisuuf waliigaltanii jirtu,' jedhamuun himataman.
Waxabajjii 4. Manni Murtii Aanaa, otobuusii magaalaa keessatti qoodiinsi sanyii heera mootummaa Ameerikaatiin ala ta'uu isaa murteesse.
Waxabajjii 27. Dr. Kiing walga'ii Waldaa Biyyoolessaa Fooyya'insa Uummattoota Halluu Adda addaa (WBFUHA) Saan Firaansiskoo keessatti taa'ame irratti keessummaa ta'ee haasawa godhe.
Sadaasa 13. Manni Murtii Aanaa abbootii murtii sadii qabu otobuusii ilaalchisee seerri qoodiinsa sanyii Alabaamaa heeraan ala ta'uusaa murtee inni kenne Manni Murtii Waliigalaa Ameerikaa irra deebi'ee mirkaneesse.
Mudde 20. Qoodiinsi sanyii otobuusii keessaa akka dhaabbatuuf ajajni federaalaa hoggantoota dhaabbilee otobuusii magaalaa Montigoomeriif darbe. Ajajni hoggantoota mootummaatiifis darbe.
Mudde 21. Otobuusii Montigoomerii keessatti qoodiinsi sanyii dhaabbate.

- 1957 *Amajjii* 27. Boombiin hin dhowin barandaa Dr. Kiing irratti argame.
Amajjii 10-11. Korri Hoggansa Kiristaanaa Kibbaa Waldaa Kiristaanaa Baaptistii Abeenezee, Atilaantaatti hundeeffame. Dr. Kiing pirezidantii ta'ee filatame.
Guraandhala 18. Barruun *Taayim* suuraa Dr. Kiing maxxanfatee ba'e.
Fulbaana. Pirezidant Ayizenaawor humni eegumsaa biyyoolessaa Arkansas barattoota gurraachaa sagal gara mana barnootaa sadarkaa 2ffaa warra adii Liitil Rookitti argamuutti akka walalchan yookiin geggeessan ajaja dabarsan.
Fulbaana 9. Kongiresiin Ameerikaa seera mirga sivilii isa jalqabaa dabarse. Qajeelcha Haqaa keessatti Komiishinii Mirga Sivilii fi Damee Mirga Sivilii bu'uuresse.
- 1958 *Fulbaana* 17. Kitaabni Dr. Kiing 'Stride Toward Freedom: The Montgomery Story' jedhu maxxanfame.
Fulbaana 20. Dubartiin waggaa afurtamii lamaa Izoolaa Kerii jedhamtu Dr. Kiingiin laphee isaa irra waraante. Sammuun ishee fayyaa miti jedhamte. Dr. Kiing kan waraanaa walakkaa magaalaa Haarlemitti yoo ta'u kitaaba dhihoo maxxansiise irratti osoo mallatteessaa jiruu ture. Haala hamaa keessa akka jiru, garuu lubbuu isaatiif sodaachisaa akka hin taane himame.
- 1959 *Guraandhala* 3 - *Bitootessa* 10. Dr. Kiingi fi haati warraa isaa keessummaa Ministeeraa Muummee Nehiruu ta'anii toftaalee hokkara-malummaa Gaandii qo'achaa Indiyaa daawwatan.

- 1960 *Amajjii 24.* Maatiin Luuter Kiing Atilaantaatti godaanan. Dr. Kiing Waldaa Kiristaanaa Cuuphaa Abenezeritti gargaaraa paasteraa abbaa isaatii ta'e. *Guraandhala 1.* Manneen nyaataa keessatti qoodiinsa sanyii mormuudhaan barattootni Griinsibooroo, Karolaayinaa Kaabaa fincila taa'anii ka'uu diduu geggeessan. *Eebba 15.* Koree Qindeessituu Barattoota Hokkaramaleeyyii (KQBH) yeroodhaaf mormii barattootaa qindeessuuf jecha Kaaba Kaarolaayinaa Yunivarsitii Shoow keessatti hundeeffame. (Onkoloolessa, bara 1960 dhaabbataa ta'e). Bu'uureffama waldichaa irratti Dr. Kiingi fi Jems Lowsen haasaa godhanii jiru. *Onkoloolessa 19.* Dr. Kiing Atilaantaa keessaatti diddaa taa'anii ka'uu diduun walqabatee seera mootummaa cabsuun himatamee hidhame. *Onkoloolessa 22-27.* Himatni inni Atilaantaa irraa ka'e. Dr. Kiing irraa kan hafe hiriirtonni marti gadi lakkifaman. Dr. Kiing gara mana hidhaa kutaa Dikalb, Dikatur, Joorjiyaa, booda immoo gara mana hidhaa mootummaa Redviilitti dabarfame. Mana hidhaa kanaa \$2000 qabsiisee bahe.

- 1961 *Caamsaa 4.* Gartuun jalqabaa Imaltoota Bilisummaa kan otobuusota daangaa ce'anii deeman walitti makuuf kaayyeffate Waashingiten DC irraa otobuusa Greeyhoondiitiin ka'e. Gartuun kun Kongiresii Walqixxummaa Sanyiitiin (KWS) kan qindaa'e yoo ta'u akkuma Manni Murtii Waliigalaa qoodiinsa sanyii buufataalee otobuusota qaxxaamura biyyaa seera ala ta'uusaa murteesseen ka'an. Otobusichi Caamsaa 14 qarqara Anisten, Alabaamaatti gubate. Imaltoonni wayita Bermingam gahan jeeqxotaan reebaman. Imaltoonni kunniin Jaaksen, Misisiippiitti to'annoo jala oolanii guyyaa afurtamaa hanga jahatamaatti mana hidhaa Paachman keessa turan.
- 1962 *Fulbaana 20.* Jems Merediz (barataa gurraachi) Yunivarsitii Misisiippiitti galmeeffamee barachuuf yaalii jalqabaa taasise. Kan inni galmeeffame Onkoloolessa 1, ajaja Mana Murtii Waliigalaan yoo ta'u, gara mooraa Oksifoord Misisiippiitti maarshaalota Ameerikaan walalchama ture.

- 1963 *Bitootessa –Eebla*. Bermingamitti qoodiinsa sanyii manneen nyaataa keessatti raawwatu mormuudhaan diddaan *taa'anii ka'uu diduu* taasifame. Hiriira irratti Dr. Kiing to'annaa jala oole.
- Eebla 16*. Dr. Kiing achi taa'ee barreeffama “Xalayaa Mana Hidhaa Bermingam Irraa” jedhu barreesse.
- Caamsaa 3,4,5*. Yugen (“Buul”) Koonor, direkterri nageenyaa Bermingam hiriirtota nagaa irratti saroonni fi bishaan akka lakkifaman ajaja kenne.
- Caamsaa 20*. Manni Murtii Waliigalaa Ameerikaa sirni qoodiinsa sanyii kan Bermingam keessaa heera biyyattiin ala ta'usaa murteesse.
- Waxabajjii 1*. Bulchaa kutaa sanaa, Joorji C. Waalas ofuma isaatiin balbala Yunivarsiitti Alabaamaa irra dhaabbatee barattoonni gurraachi akka ol hin seenne dhowwuudhaan ajaja mana murtii diduuf yaale. Pirezidanti Joon F. Kenediin Humna Eegumsa biyyoolessaa Alabaamaa ajajani; bulchaa Waalasis balbala gadi lakkisuuf dirqaman.
- Hagayya 28*. ‘Gara Waashingitenitti haa Sochoonu’ kan jedhamu hiriirri nagaa yeroo jalqabaaf adii fi gurraacha hammate Waashingiten DC keessatti godhame. Dr. Kiingi fi hoggantoonni mirga sivilii biroon Waayit Haawus keessatti pirezidanti Joon F. Kenedii waliin eega wal arganii booda Dr. Kiing haasawa isaa, ‘Mul’atan Qaba’ jedhu bakka yaadannoo Linkenitti dhiheesse.
- Fulbaana*. Kitaabni Dr. Kiing, ‘Strength to Love’ jedhu maxxanfame.

- 1964 *Caamsaa-Waxabajjii*. Dr. Kiing hojjettoota Kora Hoggansa Kiristaanaa Kibbaan walta’uudhaan tajaajilli uummataaf kennamu qoodiinsa sanyii irraa bilisa akka ta’uuf Qulqulleettii Ogustiin, Filoriidaa keessatti hiriira bahan. Dr. Kiing hidhame.
- Waxabajjii*. Kitaabni Dr. Kiing ‘Why We Can’t Wait’ jedhu maxxanfame.
- Adoolessa 2*. Dr. Kiing wayita Pirezidant Liinden B. Joonson Waayit Haawus keessatti qaama seera mirga sivilii bara 1964 kan ta’e Seera Tajaajila Uummataa mallatteessan afeeramee argame.
- Hagayya 4*. Reeffi hojjettoota mirga sivilii Jeems Cheenii, Andruu Gudman, fi Mika’el Shwener qarqara magaalaa Filadeelfiyaa, Misissippiitti awwaalamee ture hojjettoota FBIin argame. Hogganaa kutaa Neshoobaa, Reeyinii fi itti aanaa isaa, Siisil Piraayis ajjeechaaf shakkaman.
- Mudde 10*. Dr. Kiing Badhaasa Nagaa Noobel Oosloo, Noorweeyitti badhaafame.

- 1965 *Bitootessa* 7. Gartuun hiriirtotaa (KQBH fi KHKK irraa) Hosee Wiiliyamsiin hogganamu Riqicha Edimend Piites irra bahanii Selmaa Alabaamaa irraa bakka karoofatan Montigoomerii, Alabaamaa, deemuu osoo yaalanii hoggansa Jim Kilaak jalatti qajeelcha Al Lingoo fi itti aanaa isaatiin naga-eegdotaan reebaman. Hiriirri ajaja bulchaa kutaa sanii Waalasiin dhorkame.
- Bitootessa* 9. Tajaajilaan tokkummaaf falman, Jems Riib, Selmaa keessatti adii qoodiinsa sanyii deggeran afuriin dhaanamanii guyyaa lama booda du'an.
- Bitootessa* 15. Pirezidant Joonsen uummataa fi Kongiresiif haasawa godhan. Seera mirga filachuu isa guyyaa lama booda Kongiresiif dhiheessuuf jiran ibsanii achumaan dhaadannoo Sochii Mirga Sivillii "Ni milkoofta!" jedhutti fayyadaman.
- Bitootessa* 16. Hiriirtonni adii fi gurraachi Montigoomerii keessatti poolisoota fardaan gulufaniin reebaman.
- Bitootessa* 21-25. Hiriirtonni kuma sadii loltoota federaalaan eegamanii Selmaa irraa ka'anii gara Montigoomeriitti qajeelan. Karaa irratti namoonni kuma digdamii shan itti dabalaman. Gamoo mana mareetti wal ga'anii haasaa Dr. Kiing dhaggeeffatan.
- Bitootessa* 25. Aadde Vaayolaa Liyuzoo, haati warraa bakka bu'aa waldaa konkolaachistootaa Diitrooyit, hiriirtota konkolaataa guutuu feetee osoo Selmaatti deebituu rasaasaan rukutamtee duute.
- Hagayya* – *Mudde*. Alabaamaa keessatti KHKKn adda durummaadhaan duula filattoota galmeessuu kutaalee Griin, Wilkoxi fi Utaaw akkasumas magaalalee Montigoomerii fi Bermingamitti geggeesse.
- Hagayya* 6. Seerri Mirga Filachuu bara 1965 bahe pirezidanti Joonseniin mallatteeffame.

- 1966 *Bitootessa* 25. Manni Murtii Waliigalaa Ameerikaa ashuuraan walqixaan nama hundarratti buufamu (poll tax) seeraa ala ta'uu murteesse.
- Caamsaa* 16. Ibsi mormii waraanaa Dr. Kiing, walga'ii guddaa waraana Veetinaam mormuuf waamame irratti dubbifame. Namoota amantii fi kanneen biroo waa'ee Veetinaam quqquuqamaniif gargaaraa dura taa'aa tahuuf tole jedhe.
- Waxabajjii* 6. Jeems Merediiz "Sodaarratti Haakaanu!" jechuudhaan Memfis, Teenesii irraa Jaakisen, Misisiippiitti adeemsa maayilii 220 akkuma jalqabeen rasaasaan rukutame.
- Waxabajjii*. Stookilii Kaamikeeli fi Wiilii Riiks (KHKK) dhaadannoo "Aangoo Gurraachaa" jedhu yeroo jalqabaaf ifatti ripporteroota duratti Griinwud, Misisiippii keessatti fayyadaman.
- 1967 *Amajjii*. Dr. Kiing kitaaba isaa "Where Do We Go From Here?" jedhu barreesse.
- Adoolessa* 6. Gurraachota filachuu malan hunda keessaa dhibbeentaa shantamni Misisiippii, Joorjiyaa, Alabaamaa, Luuziyaanaa fi Kaarolaayinaa Kibbaa galmeeffamuu isaanii Qajeelchi Haqaa gabaase.
- Sadaasa* 27. KHKKn 'Duula Namoota Hiyyeeyyii'n hundeeffamuu isaa Dr. Kiing labse. Kaayyoon isaa rakkoolee hiyyeeyyii adii fi gurraachaa furuufi.

- 1968 *Guraandhala* 12. Hojjettoonni Qulqullinaa Memfis, Teenesii hojii dhaaban.
- Bitootessa* 28. Dr. Kiing isaaniin deggeruudhaan hiriirtota kuma ja'a hogganee gara walakkeessa Memfisitti qajeele. Jeequmsi ka'ee dargaggoonni gurraachaa manneen daldalaa saaman. Ol adeemaan waggaa kudha ja'aa ajjeefamee namoonni shantamni madaawan.
- Eebila* 3. Dr. Kiing haasawa isaa isa dhumaa "Tulluurra Dhaabbadheen Jira" jedhu Meemfisitti dubbate.
- Eebila* 4. Dr. Kiing kutaa ciisichaa darbii lammaffaa Mooteela Looreen, Meemfis dhaabbatee osoo haasawuu rasaasa nama dhokatee itti dhukaaseetiin galaafatame. Madaa rasaasa morma isaa lixeetiin Hospitaala Qulqullicha Yoosefitti lubbuun isaa darbe. Booda Jeems Erl Reey kan ajjeechaa kana raawwate isa jedhamee qabamee itti murteeffame.

KUTAA I

Mul'ata Ife

(1956-1959)

Qabsoo Keenya

(1956)

Waldaaleen Kiristaanaa Ameerikaanota Afrikaa guutummaa Y.I keessumaa Kibba Ameerikaatti jireenya uummata Ameerikaa keessatti ciminaan qooda fudhachuu kan jalqaban 1940oota-1950otaatti ture. Waldaaleen Kiristaanaa kunneen waldaalee akka Waldaa Biyyoolessaa Fooyya'insa Ummattoota Halluu Adda addaa (WBFUHA) fi Liigii Biyyoolessaa Magaalaa (LBM) wajjin hariiroo idilee fi al-idilee uummachuudhaan Jim Kiroow jala dhaabbatanii jiru. Fakkeenyaaf, paastera Waldaa Kiristaanaa Methodistii Afrikaanotaa kan ta'an Luba Oliiver Biraawun intalli isaanii falmii WBFUHA fi Boordii Barnootaa Kaansas gidduutti Mana Murtii Waliigalaatti gaggeeffamaa turee Caamsaa 17, bara 1954 murtoo argate irratti akka qooda fudhattu hayyamanii jiru. Falmiin kun falmii Biraawuni fi Topeekaa jedhamee waamama.

Haata'u malee, hawaasni amantii kaka'umsa ofiitiin jijjiirama fiduuf carraaquu mannaa rakkoolee mul'ataniif deebii kennuu irratti bobba'uudhaan beekama. Mudde 1, bara 1955 dubartiin uffata hodhitu waggaa afurtamii lamaa Roozaa Paarkis jedhamtu akkuma seerrii kutaa Alabaamaa ajajutti barcuma ishii irraa kaatee adii akka teessiftu ajajamtee ka'u didde. Battaluma sana konkolaachisaan poolisii waamuudhaan Roozaa Paarkisiin hiisise. Guyyaa afur booda, Mudde 5, Ameerikaanonni hidda Afrikaa otobuusii akka hin yaabbanne waliigalanii diddaa jalqaban. Hawaasni gurraachaa immoo waliigalee sagalee guutuudhaan Luba Dr. Maartiin Luuter Kiingi Xiqqaa dura taa'aa jalqabaa Waldaa Fooyya'iinsaa Montigoomerii (Alabaamaa) taasisanii filatan. Waldaan karaa nagaa qabsaawu kun, dhaabbilee gurraachotaa biroo kanneen akka

Waldaalee Kiristaanaa, Walga'ii Obbolummaa yookiin afooshaalee, waldaalee barsiisotaa fi hakiimotaa akkasumas dhaabbilee diddaa uummataa qindeessan biroo wajjin hariiroo uumamaniif fakkeenya ta'e. Dammaquun isaanii fi itti gafatama hawaasummaa fudhachuutti amanuun dhaloota haaraa hoggantoota Waldaalee Kiristaanaa, amantii isaan geggeessan barbaachisummaa jijjiiramuu oftuumummaa uummata Ameerikaa keessa jiru wajjin wal simachuu akka qabu isaan agarsiise. Daandii kana dursanii kan jalqaban turaniiru. Dr. Kiing matumti isaa akka dubbatetti hangafoota isaa kanneen akka Luba Tiyoodor J. Jemisen isa Luuziyaanaa kan bara 1953 keessa sirna otobuusii magaalattii mormuudhaan lagu milkaawaa geggeesse irraa baay'ee barachuu isaa himeera. Isa dura Waldaa Kiristaanaa Cuuphaa Dekisteritti Paastera kan turan Luba Vernon Joonsi irraas muuxannoo argachuu isaa dubbatee jira.

Eega hawaasni Ameerikaanota Afrikaa Montigoomerii, Alabaamaa otobuusii yaabuu lagatee ji'a kudha tokkoo ol miilaan deemee booda Manni Murtii Waliigalaa Y.I murtee mana murtii gadii mirkaneesse. Manni murtii gadii, 'Seerrii Alabaamaa inni otobuusii keessaatti qoodiinsa sanyii hayyamu heera biyyattiin ala,' jechuun murteessee ture. Aanga'oonni federaalaa fi naannoo hiikoo seeraa Manni Murtii Waliigalaa kenne kana fudhatanii hojii irra akka oolchan gochuuf ji'a tokko fudhate. Mudde 21, bara 1956 Otobuusii keessatti qoodiinsi sanyii hafee adii fi gurraachi walmakanii bakka fedhan taa'uu danda'an.

Barreeffamni armaan gadii barruu Amantii Bilisummaa jedhu irratti maxxanfamee kan ba'e yoo ta'u, cuunfaa kitaaba Tarkaanfii Gara Bilisummaatti jedhamu kan Dr. Kiingiin barreeffameeti. Barreeffamichi otobuusii Montigoomerii lagachuun maaliif barbaachisaa akka ta'e ibsa. Barreeffamichi ijoo dubbii ka'umsaa fi kaayyoo bu'uureffama Kora Hoggansa Kiristaana Kibbaa bara 1957 keessaa isa tokkoodha.

ADDA BAHANII JIRAACHUUN GURRAACHOTAA FI QOODIINSI SANYII isatti aanee dhufe kan inni dagaage yaada gadaantummaa

uummattoota gurraachaa akkasumas warra adii baay'ee keessatti babal'ate irraati. Aadaa Afrikaanummaa keenyaa irraa dirqamaan waan addaan cinneef, sababa gabrummaa, hiyyummaa fi waan barbaanne hunda dhabuu keenyaatiif gurraachonni baay'een kabaja ofii dhabnee jirra.

Walitti dhufeenya gurraachotaa wajjin qabaniin, warri adiin akka gurraachonni hundee eenyummaa isaanii dhaban hubatanii jiru. Injifannoo 'anaafii' xiqqoo keessa isaanii jirtu dura dhaabbatanii ofii isaanii wajjin nagaan jiraachuu hin dandeenye. Kanaaf, deebisanii argachuuf jecha akkana jedhanii of amansiisuu yaalu. "Gurraachi carraa hin qabu; qixxee ta'ees hin uumamne; kanaaf, lammii sadarkaa lammaffaa ta'uun isaaf ta'a, itti gammadas."

Sadarkaa gadi-aanaan karaa hawaasummaa, karaa dinagdee fi karaa siyaasaa inni irra jiru isaaf gaarii akka ta'etti falmu. 'Sadarkaa murtaa'e irra darbee deemuu hin danda'u waan ta'eef, waan hin dandeenye akka yaaluuf yoo gorsuu baatan ni gammada. Uummata aadaa jireenya qarooma qabuun cunqurfame. Sanyiin "warra gooftaa" hanga sadarkaa murtaa'eetti kan isaan isa qaroomsuu danda'an yoo inni gadaantummaasaa fudhatee bakka isaa tureedha," jedhu.

Aadaan hawaasa Kibbaa fi dhaabbileen isaa hundumtuu kan qindeeffamaniif yaada kana tarkaanfachiisuuf akka ta'e warri adii irraanfataniiiru. Sirna olaantummaa fi gadaantummaa isaan argaa jiran kun akkasumas bu'aaleen hawaasummaa isaan walitti qabatanii dhufan kun, dhugumaan eenyummaa dhaloota gurraachaa kan agarsiisan itti fakkaate.

Yeroo keessa gurraachonni baay'een ofitti amanummaa dhabuudhaan isa ofii ta'an osoo hin taane, isa warri adii waa'ee isaanii itti himan 'namaa gadi ta'uu' isaanii, amanuu eegalan. Yoo eenyummaa isaanii kenname kana fudhatan, sanyiiwwan adda addaa gidduutti nagaan ni bu'a. Nagaan kun nagaan salphaa hin taaneedha. Nagaan kun isa

gurraachi haqa-dhabummaa, salphina, miidhaa fi cunqursaa obsaan fudhachuuf itti dirqisiifamuudha.

Suuta suutaan gurraachonni baay'een Kibba keessatti argaman of madaaluu jalqaban. Adeemsi kun ilaalcha hawaasa gurraachaa jijjiiruudhaan hiriira hawaasummaa kibbaa kuffiseera. Kabaja keenya ofirraa mulqinee akka hin gatin hubannee jirra. Ulfina osoo ofii hin kennin mataa ofii waliin nagaan jiraachuun hin danda'amu. Kanarraa ka'ee, nagaan Kibba keessa ture yaada haaraa fi ija-jabinaa akkasumas gurmaa'anii socho'uuf guyyaatii gara guyyaatti qophaa'ina gurraachonni agarsiisan irraan kan ka'e rakkoo keessa seene. Akkuma adiin warra Kibbaa sirna duriitti cichaniin walitti bu'iinsi fi jeequmsi babl'atuu jalqabe. Muddamni cimaan adii fi gurraacha gidduu jiru sababa jijjiirama warraaqsa gurraachonni of madaaluu jalqabuu isaanii, waa'ee egeree isaanii yaaduu jalqabuu fi haqaaf qabsaa'uu eegaluuf murachuu isaanii irraa kan maddu fakkaata. Nuti gurraachonni ofiif gadduu kabajaa ofii kennuudhaan, of xinneessuu ammoo of guddisuudhaan bakka buufneerra.

Roozaa Paarkis, dubartiin uffata hodhitu sun, isheen sochii karaa nagaan Montigoomerii keessatti qabsiifte sun, maaliif iddoo ishee gadi dhiiftee dhuma otobuusii taa'uu akka didde wayita gaafatamtu akkana jette: "Dubbiin kun dubbii kabajaati; osoo akka isaan jedhan godheeera ta'ee, of duras uummata koo duras mataa ol qabadhee deemuu hin danda'un ture."

NEGROO ISA HAARAA

Gurraachonni baay'een mormiitti makaman dhuguma ni milkoofna jedhanii hin yaadne. Maaliif jedhamanii yoo gaafataman deebiiwwan sadii keessaa tokko kennu: "Gurraachonni cimsanii itti fufu jedhee yaadee hin beeku" yookiin, "Nuy gurraachonni ija-jabina akkanaa qabna jedhee hin yaadnen ture," yookiin, "Dhiibbaan warra adiirraa nurra ga'u, qabsoo keenya osoo nuti hin jalqabin nu harkatti ajjeesa jedhee yaadeen ture," kanneen jedhanidha.

Kana jechuun, karaa nagaan Montigoomerii keessatti mormiin nuti geggeessine barbaachisaa ture jechuudha, sababiinsaa gurraachonni Kaabaa fi Kibba jiran yaada isaan waa'ee ofii isaanii fi waa'ee gurraachota biroo qaban fudhatama kan hin qabne ta'uusaa mul'isee jira. Montigoomeriin ilaalcha dullooma sana cabsee yaadaa fi gocha eenyummaa gurraacha haaraa ibsu ifa baasee jira.

Amma kanneen barannee jirra:

Walqabannee Dhaabbachuu Ni Dandeenya

Montigoomeriitti Mudde 5 irraa eegalee kuma afurtamii lamaan keenya otobuusota magaalattii 'sanyiin qoodaman yaabuu lagannee jirra. Baay'een keenya guyyaatti hanga fageenya maayilii kudha afurii miila keenyaan deemnee jirra.

Hoggantoonni Keenya Gurguramuu Hin Qaban

Baay'een keenya himatanneerra, hidhamneerra, reebanneerra. Yeroo hunda Wixataa fi Kamisa galgala walga'ii waaqeffannaa irratti hawaasa gurraachaa fuuldura dhaabbannee, "Kaayyoo dhugaaf hidhamuun ulfina!" jenna irra deddeebinee.

Hokkara-maleeyyii Sirriitti Dammaqan Doorsisaa fi Rukuttaan Isaan hin Sodaachisu

Manneen namoota keenyaa lama dhuka'aan rukutamuun isaanii daran nu jabeesse. Walga'ii Mana Marii Lammiilee Adii irratti waraqaan, "Gurraachonni qawween, xiyyaan, furuursaa fi halbeen dhabamsiifamuu qabu," jedhu yeroo faca'u, murannoo isa durii caaluun dura dhaabbanne.

Waldaan Kiristaanaa Keenya Qabsooftuu Ta'aa Jirti

Tajaajiltoonni digdamii afur Montigoomeriitti hidhamanii turan. Tokko tokkoon isaanii yoo barbaachisaa ta'e ammas deebi'anii hidhamuuf qophaa'oo ta'uu isaanii ifatti dubbataniiru. Gurraachonni gita olaanaa irra jiran kanneen wangeela "Gara Yesuus Kottaa!" jedhu didan illee amma Waldaan Kiristaanaa haala rakkisaa amma jiru keessatti jijjiirama hawaasummaa fiduuf qabsoo karaa nagaan

finiinsuun ala filannoo biraa akka hin qabne hubatanii jiru. Konkolaattota hojjettoota gurraachaa kuma digdama ta'an, barattoota, daa'immani fi dubartoota deddeebisan kirreeffachuuf kan oole, Doolaarri kuma soddomni kan walitti qabame Waldaalee Kiristaanaa keessatti. Akkasuma Waldaaleen Kiristaanaa bakka namoonni konkolaataa tolaa eeggatan itti kuufaman turan.

Ofitti ni Amanna

Montigoomerii keessatti akkaataa addaatti adeemna. Akkaataa addaatti mataa ol qabannee deemna. Gabaastonni gurraachaa. Montigoomerii irratti wal gahan illee ilaalcha addaa nuuf qabu. Gabaasaan hojiin dadhabe tokko afeerraa laaqanaa Bermingham tokko irratti argamee waa'ee Montigoomerii yaada akka kennuuf gaafatamee, ka'ee dhaabbatee xiqqoo eega yaadee booda, akkana jedhe: "Montigoomeriin, gurraacha ta'uu kootiin akkan boonu na taasifte."

Dinagdeen Qaama Qabsoo Keenyaati

Daldaltoonni adiin Montigoomerii kampanii otobuusii fi komishineroota magaalattiitti afaan nagaan haasa'uu jalqabuu isaanii dhageenyeerra. Gurraachonni gara walakkaa magaalaa deemanii manneen daldalaa warra adiirraa bituun itti toluu waan dideef suuqiiwwan xixiqqoon gurraachotaa jajjabaachuu isaanii arginee jirra. Eega mormiin kun jalqabamee as suuqiiwwan warra adii sirnaan nu keessummeessuu jalqabanii jiru. Tokko tokkkoo doolaara baafnuuf ulfina haaraa argachaa jirra.

Meeshaa Jabaa fi Haaraa Argannee Jirra-Diddaa Hokkara-maleessa

Jijjiirama hawaasummaa fiduuf seerri barbaachisaa yoo ta'ellee, seerota haaraa tumaman hojiirra oolchuuf yaaliin taasifamu yeroo inni itti muddamaa fi jeequmsa uumu ni jira. Qabsoo keenya osoo addaan hin kutin mala rakkoo uumame qabbaneessaa ittiin deemnu argachuuf yaalaa turre; amma deebii isaa argannee jirra: barbaachisaa yoo ta'e

hokkara hin sodaatin, garuu humnaan deebii hin kennin! Warrootan nuun morman yoo kabajne, waa'ee hariiroo dhala-namummaa hubannaa haaraa ni argatu ta'a.

Amma Gurraachi Kibbaa Boodatti-Harkifata Siyaasaa fi Moorala keessaa Bahuu Isaa Barree Jirra

Montigoomeriin akka nuti qabsoo irraa booddeetti hin deebine agarsiisee jira. Kanaaf, duula walqixxummaaf geggeeffamu ni deggerra. Yaadi dargaggoota gurraachaa waggoota muraasa dura hima armaan gadiin cuunfamee kaayamuu ni danda'a: "Bulchaa Alabaamaa ta'uura daandii Haarlem irratti utubaa ibsaa ta'uu wayya." Yeroo ammaa kana yaadni Waldaalee Kiristaanaa keenya keessatti manneen barnootaa, manneen nyaataa fi manneen jireenyaa keessatti ibsamu, "Obboleesso, asuma taa'ii karaa nagaan ofirraa loladhu; sababiinsaa akka isaan si aarsaniif yoo hayyamuu baatte, ni moota," kan jedhuudha. Dhaadannoo beekamaan Waldaa Fooyya'insa Montigoomerii, "Osoo humna hin fayyadamin haqa ofii argachuu!" kan jedhuudha.

DHIMMOOTA MONTIGOOMERII KEESSAA

Hoggantootni sirna darbee Montigoomerii keessa jiran mariidhaan hiika argamsiisuuf qophaawoo miti. Kunis sababa haal-duree nuti otobuusii lagannetti deebi'uuf keewwanne irraan kan ka'e miti. Waa'ee imala kutaalee biyya keessaa gaaffii bu'uuraa qoodiinsa sanyii yoo ta'e mana murtiin qabamee jira. Hangasitti wanti Atilaantaa, Moobiyil, Charlesteni fi magaalalee baay'ee Kibbaa biroo keessatti ta'aa jiru guutummaa Kibbaa keessatti hojjiirra akka oolu gaafanna. Sirna qoodiinsaa kana keessatti kan nuti gaafataa jirru, booddee ka'anii fuuldura taa'uu osoo hin taane, mirga abbaan dura dhufe iddoo argachuu danda'uuti. Itti dabalees, ulfinaan akka keessummeffamani

fi toora gurraachonni baay'atan irrattis konkolaachistoonni gurraachi akka qacaraman gaafanna.

Abbaa murtii beekamaan Tuskaluzaa tokko yaalii Otiriin Luusii Yunivarsitii Alabaamaa seenuuf taasiftee fi diddaa hokkara-maleessa Montigoomerii gidduu walitti dhufeenyi jiraachuu isaa gafatamanii turan. "Otiriin mucaa durbaa maal hojjechaa akka jirtu hin beekneedha; Montigoomeriitti garuu, gurraachonni hundi waan maraatan fakkaatu turan," jedhee deebise.

Namichi kun itti aansee akkana jedhee ibse. "Dhugumatti gurraachonni gaggaariin namoota alaa dhufaniin, koministootaa fi dabballootaan tuttuqamanii aarii irra bu'an." Kanarraa wanti hubatamuu danda'u warra adiin Kibbaa gurraachonni ofuma isaaniitiin ka'anii dalagaa akkanaa raawwachuu ni danda'u jedhanii amanuuf qophaawoo akka hin taaneedha.

DOGOGGORA HOGGANTOOTA WARRA ADII

Kantiibaa fi aanga'oonni magaalattiis jijjiiramuun keenya fudhatamuufii waan dideef, tarkaanfiiwwan isaan fudhatan marti hawaasa gurraachotaa gidduutti diddaa fi tokkummaa cimsaa deeme.

(1955)

Mudde 1: Montigoomerii keessatti dubartii kabajamtuu ulfina qabeettii Aadde Roozaa Paarkisiin hidhan.

Mudde 3: Gurraachonni otobuusii akka lagataniif namoonni muraasni waamicha taasisaa jiraachuu isaanii akka bira ga'an gaazexaa irratti baasuudhaan gurraachota sossodaachisuuf yaalan. Kanarraan kan ka'e dubbistoonni gurraachi kuma soddoma ta'an mormii karoofame kana akka dhaga'ani fi akka deggeran godhan.

Mudde 5: Aadde Paarkis adiif iddoo gadi-lakkisuu diduudhaan badii dalagdeetti jechuudhaan adaba doolaara kudha

afurii itti muran. Gochi kun lakkoofsi namoota otobuusii lagatanii akka dabaluu taasise.

Mudde 5: “Imaltoota doorsifte” jechuudhaan gurraacha barataa kolleejjii tokko hidhan. Inni garuu jaartii manguddoo tokko karaa ceesisaa ture. Dogoggorri kun barattoonni kolleejjii diddaa kanaaf akka deggersa cimsan taasise. Poolisoonni lama lama doqdoqqeedhaan tokko tokkoo otobuusii marfata gara warra gurraachotaa deemu akka hordofan ta’e. Yaaliin isaan qoor-qalbii irratti geggeessan kun lakkoofsa gurraachota diddaatti dabalamanii daran ol kaase.

Oduu TV galgala sa’a 12:00 irratti walga’iin bal’aan gaafa sanaaf karoorfame ni labsame. Kan nuti eegne namoota dhibba shan yoo ta’eyyuu kan dhufan garuu kuma shan caalu turan.

Mudde 6: Gurraachota taaksii konkolaachisan dorsisuu jalqaban; kun immoo sirna ittiin konkolaataa walitti kuufannee hawaasa keenya tajaajillu akka uummannu taasisuu irra darbee diddaa guyyaa tokko qofaaf karoorfanne yeroo hin murtaa’iniif akka itti fufnuuf murtee irra nu geessise.

Mudde 7: Gurraachota konkolaataa oofan sossodaachisuu eegalan. Kun immoo gurraachonni gita giddugaleessaa akka qabsootti makaman taasise.

Mudde 8: Abukaatoon kampanii otobuusii, “Ammas ta’e yeroo dhihoo keessatti konkolaachistoota gurraachaa qacaruuuf yaada hin qabnu,” jedhe. Kana jechuun nuuf, “gonkumaa hin yaadinaa!” akka jechuuti. Kanaaf, dhaadannoon keenya, “Hanga mo’annutti otobuusii hin yaabbatinaa!” kan jedhu ta’e.

Mudde 9: Kantiibaan walga’iidhaaf hoggantoota gurraachaa waame. Wayita achi geenyu, namoota jiran keessaa tokko tokko leellistoota olaantummaa warra adii fi miseensota Kaawunsilii Lammiilee Adii ta’uusaanii hubanne. Ilaalchi kantiibichaa haasaa isaa akkana

jedhu irraa ifa ta’e: “Gaafa bokkaan roobu, gaafuma sana gurraachonni otobuusiitti dacha’u.” Akkuma inni jedhe bulee robe, garuu gurraachi otobuusii isaanii irra miila hin kaawwanne

Sadarkaa kanatti gurraachonni Montigoomerii kuma afurtamii lamaa ol ta’an diddaa kana keessatti qooda fudhataniiiru. Yeroo murtaaweef callisanii eega turanii booda miseensonni hawaasa adii gara tarkaanfii humnaa fi sodaachisa poolisiitti fuula deebifatan.

(1956)

Amajjii 26: “Daandii sa’aa tokkotti maayilii digdama konkolaachisuun sirra turetti, maayilii soddama konkolaachifteetta,” jechuudhaan na hidhan. Kun kan ta’e yeroo walga’ii bal’aan itti geggeeffamu sa’aa lama durseeti. Kanaaf, uummata waliin ga’uuf walga’ii bal’aa torba geggeessuutu nurra ture.

Amajjii 30: Manni koo dhuka’aan rukutame.

Guraandhala 1: Manni pirezidantii WBFUHA duraanii fi hoggantoota diddaa kana qindeessan keessaa tokko kan ta’an E.D. Niksen dhuka’aan rukutame. Kun immoo guutummaa biyyattii keessaa gargaarsa hamlee fi maallaqaa nuuf argamsiise.

Guraandhala 22: Tajaajiltoota digdamii afranuu dabalatee, namoonni saddeetamii sagal diddaa hokkara-maleessaa keessatti qooda fudhachuudhaan himatamanii hidhaman.

Gurraachota sodaachisuudhaan, akka ragaa kennan sossobuudhaan, humnatti fayyadamuudhaan akka mormii dhaaban yaaliin godhame hawaasa gurraachaa daran walitti fiduu isaa irrayyuu namoonni yaada qajeelaa qaban addunyaa irraa akka nu bira dhaabbatan taasise. Addunyaa biratti wanti fudhatama nuuf argamsiise Montigoomerii keessatti qabsoon nuti gaggeessinu karaa nagaan kan adeemsifamu ta’uusaati. Addunyaa namoonni mirga ofii kabajsiifachuuf meeshaalee

barbadeessoo ta'an walitti kuufatu keessatti gurraachonni kuma shan Montigoomerii, "Warra isiniin mormaniif kadhadaa" yookiin "'Yaa Gooftaa, gara bilisummaatti tarkaanfachuuf jabina naa kenni!" jedhaa kadhadaa," wayita jedhaman, "Ameen", "Halleluuyaa" osoo jedhanii dhaga'uun hamlee namaa kenna. Walga'ii isaanii "Duuti kan fuula keenya dura jiru yoo ta'ellee, akka tarkaanfii humnaa hin fudhanneef Waaqayyoo akka nu gargaaruuf haa kadhannu," jechuudhaan kan xumuran ta'uun isaanii hamlee namaa haaromsa.

MAMII LIBRAALOTAA

Duuti jiraachuu danda'a. Namoonni adiin Kibbaa akka sab-xiqqaa galaana gurraachaa keessa jiruutti of ilaalu. Sammuu isaanii gartokkoon gurraachonni hamootaa fi dhukkubsattoota jedhanii yaadu. Yaalii nuti walqixxummaaf goonu waan wal hin fudhanne lama irraa akka waan hojjetameetti fudhatu. 'Yaadi walqixxummaa sanyii jedhu yaada komunistootaa yoo ta'u kanneen mirga kana gaafatanis warra biyya balleessuu barbaadanidha,' jedhanii amanu. 'Sirni adda addummaa amma jiru kun caasaa hawaasaa keessatti isa olaanaa fi isa gaariidha,' jedhu.

Warri adiin Kibbaa kanneen dammaqaniiru jedhaman illee, warrumti bara dheeraaf "Suuta jedhaa!" jechaa turanillee, suutuma deemuun kuniyyuu dhumarratti jijjiirama fiduunsaa hin oolu jedhanii yaadda'u. Xixinneessani illee haa ta'u, dugda gaalaa irra citaa buusuun balaa fida. Libiraalotaa fi hoggantoonni Waldaalee Kiristaanaa wayita kana hubatan gufuu ta'uu jalqaban. Maaliif humna akka fayyadaman yoo gaafataman deebii hin qaban. Tarii waan hundi to'annoo ala ta'ee gara jeequmsaatti deemuu danda'a waan ta'eef, booddeetti deebi'uu filatu.

Barreessichi Misisiippii Badhaasa Nagaa Noobel mo'ate, Wiliyam Fookner, barreeffama isaa dhiheenya barreesse keessatti WBFUHAN qabsoo isaa yeroof akka dhaabu waamicha godhee jira. Kana jechuun, gurraachonni haqa-dhabummaa, saamiinsaa fi salphina yeroo murtaaweef akka obsan jajjabeessuu isaati. Haata'u malee, osoo

namarra ga'ee waan obsuu hin dandeenye namni biraan akka obsu gorsuun ilaalcha madaalawaa dhabuudha.

Fookner yeroo jijjiiramaa jiru kana keessa suuta jechuun booddeetti deebi'uu jechuu akka ta'e osooma beekuu, "Warri amma jijjiiramaaf wawwaatan booddee jeequmsi ka'uu akka danda'u hin hubanne ta'a," jedha. Itti fufees akkana jedha, "Dhugaan tokko jira; haalli nuti keessa jirru haala muraasonni kanneen miirri isaanii baay'ee kaka'e tokkummaa sodaachisaa itti uumanii waan hundaa jala dhaabbatanii haala sana dhugoomsuu fi ittisuuf ka'aniidha."

Nuti gurraachonni Kibbaa amma mirga walqixxummaa tikfachuun akka nurra jiru ni amanna. Ejjennoo kana irraa gara booddeetti hin deebinu, deebi'uus hin dandeenyu. Gaarummaan isaa, ejjennoo keenya kana tikfachuuf mala kaayyoo obbolummaa faallessu fayyadamuun akka nurra hin jirre barree jirra. Nuti warri Montigoomerii karaa tokkichi gara fuula duraatti nu tarkaanfachiisu falaasama diddaa hokkara-maleessa hordofuudhaan jennee amanna.

Malli kun ulfina ofii eeggatanii booddeetti deebi'uu osoo hin barbaachisin qabsaa'uu nu dandeessisa. Malli kun jeequmsa ilaalchawwan adda addaarraa maddani fi jijjiirama hawaasummaa irraa ka'an keessummeessuu ni danda'a.

Montigoomerii keessatti qabsoon nuti haqaa fi walqixxummaaf geggeessinu isaan jibbisiisee kanneen nu haleeluuf qophaawan yoo jiraatan illee abdii kutachuu, booddeetti deebi'uu yookiin sodaachuu hin qabnu. Isaan murtoo akkasii irra osoo hin ga'in, maalis yoo isaan raawwatan nuti humnaan tasuma akka hin deebifne beekuu qabu. Adeemsa qabsoo keenyaa keessatti karaan humnaa isaan filatan dogoggora akka ta'e baranii nu kabaju jennee abdanna. Yeroo sana hundumti keenya nagaa fi walqixxummaan wajjin jiraachuu dandeenya.

Waldhibdeen keenya inni bu'uuraa waa'ee otobuusii miti. Haata'u malee, malli nuti waa'ee otobuusota walqixxummaan fayyadamuu itti

gargaaramne haqa-dhibiinsa gidduu keenya jiru kan hiiku yoo ta'e, hundee haqa-dhibiinsaa ittiin haleella-diina namatti ta'uu namaa. Kun kan ta'uu danda'u akkuma nuti ilaalcha mataa keenyaa irra deebinee qorataa jirru, hawaasni warra adiis ilaalcha isaanii irra deebi'anii akka qoratan yoo taasisuu dandeenyedha.

Nuti hawaasa warra adii irratti injifannoo argachuu hin feenu. Kun warra gajjallaa turan ol dabarsuuf qofa gargaara. Haata'u malee, yaadaanis gochaanis qabsoo karaa nagaatti yoo cichine uummata sanyii walmakaa bilisummaa irratti hundeeffame ijaaruu dandeenya.

Rakkoo Bara Haaraa Jala Dhaabbachuu

(1957)

Miixuun dhalachuu Sochii Mirga Sivilii, inni namoota bara saniin "Sochii Bilisummaa" jedhamee waamamu, dubbii Dr. Kiing Mudde bara 1956 Montigoomerii, Alabaamaatti dubbate keessatti ifatti ni mul'ata. Waldaa Biyyoolessaa Fooyya'iinsa Uummattoota Halluu Adda-addaa (WBFUHA) fi Waldaa Fooyya'iinsa Montigoomerii (WFMn) geejiba uummataa ilaalchisee Manni Murtii Waliigalaa seera goodiinsaa Alabaamaa akka kuffisuuf falmii geggeessaniin injifannoo argatanii jiru.

Dr. Kiing akka hogganaa WFM tti, injifannoon kun falaasama qabsoo hakkara-maleessaa keessatti maal jechuu akka ta'e xiinxaluu barbaada. Haata'u malee, haasaa qofti gahaa akka hin taane Kiing hubatee jira. Batalumatti namoota amantii wajjin walbeekumsa qabutti fayyadamee Kora Hoggansa Kiristaana Kibbaa bu'uuressuuf walitti waame. Sochiin jamaa kun kufiinsa koloneeffattummaa Kibbaa bakka inni qabachuu qabu qabsiise. Dr. Kiing ummattoonni cunqurfamoon hiree ofii ofiin murteeffachuuf karaa gaarii isaan qaban qabsoo hokkara-maleessaati, amantaa jedhu fudhachiisuuf injifannoo WFM akka fakkeenyaatti fudhate.

Haata'u malee, wal qixxummaan sanyii akka hin dhugoomneef humnoonni morman biyyattii keessa ni jiru turan. Adiiwwan sanyiitti amanan mana barnootaa sadarkaa Iffaa Haati Kooten Nashiviil Tenesii keessatti argamu barataa gurraachaa tokko waan galmeesseef Fulbaana 9 bara

1957 barbadeessuuf dimaamita fayyadaman. Haala faallaa ta'een gaafuma sana Kongiresiin Y.I bara 1875 booda seera mirga sivilii isa jalqabaa dabarse. Seerri gaafas darbe kun Komiishinii Mirgoota Sivilii Yunaayitid Isteetis akkasumas Ministeera Haqaa keessatti Damee Mirgoota Sivilii bu'uuresse. Kana gidduutti murtee Mana Murtii Waliigalaa bara 1954 qoodiinsa dhorku irratti mormii cimaan ka'e. Fulbaana 24 pirezidant Diwaayit Ayizenaawar TV firaadiyoo irratti dhihaatanii humni federaalaa ijoollee gurraachaa sagal Mana Barnoota Giddugala Olaanaa Liitil Rook, Arkansas baratan akka walalchan ajajuu isaanii labsan.

Akkuma dubbii armaan gadii keessatti agarru Dr. Kiing, haala gaddisiisaa kana hundumaa keessatti abdii hin kutanne. Sochiin bilisummaa Ameerikaanota Afrikaa qabsoo uummattoonni koloneeffattoota Yuuroop jala jiran waliin wal fakkaata jechuudhaan falme. Guraandhala 6, bara 1957 biyyi Afrikaa Gaanaan bittaa kolonii Biritish jalaa bilisa baate. Kiing dubbii biyyoolessaa isaa isa jalqabaa Caamsaa 17, "Prayer Pilgrimage" dura dhaabbatee wanti ta'aa jiru marti hojii Waaqaa ta'uu isaa ibse: "Ummata addunyaa harka afur keessaa sadii uummattoota halluu adda addaa qaban ta'uusaa ija jabinaan dubbanna. Bara keenya keessa Eshiyaa fi Afrikaa keessa uummattoonni bilisummaa isaanii wayita gonfatan arguu dandenyee jirra. Kun hundumtuu gochaa Waaqaati."

NUTI WARRI JAARRAA 20FFAA KEESSA JIRAANNU SEENAA dhala namaa keessatti yeroo murteessaa kana keessa waan jiraannuuf carra-qabeeyyiidha. Yeroon Kun yeroo abdiidhaan guutameedha. Kun bara sirni hawaasaa haaraan itti dhalachaa jiruudha. Nuti har'a addunyaa dulloomaa du'aa jiruu fi addunyaa haaraa dhalataa jiru gidduu dhaabbannee jirra.

'Yeroo baay'ee hamaa keessa jiraachaa jirra,' kanneen jedhan akka jiranis nan beeka. 'Mufannaan Eshiyaa keessaa,

sochiin Afrikaa keessaa, gaaffiin sabummaa Ijipit keessaa, dhukaasni Hangarii keessaa dhaga'amu fi wal diddaan sanyii Ameerikaa keessatti mul'atan dukkana sodaachisaa qaroomina keenya marsee jiru agarsiisuu,' jedhu. Gara fuulduraatti deemuu irra gara boodaatti foqoqaa jirra jedhanii falmu. Haata'u malee, muddamni amma jiru kun mallattoo boodatti deebi'uu osoo hin taane, ciniinsuu waan haaraa dhalachuuf jiruuti. Bara dheeraa dura falaasichi Giriik Herakliites, 'Haqni wal diddaa faallaawwan gidduutii argamti,' jedhee falma ture. Heegel ammoo falaasama haaraa keessatti, 'Guddinni qabsoon argama,' yaada jedhu lallaba ture. Saayinsiinis seenaanis akka mul'isanitti dhaloonni fi guddinni, dhaluu fi miixuu cimaa malee jiraachuu hin danda'an. Yeroo waan haaraan dhalachuuf jedhu inni moofaan danquun isaa hin oolu. Kanaaf, muddamni nuti har'a addunyaa irratti argaa jirru addunyaa haaraan dhalachaa akka jiruu fi inni moofaan bakka gadi-dhiisaa akka jiru mul'isa.

Sirna dulloomaa isa du'aa jiru, hundumti keenya ni beekna. Bara baay'ee keessa jiraannee jirra. Addunyaa irratti bifa koloneeffattummaa fi impeeriyaalliizimiin agarree jirra. Addunyaa kana irra tilmaamaan namoota 2,400,000,000 jira; kanneen keessaa 1,600,000,000 namoota adii hin taaneedha. Waggaa shantama dura, waggaa digdamii shan dura taanaan iyyuu, namoota 1,600,000,000 kanneen keessaa baay'een isaanii waanjoo humnoota alaa jala turan. Gara Chaayinaatti garagallee yoo ilaalle namoonni 600,000,000 waanjoo bittaa Biritish, Dachi fi Firenchi jala jiraachuu isaanii agarra. Gara Indiyaa fi Paakistaan yoo mil'anne namoonni mammagaalli 400,000,000 ta'an waanjoo Biritish jalatti kufanii agarra. Ija keenya gara Indooneeshiyaatti yoo deebifne namoonni miiliyoona dhibbi hacuuccaa Dachi jala jiru. Gara Afrikaa yoo ilaalle gurraachonni 200,000,000 dhiibbaa waanjoo Briitish, Dachi fi Firenchi jalatti argamu. Ummattoonni kunniin marti barootaaf

siyaasaan gadi-qabamanii jiru; dinagdeedhaan saamamanii jiru; sanyiidhaan qoodamanii jiru; salphinni irra gahee jira.

Garuu, yeroon itti namaaf gamu ni dhufa. Yeroon itti uummattoonni miilla hakuuccaatiin dhidhiitamuun oobsa isaan fixachiisu ni dhufa. Yeroon itti uummattoonni 'gara ayyallaa saamiinsaa lafa abdiin hin mul'annetti darbatamuun ni ga'a' jedhan ni dhufa. Yeroon itti uummattoonni jireenya ifa o'aa keessaa darbatamanii qorra lafee namaa nyaatu keessa qofaa akka dhaabbatan taasifamuun isaan dadhabsiisu ni dhufa. Dadhabbii isaanii keessa ta'anii uummattoonni kunniin mataa ol qabatanii mirga ofiif qabsaa'uuf murteeffatan.

Qabsoo isaanii irraan kan ka'e har'a uummattoonni 1,300,000,000 halluu adda addaa qaban bilisoomanii jiru. Har'a mootummaa ofii, sirna dinagdee mataa ofii, fi sirna barnootaa of danda'e qabu. Koloniyaaliizimii fi impeeriyaaliizimii Masrii irraa bilisa bahanii gara biyya kakuu isaanii ishee olaantummaan aadaa tokkoo keessa hin jirreetti galuuf joonjii of sirreessuu keessa jiru. Of duuba garagalanii wayita ilaalan sirni moofaan impeeriyaaliizimii fi koloniyaaliizimii kufaa, sirni haaraan bilisummaa fi haqaa ammoo dhufaa jiraachuu isaanii argaa jiru.

Sirna dulloomaa du'aa jiru kana biyya keenya keessatti bifa qoodiinsa sanyii fi loogiitiin argaa jirra. Ameerikaa keessatti seenaa dheeraa sirna kanaa ni beekna. Kan inni jalqabe bara 1619 gaafa miilli garboota Negroo qarqara dachee kanaa irra ejjeteedha. Kan isaan fidaman dachee Afrikaa irraati. Akka Abboota Imaltootaa warra waggaa tokko booda Pilaaymaawuz qabatanii osoo hin taane Negroonni kun fedha isaaniin ala dhufan. Guutummaa sirna gabrummaa keessatti Negroon namaa gaditti ilaalamee jiraate. Negroon nama ulfina kennaniif osoo hin taane meeshaa itti fayyadamanidha. Negroon qonna guddaa tokko keessatti

meeshaa xiqqoo tokkodha. Murtoon Dired Iskoot bara 1857 haala Negroo bara gabrummaa sanaa mul'isa. Ijoon murtee Mana Murtii Waliigalaa Yunayitid Isteetis sun, 'Negroon lammii Yunaayitid Isteetis osoo hin taane qabeenya gooftaan isaa akka fedhe gochuu danda'uudha' jedha. Isa booda 1896tu dhufe. Bara kana ture kan Manni Murtii Waliigalaa murtii galmee *Pilesii fi Ferguson* irratti kenneen seerri "adda adda, garuu walqixa" jedhu seera biyyattii akka ta'u kan godhe. (Akka murtii kanaatti adii fi gurraachi osoo wal hin makin bakka adda addaatti tajaajila walqixa argachuu danda'u.) Murtoo kanaan qoodiinsi deggersa seeraa fi mooraalii argate. Seerri kun "wal qixa" isa jedhuuf xiyyeeffannoo osoo hin kennin "adda adda" inni jedhu ciminaan akka hojiirra oolu karaa bane. Kanaaf, murteen Pileesi walcaalmaa guddaan akka uumamuu fi saamiinsa hamaan akka raawwatu sababa ta'e.

Haala akkanaa keessa jiraachuun, Negroonni baay'een hanga ofitti amanamummaa dhabanitti isaan geessisee ture. 'Tarii nuti namaa gadii?' jedhanii hanga of shakkan ga'anii turan. Qaamaan gobroomuun isaanii sammuunis haala gaddisiisaa ta'een akka gobrooman isaan taasise. Hanga Negroon bakka isaa kenname kana fudhatetti sanyummaa ilalchisee nagaatu jira. Haata'u malee, nagaan kun salpha hin turre; arrabsoo, haqa-dhabiinsaa fi saamiinsa osoo hin jaalatin obsaan akka fudhatan waan dirqamaniifi. Nagaan dhugaa, muddamni, burjaajiini fi lolli jirachuu dhiisuu qofa osoo hin taane haqa, fedha gaarii fi obbolummaan jiraachuu isaati. Kanaaf, nagaan sanyiiwwan gidduu ture nagaa sobaa isa hundee hin qabne ture.

Isa booda Negrootti wahitu itti dhufe. Haalli jiru gara fuulduraatti tarkkanfachuun akka isarra jiru taasise. Qonna baadiyyaa irraa suuta suutaan buqqa'uun gara hawaasummaa magaalaa fi indastiriitti jijjiramaa dhufee dinagdeen isaas ol ka'aa dhufe. Akkuma barnootaan doofummaa jalaa bahaa

dhufeen aadaan isaas fooyya'aa deeme. Kun hundumti walitti dabalamanii Negroon akkaataa addaatiin deebisee akka of ilaalu taasisan. Negroo jaamaan deebi'ee of madaaluu eegale. Negroon ani nama jedhee yaaduu irra ga'e. Amantiin isaas Waaqni ijoolleesaa mara akka jaalatu, sagalee xiqqaan gurraachaas ta'e sagalee guddaan adii Waaqa biratti gati-qabeeyii akka ta'an isa hubachiisee jira. Kanaaf, sagalee ol-fudhatee waloo wajjin akkana jedha:

Rifeensa laafaa fi bifni gurraachinni,
 Waan Rabbi nuu kenne tasa hin jijjiirani.
 Adii yoo taanellee, yoo taanes gurraacha,
 Onneen hunda keenyaa jaalala hin biqilcha.
 Akkam gabaabbannes,
 Akkam yoo dheerannes,
 Keessa keenyaan malee kan nu madaalamnu,
 Gogaa keenyaan miti isa ittiin mul'annu.

Negroonni of kabajuu fi ofiin boonuu wayita jalqaban nagaan sobaa Kibba keessaa boora'uu jalqabe. Kanaaf, muddamni nuti har'a sanyiiwwan giduutti taajjabnu, hanga tokko, jijjiirama yaada Negroon ofiif qabuu fi hanga gidaarri qoodiinsaa haqaan jijjigee hunkutaa'utti kutannoo inni qabsaa'uu fi wareegamuuf qabu waliin walitti hidhata.

"Negroo Haaraan" ofitti amanamummaa qabu akkuma cimsachaa dhufeen murtee seena-qabeessi Caamsaa 17, bara 1954 hordofe. Murtee kanaan Manni Murtii Waliigalaa, "Seerri Pileesii inni dulloomaan dhabamuu qaba," jechuudhaan sagalee tokkoon mirkaneesse. Murteen kun hammeenya bara dheeraa jireenya Ameerikaa irratti mo'ee ture irratti akka dhahicha guddaatti ilaalama. "Haala wal fakkataa garuu adda adda' jedhanii adii fi gurraacha qooduun

wal qixxummaan akka hin jirre agarsiisuu irra darbee ittisa seeraa daa'imni tokko argachuu qabu sarbuudha," jechuun ifa godhe, murtichi. Murtee kana hordofnee sirni dulloomaan qoodiinsaa fi loogii darbee sirni haaraan bilisummaa fi haqaa dhufaa jiraachuu isaa suuta suuta arguu dandeenye. Eenyu illee akka isin hin gowwoomsine, waci har'a galma seera-tumtoota Kibbaa keessaa waa'ee "dhaabsisuu" fi "seera diiguu" akkasumas WBFUHA seera qabeessummaa dhorkuu dhaga'amu gadooda sirna dulloomaa du'uuf dhidhiitatuuti. Inni dulloomaan karaa gadi-lakkisaa inni haaraan ammoo dhufaa jira. Bara keenya keessa caasaa haaraa bilisummaa fi haqaa wajjin dhufaatii bara haaraa argaa jirra. Bara haaraa dhufaa jiru kana wayita keessummeessinu itti gaafatama isaan waliin walitti qabatanii dhufanis simachuu qabna. Bara haaraan gufuuwwan yookiin rakkoolee haaraa fudhatee dhufa. Dhimmoota qabsoo barbaadan kanneen keessaa hanga tokko haa ilaallu.

Gufuun inni calqabaa daangaa fedha dhuunfaa keessaa bahanii dhimma dhala namaa mara ilaallatu irratti xiyyeeffachuudha. Addunyaan haaraan tun lafaan walitti hidhamtee jirti. Walii wajjin jiraachuu baruun qabna, kana yoo ta'uu baate walii wajjin dhumuuf dirqamna. Addunyaa haaraan kun beekumsa saayinsii fi tekniqoloojiin walitti hidhamee jira. Namni beekumsa isaatiin gargaaramee karaa gabaabsee yeroo walitti hidhee jira; samii irra karaa diriirsuu danda'ee jira. Kanaaf, har'a magaala Niwuyoorkee ciree nyaatanii irbaata immoo Paaris, Firaansii nyaatuun ni danda'ama. Boob Hop bara jeettii kana akkana jechuudhaan ibsa. Barri kun bara utuu addaan hin kutiin Loos Angeles, Kalifoorniyaa irraa gara magaalaa Niwuyoorkeetti balali'uu dandeenyu yoo ta'u, akka tasaa wayita kaanu yoo nu hirqinfachiise osoo hirqinfanne hin fixin magaalaa Nuwuyoorke qubanna. Barri kun bara namni tokko Sanbata ganama Tookiyoo irraa ka'ee garaagarummaa yeroo irraan

kan ka'e duubatti deebi'ee Sanbata duraa halkan Siyaatil, Waashingiten gahuudha. Hiriyoonna kee dirree xiyyaaraa Siyaatilitti si eegan, "Tookiyoottii yoom kaate?" jedhanii yoo si gaafatan "borin ka'e" jettee bara itti deebistuudha. Kanaaf, addunyaan keenya tun qaamaan tokko taatee jirti jedhee gorsa. Amma wanti nu eeggatu hafuuraan tokko taasisuudha. Dandeettii fi beekumsa qabnutti fayyadamnee biyyoota addunyaa ollaa taasifannee jirra; dandeettii hafuura fi mooraliitti fayyadamnee obbolaa taasisuu qabna. Hundumti keenya adeemsa tokko keessa jirra. Wanti isa tokko irratti dhiibbaa fidu karaa biraa ammoo hunduma irraan dhiibbaa geessisa. Haada yookiin funyoo namummaan ittiin walitti hidhamee jiru kessatti nuti walqabsiistuu yookiin gudunfaa tokkodha.

Qorumsi biraan bara haraa wajjin as nutti deemaa jiru ogummaa irratti bobbaanee jirru hundumaa keessatti waa'ee caallee argamuuti. Bara haaraa kana keessa balballi duraan nuuf banamee hin turre hedduun nuuf banamaa jiraachuu isaa beeknee ol seenuuf qophii taanee argamuudha. Raalf Waaldoo Emersen barreeffama isaa bara 1871 keessatti akka dubbatetti:

Namni tokko isa biraa irra fooyyessee yoo barreessuu danda'e, yookiin isa tokko caalaa lallabuu yoo danda'e, yookiin qaamaaxira (kiyyoo) hantuutaa ollaan isaa hojjete irra fooyya'e hojjechuu yoo danda'e, mana isaa fageessee bosona keessatti yoo ijaarrate illee addunyaan garuma isaatti karaa tolfatti.

Bara haaraa keessatti uummattoota sanyii hundumaa fi biyya hundumaa wajjin dorgomuuf dirqamna. Kanaaf, kaayyoon keenya barsiisota Negroo gaarii, hakiimota Negroo gaarii, ministeerota Negroo gaarii, hojjetaa Negroo gaarii ta'uu qofa ta'uu hin qabu. Hojii keenya namni sanyii kam

keessaa bahe iyyuu isa caalaatti fooyyessee akka hin hojjennetti tolchinee hojjechuu qabna.

Hojiin kee maalis yoo ta'e, sirriitti hojjedhu. Hojiin kee hojiiwwan gurguddaa jedhaman keessaa tokko yoo ta'uu baatellee tolchii hojjedhu. Akkuma pirezidantiin kolleejjii tokko dubbate: "Namni marti hojii ofii, inni amma jiru, inni kanaan dura turee fi inni sichi dhalatu fooyyessee akka hojjechuu hin dandeenyetti gaarii godhee hojjechuu qaba." Carraan kee daandii qulqulleessuudha yoo ta'e, akka Mikeel Aanjeloo tolchee suuraa kaasetti, akka Sheekispiir tolchee walaloo barreessetti, akka Betooven tolchee sirba qindeessetti, tolchi daandii qulqulleessi; yeroo qulqulleessitu, namni waaqaa lafaa walitti dhufee achi dhaabbatee,"Namni guddaan daandii qulqulleessu tokko as ture, kan akka isaa tasa hin argamu," akka jedhutti qulqulleessi.

Gufuu sadaffaan fuula keenya dura jiru hubannaa qajeelinaa yookiin fedha gaariitiin bara haaraatti seenuudha. Kana jechuun amala Kiristaanummaa, jaalalaa fi waliif dhiisuu giddu galeessa jireenya keenyaa godhachuu jechuudha.

Nuti warri bara dheeraaf waanjoo cunqursaa jala turre, warri saamamnee dhidhiitamne, warri haqa dhabnee kabajaan keenya nurraa fudhatamee turre, bara haaraa kana jibbiinsaa fi hadhawummaan simachuu dandeenya. Haata'u malee, nutis jibbiinsaa fi hadhaawummaan yoo gatii deebifne barri haaraan kun garagalchummaa bara moofaa sana malee homaa ta'uu hindanda'u. Jibbiinsaa fi haqa-dhabiinsa bara moofaa sana jaalalaa fi wal qixxummaa bara haaraatiin irraanffachuu qabna. Kanaafi ani qabsoo hokkara-maleessatti cimsee kanan amanuuf. Hokkarri tasuma rakkoo hin hiiku, rakkoo haaraa fi wal xaxaa ta'e qofa uuma. Yoo qorumsa hokkaraaf harka kennine dhaloonni gara fulduraatti dhufu hadhawummaa nurraa dhaala; barri keenyas akka bara jeequmsa hiika hin qabneetti yaadatama.

Carraa gaariin jaalala haaraa gara hidda dhiigaa qaroomina keenyaatti dhangalaasu fuula keenya dura jira. Sagalee guddaan dhalootaa dhalootatti dhagahamu akkana jedhee iyya: 'Diinota keessan jaaladhaa, warra isin abaaran eebbisaa, warra jibbaan isinitti fayyadamaniif kadhadhaa, ijoollee abbaa keessanii isa Waaqarra jiraatuu akka taataniif.'

Qaroomina keenya tarii kan badii irraa oolchu jaalala. Kanaafan dhaadannoo keenya kan torban kanaa jaaladha yookiin jajadha. "Bilisummaa fi Haqa, Jaalalaan." Hokkaraan miti; jibbiinsaan miti; laguudhaan illee miti; jaalalaan malee. Dhuguma Ameerikaa keessatti bilisummaaf wayita qabsoofnu yeroo tokko tokko lagu fayyadamuu qabna. Haata'u malee, laguun mataa isaatti galma akka hin taane yaadachuu qabna; laguun mala ittiin cunqursitoonni akka dalagaa ofiitti qaana'an taasisanii fi ol-aantummaa isaanii ittiin mormanidha. Galmi isaa garuu araara, hamaa irraa wal-olchuudha; hawaasa jaalatamaa uumuudha. Hafuura akkanaa fi jaalala akka kanaati kan diina fira taasisu. Hubannaa qajeelaa akkanaati gadda kaleessaa gammachuu boruutti kan jijjiiru. Jaalala kana kan laphee namaa keessatti gammachuu kan uumu.

Waa'ee jaalalaa baay'isnee wayita dubbannu miira keessa akka seennu nan beeka. Dubbiin keenya waa'ee jaalala haaraa waan qabatamaa fi dhugaa hin qabnee akka hin taane nan sodaadha. Garuu kanneen isniin morman jaaladhaa wayitan jedhu jaalala miira irraa ka'e jechuu koo miti. Jaalala inni ani jedhu fedha gaarii qabaachuudha.

Afaan Giriikii jaalala ibsuuf jecha sadii qaba. Inni jalqabaa 'irroos' jedhama. Pileetoon dubbii isaa keessatti yeroo baay'ee itti fayyadamee jira. Irroos jaalala midhaginaati. Sheekispiir walaloo armaan gadii keessatti waa'ee irroos yaadaa ture natti fakkaata.

Haalli jijjiiramee waliin jijjiiramnaan,

Yoo dursee gugguufe kan buqqisu dhufnaan,

Kun jaalala miti.

Jaalalli inni dhugaa,

Bakka isaa hin gadhiisu,

Dhaabbatee ilaalaa qilleensa isa raasu,

Ka raafamaa jiruuf akka urjii ifaa.

Jechi Afaan Giriikii jaalala ibsu kan biroon immoo fiiliyaa kan jedhuudha. Fiiliyaan gosa jaalalaa hiriyoote walitti dhiyaatan gidduu jiruudha. Kun jaalala deebii qabuudha. Sadarkaa kanatti namni tokko sababa jaalatamuuf nama jaallata. Afaan Giriikii jaalala sadarkaa ol'aanaafis jecha Agaappee jedhu qaba. Agaappeen jaalala miiraa fi hubannaa jaalalli dhunfaa itti hin makamneedha.

Agaappeen fedha gaarii nama hundumaaf qabnuudha. Eenyu irraallee deebii kan hin barbaadne jaalala guutee dhangala'udha, jaalala Waaqayyoo isa jireenya namaa keessatti hojjechaa jiruudha. Jaalala sadarkaa Agaappee irra wayita geenyu nama kan jaalannu waan nutti toleef yookiin amalaa fi adeemsi isaa gaarii waan ta'eef osoo hin taane, Waaqayyo waan nu jaalatuufi. Sadarkaa kanatti nama hamaa jaalachuudhaan hammeenya isaa ammoo jibbuu irra geenya. Jaalala akkanaa fi hubannaa fedha gaariitiin kan ifa bara haaraa keessa ulfinaa fi naamusaan dhaabbannu. Eyyee, barri haaraan dhufaa jira, ariitiin gara keenyatti gulufaa jira.

Dhufaatiin bara haaraa kun waa'ee yuniversii illee waan mul'isu ni qaba. Waa'ee walakkeessaa fi dhikkifata onnee Kosmos nutti hima. Yuniversiin kun dhugaa yookiin haqa

bira dhaabbatee jiraachuu isaa nu yaadachiisa. Warra haqaaf qabsaawaa jiraniin, "Qofaa keessan miti, Waaqni isinii wajjin jira," jedha. Amantaan "Waaqni dhugaa fi haqaa wajjin jira" jedhu aadaa dheeraa amantii Kiristaanaa keenyaa irraa dhufa. Du'a guyyaa tokkoo booda du'aa- ka'uun jiraachuun isaa handhuura amantii keenyaati. Hammeenysi, Qeesaariin masaraa mootummaa keessa, Kiristoosiin ammoo fannoorra akka oolan taasisuu dandeessise, garuu gaaf tokko Kiristoosumti sun du'aa ka'ee baroota Dh.K.D fi Dh.K.B jedhee addaan qoode. Gaafa sana jireenyumti Qeesaar illee maqaa isaatiin lakkaawame. Yuniversii kana keessa dubbii Kaarlaayil, "Sobni bara baraan jiraachuu danda'u hin jiru," jedhee dubbate wanti dhugoomsu ni jira. Wanti jecha Wiiliyaam Kunlen Birayaant, "Dhugaan yoo lafatti gadi dhidhiitamte illee deebitee mataa ol qabachuun ishee hin oolu," jedhus kan dhugoomsu ni jira. Walaloo Jeems Rusel Lowel akkana jedha.

Dhugaan fannifamtee,

Hammeenysi muudamte.

Haata'uyyuu malee,

Egere hundumaa,

Fannoo santu raasa.

Dimimmisa isa

Hin argamne keessa,

Dawoo sana bira,

Waaqayyotu jira.

As Montigoomerii keessatti otobuusii yaabbachuu lagannee ji'a kudha tokko miilaan wayita deemne dadhabbiin nutti hin dhaga'amne; sabaabiinsaa biyya kakuu keenyaa, mooraa

haqaa fi bilisummaa, keessatti akka wal agarru ni beekna turre.

Dubbii koo osoon hin xumurin dura dogoggora uumamuu danda'u tokkoon sirreessuu barbaada. Akkasumatti yoon isin lakkise ergaa koo dalga hubattanii galtu ta'a. Waa'ee bara haaraa ariitiin dhufaa jiruu dubbadheen jira. Waaqni waan haaraa kana fidaa akka jirus dubbadheen jira. Kana eega dhageenyeen booda manatti gallee, homaa hojjechuu dhiisnee, harka marannee teenyee waan dhufu yoo eegganne, kun balaadha. Kan dhufuuf ka'e dhufuu hin oolu jettanii teessanii yoo eegdan kun balaadha. Waan hin oollee dhufaa jiru kana ariifachiisuu qabna.

Jaarsi dulloomaan qoodiinsaa siree du'aa irra jira. Akka seenaan dhugaa bahutti sirni akkanaa gaggabee osoo hin du'in bubbuluu ni danda'a. Haaluma kanaan fayyadamtoonni sirnichaas akka hafuurri keessaa yaa'ee hin dhumneef qilleensa itti hafarsaa jiru. Qoodiinsi har'as Ameerikaa keessa ni jira. Kibba keessatti ammallee jabaatee miidhagee nu dura dhaabbatee jira. Kaaba keessatti ammoo riphee dhokatee jira. Garuu, dimookirasiin akka jiraatu yoo barbaadame, qoodiinsi du'uu qaba. Qoodiinsi waan hamaa ifa bahee jiruudha. Qoodiinsi Kiristaanummaatiin ala. Qoodiinsi dhala namaa sadarkaa meeshaatti gadi buusa. Qoodiinsi gabrummaa wantoota adda addaan maramee dhokfameedha. Qoodiinsi tokkummaa nuti Yesuus Kiristoosiin qabnu faallesa.

Kanaaf, waan dhufuu hin oolle sana saffisiisuuf qabsoo keenya itti fufuu qabna. Mirga filachuu argachuuf itti fufuu qabna. Hiiika rakkoo kenyaatiif furtuu murteessaan tokko mirga filachuuti. Mirga filachuutiin aangoo siyaasaa yoo arganne malee meeshaa namoota siyaasaa taanee hafna. Paartilee dimokraatoota fi rippaabiliikaanotaan dagatamuu keenya fudhachuu hin qabnu. Dimookraatonni yaada warra Kibbaan mo'atamanii Rippablikaanonni ammoo of

tuulummaa mirga-deemtota booddeetti harkiftoota Kaabaan mo'atamanii nu gananii jiru. Mana maree keessatti dimookraatonni kibbaa fi rippaablikaanonni mirga-deemtuun Kaabaa qindaawanii seera mirga sivilii hundaa kuffisaa turaniiru. Hanga bakka-bu'oota keenya filannee waajjira mootummaa keessa galfachuu dandeenyutti haalli kun ittuma fufa. Bakka mirga filachuutiin dhugoomsuu dadhabne keessatti ammoo seeraa fi mooraaliitti fayyadamnee rakkoo kana buqqisuu qabna.

Qabsoo keenya karaa seeraa fi seera qofaan itti fufuu qabna. Warroonni 'Qoodiinsi karaa barnootaa qofa baduu danda'a, sababiinsaa mooraaliin seeraan tumamuu hin danda'u,' jedhan ni jiru. Ani as irratti daayilekitikaawaa ta'uun filadha. Qoodiinsi kan badu barnootaan miti, seeraanis miti; seeraa fi barnootaan malee. 'Keessa namaa seera qofaan jijjiiruun hin danda'amu,' yaada jedhuu irratti anis waliin gala, garuu kun kaayyoo seeraa miti. Kan seerri barbaadu miira keessa namaa jijjiiruu osoo hin taane, dhiibbaa keessi namaa nama irraan ga'uu to'achuudha. Fakkeenyaaf, seerri namni akka nama jaalatu gochuu hin danda'u. Amantii fi barnootni kana gochuu qabu. Garuu seerri yaalii namni nama ajjeesuuf godhu to'achuu danda'a. Kanaaf, dhiibbaa mul'ataa jibbiinsa keessa keenyaa irraa maddu to'achuuf, seeratti fayyadamnee qabsaa'uu qabna.

Qoodiinsa hambisuuf waan biraa nuti gochuu dandeenyu horii qabnu waan bilisummaa nuuf fiduu danda'u qofa irratti baasuudha. Bilisummaan yoom iyyuu taanaan waan gatii guddaa qabuudha. Bilisummaan of-ganuu fi wareegama malee akka hin argamne seenaan ragaa nuuf ta'a. Kanaaf, horii guddaa bilisummaa keenya irratti dhangalaasuu qabna. Horii hin qabnu jennee amaan booda himachuu hin dandeenyu. Dinagdeen Negroo ol ka'ee jiraachuu isaa istatistiksiin ni mul'isa. Galiin waggaa Negroota Ameerikaa doolaara

biiliyoona 16 ol ta'ee jira. Kun galii Kanaadaa waliin walitti dhiyaata. Kanaaf, suutumaan dinagdeen of danda'aa jirra. 'Jaarraa 20^{ffaa} kana keessa Negroon waan bilisummaa isaaf ta'u dhiisee bashannana irratti horii isaa dhangalaasa,' jedhee gaaf tokko seenaan yoo ragaa nutti bahe ulfina keenyaa fi bilisummaa keenya irratti dogoggora cimaa ta'a. 'Bilisummaa fi haqa isa bara-baraan jiraatu dhiisanii waan baduu fi waan darbu irratti waan qaban baasu turan,' jedhamuu hin qabnu.

Bara haaraa dhufaa jiru kana saffisiisuuf waan gochuu qabnu kan biraan hoggansa jabaa of kenne uummachuudha. Kun waan amma nu barbaachisuudha. Yeroo ce'umsaa kana keessa hoggantoonni tasgabbaa'oon gurraachota maraattoo fiixee tokko jirani fi gurraachota adii gammachiisuu qofa fedhan fiixee biraarra jiran walitti fiduun hogganuu danda'an nu barbaachisu. Hoggantoota beekoo fi amanamoo hoggantoota jaalala horii osoo hin taane jaalala haqaa qaban, kanneen kaayyoo isa dhaabbataniif fedha dhuunfaa isaanii caalchisan nu barbachisu. Kana ilaalchisee Hooland akkana jedha:

Yaa Waaqayyoo gooftaa

Nuuf kenni hogganoota

Yeroon akka kana hogganaa barbaada

Filadhuu nuuf kenni baay'ee of harkaa qabda

Hogganoota dhugaa kan angoo hin dhabne

Diinni hin gowwomsine qananiin hin bitne

Kan ulfina qabu uummata isaa hin sobne.

Soba isaanii himuuf ija isaa hin liphisanne.

Hoggantoota dheeroo namuu itti hin qixxaanne

Nuuf kenni yaa gooftaa kunoo si kadhanne

Kan sabaaf jiraatan kanneen yaboo hin nyaanne

Kan galfata hin nyaanne.

Dhuma irratti barri haaraan dhufaa jiru kun akka saffisuuf hundumti keenya jabinaan kaanee bakka haqni jal'ate hundumaatti qabsaa'uu qabna. Bakka qoodiinsi jiru maratti diddaa agarsiisuu qabna. Kana gochuun rakkina fudhachuu fi wareegama akka gaafatu nan beeka. Nama hiisisuus ni danda'a. Yoo kun dhufe manneen hidhaa Kibba keessatti ijaaraman guutuuf qophaa'uu qabna. Duuti illee jiraachuu ni danda'a. Namni tokko qaamaan du'ee ijoollee isaa du'a dhaabbataa qoor-qalbii irraa oolfachuu yoo danda'e, ulfinni kana caalu hin jiru. Dhiigni gootota haqaaf wareegamanii sanyii bilisummaatti lakkaawama.

'Wayita haqaaf qophofnu haleellaa nurratti aggaamamuu fi hokkarra nurratti ka'u jala akkamiin dhaabbanna?' jedhee namni tokko isin gaafachuu danda'a. Akkamiin ofirraa ittisna? Tasumaan ofirraa deebisuu hin qabnu. Humna tokkummaa fi gootummaa Montigoomerii keessatti argisiifnetti fayyadamnee of irraa ittisna. Malli ittisa keenyaa yeroo Negroon tokko rukutamu Negroo kuma tokko rukutamuuf qophaa'an gara fuula duraatti tarkaanfachiisuu dhaani. Haqaatiif jecha barsiisaan tokko hojiirraa wayita ari'amu kuma afur biroon jiraachuu isaanii beeksisuun jala dhaabbanna. Cunqursitoonni mana Negroo tokko irratti boombii yoo darbatan manneen Negroo kuma shantamni jiraachuu isaanii hubachiisuu qabna. Tokkummaan keenya kun ulfina ajai'bsiisaan nuti ofii kenninu kun, wareegamaa fi dabarsinee of kennuuf qophaa'ummaan keenya kun, akkasumas deebisnee nama rukutuu diduun keenya kun cunqursitoonni deebisanii hojii ofiitti akka qaana'an isaan taasisa. Gaafa sana dhiiga Negroo obboleessa isaatiin faalamee qullaa isaa fuula addunyaa fi fuula Waaqayyoo dura dhabachuuf dirqama.

Addunyaa kana irra wanti bilisummaa caalu hinjiru, bilisummaan waan gatiin itti bahuu qabuudha. Waan hojii dhabuufiin namarra jiruudha; waan hidhamuufiin namarra jiruudha. Garba dureessa ta'u irra hiyyeessa bilisummaa qabu ta'uu naaf wayya; ulfina namummaa dhabee qabeenya lakkaawamee hin dhumne qabaachuu irra waanan itti amane wajjin hiyyumaan jiraachuu naaf wayya. Negroo marti abbootii isaa wajjin sagalee ol-fudhatee akkana jechuu qaba: "Garba ta'uu kootiin dura, du'ee awwalamee gara abbaa kootii deemuudhaan fayyuun qaba."

Kanneen hunda hojjechuuf yoo tokkummaa uumne, addunyaa haaraa dhufaa jiru saffisiifna. Addunyaa ishee namoonni obbolummaan keessa jiraatan, addunyaa namoonni goraadee ofii tumanii qonyeetti, eeboo ofii ammoo fallaanatti deebifatan, addunyaa ishee namoonni lamuu bultoo isa tokkoo irraa fuudhanii qananii isa biraaf hin oolchine, addunyaa ishee namni hundi namummaaf ulfina kennu uumuu qabna. Isa booda akka abboota keenyaa akkana jennee faarfanna.

Yaa biyyako, gaarii

Biyya bilisummaa,

Nan faarsa siifuma.

Biyya abbootiin keenya itti wareegaman,

Biyya imaltoonni itti kabajaman

Gaarreewwan hundaarraa

Mee haadhaga'amu faaruun bilisummaa.

Kun dhugoomuu qaba. Bilisummaan gaarreen hundumaa irraa bilbiluu qaba. Eyyee, bilisummaan dhagaawwan cabbii uffatan Koloraadoo, tulluuwwan Niwu Hampishaayer, darbee Pensiliveeniyaa, Kaaliifoorniyaa irraa haa bilbilu. Kana qofa

miti. Bilisummaan gaarreen kam irraayyuu haa bilbilu. Misisiippii, Joorjiyaa, gaara Tenesii, achumaan gaara Alabaamaa, eessaayyuu haa bilbilamu. Dhumarratti gaafa guyyaan kun dhufe, "Bakkalchi barii waliin faarfata. Ijoolleen Waaqayyoos gammachuun burraaqu."

Humna Hokkara-Malummaa

[1958]

Dr Kiing waamicha Waldaan Dargaggoota Kiristaanaa Dhiiraa [WDKDh] fi Waldaan Dargaggoota Kiristaanaa Dubaraa (WDKD) Yunivarsitii Kaalifoorniyaa, Barkileetti godhaniif irratti dubbii armaan gadii godhe. Kan inni dubbate Waxabajjii 4, bara 1957, barattoota hawwiin eeggatan duratti yoo ta'eyyuu barreeffamni haasaa isaa keessaa fudhatame kun waggaa tokko booda ture kan maxxanfame. Garuu, yeroo barbaadamutti dhihaate. Dubbii isaa irratti Dr.Kiing ammas amantaa bu'aa qabsoo hokkara- maleessaa irratti qabu ibsa. Hordoftooti isaa tokko tokko garuu ni mamu turan. Dhuguma hokkara isa leellistoonni warra adii kaasan jala dhaabbachuu nu dandeessisaa? Yookiin haalli uumamu Liitil Rook keessatti akkuma godhan pirezidant Aayizenaawar akka gidduu galan isaan taasisaa?

Caamsaa 8, bara 1958, yeroo pirezidantichi nagaa eegdota federaalaa Mana Barnootaa Giddugala Olaanaa Liitil Rook irraa kaasan namoonni baay'een hafuura aara galfii baafatanii turan. Hawaasni Ameerikaanota Afrikaa wayita barattoota saglan mana barnootaatti walalchamaa turan keessaa tokko kan ta'e, Ernest Giriin Caamsaa 27 eebbifame, waa'ee bu'aa qabsoo hokkara-maleessaa abdii godhatanii turan. Kanneen gaafas eebbifaman keessaa Giriin gurraacha tokkicha ture. Dargaggoota gurraachaa keessatti fudhatamni qabsoo hokkara- maleessaa Hagayya

19 gaafa miseensonni Waldaa Biyyoolessaa Fooyya'iinsa Uummatoota Halluu Adda addaa (WBFUHA) manneen nyaataa magaalaa Oklaahomaa keessatti duula" taa'anii ka'uu diduu" geggeessan mul'ataa dhufe.

Gochaa suukanneessaa jireenya Dr Kiingi fi qabso hokkara-maleessa inni geggeessu irratti raawwataman keessaa tokko kan raawwatame Fulbaana 20, bara 1958 ture. Osoo Dr. Kiing kitaaba ofii barreesse irratti mallatteessaa jiruu dubartii gurraattiin tokko itti dhihaattee, "Ati Maartiin Luuter Kiingidhaa?" jettee gaafatte. Eeyyee, jedhee osoo inni deebiseefii hinfixin qoma isaa keessa waraante. Hablee isheen ittiin waraante xiqqumaaf hidda dhiigaa isa guddicha aa'ortaa jedhamu bira hin ga'in hafe. Waggoota booda waa'ee kanaa dubbii isaa "Biyya Kakuu nan Arga" jedhu keessatti akkuma kaase, osoo gaafas haxxiffatee jira ta'ee hableen sun hidda dhiigaa sana bira waan ga'uuf, warraaqsi hawaasaa sadarkaa bilchaataa kanarra ga'uu isaa hin argu ture.

JALQABUMA IRRAA KAASEE FALAASAMNI WAA'EEN LAGUU OTOBUSII Montigoomerii irratti hundaa'e jira ture, falaasama diddaa hokkara-malummaa. Haata'u iyyuu malee, jalqaba irratti namoonni baay'een sababa hin jaalanneef mala kana hojiirra oolchuuf rakkoon tureera. Namoota waa'ee falaasama kana hin dhaga'iniif ibsuuf walga'ii uummataatti fayyadamuutu nurra ture. Torbanitti guyyaa lama Wixata fi Kamisa walgahii qabna turre, hokkara-malummaa fi jijjiirama hawaasaa ilaalchisees instiitiyuutii dhaabnee turre. Hokkara-malummaan mala warra sodaattotaa akka hin taanes ifa gochuutu nurra ture. Hokkara-malummaan diddaadha. Mala hadoodaa, achumee fi waan qabanitti quufanii taa'uu miti. Qabsaawaa hokkara-maleessi waan hamaa isaatiin mormu akkuma qabsaawaa biraa ni morma, garuu humnaan miti. Malli kun qaamaan humna-maleessa, hafuuraan garuu humna-qabeessadha.

SALPHISUUF OSOO HIN TAANE AMANSIISUUF

Wanni biraa nuti hubachiisuu barbaadnu qabsaawaa hokkara-maleessi mormaa isaa barsiisuu fi firoomfachuu malee salphisuu yookiin mo'achuu akka hin barbaadne hubachiisuudha. Kaayyoon keenya hawaasa adii mo'achuu, hawaasa adii salphisuu osoo hin taane michummaa namoota sirna darbe geggeessaa turanii hunda argachuu akka ta'e yeroo mara iyyaa turre. Dhumni yookiin borumtaan hokkaraa hadhaa'ina. Dhumni hokkara-malummaa araaraa fi uummata jaalatamaa uumuudha. Laguun matuma isaatti galma miti. Laguun mala ittiin cunqursaan akka hojiisaatti qaana'u gochuuti; galmi isaa garuu araara, waliidhiisuudha.

Isaan booda qabsaawaa hokkara-maleessi lolli isaa sirna hamaa wajjin malee namoota sirna sana keessa jiran wajjin akka hin taane ifa gochuutu nurra ture. Kanaafi kanan yeroo hunda irra deddeebi'ee qabsoon Kibba keessatti geggeeffamu muddama uummata adii fi gurraachaa gidduu miti kanan jedhuuf. Qabsichi haqaa fi haqadhibiinsa, humnoota ifaa fi humnoota dukkanaa giduutti kan geggeeffamuudha. Injifannoon yoo argame, injifannoo Negroo kuma shantamaa qofa miti; injifannoo haqaa, injifannoo qajeelinaa fi injifannoo dimookirasiiti malee.

Waan biraan nu dabarsuu barbaadnu, diddaa hokkara-maleessi dhimma keessa ofii ta'uu isaati. Kan inni irraa of qasatu hokkara alaa dhufu yookiin hokkara qaamaa qofaa irraa osoo hin taane hokkara hafuuraa keessa keenyaa irraatiisi. Kanaaf, giddugaleessi sochii keenyaa falaasama jaalalaati. Namummaa jijjiiruu fi hawaasa isa hawwinu sana ijaaruuf karaa tokkichi jaalala giddugala jireenya keenyaa godhachuudhaani ilaalcha jedhuudha. Jalqabuma irraa kaasee namoonni, 'Jaalala jechuun maal jechuudha? Namoota warra nuun mormani fi nu balleessuuf barbaadan akkamittiin jaaladhaa nuun jetta?

Akkamittiin isaan jaalachuu dandeenya?' jedhu. Jaalalli inni dhugaan miira wajjin kan hin adeemne, waaffala yookiin dugda deebii kan hin qabne ta'uusaa ibsuutu narra ture.

JAALALA AGAAPPEE

Afaan Giriikii jalalaaf jechoota sadii fayyadama. Inni jalqabaairroos jedhama. Irroos jalala miidhaginaati, waan miidhagu hunda jaalachuu. Waa'ee namoota nuun mormani jaalachuu wayita dubbannu waa'ee irroos dubbachuu keenya miti. Afaan Giriikii jaalala dhuunfaa namoota gidduu jiruufis jecha fiiliyaa jedhus ni qaba. Kun jaalala gaarii fi gati-qabeessa. Haata'u malee, waa'ee namoota nuun mormanii fi nu balleessuu barbaadan jaalachuu wayita dubbannu waa'ee irroos yookiin fiiliyaa dubbachaa hin jirru. Afaan Giriikii kanaaf jecha agaappee jedhu qaba. Agaappeen nama hundaaf hubannaa gaarii, dhiifama, hawwii gaarii qabaachuudha. Qorattoonni Kitaaba Qulqulluu agaappeen jaalala Waaqayyoo isa sammuu namaa keessatti hojjechaa jiruudha jedhu. Jaalala guutee dhangala'u kan eenyu irraa illee deebii hin barbaadneedha. Jaalala sadarkaa kanaarra wayita geenyu namoota kan jaalannuuf jaalatamoo ta'anii yookiin gaarummaa qabaatanii osoo hin taane, Waaqayyo waan isaan jaalatuuf. Asirratti nama hamaa hojjete ni jaalanna, hojii isaa garuu ni jibbina jechuudha. Giddugaleessi sochii nuti Kibba keessatti geggeessuu barbaadnuu jaalala agaappee isa akka kanaati.

YUNIVARSII KANA KEESSAA HUMNA HAQAAF HOJJETU

Namoonni hokkara-malummaatti cimsanii amanan keessaa kan Waaqatti hin amanne jiraachuu isaanii nan beeka; haata'u malee, namni diddaa hokkara-malummaatti amanu marti yunivarsiin kun bifa ta'een haqa akka deggeru ni amanu. Waan hin beekamne tokkos haa jedhamu, kan ofii hin sochoone garuu kan waan hundumaa sochoosus haa jedhamu, Waaqas haa jedhamu garuu humni haqa gargaaru tokko

ni jira. Montigoomerii keessatti akkuma qabsoo geggeessaa deemneen humni nu gargaaru tokko jiraachuun isaa nutti dhaga'ama ture.

Dhiiraa fi dhalaan addunyaa kana keessa jiran akkuma sirna hamaa irratti qabsaawan Waaqayyo jaalala laphee isaanii keessatti qabatanii akka qabsaawan godha. Of-qabuu yookiin of-to'annaa beekumsa irratti hundaa'ee fi tasgabbiidhaan gara fuula duraatti deemuu qabda siin jedha *agaappeen*. Ameerikaa keessatti biyya guddoo ishee namni hundumtuu obbolummaa fi kabaja namummaan keessa jiraatu ijaaruuf carraa guddaa qabna. Gara galma sanaatti deemuu qabna. Namoonni tokko tokko akka nuti suuta deemnu akka isaan barbaadan nan beeka. Gara adiiwwan ilaalcha gaarii qabanii, gara warra Kaabaa fi Negrootti xalayaa barreessanii "ariifachaa jirtuu suuta deemaa" jedhanii itti himu turan. Imaammata giddugaleessa hordofuu akka qabnu nutti himu turan. Giddugaleessa jechuun of qabuu ogummaan guutee fi sababatti amanuu tasgabbaa'aa yoo ta'e, kun amala namoonni yaada gaarii qaban hundi yeroo ce'umsaa muddamaa kana keessa argachuuf barbaadan ta'uu qaba. Garuu, giddugaleessummaa jechuun sochii haqaaf godhamu qabbaneessuu, haalli amma jiru akka itti fufuuf waardiyyoota isaatiif harka kennuu yoo ta'e, amala gaddisiisaa gadhee kan namni yaada gaarii qabu marti balaaleffachuu qabuudha. Gara fuulduraatti tarkaanfachuu qabna. Kabajaan nuti ofiif qabnu gaaffii keessa jira; ulfinni keenya balaa irra jira. Mirgi sivilii qabsoo aayidiyooloojii kominiizimii wajjin geggeessinu keessatti dhimma egeree qaroomina keenyaa murteessuudha. Of-qabuu ogummaan guute, jaalala, naamusa gaarii fi haala ulfina-qabeessa ta'een sochii keenya itti fufuu qabna.

BARBAACHISUMMAA MADAQUU-DIDUU

Jecha saayikoloojiin jabanaa hunda caalaa itti fayyadamu tokko ni jira. Jechichi kun "madaquu" kan jedhu ta'uu hin oolu. Jireenya dhiphinaa

fi muddamaa irraa bilisa ta'uuf hundumti keenya naannoo jiraannutti madaquu nu barbaachisa. Sirna hawaasummaa keenyaa keessaa wantoonni ani itti madaquu hin barbaadnee fi namoonni biroon itti madaquu akka didaniif gorsu illee ni jiru. Ani addaan qoodiinsa sanyiitti of madaqsuu hin barbaadu; bittaa humnaatti of madaqsuu hin fedhu. Hokkara qaamaa fi humna waraanaan cabsanii nama bulchuutti tasumaa madaquu hin barbaadu. Isinis wantoota akkasiitti akka hin madaqneef waamicha isiniifan godha. Haqa-dhibiinsa bara sana ture keessa taa'ee akkuma Amootsi, "Bulchiisni qajeelaan akka bishaaniitti, qajeelummaan isinis akka laga yeroo hundumaa yaa'uutti haa burqu," jedhee iyyeetti, isinis akka hammeenyatti madaquu didaniif isinan gorsa. Akkuma Abriham Linken isa mul'ata, "Biyyi keenya walakkaa garba, walakkaa bilisa taatee jiraachuu hin dandeessu," jedhu qabuu itti hin madaqinaa. Akkuma Jaafersen isa addunyaa sirna gabrummaatti madaqxee jirtu keessa taa'ee, "Namni hundi walqixa uumame, Uumaan isaaniis mirgoota irraa fudhatamuu hindandeenye kanneen akka lubbuun jiraachuu, bilisummaa, fi gammachuu barbaaduu keenneefii jira," jedhee iyyaa ture, isinis iyyaa. Akkuma Yesuus inni Naazireetichaa madaquu diduudhaan abbummaa Waaqaa fi obbolummaa namaa abjootaa ture isinis didaa! Madaquu diduudhaan gadi-baanee biyya lafaa fi qarominashee jijjiiruu akka dandeenyuuf Waaqayyoo nu abboomee jira. Yeroo sana, dukkana halkan gurraachaa gara-jabina namaa keessaa baanee gara ifa guyyaa bilisummaa fi haqaatti tarkaanfanna.

4

Haasawa Hiriira Dargaggoonni Manneen Barnootaa Waleef Taasisan Duratti Dubbatame

(1959)

Eebila 18 bara 1959, Dr Kiing, hoggantoota mirgoota sivilii biroo Deeyisii Beets, Haarii Beelafoontee, A.Fiilip Randoolf, Jaakii Roobinsen, fi Rooy Wilkins dabalatee, barattoota sad.2^{ffaa} fi kolleejjii keessaa bahanii murtee Manni Murtii Waliigalaa manneen barnootaa mootummaa keessatti qoodiinsi akka hafu bara 1954 dabarse deggeruuf Waashingiten D.C dhufan 26,000 duratti dubbate. Kun hiriira waggaa lammaffaa walitti aanee bahameedha. Hiriira inni jalqabaa kan barattoonni 10, 000 itti hirmaatan, Onkoloolessa 25, bara 1958 geggeeffame.

Yeroo addaan baastonni milkaa'ina xixiqqaa argamaniif deebii hammeenyaa kennanitti waa'ee bu'aa qabsoo hokkara-maleessaa yaada dargaggoonni kaasan amananii fudhachuun nama rakkisa. Fakkeenyaaf, hiriirri dargaggoonni manneen barnootaa waleef geggeessan torban osoo hin guutin Eebila 25, dargaggeessi gurraachi Maark Paarker jedhamu Poppular, Misisiippii keessatti tumamee ajjeefame. Gartuun warra adii akkanaa kun waajjiroota keessaa illee gargaartota ni qabu. Waxabajjii 26, Boordiin supparaayizeroota Konyaa Priins Edward, Verjiiniyaa keessa jiruu manneen barnoota Konyaa sana keessa jiran keessatti adii fi gurraachi wal-makanii akka hin baranneef manneen barnootaa hunda cufe. Haalli kun dargaggeeyyiin gurraachaa waggoota baay'eef barnoota akka hin arganne taasise.

Aangoo qabanitti fayyadamanii iyya wal qixxummaa sanyiiif godhamu kan tuffatan adiiwwan Kibbatti argaman qofa miti. Sagalee Mudde 21 kennaniin adiiwwan Diirfiild, Ilinoooy karoora ijaarsa manneen barnootaa walmakaa dhowwu mirkaneessan.

AS DHAABBADHEE FUULLI NEGROOTA KUMAATAMAA FI FUULLI adiiwwan kumaatamaa akka bishaan galaana keessaa walitti makamanii wayitan ilaalu, fuula tokko qofatu natti mul'ata, fuula egeree keenyaa.

Eyyee, walitti qabama seena-qabeessa guddaa kana, walgahii dargaggootaa argamee hin beekne kana, asii achii wayitan ilaalu, waggaa dhibba tokko booda seena-barreessitoonni haala kana dhaloota wal rukutu osoo hin taane dhaloota tokko ta'e jedhanii waamu kan jedhutu sammuu koo keessa dhufa.

Kumaatamni keessan gara Waashingiten dhufuun keessan, akkasumas kumaatamni biroon deggersa keessan mallattoon mirkaneessuun keessan, dhalootni kun deebii 'hi'iyyoo' jedhu akka hin fudhanne, dubbii arraba lamaa akka deebiitti akka hin fudhanne, 'suuta jedhaa' deebii jedhus akka hin fudhanne mirkaneessa. Deebiin isin fudhachuuf qophooftan- qoodiinsa sanyii dhaabuu, wal qixxummaa, boru osoo hin taane amma-kan jedhu duwwaa ta'uu isaa mirkaneessa.

Hiika gadi-fagoo, humna guddaa fi hafuura mo'amu hin dandeenye, hiriira addaa fakkeenya haaraa ta'uu danda'u dargaggoota Ameerikaan geggeeffame kana, ibsuudhaaf jecha gahaa hin argadhu. Kan akkanaa seenaa biyya keenyaa keessatti ta'ee hin beeku. Hiriira dargaggootaa isa darbe malee kan akkanaa hin taane. Wanti hiriirri kun natti agarsiisu yoo jiraate, waan hunda caalaa isin dargaggoonni, muuxannoo keessan irraa, dhugaa jireenyaa hubachuu dandeessanii jirtu. Dimookirasiin Ameerikaa kan inni hundee godhatu yoo negroonni Ameerikaa guutummaatti itti makamanidha.

As dhufuu keessaniin baay'ee dammaqoo ta'uu keessaani fi lammiilee itti gaafatamummaan itti dhagahamu ta'uu keessan

mul'istanii jirtu. Yeroo dhihoo keessatti ammoo daangaa itti gaafatamummaa keessanii bal'ifachuudhaan, mirga Ameerikaanummaa isa olaanaa 'mirga filaachuu' fayyadamuu jalqabdu. Dhuguma, adii yoo taatan mirga kanatti fayyadamuuf rakkoo hin qabdani.

Garuu Negroo Kibba biyyattii bakka mirga kana fayyadamuu yaaluun akka funyoo mormatti of kaa'uutti lakkaawamu keessa jiraatu ta'uun, maal akka namatti fakkaatu hangam akka isin hubattan hin beeku.

Negroo mirga filachuu dhorkachuun mirga heeraan kennameef mulquu qofa miti, namummaa irraa gadi buusuudha, yookiin namaa gaditti ilaaluudha. Haa ta'u malee, gadi nama deebisuun qaama salphina jireenya guyya-guyyaa ta'e kun humna dhabaa jira. Sababiin isaa Negroon Kibbaa gadi deebifamuusaa kana gara diddaatti jijjiiraa jira, gara diddaa hokkara-maleessaatti. Kana gochuudhaan akka namaatti ulfina isaa deebisee gonfachu qofa osoo hin taane, Kibba keessatti dimookrasiin akka dagaaguuf gargaaraa jira. Kanaafii anaa fi michuwwan koo yaa'ii Hoggansa Kibbaa kibba keessatti Negroonni filachuuf galmeeffaman lakkoofsi isaanii miiliyoona sadii akka gahuuf duula geggeeffamaa jiruuf xiyyeeffannaa kennaa kan jirruufi. Sagalee Negroota Kibbaa miiliyoona sadii yoo arganne biyya kana keessatti maal akka ta'u ni hubattuu? Qabiyyee kongiresii ni jijjiirra. Kongiresii fedha filattootaa keessummeessu qabaachuu dandeenya. Manneen barnootaa Kaabaa Kibbatti walee yookiin walmakaa ta'u. Ameerikaanota hundaaf bara haaraan ni banama. Negroon mirga ofii argachuuf qabsoo geggeessaa achumaan karaa siyaasaa fi hawaasummaa uummata Ameerikaa hundatti dimookirasii ni babal'isa.

Manneen barnootaa walmakaa akka ta'aniif hiriira qindeessuuf sochii guddaa gootaniin hojii guddaa isaa olii hojjettanii jirtu. Mooraalee dhibbaan lakkaawaman biyyattii keessatti hafuura haaraa gaaffii hawaasummaa Ameerikaanota hundaaf bu'aa qabu kaase.

Kun hojii eebbifamaadha. Waxabajjiin wayita dhiyaatu ayyaana eebbaa fi haasaawwan eebbaatu nutti yaadatama. Waa'ee hojii, waa'ee nageenyaa fi badhaadhummaa heddumminaan ni dhageenya. Dubbiwwan akkanaa diniwwan, hoggantoota manneen barnootaa fi barattoota adda dureewwaniifan dhiisa. Ani garuu ergaa eebbaa isiniif dabrsu nan qaba. Hojii kam irratti illee yoo bobbaatan - hakiima, abbaa seeraa, barsisaa yoo taatan- hojii itti dabalachuu qabdaniin isinitti hima. Falmitoota mirga sivilii of keennatoo ta'aa. Kun qaama jireenya keessanii keessaa isa giddugaleessaa haa ta'u.

Yoo kana taat. an hakiima gaarii, abbaa seeraa gaarii, barsiisaa gaarii taatu. Keessa keessan hunda caalaa ijaaraa. Nama guddummaa, lammii keessaniif ofittummaa malee fi jaalalaan gargaaruu irraa madde isiniif kenna. Hojii dhala namummaa qabaadhaa. Qabsoo eebbifamaa mirga walqixxummaaf of keennaa. Yeroo sana ofii keessan nama guddaa, biyya keessanis guddoo, addunyaas bakka jireenyaa gaarii taasiftu.

KUTAA II

Mul'atichi Seenaa Addunyaa Keessa Gale

(1959-1964)

Imala Gara Biyya Gaandiitti (1959)

Maartiin Luuter Kiing Xiqqaan yeroo barataa kolleejjii Moorihaawus isa Atilaantaa turee jalqabee falaasama hokkara-malummaa wajjin wal baratee jira. Pirezidantii Moorihaawus Dr. Beenjamin E. Meeyis akkasumas Diinii mana sagadaa fi Moorihaawusitti pirofeesara amantii kan ta'an Luba Dr. Haaward Tuurman 1930oota keessa Mohaandiras Gaandii bira deemanii dubbisanii turan. Hoggantoonni amantii fi barsiistoonni guguddoon kunniin lamaan galma mooralawaa gahuuf mala mooralawaa fayyadamuun kan danda'amu ta'uusaa irratti mareen akka geggeeffamu jajjabeessuu keessatti qooda guddaa qabu turan. Mala hokkara-maleessatti fayyadamee, hoggansa Gaandiitiin diddaan Indiyaa keessatti bittaa British irratti geggeeffame barattoota tarkaanfattoo kolleejjota Ameerikaa tokko tokko biratti akka gootaatti akka ilaalamu isa taasisee jira.

Maartiin Luuter Kiing Xiqqaan milkaa'ina Gaandii kana ni beeka ture. Bara 1948 torban muraasa eega Gaandiin ajjeefamee booda Kiing, dargaggeessi waggaa 18, Waldaa Kiristaanaa Cuuphaa Ebeenezar, Atilaantaatti muudamuun isaa akkuma carraa walirra dhufee laata? Deebii gaaffii kanaa hin beeknu. Garuu, bara 1948 ji'a Fulbaanaa deggertoonni qabsoo hokkara-maleessaa Dr. Abraham J. Masti, dura bu'aan tokkummaa Gumii Araaraa, fi Luba Dr. Mordekaay Joonsen – pirezidantiin Yunivarsitii Haaward waa'ee jireenyaa fi barsiisa Mahaatma Gaandii irratti kolleejjii Hafuuraa Kiroozer, Chester, Pensilveeniyaatti lallabuu isaanii ni beeka. Maartiin Luuter Kiing Xiqqaan yeroo sana digirii jalqabaa isaa hojjechuuf reeffuu kolleejjicha seenuu isaa ture. Kiing achumaan waa'ee Gaandii gadi-fageenyaan qorachuu eegale. Haata'u malee, hokkara adii warra sanyummaatti amanan keessatti hokkara-malummaan Yunaayitid Isteetis keessatti hojjechuu danda'uunsaa isa hin amansiifne.

Yeroo duula Montigoomerii bara 1956, Luba Gilen Simiilii fi Baayard Rastin, lamaanuu bakka bu'oota Gumii Araaraa kan turan, Dr. Kiing sochii Montigoomerii keessatti qabsoo hokkara-malummaa handhuura falaasama qabsoo isaa akka godhatuuf amansiisanii turan. Falaasamni kun wayita bara 1957 Korri Hoggansa Kiristaanota Kibbaa bu'uureffame hundee yaada dhaaba kanaa ta'e.

Guraandhala 2 hanga Bitootessa 10, 1959 Dr. Kiingi fi haati warraa isaa, akkasumas Yunivarsitii Alabaamaa Montigoomerii keessa jiru keessatti pirofeesara seenaa kan ta'an gurraachicha Dr. Loorens D. Reedik wajjin falaasamaa fi toftaalee hokkara-malummaa Gaandii qo'achuuf Indiyaa daawwatan. Keessummaa barataa Gaandii fi ministeera muummee Indiyaa Jawaharlal Neehiruu tahananii achi turan.

YEROO DHEERAADHAAF INDIYAA DAAWWACHUUF YAADAAN TURE. Ijoollummaa kootti waa'een biyyoota bahaa, arbi isaa, qeerransi isaa, manni sagadaa isaa, waa'een namoota bofa taphachiisanii ani kitaabarraa dubbisee na maalalchiisu turan.

Wayita laguu Montigoomerii geggeessaa turre, teekniika hokkara-malummaa Gaandiin jijjiirama hawasummaa fiduuf fayyadametti gargaaramnee jirra. Maqaa isaa ammaa amma kaafna turre. Akkuma qoodiinsa otobuusii irratti injifannoo arganneen, hiriyyoonni koo baay'een, "Maaliif ofuma keetii Indiyaa deemtee waan Mahaatma inni ati baay'ee jajju kun hojjete ija keetiin hin ilaaltu?" naan jedhan.

Bara 1956 Ministeerri Muummee Indiyaa Jawaharlal Neehiruu wayita Yunaayitid Isteetis daawwate osoo ana argeera ta'ee fi yeroo dhihoo keessatti akkan Indiyaa daawwadhuuf wahiloonni isaa na gaafatanii jiru ta'ee akka jaalatu dubbatee ture. Indiyaatti ambaasaadarri Ameerikaa duraanii Cheester Boowels bifuma kanaan naaf barreessee ture.

Yeroo hundumaa wayitan deemuuf ka'u waan na gufachiisutu na mudata. Yeroo tokko qophii eegan xumuree booda isa dhiisee gara Gaanaa deemuutu narra ture. Yeroo biraa ammoo maxxansitoota kitaaba kootii "Tarkaanfii Gara Bilisummaatti" jedhutu akkan barreessee xumuruuf na sarde. Isa booda ammoo Aadde Izoolaa Weer Kuuriitu na hambise. Fulbaana keessa Sanbata Xiqqaa waaree booda osoon kitaaba koo irratti maqaa koo mallatteessaa jiruu haaduu Jippaanotaa isa ittiin xalayaa muraniin wayita na waraantu, imala koo gufachiisuu qofa mitii, na galaafattee oolte.

Yaalii ajjeechaa kana irraa dandamadhee mana yaalaatii akkuman baheen osoon deebi'ee qabsoo addaan qooddota Kibbaa wajjin godhamuun hin liqimfamin Indiyaa daawwachuu akkan qabun yaade.

Imala kana qofaa koo gochuu waanan hin barbaadneef haadha warraa koo akkasumas hiriya koo Loorens Reedik akka naa wajjin deemanan gaafadhe. Koreetaan waa'ee dubartoota Indiyaa, Dr. Reedik ammoo seenaa biyya guddittii sanaa baruuf fedha guddaa qabu turan. Seenaa jireenya kootii "Duula Hokkara-malee" jedhu keessatti eenyummaan koo qoramee kan ilaalamu wayita namoonni Gaandii beekan na arganii waa'ee koo fi waa'ee sochii Montigoomerii murtoo kennanidha jedha ture. Sadeen keenya gartuu ija jahaa fi gurra jaha qaban sadii uumne.

Faawundeeshiniin Kiristoofer Reeynooldis karaa koree Tajaajila Waahiloota Ameerikaa irra guddaa baasii keenyaa kan danda'e yoo ta'u, Kora Hoggansa Kiristaana Kibbaa fi Waldaa Fooyya'iinsa Montigoomeriis gargaarsa nuuf godhanii jiru. Dhaabbanni Yaadannoo Gaandii Indiyaa ammoo toora karaa dipiloomasiitiin waamicha nuuf godhe.

Guraandhala 3, bara 1959 halkan Niwu Yoork irraa kaanee gara Indiyaatti qajeelle. Karaa irratti Paariisitti gorree hiriya Reedik durii, Riichard Raayit waliin wal agarre. Innis yaada warri Yuurop gaaffii Negroo irratti qaban quba nu qabaachisee dhangaa gaarii afeeree nu geggeesse. Sababa hurrii irraa kan ka'e xiyyaara Siwiizerlandii nu fudhatu dhabnee karaa naannoo deemuudhaan guyyaa lama dabarsinee

Indiyaa geenye. Haata'u malee, Guraandhala 10 Bombee gaafa qubannee jalqabee hanga Bitootessa 10, dirree xiyyaaraa Niwu Delhiitti nagaa dhaamnuutti muuxannoo hin dagatamnee fi ija namaa banu guddaa arganne. Waa'ee isaa dubbachuun ni danda'ama garuu hanga tokko qofa.

Indiyaatti simannaa guddaatu nuuf godhame. Uummatichi arjummaa gaariidhaan nu keessummeesse. Ministeera Muummee, pirezidantii fi itti aanaan pirezidantii biyyattii, miseensonni paarlaamaa, bulchitootni, ministiroonni gurguddoon naannolee adda addaa, barreessitoonni, pirofeesaroonni, akkasumas yoo xiqqaate qulqulluun mana amantaa tokkoo simannaa oo'aa nuuf godhanii jiran. Suuraan keenya gaazexoota irratti bahaa waan tureef bakka deemnu hundatti salphumatti beekamna turre. Magaalaa guguddaa keessatti ganama ganama darbee darbee wayitan miilaan deemu iddoo hin yaadamnee bahee, "Ati Maartin Luuterii?" kan naan jedhu hin dhibu ture.

Balballi kamiyyuu nuuf banaa ture. Yeroo dhabuudhaan argamuu baannuyyuu afeerraa dhibbaan lakkaawamutu nuuf dhihaatee ture. Bifuma keenya irraan kan ka'e akka obbolaa ofiitti nu ilaalu turan. Kan jabeessee walitti nu hidhe garuu qabsoo nuti uummattoonni Ameerikaa, Afrikaa fi Eeshiyaa sanyummaa fi impeeriyaaaliziimii ofirraa darbuuf goonu walfakkaataa ta'uu isaati.

Uummata Indiyaa kumaatamoota wajjin sagantaa adda addaa irratti wal agarree yaada wal jijjiiruuf carraa argannee turre. Gartuuwwan yunivarsitii fi walga'ii uummataa irratti argamee dubbii godheera. Uummanni Indiyaa waa'ee rakkoo sanyummaa beekuuf fedha waan qabuuf, namoota baay'eetu argama ture. Darbee darbee turjumaanan fayyadamaan ture; yeroo baay'ee garuu dhaggeeffattoota Ingiliffa beekanittin dubbadha ture.

Uummanni Indiyaa faarsaa Negroota durii dhaggeeffachuu jaalata. Kanaaf, Koreetaan hanguman dubbadhu faarfatti turte.

Mallattoo namaa fudhachuunis Ameerikaa qofa keessatti kan daangeffame akka hin taane hubanne. Walgahiin tokko akka xumurameen yookiin ganda tokko daaw'annee akka raawwanneen namoota mallattoo keenya barbaadan hedduun marfamna turre. Xiyyaara keessatti illee taanaan yoo xiqqaate yeroo tokko balaliistonni dhufanii mallattoo keenya fudhachuu isaanii nan yaadadha.

Wayita achi turre hundumaa aguuggii piresii gaarii argannee jirra. Gaazexoota Indiyaaf galanni haa ga'u malee waa'een laguu otoobusii Montigoomerii biyyattii keessatti beekamee jira. Maxxansi Indiyaa diddaa otobusii yaabuu guyyaa 381 geggeessine gaazexoota Yunaayitid Isteetis caalaa walitti fufiinsaan dhiyeessuu hin oolle. Darbee darbee lammiileedhumti Ameerikaa boqonnaan seenaa waa'ee otobusii walmakuu Mudde 21, bara 1956 kan cufame ta'uusaa quba hin qabaatin waa'een otobusii maalirra akka ga'e nagaafatu turan.

Magaalaalee guguddaa Delhii, Kalkataa, Madras, Bombee fi bakka deemne hundatti ibsa gaazexesootaaf kenninee jirra. Gaaffilee ciccimaa gaafatanii yeroo tokko tokko nama tuttuqanii dubbii afaanii nama baasuu yaalu turan. Akka gabaastotaatti yoo ilaalle madaalawoo turan; waan Ameerikaa fi addunyaa keessatti raawwatamaa jirus qajeelchani beeku.

Daawwannaan kun akka dhuunfaatti waan baay'ee na barsiise. Biyya Gaandii keessa ijoollee isaa, ijoollee ijoollee isaa, durbiwwani fi firoota isaa wajjin haasawuun, firoota isaarraa yaadannoosaa dhagahuun, bakka sagadaa isaa daawwachuun, yaadannoowwan lakkoofsa hin qabne isaaf ijaaramaa jiran arguun, dhumarratti awwaalcha isaarra abaaboo kaa'uun akkam nama gammachiisa. Uummata cunqurfamoo bilisummaa ofiif qabsaawaniif meeshaa cimaan diddaa hokkara-maleessa ta'uusaa yoomiyyuu caalaa amaneen Indiyaatii gale. Bu'aa ajaa'ibsiisaa duula hokkara-malummaa ijaan arguun baay'ee namatti tola. Jibbaa fi hadhaawummaan borumtaa duula hokkaraa Indiyaa keessatti hin mul'atu. Har'a Koomen Weelz keessatti uummata Indiyaa fi uummata Biritish gidduu obbolummaa

walqixxummaa dhugaarratti hundaa'etu jira. Waa hunda tole jedhanii fudhachuun mooraalaa fi hafuura ofii ofiin ajjeesuutti nama geessa. Daandiin hokkaraa isa mo'ame gara hadhaawummaatti, isa mo'e ammoo gara hammeenya fi gara-jabinaatti geessa. Garuu, qabsoon hokkara-maleessi gara waliif dhiisuu fi hawaasa jaalatamaa ijaaruutti nama geessa.

Hafuurri Gaandii har'allee Indiyaa keessa ni jira. Barattoonni isaa tokko tokko diraamaa lola bilisummaaf godhamu wayita daawwatani fi wayita asii fi achi ilaalanii nama Gaandiitti dhihaatu dhaban ni gaddu. Garuu namni sirriitti hubatu Gaandiin seenaa Indiyaa keessatti nama guddaa qofa osoo hin taane har'a fakkeenyummaan isaa jireenya bifa hundaa fi imaammata uummataa keessatti akka calaqqisu ni arga.

Indiyaan gonkumaa Gaandii irraanfachuu hin dandeessu. Fakkeenyaaf, Waldaan Yaadannoo Gaandii "Abbaan Biyyaa" akkuma du'een gara \$ miiliyoona 130 walitti qabe. Tarii seenaa addunyaa keessatti horii guddaa yaadannoo tokkoof al tokkicha walitti qabame ta'uu hin oolu. Kun gargaarsa mootummaa fi dhaabbilee biraa dabalatee, falaasama Gaandii guddisuu fi babal'isuuf, karoora isaa hojiirra oolchuuf, manneen kitaabaa ijaaruuf, akkasumas barreeffamoota Gaandii fi barreeffamoota waa'ee jiruu isaa maxxansiisuuf oolaa jira. Dhaloonna kana booda dhufu yoo yaale illee Gaandii irraanfachuu hin danda'u. Karaa kamiiniyyuu inni namoota gurguddaa muraasa addunyaa kanaa keessaa isa tokkoodha.

Hordoftoonni Gaandii harka bal'isanii nu simachuun isaanii na gammachiisee jira. Yaalii diddaa hokkara-maleessaa nuti Montigoomerii irratti goone jajanii jiru. Qabsoon kun qaroomina Kibbaa keessatti akka fakkeenyaatti hojiirra ooluu akka danda'u kan fudhatan fakkaatu. Diddaa hokkara-maleessi sirriitti yoo karoorfame mootummaa abbaa irree keessatti illee hojiirra ooluu kan danda'u ta'uu isaa beekanii jiru.

Dhimma kana irratti barattoota Afrikaa Indiyaa keessatti barataa jiran wajjin bal'inaan mari'annee jirra. Barattoonni kun, 'Diddaa hokkara-maleessi kan inni hojii irra ooluu danda'u yoo warra ittiin morman keessa kanneen diddaa kana deggeran jiraatan qofaadha,'jedhanii yaadu. Barattoonni kun akkuma namoota biroo diddaa callisaa didda-malummaa irraa adda akka hin baafatin yeroodhuma sana hubanne. Kun dogoggoradha. Diddaa hokkara-maleessi dhugaan hammeenyatti harka kennachuu yookiin hammeenyaaf jilbeenfachuu miti; sirumaayyuu humna jaalalaatiin gootummaan dura dhaabbachuuti malee. Balaa nama irraan gahuu irra balaa fudhachuu wayya; sababni isaa hokkarri hokkara dhala, hokkara-malummaan garuu namni humna fayyadame sun dalagaa isaatti qaana'ee yaada isaa akka jijjiirratu isa taasisa.

Diddaa hokkara-maleessi jaalala irratti hundaawa, garuu jaalala dhuunfaa miti. Jaalala isa balaa osoo hin geessisin balaa fudhachuudhaan tarkaanfii gamtaatiin kan jal'ate qajeelchuu fi kan dogoggore sirreessuuti. Uummattoonni cunqurfamoon bilisummaa ofiif falman maaliif humna akka fayyadaman yoon hubadhe iyyuu, Afrikaa keessatti qabsoon kabaja namummaa fi bilisummaaf geggeeffamaa jiru akkaataa Gaandiin jalqaba ardiidhuma sana irratti agarsiiseen osoo geggeeffamee caalaa bu'a-qabeessa ta'a.

Indiyaan biyya bal'oo rakkoo guddaa qabduudha. Kibbatti, bahaa dhihatti keessa balaliinee jirra. Karaa gaggabaaboo baaburaan, bakkeewwan biroo ammoo konkolaataatti fayyadamnee waliin geenyee jirra.

Yunaayitid Isteetis bal'inaan Indiyaa harka sadii caalti; baay'ina uummataan ammoo Indiyaatu harka sadii ta'a. Bakka deemnu hunda nama baay'eetu argama – karaa irratti, ganda keessatti illee.

Namoonni baay'een hiyyeeyyiidha; uffanni isaaniis kan hiyyeessaati. Waggaatti galii giddu galeessi nam-tokkee doolaara torbaatamaa gadi. Haata'u malee, ruufni mataatti maratan, huccuu bal'aan dhiironni qooda kofoo marxifatan akkasumas huccuu dheeraan dubartoonni

qooda wandaboo ofitti maran ni miidhagu. Indiyaanonni baay'een isaanii walakkaa uffata biyya keessaa walakkaa immoo uffata biyya alaa uffatu.

Nuti Yunaayitid Isteetis keessa qofa rakkoon mana jireenyaa waan jiru nutti fakkaata; garuu, fakkeenyaaf, magaalaa Boombee keessatti namoonni walakkaa miiliyoonii ol ta'an ala bulu. Isaanis irra caalaan isaanii dhiirota qofa-galeeyyii, hojii dhablee fi kanneen yeroo tokko tokko qofa hojjetanidha. Akka waraana lafoo, waan irra bulan baadhatanii deemu. Afata ofii bakkuma duwwaa argatan karaa cina, buufata baaburaa yookiin balbala mana cufamee jiruu, diriirfataniis ciisu.

Hir'inni nyaataa babal'atee waan jiruuf uummata biyyattii keessaa %30 gaditu guyyaatti yeroo sadii nyaata jedhamee tilmaamama. Bara gadi-bu'iinsa dinagdee isa 1930ootaa, namoota biyya keenyaa keessaa sadii keessaa tokko mana jireenyaa gaarii, uffata gahaa fi nyaata gahaa hin argatu ture. Har'a Indiyaatti sadii keessaa lamatu waantota jedhaman kanneen hin argatu.

Hojii dhabdummaan ol ka'aa wayita ta'u, kanneen kafaltii xiqqaan hojjetan ammoo isaaniin ni caalu. Uummata Indiyaa keessaa dhibbeentaa torbaatamni hojjetoota qonnaa wayita ta'an jijjiirama wayitiilee fi qilleensaa irraa kan ka'e baay'een isaanii waggaatti guyyaa dhibba lamaa gadi hojiiratti bobba'u. Namoonni hojii hin qabne karaa irra olii fi gadi deemu.

Hiyyuma Indiyaa irraa kan ka'e rakkoo hedduutu jira; garuu, haala ajaa'ibsiisaa ta'een yakka baay'een hin jiru; kun gaarummaa uummata Indiyaa qabatamaan kan mul'isuudha. Hiyyeeyyiidha; bakki wal hin ga'u, quufanii hin bulan, garuu wal hin tuqan. Uummata gara-laafeeyyiidha. Akka keenya utaalaniis wal hin arrabsan; walis hin rukutan. Hanga Indiyaa turretti guyyaa tokko qofa nama walreebu argine.

Karaa biroo immoo Indiyaanonni dureessi manneen qananii, lafa, uffata qaalii yookiin mi'aa ta'e qabani fi albaadhummaan irraa mul'atu ni jiru. Dureeyyiin adiis, gurraachas, magaalas yoo ta'an amalli isaanii waluma fakkaata.

Indiyaattis taanaan rakkoon qoodiinsaa ni jira. Ameerikaa keessa qoodiinsa sanyii jira, asi immoo 'kaasti' kan jedhamutu jira. Asittis ta'e achitti, namoota akka gadiitti ilaalamantu jira. (Indiyaa keessatti namoonni sababa kaastii isaaniif akka tuffatamootti ilaalaman 'ittinbu'amnee' jedhamanii waamamu.)

Indiyaan "ittinbu'amummaa" kaasti kana hambisuuf yaalii nuti qoodiinsa sanyii hambisuuf goone caalaa tattaaffachuun ishee nu ajaa'ibsiisa, nu gammachiisas. Biyyi lamaanuu loogii dhabamsiisuuf seera federaalaa baafatanii qabu. Garuu, rakkoo walfakkaatu hiikuuf waan nuti goonee fi waan Indiyaan goote adda adda ta'uu isaa hubachuu qabna. Hoggantoonni Indiyaa seera isaanii humna mooraliin deggeranii jiru. Ministeera Muummee kaasee hanga mana maree gandaatti hundumtuu "ittin bu'amummaan" dogoggora ta'uusaa ifatti labsu. Yunayitid Isteetis keessatti garuu qondaaltota olaano keessaa tokko tokko qoodiinsi dogoggora ta'uu isaa afaan guutanii dubbachuu dadhabuu isaaniirrayyuu, kanneen Kibbaa keessaa tokko tokko ammoo qoodiinsi jiraachuu isaa akka deggeran ifatti dhaadatu. Kun Indiyaa keessatti hin yaadamu.

Itti dabalees, Gaandiin sirna kaastii afaaniin balaaleffachuu qofa osoo hin taane, gochaanillee ni morma ture. Ittinbu'amnee harka qabatee mana sagadaa seenuun isaaniif hin hayyamnee fudhatee dhaqa ture. Akkuma sana pirezidanti Aayizenaawar mucaa Negroo harka qabatee gara mana barumsaa Liitil Rook dhaqee jira.

Gaandiin maqaa "ittiinbu'amnootaa" jijjiiruudhaan "harijans" jedhamanii akka waamaman godhee jira. Harijans jechuun "ijoollee Waaqayyoo" jechuudha.

Harjanonni hawaasa keessatti carraa walqixaa akka qabaatan keessumaa carraa hojii, barnootaa fi manaa mootummaan tumsa guutuu godhee jira.

Hoggantoonni Indiyaa, kanneen mootummaa keessaa fi ala jiran, rakkolee biroo biyyi isaanii qabdu baranii irratti qabsaawaa jiru. Biyyattiin addaan hiramtee jirti. 'Sadarkaan jireenyaa uummataa akka ol ka'uuf biyyattiin ariitiin ammayyoomuu fi duroomuu qabdi,' kanneen jedhan ni jiru. 'Rakkoo amma keessa jirru keessaa bahuuf indastrii fi kaapitaala alaa afeeruu qabna,' jedhu.

Karaa biraa ammoo, irra gudeessi isaanii, 'Duroominni kun hammeenya maateriyaalummaa, dorgommii kokkee nama hudhuu fi nam-dhuunfummaa hamaa fudhatee dhufa,' jedhanii sodaatu. 'Yoo akkana ta'e Indiyaan hafuura ofii dhabdee doolaara yaankii ari'uu jalqabdee jireenyi warra hojii argatanii qofti fooyya'ee uummanni gara caalu garuu buqqa'ee isa har'aan gadi ta'a,' jedhu.

Itti gaafatamni mootummaa hogganuu kan irratti kufe, Ministeera Muummee Nehiruun, ilaalcha kanneen lamaan gidduu karaa giddu-galeessa hordofu turan. Haasaa isaanii wajjin goone irraa indastrii guddisuun barbaachisaa akka ta'ee fi mootummaan sirriitti to'atee rakkolee tokko tokko hambsiuu yoo danda'e, wantoonni indastrii guguddaan gochuu danda'an jiraachuu isaatti akka amanan hubadheen jira.

Mr. Nehiruun sochiilee hojii harkaa kanneen akka jirbii fo'uu fi wayyaa dhahuu jajjabeessaniif deggersa ni kennu turan.

Sochii guddaan Ameerikaa keessatti hin beekamne tokko Indiyaa keessa ni jira. Giddugaleessi sochii kanaa duula rifoormii lafaa Buudan jedhamu irratti xiyyeeffata. Innis jijjiirama dinagdee fi hawaasummaa humnaan osoo hin taane waliigalteen fiduudha. Buudanistoonni qulqulloota Viinoobaa Beevi fi Jayaprakash Narayanin hogganama. Narayan kolleejjota Ameerikaa keessatti

leenjifame. Kaayyoon isaanii ofiin of danda'uudha; karoorri isaanii kanneen armaan gadii hammata:

1. *Abbootii lafaa guguddoon lafa isaaniirraa hanga tokko kanneen lafa hin qabneef akka kennan sossobanii amansiisuu;*
2. *Abbootii lafaa xixiqqoon lafa dhuunfaan qabatan waldaalee gamtaaf akka gadi lakkisan amansiisuu;*
3. *Qonnaan bultootaa fi jiraattonni gandaa yeroo boqonnaa isaanii jirbii fo'anii uffata akka dhahatan jajjabeessuu.*

Tarkaanfilee kunniin gaaffilee hoji-dhablummaa, nyaataa fi uffataaf deebii waan kennaniif wantoota gandi sun barbaadu ni oomishatu yookiin jijjiirraadhaan ganda biraa irraa argatu. Haaluma kanaan, gandi hundi of danda'uudhaan magaalaalee uummata baadiyyaa ofitti harkisanii gowwoomsuudhaan amala balleessan irraa bilisa ta'uu danda'u. Kun ejjennoo Buudanistootaa fi hordoftoota Gaandii birooti.

Yaadi akkanaa gurra warra Dhihaatiif keessummaa fi boodatti hafaadha. Haata'u malee, Indiyaanonni isa nuti Ameerikaanonni yaadnu caalaa bu'aa irraa argatanii jiru. Fakkeenyaaf, abbootii lafaa dureeyyiin lafa hektaara miiliyoonaan lakkaawamu, qonnaan bultoonni xixiqqaanis lafa hektaara miiliyoonaan lakkaawamu dabalataan kennanii jiru. Karaa biraa ammoo, Buudanistoonni kunniin rakkoo guddaa namni hundumtuu hiikuuf yaalu kana hiikuuf sochii godhan kana bifa dhaabaatiin beeksisuu hin barbaadne.

Karoorri waggaa shanii mootummaa illee bal'ina waan hin qabneef galma isaanii hin rukutin hafan. Karoorri waggaa shan shanii sadii waggoota kudha shan keessatti namoota miiliyoona digdamii shaniif hojii argamsiisuuf karoorfamee ture; garuu, uummanni Indiyaa waggatti dhibbeentaa jahaan dabala. Kana jechuun waggaa kudha shanitti hojii uumamurra namoota miiliyoona sagaltu hojii barbaada jechuudha. Yoo karoorichi dhibbaa dhibbatti milkaa'eyyuu, rakkoo hiikuuf ka'e hiikuu hin danda'u.

Maaltu ta'uu qaba isa jedhuuf deebii hin qabnu. Garuu, Indiyaaf gargaarsi akka barbaachisu nutti dhaga'ama. Kaappitaala alaa fi ogummaa teekiniikaa qabaachuu qabdi. Yunaayitid Isteetisi fi biyyooti Dhihaa haada yookiin funyoo osoo itti hin hidhin gargaarsa kana kennuun isaan irraa eegama.

Wanti hojjennu hundumtuu hafuura obbolummaa idil-addunyaatiin malee ofittummaatiin ta'uu hin qabu. Kan godhamuu qabu karaa dipiloomasii bu'a qabeessa waan ta'eef qofa osoo hin taane, sirrii waan ta'eefi. Indiyaan rakkoo ishee hiikkachaa dimookirasii tikfachuu yoo dandeesse biyyoota dhihaatiif galata.

Biyyoota guguddoo addunyaa keessaa tokko kan taatee fi uummata miiliyoona dhibba afur ta'u biyyi qabdu tokko, abbootii irree gara bitaas ta'e gara mirgaatiif osoo hin jilbeeffatin uummata ishee akka gaariitti jiraachisuu yoo dandeesse dimookirasiif milkaa'ina guddaadha. Indiyaan har'a biyya keessattis ta'e alatti, nagaa fi hokkara malummaaf humna guddoodha. Indiyaan biyya beekaa fi wallaalaan itti kabajamuudha. Indiyaan hafuura yookiin duudhaa ishee kana eeggattee nuufis akka dhimma baaftuuf gargaaramuu qabdi.

Ijaarsa Hawaasummaa Hokkara-Maleessaa

(1959)

Imalli Dr Kiing gara Indiyaatti godhe kutannoo inni qabsoo hokkara-maleessaaf qabu kan agarsiisu ta'eyyuu, dhandhaadhaba waa'ee qabsoo kanaa, keessumaa dargaggoota gidduutti mul'atu, jijjiiruuf qabsaawaa ture. Namoota sanyummaa irratti ilaalcha giddugaleessa qaban warreen suuta deeman, addaan qooddota adii akkasumas gurraachota loltummaa leellisan kanneen wal rukutuuf walitti gaman gidduutti rakkate. Barreeffama armaan gadii keessatti Dr Kiing, yaada Roobert Wiiliyams, namicha mata-jabeessa, 'Gurraachi humnaan dhahee ofirraa ittisuu qaba,' jedhee yaadu waliin falma. Wiiliyaams pirezidantiin Waldaa Biyyoolessaa Fooyya'iinsa Uummttoota Halluu Adda addaa (WBFUHA) Konyaa Monroe, Noorz Kaarolaayinaa loltuun humna galaanaa durii, gurraachonni akka ofirraa ittisaniiif leenjisee hidhachiise. WBFUHA fi Kora Hoggansa Kiristaana Kibbaa (KHKK) gochaa deggersa hokkaraa Wiiliyaam kana balaaleffatan. Garuu, haalli yeroo sanaa to'annaa eenyuuyyuu ala ture.

Yeroo sana biyyattiin xumura dorgommii pirezidantummaa Rippabilikaanicha Riichaard Niikiseni fi dimookiraaticha Joon Keenedii gidduutti Sadaasa bara 1960 raawwatu eeggachaa jirti. Kana gidduutti Dr Kiing Sadaasa 29, bara 1959 yeroo isaa guutummaa hojii pirezidantummaa KHKKf oolchuuf jecha hojii paastarummaa Waldaa Kiristaanaa Dekister Avenuu Montigoomerii Alabaamaa gadi-lakkisuuf xalayaa galfate.

KARAA ALAA WAYITA ILAALAN NAGAA HAAFAKKAATU MALEE akkasumas bakka diddaa cimaan keessatti geggeeffame akka Verjiniyaa fi Arkansas keessatti maqaaf 'injifannoon qoodiinsa irratti argamee jira,' haa jedhamu malee qabsoon mirga sivilii rakkoo keessa seenee jira.

Rakkoon amma jiru kun kan madde murtee Manni Murtii Waliigalaa waggaa tokko dura seera ramaddii barattootaa deggeruun dabarseedha. Yeroo sana hubatamuu baatuuyyuu, murteen kun murtee seera-qabeessa bara 1954 darbe kan laaffisu ture. Murteen kun osoo ifa hin ba'in humnoota waliin morman lama gidduutti bu'uura walii galtee gara-beekkannoo ta'e.

Murtoon bara 1954 sirriitti hojiirra ooluudhaaf tarkaanfii federaalaa cimaa kan barbaadu yoo ta'u, jijjiirama fiduudhaaf tarkaanfii uummataatiin deggeramuu qaba ture. Karaa seera-tumtootaas ta'e hojii rawwachiiftuu tarkaanfii federaalaa gahaa fi garaa guutuun hin turre. Gochaan humnoota Negroo bakka tokko tokkotti gootummaan kan guutame, bakka birootti darbee darbee ammoo ajaa'ibsiisaa kan ture yoo ta'eyyuu, hir'ina karaa mootummaa guutuudhaafi itti fufiinsa kan qabu hin turre. Humnoonni qoodiinsaa, maal naan jedhuu fi saalfii tokko malee daddafanii haala kanatti fayyadamuudhaan ifaan seericha cabsan.

Haalli kun gartuun kamiyyuu injifannoo mul'ataa osoo hin argatin akka har'a ga'u taasise. Wanti mul' ataa dhufe yoo jiraate walqixummaa afaani duwwaadha. Walqixummaan akkanaa kun jijjiirama qabatamaa osoo hin taane yaada isaa gofa akka yaadaatti fudhachuudha.

Kun, akkuma murtee Mana Murtii Waliigalaa isa haqa labsee, garuu, ijoolleen Negroo miiliyoonaan lakkaawaman haala walqixummaa sana keessa akka jiraatan hin mirkaneessin hafeeti. Kana jechuun tasuma gatii hin qabu

jechuu miti. Hanga tokko faayidaa ni qaba. Haata'u malee, ilaalcha waa'ee qabsoo kanaa bu'uuraan ni jijjiira. Jijjiiramni suutaa, dheeraa fi dhumni isaa kan hin beekamne ta'uu isaa hubachiisa. Akkuma magaalota kaabaa keessatti agarre, wal-makiinsi yookiin wal qixxummaan afaanii hawaasa baay'ee biratti beekamaa garuu cabbaawaadha. Haata'uu malee, wal-makiinsa guutuudhaaf ilaalchi isaan qaban hanga warra Kibbaa hin hammaatu.

WAA'EE HOKKARA-MALUMMAA ILAALCHA SADII

Balaan inni guddaan walitti-makiinsi guutuun salphumatti kan hin dhugoomnee fi galma fagoo ta'uu isaati. Walitti-makiinsi murteessaan lafarra harkifamee kana gidduutti hawaasa tasgabbeessuuf tarkaanfiin fudhatamu galmi dhugaa yeroo dheeraadhaaf walitti-makiinsa afaanii qofa akka ta'a taasisa.

Negroon kanaan duras waligaltee bara 1878 tiin walqixxummaan isaa mootummaa federaalaan irraa fudhatamee jireenyi hawaasummaa fi sayaasaa isaa jaarraa tokkoof garbaa ol garuu ammoo sadarkaa lammummaa gadi akka ta'u godhamee jira.

Qabsoo walitti-makiinsaaf geggeessu keessatti Negroon bara 1959 walii galtee akkanaa tole jedhee akka hin fudhanne amanuuf sababa gahaa qabna. Qabsoon isaa ittuma fufa garuu gufuuwwan isa mudatan haala qabsoo isaatii ni murteessu. Hawaasni tokko sodaa keessa akka seenu wayita godhamu karaa lamaan jala dhaabbachuutti deema. Tokko, wal ijaaree yaalii qabsoo isaanii gufachiisu tarkaanfilee bu'a-qabeeyyii fi ciccimootiin dura dhaabbachuudha. Kan biraan, burjaajii fi aarii irraa ka'uudhaan humnaan dhahanii ofirraa deebisuudha. Kana jechuun, miidhaa jalqaba nama irra ga'eef miidhaa geessisuun dugda baasuudha. Kaayyoon isaa barsiisuu yookiin ijaaruuf osoo hin taane adabuudhaafi.

Waamichi hokkaraaf godhamu hundeen isaa isa boodanaa kana irraa madda. Mataduree hokkaraa ilaalchisee ilaalcha sadiitu jira. Tokkoo guutummaatti hokkara-malummaadha. Inni kun naamusaa fi gootummaa olaanaa waan gaafatuuf namoonni baay'een dafanii salphaatti hin simatan. Inni lammaffaan inni uummattoonni boodeetti hafoonis ta'e uummattoonni qarooman fudhatama mooraalii fi seeraa qaba jedhanii amanan hokkara ofirraa ittisuuf jecha geggeeffamuudha. Hokkarri of irraa ittisuuf geggeeffamu fayyadama meeshaa fi dhiiga dhangala'iinsa kan dabalatu yoo ta'eyyuu, namoonni hanga of to'achuu danda'anii hokkara-maalummaa guutuu bira ga'anitti fayyadamuu danda'uuisaanii Gaandiidhumti illee hin balaaleffatu. Inni sadaffaan yaada ofii tarkaanfachiisuuf, ta'e jedhanii qophaawanii akka waraanaatti qindeessanii humnatti fayadamuudha. Negroonni baay'een har'a qorumsa yaada kana fudhachuu keessa galanii jiru.

Malli kun balaa baay'ee qabatee deema. Kana keessatti waa'een lubbuu namaa kan nama yaachisu yoo ta'eyyuu inni guddaan garuu balaa yookiin wareegama miti. Balaa inni guddaan malli kun Negroota gara qabsoo gamtaatti akka dhufan kan hin goone ta'uu isaati; gartuu gidduugaleessa guddaa, hanga ammaatti gar tokkotti hin citin jiru afaan-fajjeessuu isaati. Itti dabalees Negroonni, 'Karaan kun karaa tokkicha; kan nuti lolaa jirru diina humnaa fi baay'inaan nu caalu waan ta'eef injifachuun hin danda'amu,' yaada jedhutti isaan geessuu danda'a. Negroon wayita of irraa ittisuuf humna fayyadamu, gargaarsa argachuu danda'a; kabaja ofii kennuu fi gootummaan mo'achuullee ni danda'a. Wayita ofii isaatii hokkara kaasu waa'ee barbachisummaa isaa gaaffilee kaasa; waan sababa isaan dhufuufis itti gaafatama fudhachuun isaa hin oolu. Carraa hamaa ta'ee gocha diinota isaarraan kan ka'e qabsoo Negroon geggeessu hokkara dhabee hin beeku; hokkara kana hambisuuf wareegama guddaa isa gaafata.

Garuu hokkara yoo fedhee fi yoo qindeesse mo'icha hin argatu. Kanaaf Negroon karaa biraa hin qabu jechuudhaa? Roobert Wiiliyams, 'Mala bu'a-qabessi fi filannoo qabatamaa kan biraan hin jiru,' jedhee nu amansiisuu yaala. 'Yookiin sodaannee mataa gadi-qabannee taa'uudha yookiin ammoo meeshaa keenya ol fudhachuudha,' jedha. Dubbii kana akka kanatti kaa'uun hubannaa rakkoo kanaa gara-balleessuudha. Filannoowwan baay'etu jira.

Uummanni Negroo gurmaa'ee kallattii adda addaatiin qabsaa'uudhaan diinonni isaa osoo balaa hin geessisin akka booddeetti deebi'an gochuu ni danda'a. Seenaa qabsoo mirga sanyummaa keessatti malleen qabsoo haarawwan hojiirra oolanii jiru- laguu jamaa, diddaa taa'uu, hojii dhaabuu, iddoo qabatanii ka'uu diduu, adaba haqa-dhabeeyyii kafaluu diduu, hiriira nagaa, wal gahii jamaa, imala kadhannaa fi kkf. Hawaasuma Moonroo, Noorz Kaarolaayinaa Mr Wiiliyam keessatti tarkaanfii hawaasichi gamtaan fudhateen meeshaa yookiin sodaachisa hokkaraa malee injifannoon argamuun isaa fakkeenya tokkoodha. Poolisiin doktora Negroo tokko seeraa ala hiinaan uummanni dammaqaan Moonroo buufata poolisiitti yaa'ee, 'Hanga inni gadi lakkifamutti hin deemnu!' jechuun alaa mana dhiphise. Anga'oonni nama kana hundumaa hidhuun isaan rakkifnaan doktoricha hiikanii gadi lakkisan; gartuun lamaanuu humna fayyadamuu hin yaalle.

Humna qawwee namoota abdii kutatan harka jiru irra humna uummata gurmaa'ee nagaan hiriiru keessa jiruutu caala. Diinonni keenya uummata guddaa, meesha-maleessa, garuu kutataa dura dhaabbachuu irra gartuu hidhate xiqqoo loluu filatu. Haata'u malee, malli tarkaanfii jamaa kun kan itti fufiinsa qabuu fi hin qabbanoofne ta'uu qaba. Gaandiin uummata Indiyaatiin, "Boqonnaa hin kenninaafii!" jedhee waa'ee warra Biritish wayita dubbatu karaa adda addaa guyyaa guyyaan akkasumas torban hundumaa mormii isaanii akka itti fufan isaan jajjabeessaa ture. Gochaan kun

uummata Indiyaa ni kakaase; ni gurmeesse; warra Biritish immoo ni diige, hidhannoo isaan hiikkachiise. Malli qabsoo kun karaa mooraalaas karaa hawaasummaas qooda-fudhattoota isaa hedduu barsiisa. Akka galaana ededa gamaa-gamanaa caccabsee irra yaa'uu, qabsoon umumata mirga ofii gaafatuus sirna dulloomaa akka hunkuteessu seenaan nutti hima.

Qabsoo akka kanaati -- hamaa wajjin walii galuu diduu, boqonnaa dhowwachuu -- karaa bu'a-qabeessi, namoota hokkara irraa deebisuus kan danda'u. Karaan kun balaa irraa bilisa waan hin taaneef ija-jabinaa fi gootummaa barbaada. Kan fuula isaa dura jiran diinota hamoo fi dhuma hin qabneedha. Hojiin kumaatamoota dammaqsuu, ijaaruu fi barsiisanii tarkaanfiif qopheessuu dugda nama kutu kun namoota kutannoon hojjetan barbaada. Diinarra miidhaa cimaa fi dhaabbataa geessisuu kan danda'u waan qabsoo karaa kanaa irraa argamu malee kan qabsoo hokkaraa namoota muraasaan geggeeffamu irraa miti.

Wanti amma hatattamaan nu barbachisu lola gidduu keenyaa dhiifnee gara diinaatti fuula deebifachuudha.

Gosa qabsoo karaa nagaa hanga ammaatti beeknu irratti haaraas uumnee itti daballee boqonnaa isaan dhowwachuuf murteeffachuu qabna. Humna hawaasummaa kanadha balbala bilisummaa haqaaqee kan banu. Meeshaan keenya sagalee, miilaa fi qaama uummata tokko ta'ee murannoon gara galma isaatti tarkaanfatuuti. Cunqursitoonni hamoon addaan qooddota Kibbaa caalan mala qabsoo kanaan mo'amuu isanii arginee jirra. Hanga ammaatti itti hin fayyadamin jirra. Humnaa fi jabina isa keessa jiru hubachuu dhabuudhaan itti fayyadamuu yoo didne badii guddaa ta'a.

Waraanaan Daldaluu?

Qeeqa Obbo Wiiliyaams, 'Qabsoon ati waraana irratti geggeessitu itti fufiinsa hin qabu; mormiin ati lola Nuukileraa irratti qabdu laafaadha,' jechuudhaan narratti dhiheessaniif deebii dhuunfaa kennuu baay'ee hin barbaadu. Gabaabumatti kanan irra deebi'ee dubbachuu barbaadu, dubbiiwwan koos ta'e barreeffamoota koo keessatti, haala shakkisiisaa hin taaneen jibba ani waan hamaa kanaaf qabu akkasumas aangoo yookiin lammummaa kamillee yoo qabaate, nama waraana qindeessu akkan balaalefadhu ibseen jira. Ameerikaanota biroo wajjinis yaalii nuukileraa mormuudhaan ibsa bahan irratti mallatteessuudhaan maqaan koo gaazexoota tamsaasa baay'ee qaban irratti akka bahu hayyameen jira.

Gara Hokkara-malummaatti Fuula Deebifachuu

(1960)

Dr. Kiing waggaa soddonii tokkoffaa dhaloota isaatii Amajji 15, bara 1960 kabajate. Hojiisaa akka pirezidantii KHKK tti itti fufuuf jecha guyyoota muraasa booda maatii isaa fudhatee gara Atilaantaa, Joorjiyaatti godaane. Achumaanis Waldaa Kiristaanaa Warra Cuuphaa Ebeenezzer ishee Atilaantaatti paastera gargaaraa ta'e.

Akkuma Dr. Kiingi fi maatiin isaa mana isaanii isa haaraatti galaniin Sochiin Bilisummaa sadarkaa haaraa keessa seene - Sochii Taa'anii Ka'uu Diduu. Kaayyoon sochii taa'anii ka'uu diduu seerotaa fi barsiifata gurraachonni warra adiin qixa mana nyaataatti akka hin keessummeessifamne dhowwu mormuudhaafi. Gosa diddaa hokkara-malummaa kana keessatti gartuu gurraachotaatu bakka, sababa sanyii isaaniitiif dhowwaman seenuudhaan teessuma qabatanii ka'uu didu. Sochiin Mirga Sivilii kun jalqaba irratti adda durummaan kan hogganame gurraachota Ameerikaa kolleejjii barataniin ture. Guraandhala 1, barattoonni gurraachi afur Noorz Kaarolaayinaa kolleejjii Giriinsbooroo tokko keessaa baratan diddaa kana jalqaban. Hanga Guraandhala 10tti sochiin kun barattoota kolleejjota magaalaalee kudha shan, yoo xinnaate kanneen kutaalee Kibbaa shan keessatti argamanitti babal'ate. Katanuugaa, Tenesii keessatti Guraandhala 23, diddaa kanaan walqabatee walitti bu'iinsi sanyii uumamee jira. Guraandhala 27, ammoo Nashiviil Tenesiitti barattoonni dhibba tokko hidhaman.

Bitootessa 1, yoo xiqqaate barattoonni kuma tokko ta'an gamoo mootummaa Alabaamaa isa Montigoomeriitti hiriira bahan. Bulee isaa Boordiin Barnootaa Alabaamaa barattoota hiriira bahan keessaa

sagal ari'e. Jarreen kun mareedhaaf iddoo hin kennine. Barbaachisummaan waa'ee maree barnoota walmakaa fi hokkara-malummaa barnoota olaanaa Ameerikaa keessa sirnaan hin seenne ture. Haata'u malee, mareewwan akkanaa dhaabbilee amantaa keessa bal'inaan turaniiru.

Barreeffamni armaan gadii, 'Jaarraa Kiristaanaa' barruu jedhamu irratti, "Akkaataa Ilaalchi koo Itti Jijjiirame," mata duree jedhuun qorattoonni hafuuraa bebbeekamoon addunyaa akka yaada isaanii itti calaqqisiisaniif carraa kennuuf fuula ramadame irratti kan ba'eedha. Kana keessatti Dr. Kiing akkamitti murtee hokkara-malummaa hordofuu irra akka ga'e ibsa.

WAGGAA KUDHAN DURA REEFUU BARNOOTA KOO WAGGAA XUMURAA seenuu koo ture. Yeroo sana akkuma barattoota barnoota hafuuraa warra biroo yaadiddamoota barnoota hafuuraa adda addaa qo'achuu irratti fuulleffadheen ture. Aadaa rincicaa keessatti waanan guddadheef adeemsa barnoota kootii keessa barsiisa haaraa fi yeroo tokko tokko immoo walxaxaa ta'an wayitan dubbisu darbee darbee na suukanneessa ture. Haata'u malee, adeemsi kun yoomiyyuu waan haaraa baruuf kan nama kakaasuu fi waa madaalanii gadi-fageenyaan xiinxalanii madaaluuf na gargaaree jira. Akkuma barreeffamoota Hiyyuum dubbisuun Kaantiin gargaare, anaanis leenjiin hafuuraa ani duraan fudhadhe na gargaaree jira; rincicummaa na keessa ture buqqisee gate.

Sadarkaa kanatti libiralii cimaan ture. Beekumsa ani libiraliizmiin irraa argadhe isa ani fundamentaliizmiin irraa argadhe caalaa na gammachiise. Jaalala falaasama kanaa irraan kan ka'e gara kiyyoo waan maqaa libiraliizmiin dhufe hunda gaaffii tokko malee fudhachuutti seenuu ga'een ture. Uumamaan namni gaarii ta'uu isaa fi humna dhalli namaa waa xiinxaluuf qabu guddaa ta'uusaa shakkii maleen amane.

I

Ilaalcha koo irratti jijjiiramni bu'uura dhufuu kan jalqabe yaadiddamoota libiral tiyooloojii jedhaman wajjin hidhata qaban

tokko tokko irratti gaaffii kaasuu gaafan jalqabu ture. Libiraliizmiin keessaa wantoota ani yeroo hudumaa fudhadhu ni jiru: dhugaa cimsee barbaaduu isaa, sammuu banaa fi xiinxala irratti hundaa'e jaalachuu isaa fi sababa amansiisaa achi ilaalee bira darbuu diduu isaa. Gumaachi libiraliizmiin qeeqa falaasamaa fi seenaa barreeffama Kitaaba Qulqulluu keessatti guddaa waan ta'eef hafuura amantii fi gaarummaan simatamuu qaba.

Dhugaatti kan gaaffii natti ta'e waa'ee namaa barsiisa libiraliizimiin hordofuudha. Seenaa gaddisiisaa dhala namaa kan baroota darbee wayitan ilaaluu fi namni karaa isa hamaa irra deemuu saalfii tokko malee filachuuf fedha inni qabu wayitan argu, jabinaa fi gadi-fageenyi cubbuu hangam akka inni ta'en hubadha. Kitaabota Reenold Nebur dubbisuunkoo fedhiin dhala namaa hangam walxaxaa akka ta'ee fi jireenya namaa sadarkaa kamiyyuu keessatti cubbuun akka jiru na hubachiise. Itti dabalees, hawaasummaa keessatti hirmaannaan namaa walxaxaa akka ta'ee fi namoonni gamtaadhaan hammeenya dalaguun isaanii beekamaa ta'uusaa akkan fudhadhu na taasissee jira. Ilaalcha libiraliizimiin waa'ee uumama namaa irratti qabu miira irratti kan hundaa'ee fi gara aayidiyaaliizmiin sobaatti kan jal'ate ta'ee natti dhaga'ame.

Abdiin waa'ee gaarummaa namaa inni libiraliizmiin itti amanu kan gadi-fageenya hin qabne waan ta'eef, cubbuun namaa sababatti amanuu gurraachessuu isaa akka hin hubatamne gochuu isaas argeen jira. Waa'ee uumama namaa akkuman yaadaa deemuun fedha cubbuuf qabnu irraan kan ka'e, gochaa keenya dhokfachuuf sammuu keenya hangam akka itti fayyadamnu hubachuu danda'een jira. Waan libiraliizmiin hin hubatin tokko sababaan matumti isaayyuu meeshaa ittiin yaada faccisa ofii dhugoomfatan irra kan hin jirre ta'uu isaati. Sababaan amantiidhaan hin qulqullaa'in dhugaa haqaaquu fi badii ofii dhokfachuu irraa bilisa ta'uu hin danda'u.

Libiraliizmiin keessaa wantootni ani hin fudhanne tokko tokko yoo jiraataniyyuu, gutummaatti gara niyoo-ortodoksii fudhachuuttis hin dhufne. Niyoo-ortodoksiin hir'ina libiraliizmiin kan sirreessu ta'uu isaa

yoon amane iyyuu, gaaffilee bu'uuraa hundaaf deebii gahaa ni kenna jedhee garuu hin amanu. Uumama dhala namaa ilaalchisee libiraliizmiin gaarummaa isaa irratti abdi guddaa kan qabuu yoo ta'uu niyoo-ortodoksiin immoo abdi-kutannaa guddaa irraa qaba. Waa'ee namaa qofa irratti osoo hin taane dhimmoota jajjaboo biroo irrattis niyoo-ortodoksiin cichoominaan fagoo dhaabbatee jira. Waaqayyo kan hunda caaluu fi kan hin daangeffamne ta'uusaa beeksisuuf jecha niyoo-ortodoksiin Waaqayo dhokataa, kan hin beekamnee fi guutummaadhumatti kan biraadha wayita jedhu libiraliizmiin ammoo Waaqayyo keessa keenya kan jiru ta'uu isaa amana. Sababaatti amanuu warri libiralii leellisaniin mormuuf jecha niyoo-ortodoksiin sababatti amanuu diduu yookiin faal-sababummaa fi cichummaa gartokkee keessatti kufuudhaan barnoota dhiphaa fi gaaffiin irratti hin kaane lallaba. Barnootni akkanaa Waldaa Kiristaanaafis jireenya dhuunfaafis gahaa ta'ee natti hin mul'atu.

Gaaffii waa'ee namaatiif deebii gahaa libiraliizmiin irraa dhabus niyoo-ortodoksiinis na hin quubsine. Kanaaf, dhugaan waa'ee namaa ilaalcha lamaanuu keessatti akka hin argamne amma amaneera. Lamaanuu gar-tokkee dhugaa qofa bakka bu'u. Libiraliizmiin pirotestantii gara-caaluun isaa nama qixa dandeettii inni gaarummaaf qabu qofaan ibsa. Niyoo-ortodoksiin ammoo nama qixa dandeettii inni hammeenyaaf qabuun ibsa. Waa'ee namaa hubannaa gahaan kan argamu falmii sababaa irratti hundaa'e kan warra libiraliizmiin keessa yookiin faal-sababummaa warra niyoo-ortodoksii keessa osoo hin taane dhugaa lamaanuu keessa jiran walitti fidanii araarsuudhaani.

Waggoota darban kudhan keessa falaasama egziistenshaliizmiin isa adda addummaa amala namaatiif xiyyeeffannoo kennus jajachuu danda'een jira. Falaasama kana wajjin jalqaba walbaruu kanan danda'e kitaabota Kerkegaardi fi Niichee dubbisuudhaan ture. Booda gara qorannoo Jaaspers, Hedgeri fi Satrettin garagale. Isaan kun hundi akkaataan itti yaadu qaranii jiru. Tokkoo tokkoo isaanii irratti gaaffii yoon qabaadhe iyyuu baay'een irraa baradhee jira. Dhumarratti wayitan hojiiwwan Pool Tiilich sirriitti qorachuutti deebi'u

egziistenshaliizmiin waan jabanaa haata'u iyyuu malee, waa'ee namaa dhugaa bu'uuraa yoomiyyuu bira darbamuu hin danda'amne kan qabate ta'uu isaan amane. Gumaacha egziistenshaliizmiin keessaa inni guddaan waa'ee bilisummaan namaa daanga-qabeessa ta'uu isaatti amanuusaati. Ilalchi egziistenshaliizmiin inni, 'Yaaddoo fi walitti bu'iinsi jireenya dhuunfaa akkasumas hawaasummaa gidduutti uumamu jireenya shakkisiisaa yookiin walaallammii fi hamaa irraan kan ka'eedha,' jedhu yeroo ammaatti hiika-qabeessa. Qabxiin Egziistenshaliizmiin hunda, warra waan itti amanana qabanis, kanneen homaatti hin amannes, tokkeessu haalli jireenya namaa uumama isaa irraa adda bahuu isaati. Mormii essenshaliizmiin Heegel irratti kaasaniin egziistenshalonni marti, 'Addunyaan qoqqoodamtee jirti,' jedhanii falmu. Seenaan tartiiba waldiddaawwan hin araaramin jiraniiti; jiraachuun namaa ammoo yaaddoo fi sodaadhaan hiika dhabee jira. Deebiin Kiristaanaa inni dhuma egziistenshaliizmiin keessatti kan hin argamne yoo ta'u, qorataan hafuura maalummaa dhugaa jireenya namaa ibsuuf yaalu tokko waan baay'ee keessaa argata.

Waggoota kurnan kana qorannoon koo idileen sistemaatik tiyooloojii fi falaasama irratti kan xiyyeeffate yoo ta'eyyuu, guyyaadhaa gara guyyaatti fedhiin koo gara naamusa hawaasummaatti harkifataa jira. Rakkoolee hawaasaaf quuqqaan ani qabu durumaanuu na keessa jira ture. Atilaantaa keessa yeroon ture ijoollummaa kootii jalqabee waa'een haqa-dhibiinsa hawaasummaa na yaaddessa ture. Kana jedhamee sababaan ibsamuu waan hin dandeenyeef akkasumas mooraliin fudhatama waan hin qabneef, qoodiinsa jibbaan guddadhe. Osoo teessoon fuula dura jiruu booddee taa'uu, yookiin baabura keessatti iddoo addaan qoqqoodame keessa taa'uu sammuu koo fudhachuu hin dandeenye. Jalqaba gaafa ani konkolaataa nyaata keessatti nyaatan tokko keessa golgaa duuba wayita na teessisan, golgaan sun waan eenyummaakoo irra bu'ee na aguuge natti fakkaate. Haqa-dhibiinsi dinagdee obboleessa lakkuu haqa-dhibiinsa sanyii ta'uusaas nan hubadhe. Sirni qoodiinsaa akkamitti Negrootaa fi adiiwwan iyyeeyyii akka saamaa jiru nan arge. Muuxannoowwan

kanneen irraa waa'ee haqa-dhibiinsa uummata keenya keessa jiruu hunda ilaalee bilchaataan guddadhe.

II

Haata'u malee, hangan mana barnootaa hafuura seenutti waa'ee mala ittiin sirna hamaa kana dhabamsiisanii sirriitti taa'ee yaadee hin beeku. Yeroosuman gara wangeela hawaasummaatti harkifame. Gara jalqaba shantamootaa keessa kitaabi Rooshenbekin barreeffame *Kiristaanummaa fi Rakkoo Hawaasummaa* jedhu sammuu koo keessatti yaada haqamuu hin dandeenye uumee darbe. Dhuguma qabxiiwwan ani Rooshenbek irraa ittiin adda ba'u turaniiru. Innis yaada jaarraa kudha saglaaffaa "guddina hin oolle" jedhuun waan fudhatameef, uumama namaa ilaalchisee abdii qabatamaa hin taane kan qabu fakkaata. Kanarra darbee, mootummaa Waaqaa sirna hawaas-dinagdee murtaa'e wajjin wal qabsiisuutti dhihaatee jira. Waldaan Kiristaanaa qorumsa kanaaf harka kennuu hin qabdu. Rooshenbek hir'ina kanneen yoo qabaateyyuu, pirotestantummaa Ameerikaaf ittigaafatamummaa hawaasummaa isheen dhabuu hin qabne kenneefii jira. Wangeelli akka jirutti waa'ee guutummaa namaati, waa'ee lubbuu isaa qofa osoo hin taane waa'ee foon isaa, fayyummaa hafuura qofa osoo hin taane waan inni ittiin biyya lafaa irra jiraatus isa dhiba. Amantiin waa'ee lubbuu namootaa qofa isa dhibu garuu kan waa'een hiyyuma foon isaanii dararuu, kan waa'een kiyyoo dinagdee hudhee isaan qabee fi haala hawaasummaa isaan naaffiseef dhimma hin qabne inni amantii isa hufuuraan du'ee awwaalcha eeggachaa jiruudha.

Eegan Rooshenberkin dubbisee booda gara yaadiddamoota hawaasaa fi amala falaasota guguddaa sirriitti qo'achuuttin garagale. Yeroo sana rakkoolee hawaasaa hiikuuf humna jaalalli qabu irratti abdii kutachuu ga'een ture. Falaasamni, "Maddii kee isa tokko yoo rukutan maddii kee isa biraa itti qabi," jedhu fi "Diinota keessan jaaladhaa," jedhu hojiirra ooluu kan danda'u yeroo namni tokko isa biraa wajjin walitti bu'u ta'uusaatu naa gale; wayita gartuuwwan sanyii yookiin biyyoota garagaraa wal lolan malli fudhatama qabu

biraan kan barbaachisu ta'uusaan hubadhe. Booda barsiisa Gaandii wajjinan wal bare. Akkuman barreeffamoota isaa dubbiseen duula diddaa hokkara-malummaa inni geggeesse baay'ee na ajaa'ibe. Yaadi Saatiyaagrahaa Gaandii akkuma jirutti (*saatyaa* jechuun dhugaa jaalalaan walqixaati, *grahaa* jechuun humna; kanaaf *saatiyaagrahaa* jechuun humna dhugaa yookiin humna jaalalaa jechuudha) anaaf hiika-qabeessa ture. Akkuman falaasama Gaandii keessa lixaa deemeen shakkiin ani humna jalalaa irratti qabu suuta suutaan badaa deeme. Yeroo jalqabaatiif jaalalli Kiristaanummaa karaa mala hokkara-malummaa Gaandiitiin hojjetaa jiru uummattoota cunqurfamoo bilisummaa ofiif falmaa jiraniif meeshaa guddaa isaan of harkaa qaban ta'uun isaa natti mul'ate. Haata'u malee yeroo sana hubannaa beekumsa irratti hundaa'e qabaachuuraan kan hafe, haala inni hojiirra itti ooluu danda'u qindeessuuf kutannoo hin qabun ture.

Bara 1954 paastera ta'ee wayitan Montigoomerii, Alabaamaa deemu, gaaf tokko rakkoo diddaa hokkara-maleessi hojiirra itti oolu na mudata jedhee tasuma yaadee hin beekun ture. Eegan hawaasicha keessa waggaa tokko jiraadheen booda, laguun otobuusii jalqabame. Uummanni Negroo Montigoomerii, salphinni otobuusota keessatti isaanirra ga'u gameefii bilisoomuuf kutachuu isaanii, gamtaadhaan tole jechuu diduudhaan mul'isan. Otobuusota isaanii salphinaan yaabbachuu irra miila ofiin ulfinaan deemu wayya jedhanii murteeffatan. Jalqaba mormii kanaatti uummatichi dubbi-himaa akkan isaa ta'uuf waamicha naaf godhe. Waamicha kana fudhachuudhaan, osoon beekuu yookiin osoon hin beekin, sammun koo gara Lallaba Tulluu irraa fi gara mala diddaa hokkara-maleessaa Gaandii na deeme. Yaadni kun ifa geggeessituu sochii keenyaa ta'e. Kiristoos hafuura fi kaka'umsa isaa Gaandiin ammoo mala isaa nuuf kennan.

Muuxannoon ani Montigoomeriitii argadhe kitaabota hunda ani dubbise caalaa waa'ee hokkara-malummaa irratti yaada koo akkan sirreeffadhu na gargaareera. Akkuma guyyaan tokko dhufee darbuun humna hokkara-malummaa irratti amantaan koo dabalaa deeme. Qaamaan qabsicha keessatti muuxachaa deemuun, hokkara-malummaan mala beekumsaan geggeeffamu qofa osoo hin taane,

qaama karaa jireenyaa naaf ta'e. Hokkara-malummaa ilaalchisee dhimmoonni yaadaan ifa hin ta'in qabsoo qabatamaa keessa hiika argachaa dhufan.

Ji'oota muraasa dura carraa Indiyaa deemuu argadheen ture. Daawwannichi dhunfaadhaan karaa baay'ee na gargaare, humna hokkara-malummaattis daran akkan amanu na taasisee jira. Bu'aalee qabsoo hokkara-maleessaa arguun akkam nama gammachiisa. Indiyaanonni osoo hokkara hin kaasin Indiyaan bilisummaa ishee gonfattee jirti. Jibbiinsaa fi hadhaawummaan yeroo baay'ee duula hordofee dhufu Indiyaa keessatti eessatti illee hin mul'atu. Har'a koomonwelz keessatti uummanni Indiyaa fi Biritin michummaa walqixxummaa irratti hunda'etu gidduu isaanii jira.

Hokkara-malummaan halkan tokkotti ajaa'iba hojjeta yaada jedhu hin qabu. Namoonni waan sammuu isaanii keessa yeroo dheeraaf ture salphaatti baasanii hin gatan. Warri miidhaman bilisummaa wayita gaafatan warri miidhan ammoo humnaan deebii kennufii filatu. Yoo gaaffichi karaa nagaa dhihaate illee, deebiin jalqabaa waluma fakkaata. Obboloottan keenya warra adiin Montigoomerii fi guutummaa Kibbaa keessa jiran yooma hoggantootni Negroo karaa jaalalaa fi hokkara-malummaa hordofaa jiraatan iyyuu hoggantoota kanneen irratti jibba kuufatanii jiraachuun isaanii beekamaadha. Kanaaf, hokkara-malummaan qalbii cunqursitootaa battalumatti kan jijjiiru miti. Dura qalbii warra itti of kennanii irratti hojjechuu jalqaba. Ulfina ofiif kennuu haaraa ta'e isaanii laata. Jabinaa fi gootummaa ofuma isaaniti qabaachuufii hin beekne argatu. Dhumarratti, mormaa keessan yookiin nama isiniin mormu bira ga'ee sammuu isaa tuquudhaan gara araaraatti fida.

III

Ji'oota dhihoo kana keessa hariiroo idil-addunyaa kana keessatti barbaachisummaan mala hokkara-malummaa guddaa ta'usaa argeen

jira. Barataa ta'ee walitti bu'iinsa gartuuwwan biyya tokko keessa jiranii hiikuuf humna hokkara-malummaan qabu amaneen jira; qoodni inni walitti bu'iinsa biyyoota lama gidduutti qabu garuu na amansiisuu dide. Waraanni gaarummaa guutuu hin qabu yoo ta'eyyuu, humni hamaan akka hin guddannee fi hin babal'anneef gaarummaa xiqqoo hin dhabu jedhee amanuu irra gaheen ture. Sirna abbaa irreetti buluu irra loluu wayya jedhees yaadeera. Haata'u malee, humna barbadeessuu meeshaaleen ammayyaa qaban wayitan ilaalu waraanni bu'aa qabaachuu hin danda'u murtoo jedhurran ga'e. Dhalli namaa jiraachuuf mirga qaba eega jennee waraanaaf filannoo biraa barbaaduu qabna. Bara ispuutniikoonni samii kanaa ala balali'ani fi balistiik misaayiloonni lafa taa'anii to'ataman istraatosfera keessa du'a baatanii deeman kana keessa, eenyullee waraanarratti mo'icha argachuu hin danda'u. Har'a filannoon keenya hokkara yookiin hokkara-malummaa keessaa miti. Filannoon keenya hokkara-malummaa yookiin dhumiinsa.

Ani naga-jaalataa rincicaa yookiin mata-jabeessa miti. Naga-jaalatummaa yookiin fayyaalessummaa hojiirra ooluu danda'u hordofuu yaaleera. Itti dabalee, ani naga-jaalataa tokko akka nama cubbuu hin qabneetti osoo hin taane hamoota keessaa akka isa gaariittin ilaala. Kanaaf, walaallammii moraala Kiristaana al-fayyaalessa mudatu irraa bilisa ofiin hin jedhu. Garuu, wayita dhalli namaa sodaa badiinsa nukileraan liqimfamuun raafamaa jiru kana keessa Waldaan Kiristaanaa callistee taa'uu hin qabdu jedheen amana. Waldaan Kiristaanaa waamicha ishee beekti yoo ta'e dorgommiin meeshaa waraanaa akka dhaabbatuuf waamicha gochuu qabdi.

Ji'oota dhihoo as waa'ee jiraachuu Waaqa dhuunfaa amanaa dhufeen jira. Dhuguma, yoomiyyuu Waaqatti nan amana. Garuu, waggoota darban keessa yaadi Waaqa dhuunfaa kutaa yaadaa irra xiqqoodhuma jira ture. Amma dhugaa jireenya guyya-guyyaatiin mirkanaa'eedha. Tarii qabsoo rakkisaa ani keessatti qooda fudhachaa jiru irraan kan ka'e haalli hamaan ani keessa darbe gara Waaqayyootti akkan siqu na godheera ta'a. Maalis ta'e maal Waaqayyoo naa wajjin ture. Karaa

alaan balaa baay'eetu jira yoo ta'eyyuu, keessi koo nagaa guddaa Waaqni qofti keennuu danda'uun guutamee ture. Yeroo baay'ee humni Waaqayyoo dadhabbi abdi-katannaa gara ol-ka'iinsa abdiitti jijjiireera. Yunivarsiin kun to'annoo humna jaalalaa jala kan jirtuu fi qabsoo namni qulqullummaaf godhu keessatti gargaarsa guddaa akka qabu argeen jira. Bifa fokkisaa addunyaa kana dugda-duuba humna gara-laafessa tokkodu jira. Waaqayyoo kan dhuunfaati wayita jennu meeshaa meeshaalee keessaa gochuu keenya yookiin akkuma namaa daanga-qabeessa gochuu keenya osoo hin taane, hanga beekumsa keenyaatti waan gaariidha jennuu fi ulfina-qabeessa jennuu jiraachuusaa mirkaneessuufi. Maalummaan namaa daangeffamaa ta'uunsaa beekamaadha, garuu maalummaan hagas mara hir'ina hin qabu. Gabaabumatti of dammaqsuu fi of qajeelchuudha. Walumaagalatti, Waaqayyoo Waaqa jiraataadha. Keessa isaa miiraa fi fedha gaaffii namaa deebisuutu jira; Waaqayyoo waan irratti kadhatamus, deebii kadhannaas nuu kenna.

Waggoonni darban kurnan gaarii turan. Yeroon keessa jirru muddamaa fi yaaddoon kan guute yoo ta'eyyuu, wanti bu'uuraan hiika-qabeessa ta'e tokko jalqabeera. Sirnoonni dulloomoon saamichaa fi hacuuccaa darbanii sirnoonni haaraa fi walqixxummaa dhalataa jiru. Yeroo gaarii keessa jirra. Kanaaf, waa'ee egeree keenyaaf abdii hin kutadhu. Abdiin kaleessaa hin dhugoomne. Jeequmsa addunyaa isa huursaa galaana jireenyaa boqonnaa hin qabne keessa nu dhaabe keessa jiraanna. Haata'u malee, tokko tokkoon rakkoo nu mudatuu gaarummaas gadhummaas qaba. Tokko tokkoon isaa yookiin fayyina yookiin immoo badiisa fida. Garuu, biyya lafaa dukkanooftuu fi joonjoftuu kana keessa hafuurri Waaqayyoo ol ol jedhee jiraata.

8

Dahaa Dammaqiinsa Waa'ee Sanyummaa

(1960)

Milkaa'inni Ameerikaanonni Afrikaa gufuuwwan qoodiinsaa warri adii dhaaban bira darbanii argatan yeroo mara hafuura sanyii ofiin boonuu fi dammaqiinsaa fudhatee dhufa. Haata'u malee, gurraachota dargaggeeyyii baay'een milkaa'ina namoota muraasaa kanatti quufuuf qophii miti. Achumaanis maaliif namoonni xiqqoo qofti ulaagaa sirnichaa guutuu akka danda'an gaaffii kaasa. Namoonni sanyummaa leellisan tokko tokko gaaffii dulloomaa, "Uumamaan gurraachonni adii gadii?" jedhu kaasuu jalqaban. Dhaloonni nu duraa kanneen akka gurraachicha hayyuu qoor-qalbii daa'immanii Dr. Kenet B. Kilaarki yaada libiralotaa isa, 'Milkaa'inaaf carraan walqixaa osoo hin jiraatin walqixxummaan hawaasummaa jiraachuu hin danda'u' jedhu hordofu. Falaasama kanadha kan bara 1954 namoota walitti fidee Lubi Oliver Biraawun mirga intala isaanii mana barnootaa warra adiitti ergachuu akka qaban falmanii injifachuu kan dandeessise.

Aadde Elaa Beeker, hojjetuun Kora Hooggansa Kiristaana Kibbaa dargaggootni akka waa'ee ofii yaadaniif ni jajjabeessiti turte. KQDHn Eebla 15 hanga 17, bara 1960 Noorz Kaarolaayinaa, mooraa Yunivarsitii Shoow keessatti bu'uureffame. Gurraachonni keessatti yoo baay'atan iyyuu, gartuun barattoota walmakaa kun egeree isaanii murteeffachuu akka qaban amanu turan. Akkuma kanaan, sabboonummaan gurraachaa mooraalee kollejootaa fi daandiiwwan magaalaalee baay'ee, keessumaa kaaba keessatti jabaataa dhufe. Hagayya 31 Eliyaas Muhaammad dura bu'aan Uummata Islaamaa, Ameerikaanonni Afrikaa mootummaa ofii akka dhaabbataniif waamicha godhe.

Akkuma Sochiin Dammaqiinsa Gurraachaa dabalaa deemeen, Dr. Kiing gurraachonni gita giddu-galeessaa sanyii ofiin boonuu akka hin sodaanne yaadachiisuu itti fufe. Sanyii ofiin bonuun sanyii isa biraa irraa addaan cituutti akka hin deemneefis deggertoota Dammaqiinsa

Gurraachaa yaadachiisuu hin dhiifne ture. Akkuma booda dubbii isaa 'Mul'atan Qaba' jedhu keessatti dubbate Ameerikaanonni hundi waadaa bu'uuressitoota Yunaayitid Isteetsiin mallatteeffameefitu jira. Ameerikaanonni hundi biyyi isaanii idaa dimookirasii ishee irra jiru kaffaluu akka hin didne hayyamuu hinqaban jechuun itti hime. Gaaffiin walqixxummaa sanyii qaama qabsoo isa guddichaa akka ta'es itti mul'ate. Barreeffamni armaan gadii haasaa Dr. Kiing walga'ii Aayyaana waggaa warqee Liigii Biyyoolessaa Magaalaa irratti dubbate keessaa gabaabbatee kan dhihateedha.

SABABOONNI NEGROONNI AKKA ULFINA FI KABAJA OFIIF KENNAN godhan maalfa'i? Tokkoffaa irratti kan ka'u jireenyi uummataa baadiyyaa irraa gara magaalatti jijjiiramuu isaati. Waggoota baay'eef Negroonni harka caalaan qonna baadiyyaa irratti daangeffamanii turan. Addunyaa naannoo isaan jiraatanii ala jiru wajjin qunnamtiin isaan qaban baay'ee xiqqaa ture. Haata'u malee, haalonni jiran fakkeenyaaf babal'achuun konkolaattotaa, Sigigaachuun Dinagdee, sochiin hawaasummaa Duula Addunyaa lamaanii- suuta suutaan gara giddu-galeessota haaraa fi gugurdaatti akka godaanan barbaachisaa fi dirqama taasise. Kunimmoo walitti dhufeenya haaraa fi bal'ina ilaalchaa fide.

Sababa biraan dammaqiinsa Negroo fide, saffisa babal'achuun barnootaati. Baroota kanneen keessa wallaalummaan xiqqaachaa deemee jira. Gaafa bilisa baane Negroonni baratan dhibbeentaa shan qofa turan; har'a dhibbeentaa sagaltamii shanii ol baratanii jiru. Wagga-waggaan barattoonni Negroo baay'een kolleejjii fi yunivarsitii xumuraa jiru. Barattoonni Negroo kuma tokkoo fi dhibba ja'aa ol digirii akaademii isa olaanaa yunivarsitii Ameerikaa irraa fudhatanii jiru. Barnootaan tarkaanfachuun kun yaada isaa bal'isaniifii jiru. Barnootni Negroon waa'ee addunyaa bal'isee akka yaadu qofa osoo hin taane, waa'ee mataa isaatiis bal'isee akka yaadu isa gargaare.

Sababa sadaffaan akka Negroon ofiin boonu taasise sadarkaan dinagdee isaatii fooyya'aa deemuu isaati. Saamiinsi dinagdee Negroo

irra jiru suukanneessaa yoo ta'eyyuu, fooyya'iinsi argame garuu ni jira. Waliigalli galii Negroo waggaatti doolaara biiliyoona kudha saddeettitti tilmaamama. Kun immoo galii biyyoolessaa Kaanadaa fi galii Y.I meeshaalee biyyoota alaatti ergiturraa argattu ni caala. Ol ka'uun dandeettii bitachuu isaatii kun manneen gahaa ta'an keessa jiraachuu, tajaajila fooyya'aa argachuu fi carraa barnoota gaarii argachuutiin mul'ate. Jijjiiramni kunniin dhufuun isaanii Negroon akkaataa inni itti of ilaalu akka jijjiiramu taasise.

Sababa afuraffaa kan akka Negroon ofiin boonu taasise manneen barnootaa uummataa keessatti qoodiinsi akka dhaabbatuuf murtoo Manni Murtii Waliigalaa dabarseedha. Nama yaada qajeelaa qabu hundumaaf Caamsaan 17, bara 1954, guyyaa gammachuu fi guyyaa adda addummaan itti raawwateedha. Manni murtichaa ifatti, 'Manneen barnootaa "adda adda garuu walqixa" jedhaman keessi isaanii walqixa sababa hin taaneef, mucaa tokko sanyii irratti hundaa'uudhaan adda bahee akka baratu gochuun mirga eegumsa walqixaa seerri kenneef irraa mulquudha,' jechuun murteesse. Murtoon kun Negroota gatamanii turaniif abdi guddaa ture. Murtoon kun akkuma nama karaan harkaa badee osoo deemaa jiruu tasuma karaa bahu argateetti yookiin xurree dukkana qoodiinsaa keessaa baasutti ilaalame; dadhabbii abdi-kutannaas gara jabina abdiitti jijjiiree jira. Ulfina Negroon qabus ol kaaseera.

Sababa shanaffaan Negroon akka ija ulfinaan of ilaalu taasise qabsoon inni bilisummaaf geggeessu qaama qabsoo addunyaa ta'uusaa dammaquusaati. Wantoota Eshiyaa fi Afrikaa keessatti raawwataman dhiheenyaan hordofaa jira. Uummata adduunyaa harka sadii keessaa lama achi jiraata. Humnoota alaatiin barootaaf dinagdeedhaan saamamanii, siyaasaan hachuucamanii, dhiibamanii, salphatanii jiraataa turan. Waggoota soddoma dura guutummaa Afrikaa keessa biyyoota sadii-Laayibeeriyaa, Itoophiyaa fi Afrikaa Kibbaa-qofatu bilisa ture. Bara 1962tti biyyoota soddoma ta'anitu bilisa ture. Jijjiiramni kun ilaalcha Negroo Ameerikaa baay'ee jijjiireera. Qabsoon inni kabaja dhala namaaf godhu bakka tokko qofatti kan daangeffame akka hin

taane bare. Do'ii waltajjii addunyaa irratti taphatamaa jiruu fi kan ardii hundaarraa daawwattotaa fi deggertoota qabu ta'uu isaa hubate.

KUTANNOO FI DIDDAA

Ulfina ofiif kennuun Negroo guddataa dhufuun isaa hanga lammummaa sadarkaa tokkoffaa argatutti qabsaa'uu fi wareegamuuf kutannoo haaraa keessatti uume. Kun waan har'a Kibba keessatti ta'aa jiruudha. Ijoollee gootota sagal kanneen osoo jeeqxonni itti marsanii sodaachisanii sodaa malee daandii Liitil Rook irra deemaniinis haa mul'atu, uummata kuma shantama Montigoomerii Alabaamaa warra lubbu dadhabde miila dadhabeen bakka buusanii guyyaa 381 deemaniinis haata'u, yookiin barattoota kumaatama warra hokkara malee callisanii manneen nyaataa sababa gurraachina gogaa isaaniif dhowwaman keessa ija jabinaan taa'aniinis haa mul'atu, kaayyoon isaa garuu tokkuma. Negroon qoodiinsa salphinaan fudhachuu irra ulfinaan rakkoo fudhachuuf kutatee jira.

Kutannoon Negroo kun uummattoota biyyattii gar tokko tokko biratti fudhatama hin arganne. Bakka adda addaatti diddaan isa mudatee jira. Yeroo diddaan kun sadarkaa olaanaarra ga'ullee tureera. Kutaaleen biyyaa muraasni fuulaaf-fuulatti mormanii jiru. Seerri gurraacha fayyadu yoo jiraate, galma mana maree warra Kibbaa baay'ee keessatti, seerichi "haa dhaabbatu" fi "haa haqamu" jechoota jedhantu dhaga'amaa oola. Hoggantoonni uummataa baay'een seera biyyattii fudhachuu mannaa manneen barnootaa cufuu irratti fuulleffatanii jiru. Mormiin adeemsa Negroo kun deebisee jajjabaachuu Kuu Kilaks Kilaani fi uumamuu Kaawunsilii Lammiilee Adiitiin mul'ate.

Mormiin yaada Negroo irratti ka'u bifa ifa ta'e qofaan osoo hin taane, dhoksaadhaa fi ogummaadhaan dhugaa jal'isuunis ni raawwata ture. Sammuu libiraalota kaabaa fi kibbaa jijjiiruuf jecha addaan qooddonni dubbii dhugaa gar-tokkee qabu abshaalummaan facaasu. Kitaaba

Qulqulluu irratti hundaa'anii wal-caalmaan sanyiiwwanii fi qoodiinsi sirriidha jedhanii falmuu irra falmii isaanii gara aadaa fi hawaasummaatti deebisu. 'Negroon warra biraa wajjin walitti makachuuf qophii miti; sababiinsa aadaa fi akadamiitiin booddeetti hafaa ta'uun isaa adii fi gurraachi walitti makatanii yoo baratan warra adii boodatti harkisu,' jedhanii falmu. Negroon aadaa fi akadamiidhaan boodatti akka inni hafu kan godhe qoodiinsa ta'uusaa amanuu hin barbaadan. Rakkoo tokko hiikuuf malli gaariin madda isaa furuudha. Bu'aan qoodiinsaa kun akka itti fufu falmuun fudhatama hin qabu.

Rakkoo guddaan har'a biyya kana mudatee jiru kana hiikuu fi dimookirasii dhugoomsuudha. Akkaataan nuti haala kana itti jijjiirru fayyummaa siyaasa keenyaa fi ulfina biyyi keenya akka dura-buutuu addunyaa bilisaa kanaatti qabdu murteessa. Gatii Ameerikaan Negroota biyya kanaa hakuucuuuf baasaa jirtu gatii isheen of balleessuuf baasaa jirtuudha. Yeroon darbaa jira; amma kaanee jijjiiruu qabna. Akkuma yeroo baay'ee dubbatame akkuma har'as mul'atu Ameerikaan yoo biyya sadarkaa tokkoffaa ta'uu barbaadde lammiilee sadarkaa lammafaa qabaachuu hin dandeessu.

Ameerikaa keessatti adda addummaa sanyii hambisuu kan qabnuuf sababa sodaa kominizimiif miti. Uummattoota Afrikaa fi Eshiyaatiif jechas miti. Sababa inni cimaan nuti qoodiinsa sanyii biyya keenya keessaa buqqisuu qabnuuf mooralaan dogoggora waan ta'eefi. Qoodiinsi, amantaa aadaa Juudoo-Kiristaanaa keenya akka nuti hin dhugoomsineef dhukkuba nu dhowwee jiruudha. Qoodiinsi sanyii hariiroo "anaa fi si'i" jedhu "anaa fi kana" jedhuun bakka buusuudha. Dhala namaa sadarkaa meeshaatti gadi buusa jechuudha. Bakki qoodiinsi sanyii jiru hafuuraan du'aa ta'uu fi mooraalaan dadhabaa ta'uu isaa mul'isa. Kanaaf, karaa diploomasii salphaa waan ta'eef osoo hin taane, karaa mooraalaa dirqama waan ta'eefi buqqaa'uu qaba.

RAKKOO BIYYOOLESSAA

Rakkoon sanyummaa Ameerikaa keessatti nu mudate rakkoo gartuu tokkoo osoo hin taane kan guutummaa biyyattiiti. Haqa-dhibiinsi iddoo tokko jiru haqa eessa jiru kamiifiyyuu balaadha. Kanaaf, lammiin Ameerikaa kamiyyuu callisuu hin danda'u. Kun rakkina balbala hundumaa rurrukutaa jiruudha.

Mootummaa federaalaa irraa hoggansa cimaa barbaada. Kaaba keessatti libiraliizmii dhugumaan bilisa ta'e, isa hawaasa isaa keessatti akkasumas kibba keessatti walmakiinsatti cimsee amanu barbaachisa. Libiraala isa yeroo Negroon Misisiippii reebamee ajjeeffamu qulqullummaa fi aariidhaan utaalee ka'u qofa osoo hin taane, isa yeroo Negroon ollaa isaa akka hin jiraanne dhorkamu yookiin waldaa ogummaa yookiin hojii isaa irratti bakka olaanaa akka hin qabanne dhowwamu, kan bira dhaabbatu ta'uu qaba. Waa'ee walitti makamuu dubbachuudhaan yeroo dabarsinu hin qabnu; hojiin agarsiisuu qabna. Seenaa biyya keenyaa yeroo kanaa keessatti dhaabbileenii fi gartuuwwan qooda guddaa taphachuu danda'an hedduutu jiru. Rakkoon haqa-dhibiinsa sanyiiwwan gidduu ulfaataa fi bal'aa waan ta'eef, hiika argachuuf qooda fudhannaa namootaa fi dhaabbilee baay'ee barbaada.

ITTI GAAFATAMUMMAA GUDDAA

Negroon lammummaa sadarkaa tokkoffaa argachuu yoo barbaade kana dhugoomsuuf itti gaafatamummaa guddaa fudhachuu qaba. Negroon waa'ee mirga lammummaa isaatiif ofii isaa caalaa kan ququuqamuuf namni biraan akka hin jirre hubachuu qaba.

Bara jijjiirama hawaasaa kana keessa Negroon kallattii lamaan hojjechuu qaba. Karaa gar-tokkoo, gidaara qoodiinsaa cabsuu itti fufuu qaba. Haqa-dhibiinsa sanyummaa irratti hundaa'e mara jala dhaabbachuu qabna. Diddaan kunis naamusaa fi kabaja namummaa olaanaatiin geggeeffamuutu irra jiraata. Gara hokkaraatti gadi deebi'uu hin qabu. Karaa biraan ni jira-karaa akka barsiisa Yesuus

Naazireetichaa bara lakkoofsisee fi mala ammayyaa isa kan akka Mahatmaa Gaandii. Karichi kan warra dadhabaa fi sodaataa osoo hin taane kan warra jabaa fi jagnaati. Diddaan akkanaa kun maqaa adda addaatiin waamama: diddaa callensaa, diddaa hokkara-maleessaa, yookiin immoo jaalala Kiristaanummaa. Abdiin koo inni guddaan Negroon akkuma gaaffii bilisummaa keessa lixeen, falaasama hokkara-malummaa keessa gadi seena. Akka sanyii yookiin qomoo tokkootti nan dadhabe osoo hin jedhin lammummaa sadarkaa tokkoffaaf qabsaa'uu qabna; garuu mala qabsoo sadarkaa lammaffaatti fayyadamuu hin qabnu. Kaayyoon keenya nama adii mo'achuuf yookiin salphisuuf miti, garuu jaalalaa fi michummaa isaa argachuufi. Jibbiinsa irraa kaanee yookiin tuttuqamnee gara humna fayyadamuutti akka hin deemneef of eeggachuu qabna; yoo kun ta'e dhaloonni dhufu hadhaa'ina akka dhaalu goonee nutis gara fuula duraatti jeequmsa hiika hin qabneen yaadatamaa hafna.

Malli hokkara-maleessi akkanaa barbaachisaa natti fakkaata, sababiinsaa karaa tokkichi hawaasa miidhame deebisee ijaaruu danda'u isa duwwaadha. Karichi karaa sammuu namoota gaggaarii baay'ee isa jaamummaa, sodaa fi oftuummaan ciisee jiru dammaqsuudhaan seera haqa-qabeessa akka hojiirra oolchan gochuu yaaluuti.

Qabsaa'onni hokkara-maleeyyiin ergaa isaanii akka armaan gadiitti gabaabsanii kaa'uu danda'u: osoo dhaaba biraa hin eegin ofuma keenyaa haqa-dhibiinsa irratti tarkaanfii kallattii ni fudhanna. Seera haqa hin qabnetti hin bullu; gochaalee haqa hin qabneefis harka hin kenninu. Kanas nagaadhaan, ifatti, gammachuudhaan raawwanna, sababiinsaa kaayyoon keenya ilaalcha namaa jijjiiruu waan ta'eef. Karaa hokkara-malummaa kan filanneef itti galli keenya hawaasa ofumasaa wajjin nagaa qabu ijaaruu waan ta'eefi. Jechoota keenyaan ilaalcha namootaa jijjiiruu yaalla, garuu yoo isaan dadhabne gocha keenyaatiin yaalla. Yeroo hunda mareedhaan waliigaltee irra ga'uu feena, garuu waan dhugaa nutti fakkaatuuf rakkina fudhachuu yoo barbaachise immoo lubbuu ofii kennuuf illee qophiidha.

Karaan kun rakkina kan qabuu fi wareegama kan gaafatu ta'usaa nan hubadha. Hidhaa keessa nama buusuu danda'a. Akkasis yoo ta'e qabsaa'onni mana hidhaa Kibbaa guutuuf qophaa'uu qabna. Du'arraan illee nama ga'uu mala. Garuu duuti foonii gatii namni tokko ilmaan isaa fi obbolootan isaa warra adii du'a hafuuraa irraa oolchuuf baasu yoo ta'e, waan eebbifamaan kana caalu hin jiru. Humna hafuuraa kana kan ani humna meeshaa yookiin humnaa qaamaa isa kan cunqursitootaa irratti olaantummaa qaba jedhee kanan amanu.

Malli kun kanaan dura rakkoo cunqursaa hiikuuf hojiirra oolee milkaa'eera. Gaandiin humna guddaa Impaayera Biriitish, dhugaa, hokkara-malummaa, jagnummaa fi humna hafuuraa qofatti fayyadamee jala dhaabbachuudhaan uummata isaa bilisa baasuu danda'ee jira. Har'a barattoota Negroo kumaatama Kibba keessaa warra jagnummaan humna qoodiinsaa jala dhaabbachaa jiran akka fakkeenyaatti fudhachuu ni dandeenya. Barattoonni dargaggeeyyiin kun boo'ichaa fi obsaan-eeggannaa uummata Negroo, keessa ofiitti dhimbiibanii gara diddaa haaraa isa guutuu biyyattiitti beekameetti jijjiiraniiru. Ji'oota darban muraasa keessa ofirra darbanii naannoo isaaniif ifaa fi oo'a isaanii dabarsuu danda'anii jiru. Tarkaanfii kallattii hokkara-maleessa fudhachuudhaan magaalaalee saddeettama ta'an keessatti manneen nyaataa gurraachotaaf cufaa turan akka banaman godhanii jiru. Gochaaleen kunniin seena-qabeeyyiidha yoo jenne soba miti. Yunaayitid Isteetis keessatti barattoonni hanga kana baay'atan lafa hanga kana bal'atu irra kabaja dhala namaa fi bilisummaaf jecha qabsoo geggeessanii hin beekan. Sochii barattootaa kana seena-barreessitoonni gochaalee guguddaa biyya kanaa keessaa akka tokkootti ni galmeessu jedheen amana.

Kallattii biraa nuti irratti hojjechuun nurra jirus kaasuun qaba. Negroon kamiyyuu dhuunfaadhaan sadarkaa ofii ol kaasuu qaba. Soda'a fi jaamummaa irraan kan ka'e namoota qophaa'inaa fi dandeettii keenya irratti gaaffii qabaniif deebiin nuti laannu, 'Boodatti harkifachuu keenyaaf sababa kan ta'e garbummaa fi qoodiinsa, manneen barnootaa booddeetti hafoo, bakka jireenyaa bututoo, lamummaa sadarkaa lammaffaa nurra tureedha malee dhalootaan

dadhaboo taanee miti,' kan jedhuudha. Dhiibbaa isaanirra jiru hundumaa dandamatani jireenya aadaa Ameerikaatiif Negroonni qooda guddaa taphatan jiraachuun isaanii dur-durii dhugaa gar-tokkee qabu warri qooddotaa facaasan sobsiisuu danda'eera.

Haata'u malee, sadarkaan keenya lafa eegamu hanqachuu isaa dhoksuu hin dandeenyu. Sadarkaa of ceepha'uu yookiin of qeequu danda'uu irra ga'uun mallattoo bilchinaa keessaa isa tokkoodha. Baroota baay'eef dinagdee keessaa qooda dhabuu fi jireenya hawaasaa irraa adda baanee turuun keenya nu miidhee jira. Negroonni tokko tokko shakkii fi jibbaan guutamaniiru. Tokko tokko immoo sirna qoodiinsaatti sababa madaqaniif dandeettii sissii'aayanii waan haaraa maddisiisanii hojiirra oolchuu dhabanii jiru. Baay'een isaanii ammoo hacuucamuu isaanii qabbanaawoo ta'uu isaaniif akka sababaatti dhiheeffatu. Baay'een keenya humnaa ol jiraanna. Waan hin barbaachifnee fi waa'ee hin baafne irratti horii baafna, garuu dhimmoota ulfina qaban, dhaabbilee hojii bu'aa qabu hojjetan, manneen barnootaa gargaarsa barbaadaniif harki nu hin diriiru. Yakki keenya baay'ee guddaadha.

HOJII IJAARSAA

Kanaaf, sagantaan Negroonni akka sadarkaa isaanii fooyyeffatan gargaaru yoomiyyuu caalaa ni barbaachisa. Maddeen hawaasummaa fi qoor-qalbii rakkoo kanaa eega xiinxallee booda sagantaa ijaarsaa rakkoo kana furu baasuu qabna. Dargaggoonni keenya sadarkaa gadaanaa amma irra jiran irraa ol ka'anii ogummaa irratti bobba'anitti caalanii argamuu akka danda'aniif kakaasuu qabna. Balballi duraan cufaa turan banamuu jalqabaniiru, rakkoo guddaan uummattoota gar-xiqqaa mudataa jiru balbala banaman kanaan ol seenuuf qophii ta'anii argamuu dhabuudha. Carraa haaraan akka argamu goonee itti fayyadamuudhaaf qophii ta'uu dadhabuu caalaa wanti nama gaddisiisu hin jiru.

Barri kun bara uummata sanyii hundumaa fi biyya hundumaa wajjin dorgomuuf itti dirqaman ta'usaa dargaggoota keenyatti himuu qabna. Barsiisaa Negroo gaarii, yookiin hakiima Negroo gaarii, ogeessa Negroo gaarii ta'uu qofaaf kaayyeffachuu hin qabnu. Hojii gaarii sanyii ofii darbee deemu hojjechuu qabna. Hojii keenya akka nama biraan nu caalaa fooyyessee hojjechuu hin dandeenyetti hojjechuu qabna. Negroo inni Negroo gaarii ta'uu duwwaa barbaadu, qormaata seensaa gara yunivarsitii walmakiinsaatti galchu akka kufetti lakkaawama.

Sagantaan keenya kana ta'uu qaba: haqa-dhibiinsa sanyii irratti hundaa'e irratti yoo nama kan hiisisu ta'ellee diddaa hokkara-maleessa geggeessuu qabna; cabiinsa hamilee gabrummaa fi qoodiinsa uumame dhaabsisuuf tarkaanfii ijaarsaa fudhachuu qabna. Qabsoo hokkara-maleessi akka barattoota Kibbaa kabajaa fi jagnummaan hojiirra yoo oole hamilee-cabiinsa fayyisuuf kan gargaaruudha; garuu, duulli kallattii haaraan hiyyummaa, dhukkubaa fi wallaalummaa isa uummaticha mirga jiraachuu Waaqni kenneef daangesse irratti banamu injifannoo keenya mirkaneessa.

Fayyummaan dimookirasii fi Kiristaanummaa keenyaa akka hin dhugoomneef kan gufuu ta'ee fi fayyina kan hin qabne dhukkubni qoodiinsaa qaama siyaasa keenyaa keessaa akka baduuf jabaannee kutannoodhaan hojjechuu qabna. Yeroo sana qofaadha kan mul'atni dimookirasii keenyaa kan dhugoomu. Mul'ata carraa walqixaa, mul'ata mirga walqixaa qabaachuu, mul'ata qoodiinsa qabeenyaa walqixaa; mul'ata biyya namoonni waan uummatni baay'een ittiin oolee bulu fuudhanii warra muraasa qananiin ittiin hin jiraachisnee; mul'ata biyya namoonni, 'Halluu gogaa namaatu eenyummaa isaa murteessa,' jedhanii hin falminee; mul'ata biyya kennaa fi qabeenyi hundi kan keenya qofa osoo hin taane meeshaa dhalli namaa hundi itti tajaajilamuu; mul'ata biyya namni hundi dhala namaa hundaaf kabajaa fi gatii kenneefii obbolummaan waliin jiraatuu- kana mul'atichi. Yeroo kun dhugoomu, halkan sodaachisaa gara-jabina namni nama irratti qabu keessaa baanee ijoolleen Waaqayyoo hundi gara ifa bilisummaa fi haqaatti baana.

Yeroon Bilisummaa Gahee Jira (1961)

Milkaa'ina Montigoomerii irratti argame cimsuuf, namoonni baay'een, keessumaa dargaggoonni qoodiinsa mormuuf toftaalee adda addaa fayyadamanii jiru. Laguu Otobuusii Montigoomerii (1955-1956) fi sochii Teessuma Qabachuu (1960-1961) booda yaalii guddaan seerota qoodiinsaa diduuf godhamee jira. Innis Imala Bilisummaa kan jedhamuudha. Karaa sochii kanaa qabsaa'onni hokkara-maleeyyiin seera otobuusii, baaburaa fi xiyyaara daangaa naannoo tokko qaxxaamuranii naannoo biraa deeman keessa adii fi gurraachi wal makanii taa'uu dhowwu morman. Jaarraa 20^{ffaa} tti namoonni seeraa fi barsiifata adii fi gurraachi walcina taa'anii akka hin deemne dhowwu kana ifatti mormanii jala dhaabbatan. Namoonni sochii kana keessatti qooda fudhatan 'Imaltoota Bilisummaa' jedhanii of waamu. Haata'u malee, gochaan kun isa jalqabaa osoo hin taane yoo xiqqaate jaarraa 19ffaa keessa al tokko raawwatee ture.

Bara 1885 Eebla keessa, T. Maakantis Stiiwart seera cabsee konkolaataa daangaa darbee Kibba deemu yaabbachuudhaan seera qoodiinsaa diduuf gurraacha isa jalqabaa ta'e. Qofaa isaa waan tureef rakkoo baay'een isa hin mudanne ture. Garuu Eebla 9, 1947 Korri Walqixxummaa Sanyii (KWS) baasii maallaqaa "Imaltoota Bilisummaa" warra jalqabaa danda'uudhaan bobbaase. Inni kun yaalii Stiiwart caalaa rakkisaa ture, sababiinsaa Jim Kiroowun ifatti diduu waan ta'eef. Boodana stiraatijistoota Dr. Kiing keessaa tokko kan ta'e Bayard Rastin gartuu kana keessa ture. Muuxannoon inni imala kana irraa argate akkasumas Jim Kiroow wiirtuu daldalaa St. Luwisi fi Baltimooritti akka hunkutaa'uuf yaalii KWS godhe keessatti qooda fudhachuun isaa gorsa inni Dr. Kiingiif booda kennaa tureef bu'uura ta'ee jira. Waggaa 14 booda, Bitootessa 4, bara 1961 direkitera Biyyoolessaa KWS kan ta'e Jeems Faamer dabalatee Imaltoonni Bilisummaa kudha sadii Waashingiten DCTii otobuusii yaabbatanii gara Kibbaatti qajeelan. Uummata biratti bal'inaan kan

dhagaahame boqonnaa haaraan Sochii Mirgoota Siivilii kun addaan qooddota warra adii biratti mormiidhaan simatame. Otobuusiin Faamesifaa Anisten, Alabaamaa biratti boombiin rukutamee gubate. Imaltoonni Bilisummaa matumtisaani Anisten, Bermingami fi Montigoomerii, Alabaamaatti Caamsaa 14 - 20 haleellaan irratti raawwate. Pirezidanti Joon F.Kenediin obboleessa isaanii Abbaa Alangaa Muummicha Roobert F. Kenediin seera eegdota 400 akka bobbaasu ajajan. Sababa kanaan, seeraa fi tasgabbii eegsisuun aangoo eenyuu akka ta'e falmii guddaan mootummaa federaalaa fi naannoo gidduutti ka'e. Haata'u malee, aanga'oonni naannoo warra haleelan dhiisanii Imaltoota Bilisummaa mana hidhaatti naqan.

Kun utuu kanaan jiruu, falmitoonni mirga sivilii qoodiinsa karaa amantii morman gartuu uumuudhaan mana sagadaa keessatti yookiin balbala isaa irratti kadhataa buluudhaan qoodiinsa mormuu jalqaban. Reeyinboo Biich, Shikaagoo keessatti Adoolessa 9 fi 16 falmitootni mirga sivilii uffata daakaa isa warra gurraachaaf hin hayyamamne uffachuudhaan hiriira bahan. Aanga'oonni naannoo akkuma amala isaanii hiriirtota hidhan. Dargaggoonni gurraachaa dhaloota haaraa bilisummaa gurraachaaf jecha yoomiyyuu hidhamuuf kutatoo ta'uu isaanii agarsiisuu jalqaban. Baay'een isaanii ilaalcha gita giddugaleessaa qabsoo mirga sivilii irratti qaban ni jijjiiran. Bilisummaa ofiif jecha hidhamuu akka ulfinaatti ilaaluu eegalan. Dr. Kiing kun maaliif akka ta'e ibsa.

BARA 1956 GAAF TOKKO QORRA GANAMAA KEESSA MANGUDDOO negroon Montigoomerii Albaamaa gara hojii ishee deemuuf karaa dheeraa fuula ishee dura jiru jalqabde. Laguun otobuusi Montigoomerii inni yoo baay'ate torban tokkoof jedhamee jalqabame ji'a 10^{ffaa} keessa jira. Akkaataa isheen itti deemtu kan arge namichi gara-laafessi tokko yoo dadhabdeetti ta'e gaafate. Deebiin isheen laatte, dhaadannoo lagattootaa ta'ee hafe. Innis akkana kan jedhu ture. "Eeyyee, yaa ilmakoo, miillikoo dhuguma dadhabee jira; lubbuun koo garuu boqottee jirti."

Waggaa shan booda Montigoomeriin ammas qalbii addunyaa hawwattee jirti. Mallattoon qoodiinsaa inni ammaa konkolaachisaa otobuusi isa addaggee gaafasii sana miti. Bara 1961tti bifa kashalabbee dubbii barbaacha fuula Imaltoota Bilisummaa dhiigni irra lola'u dura maggaluutiin mul'ata. Negroo inni har'aa garuu, manguddoo gurraattii Ingiliffa caccabaa dubbattu osoo hin taane gurraacha dargaggeessa, kan kolleejjii barate, kan arraba qajeeluu fi murannoo qabuudha. Yaadaa fi fedha dargaggeessa naamusaan leenji'ee qaba. Biyya keenyaa fi addunyaan diddaan suuta suutaan walitti kuufame humna dhuka'u ta'ee bakka hin eegamnee mul'achuu isaa quba qabaachuu dhabuudhaan as bahuu barattoota kanneenii ajaa'ibsiifatu.

Haala kana Viiktor Hugoo akkana jechuun ibsa: "Yaada yeroon yookiin barri isaa gahe caalaa wanti humna qabu lafarra hin jiru". Jahaatamoota keessa Negrootiif yeroon bilisummaa dhufee jira. Dhugaa salphaan kun tooftaalee fi kaayyoo sochii mul'ata-qabeessa gootummaa barattootaa kana mul'isa.

Akka namoonni tokko tokko dubbatan, qabsoon dargaggoota Negroo caasaa hoggansa sodaataa rincicaa tokko qofaa irratti miti. Amala hamaa dargaggummaan fides miti. Warraaqsa egeree uummata bal'aa murteessu beekumsaa fi akeekaan geggeessaa jira. Kanaaf, akka iddoo kabajaatti lakkaa'ee manneen hidhaa fedha isaatiin guutuuf akkasumas humna osoo hin fayyadamin hanga du'aatti illee taanaan gochaa gara-jabinaa irratti raawwatamu danda'uuf qophaa'ee jira. Jabinni isaa maalirraa madda? Jabinni isaa, yeroo adiin hiriyyoota isaa galma dhuunfaa bira ga'uuf joonjii falaasamaa keessa seenan, yeroo isaan jeequmsa dinagdee keessaa nageenya barbaadan, yeroo isaan sodaa badiinsa yookiin fixiinsa nukileraa keessaa aara galfii barbaadan illee taanaan, kan inni maddu galma bilisummaa isaa fi bakka hoggansa inni qabatee jiru irraati.

Mooraaleen kollejjota Negroo gochaalee fi maree adda addaatiin hunkuraman. Yeroon jijjiiramaa hurssee dhufaa jiru gartuuwwan

Negroo hunda irratti dhiibbaa fiduudhaan wantoota xixiqqaa fi gatii hin qabne irraa fuula akka deebifatu taasisan.

Soddomoota keessa, yeroo mooraan kolleejjii yaada hawaasaatiin guutamee ture, namoota muraasa qofatu tarkaanfii keessatti qooda fudhata ture. Amma, sadarkaa “Teessuma Qabachuu” irra geenyee, barattoonni muraasni wayita ari’aman, kolleejjii barattoonni isaa guutummaan dhiitanii bahuun mormii agarsiisan ni jira. Kun tarkaanfii barattootaa keessatti jijjiirama guddaadha. Seenaa Ameerikaa keessatti sochii barattoonni kolleejjii guutummaan irratti himaatan yoo jiraate, darbee darbeeti.

Kallattii biraatiin, jijjiiramni cimaan mooraalee Negroo geeddaraa jira. Dhihoo kana kolleejjonni Negroo kolleejjota warra adii akkeessuu jalqabanii turan. Uffataan, ispoortiin, jireenya hawaasummaatiin isaan akkeessu. Egeree isaa pirofeesarummaa akka ogeessa adii gita giddugaleessaatti of ilaaluu jalqabe. Guddina akkeessaa kana irraan kan ka’e Gunar Miirdal, Negroon “Ameerikaana garmalee of dhaadatuudha,” jedhee ibsa.

Har’a akkeessaan kun dhaabbatee jira. Negroon kolleejjii akkeessuu dhiisee toftaalee diddaa adda ta’an Bakka Qabachuu fi Imala Bilisummaa uumee hojiirra oolchaa jira. Barattoonni adiin battaluma isa akkeessuu jalqaban. Akkuma sochichi jabaateen haaromsi dammaqiinsa hawaasaa mooraalee Kembirijii hanga Kaalifoorniyaatti babal’ate. Daangaa dhimma qoodiinsa hambisuu irra darbee gaaffilee nageenyaa, bilisummaa sivilii, adaba du’aa fi biroo hammate. Gidaara dhaabbilee boodatti hafootii kaasee hanga kolleejjota foddaawwan sibiilaa fi daawitii irraa hojjetaman kanneen jiran uree seene.

Dhaloonni barattoota Negroo kun kanneen darban irraa fakkeenya gahaa argatuu baatus, muuxannoo hoggansaa fi waa’ee egeree ofii yaaduu irraa kan ka’e bilchinaa fi kutannoo argatee jira. Yeroo baay’ee namoonni hojii tokko hojjechuuf na biratti waadaa ni galu. Anis sadarkaa amanamummaa isaanii nan xiinxala. Cimina ani

barattoota Negroo ani beeku irratti arge gadi-fageenya kutannoo isaaniiti. Shamarran mimmiidhagoo uffata jabanaa uffatan kan simboo fi amalli isaanii lafa miidhagsu shakkii tokko malee wayita isaan, “Dr. Kiing, yoo du’uun narra jiraate, kunoo ani asin jira,” yoo jedhan ammaan booda hin ajaa’ibsiifadhu.

Keessa isaanii akka ibsan wayita gaafataman barattoonni baay’een akka barattoota Afrikaa, Eeshiyaa fi Kibba Ameerikaatti akka of ilaalan himatu. Qabsoon bilisummaa Afrikaa keessatti geggeeffamu barattoota Negroo Ameerikaa irratti dhiibbaa olaanaa qaba ture. Obboloonni isaanii Afrikaa wanjoo koloniyaaliizimii cabsuu akkuma danda’an, Negroon Ameerikaas Jim Kiroowu cabsuu akka danda’u wayita isaan dubbatan nan dhaga’a.

Mooraalee kolleejjota Negroo keessatti maqaan hoggantoota Afrikaa akka pirezidantii Gaanaa-Kiwaamee Nikiruumaa, bulchaa olaanaa Naayijeeriyaa Namdii Aziikiwee, Keeniyaa irraa Dr. Toom Imbooyaa akkasumas Niyaasaalaand irraa Dr. Hastiingis Baandaa beekamaa ture. Hogganaan Kongoo, Patriis Lamuumbaa wayita ajjeeffaman gartuuwwan baay’een hiriira bahanii balaaleffatanii jiru. Dheekkamsi barattootaa kun dhohee wayita bahu gaazexoonni akka sochii koministootaatti gabaasuun isaanii dogoggora ture.

Obsa dhabuun dargaggoota Negroo kan madde jijjiiramni Afrikaa fi bakka biraatti saffisaa, Kibba keessatti ammoo harkifataa jiraachuu isaa hubachuu irraan kan ka’eedha. Bara 1954 wayita Manni Murtii Waliigalaa Yunaayitid Isteetis seera qoodiinsa hambisu dabarsu, baay’een keenya garraamummaa irraa kan ka’e manneen barnootaa keessatti walqixxummaan ammuma dhufa jennee abdannee turre. Garuu, waggaa torba booda, har’a Negroo Kibba jiran keessaa dhibbeentaa torba qofatu manneen barnootaa walmakaa seenuu danda’ee jira. Akka kanaatti yoo itti fufe manneen barnootaa Kibba keessa jiran guutummaatti walitti makuuf sichi waggaa sagaltamii sadii fudhata. Kanaafi, barattoonni kolleejjii, “Hanga sanatti eeguu hin dandeenyu!” yookiin gabaabumatti, “Hin Obsinu!”, kan jedhaniifi.

Barnootni meeshaa ittiin egeree uummataa qajeelchan malee meeshaa namoonni murtaawan muraasni dantaa addaa ittiin argatan tahuu akka hin qabne barattoonni Negroo hubataa dhufanii jiru. Dhohiinsa hafuuraa kana booda dhuka'aa maateriyaalummaatu jira.

Egereen barattoota kolleejjii Negroo carraa daangeffame keessatti itti cufamee jira. Kaabas ta'e kibba keessatti dallaa qoodiinsaa ce'anii ogummaan Negroonni irratti bobba'uu danda'an baay'ee xiqqoodha. Barnoota akkaadamii walxaxaa ta'an irratti mataa cabuu, yaada hojiirra hin oolle barachuuf dhama'uu, waan baratan haala nama qaanessuun walakkaa qofa hojiirra oolchuun abdii isaan kutachiisee jira. Barataan Negroo shaakala irra jiru tokko dhukkubsataan isaa akkuma du'een akkana jedhee natti dubbate: "Osoon barnoota kana hin baranne ta'ee gaarii ture; silaa namoonni meeqa hanqina meeshaa, tajaajila dhabuu fi eega yeroon darbee dhufuudhaan akka du'an hin beekun ture. Dawaa kennee nama fayyisaa hin jiru. Rakkina suukanneessaa qoricha gaarii dhabuun fidun dhaabbadhee daawwachaa jira malee."

Abbootiin seeraa Negroo hojiin isaanii dhimma yakkaa wajjin kan walqabate ta'usaa ni beeku. Dhimmoonni dhaamsa dhaalaa, korporeshinootaa, ashuuraa fi kkf yeroo baay'ee gara waajjira isaanii hin dhufan; sababiinsaa maammiltoonni isaan bira dhufan kanneen carraa qabeenya horachuu qaban miti. Kibbatti dhaddachi isaan, maammiltoonni fi ragaaleen isaanii irratti dhihaatan adda ta'uu danda'uu isaa qofa osoo hin taane, wayita dhihaatan obbo Ebelu jedhamanii waamamuu dhiisuu illee danda'u. Kana caalaa ammoo shakkamaan gurraachi akkuma hidhameen itti murtaawuun isaa beekama.

Kun wantoota ogeessa Negroo kaayyoo cimaadhaan baratee xumuru mudatu keessaa fakkeenya muraasadha. Wanti isaan jajjabeessu hin jiru. Har'a garuu, yoomiyyuu caalaa, Negroon barachaadhuma haalawwan egeree isaa naaffisan jijjiiruuf tarkaanfii

fudhachuu akka danda'u hubatee jira. Qoodiinsa hambisuuf qabsaawuudhaan ofii isaatiifis dhaloota dhufuufis jijjiirama fidaa jira.

Karaa itti barataan Negroo ofii fayyadamaa ta'ee hawaasa guutuu itti fayyadus ni jira. Itti gaafatamummaa hawaasaas barataa jira; hojjetee dadhabbii ofiitiin argachuu barataa jira. Kun bu'aa inni barbaaduudha. Lallaafaa fi ajajamaa kan isa taasisanis ni jiru – nama akka fedhanitti gara barbaadanitti oofan. Garuu muuxannoo dargaggeessi Negroo keessa darbuu qabu hamaa fi ifaajii kan gaafatuudha. Qabsoon isaa walxaxaa waan ta'eef, qoosaan bakka hin qabu. Beekumsaa fi naamuusni akkuma jagnummaa fi wareegamaa barbaachisoodha. Kanaaf, galma gati-qabeessa bira ga'uuf yaallu kan madaalu amala gaarii akka qabaataniif hojjetamaa jira.

Okkotee kana keessatti affeelameetu nama bilchaataa, barumsa jireenyaatiin kan muuxate, kan dammaqe, waan haaraa yaaluuf kan hin sodaanne, hunda caalaa ammoo uummata isaa tajaajiluuf kan of kenne ta'ee baha. Kanaaf hirmaattoonni sochii kanaa karaa lama barnoota argatu-kutaalee keessatti fi kitaabota irraa barnoota akkadaamii, barnoota jireenyaa ammoo hojii hawaasaa keessatti qoodafudhannaa itti gaafatamummaa qabuuni. Deebiin gaaffii nama Ameerikaa baratee, caalaatti bilchaatee, dargaggoota eessayyuu jiran waliin dorgomuu danda'uu, sochiidhuma haaraa kana keessa jira.

Dhuguma, barataan qabsoo keenya keessatti hirmaate marti fayyadamaa ta'eera jechuu hin dandeenyu. Karoorri namaan qophaawu kamillee kana dhugoomsuu hin danda'u. Tokko tokko carraa kana argatanii amalli isaan qaban qorumsa yookiin gufuu kana isaan hin dabarsin hafee jira. Barattoonni dhibbeentaa xiqqoon sochii 'bakka qabachuu' fi kanneen biroo keessatti qooda fudhachuudhaan hir'ina ofii fooyyeffachuuf danda'anii jiru. Isaan kun muraasadha, sababiinsaa baqni akka kanaa itti gaafatamummaa irraa baqachuun balaa fi itti gaafatamummaa caalu irra waan nama buusuuf.

Jabaatus jireenyi hagas ulfaataa miti. Sirrummaa fi hojiirra oolmaa qabsoo hokkara-maleessaa barattoota wajjin wayita mari'annu, baay'een isaanii humna fayyadamuu mormanii jiru. Hundumtuu waliigalee barataa tokkorra wayita geenyu, akkana jedhe: "Akka ani beekutti osoo illeentiin dhakaa darbatti ta'ee, adamsitoota muraasatu bosona lixa ture."

Maree ulfaataa o'aa fi muddamaan guute akka kanaa qabbaneessuuf kun jecha guddaadha. Jechi kun hammeenya guddaan hojjetamaa osoo jiruu sirreeffama xiqqootiin bira darbamuun isaa aarii inni fide, obsa dhabuu ukkaamamee ture agarsiisa. Barattoonni yaada waliin mormu qabu. Barattoota tokko tokkootti, deebiin isaanitti mul'atu humna fayyadamuu qofaadha.

Baay'ee isaaniif garuu, ammas tarkaanfii hokkara-maleessi karaa gaarii fi milkaawaadha. Kana gochuuf mufannaa isaanii dhiisuun irraa hin eegamu. Mufannaan, haqa-dhibiinsaa fi gochaa gara-jabinaa naannoo ofiitti arganiif deebii sirrii fi qajeelaadha. Hokkara-malummaan hameenya akkamitti akka ofirraa lollu mala nuuf kenna. Osoo rasaasa tokko hin dhukaasin akka itti diina meeshaa hiikkachiisan mala addaa nu barsiisa; eenyummaa diinaa saaxila; hamlee isaa laaffisa akkasumas hojii ofiitti qaana'ee akka of taajjabu taasisa.

Meeshaa biraan barattoonni Negroo qabsoo isaanii hokkara-maleessaa keessatti fayyadamaa turan dubbii habalakaatti fayyadamuuni. Kunis diina osoo hin dheekkamsiisin itti qoosuudhaan haala jiru ibsuu isaan dandeesisee jira. "Hin ariifatinaa!" jijjiirama suutaa obsaan eeggadhaa wayita jedhaman karaa giddu galeessa barbaadaa jiraachuu isaanii fuula gogaan mirkaneessu.

Gaarummaan tarkaanfii hokkara-maleessaa aarii qabbaneessee gara biraatti jijjiiruu isaa fi barattoonni baay'ee muraasa ta'an maaliif gara olaantummaa gurraachaa leellisuutti akka deeman kan ibsu ta'uu isaati. Barattoonni kun aarii ofii naamusaan to'atanii jiru. Kanaaf, warreen aarii fi hokkaraan boba'an akka tasgabbaa'an labsu.

Qabsaa'onni qabsoo hokkara-maleessaaf of kennan fedha ofiin seera akka cabsan hojjetamee jira. Toftaa Tooroo fi Gaandii seenaa Ameerikaa keessatti haala ta'ee hin beekneen kan fayyadaman yoo ta'eltee, seera ni kabaju. Seera haqa-qabeessa kabajuun itti gaafatama isaanii akka ta'etti fudhatu. Garuu seerri haqa dhabeessi illee akka jiru ni beeku.

Qixa mooraaliin wayita ilaallu, seera haqa-dhabeessi seera seera mooraalii yunivarsii kanaa kan hin fudhanneedha. Seera haqa-dhabeessa kan jedhamu seera namootni baay'een hojiirra oolchuuf hin dirqamne namootni muraasni akka hojiirra oolchan kan dirqisiisu yoo ta'eedha. Karaa biraa seerri haqa hin qabne seera namootni sababa mirga filachuu dhabaniif seera ofii hin baasiniin akka bulan taasisuudha.

Barattoonni kunniin hokkara-malee, nagaadhaan, ifatti seerota kanneen hojiirra oolchuu diduudhaan mormii isaanii agarsiisu. Waan hunda caalaa ammoo, adaba seera kana cabsuun itti fidu fudhachuuf qophaawoodha. Karaa kana uummatichi seera sana irra deebi'ee qoratee, seerri kun 'kan ol nama qabuudha moo kan gadi nama deebisuudha?' jedhee murteessa.

Ejjennoon isaan seera kabajuu diduu irratti qaban ejjennoo kan warra qooddotaa irraa adda. Warri sanyummaatti amanan yookiin addaan qooddonni seera haqa-dhabeessa jedhanii amanan sana cabsuu, miliquu fi dabsuu malee adaba isatti fufee dhufu fudhachuu hin barbaadan. Galmi diddaa isaanii seera-dhablummaa uumuudha, jibbiinsa seeraa ibsuudha. Barattoonni garuu, 'Seera sammun ofii haqa-dhabeessa ta'uu isaa beeku ifatti didanii, adaba seera sana cabsuun namatti fidu tole jedhanii fudhachuudhaan hanga inni jijjiiramutti mana hidhaa turuuf murteeffachuun ragaa seera kabajuuti,' jedhanii amanu. Kan isaan dhaabbataniif dhugaa yookiin haqa keessi namaa beekuutiif.

Kana irra darbee, barattoonni kun qooda seeraa ilaalchisee waan dhaloonni duraa hin hubatin darbe kan hubatan fakkaatu. Seerri mirga labsa malee mirga hin kennu. Murtii qajeelaa kenname hanga namuu amaleeffatee qaama jireenyaa godhatutti namoonni mirga labsametti fayyadamuudhaan hojiirra oolchan ni barbaachisu. Barattoonni kun hojiirra oolchuuf humna ofii fi qaama ofii kennanii jiru. Akka ogeeyyii sirna haaraa deessisaniitti of ilaalu. Karuma kana barattoonni kun “yaada yeroon isaa gahe” hojiirra oolchu.

Injifannoon waggoota lamaan kana argaman guddaadha. Sababa barattoota bakka qabataniitiin magaalota 150 kibba jiran keessatti manni nyaataa adii fi gurraachaaf banaa tahananii jiru. Injifannoon amma argame kun gartokkoon bu’aa qabsoo karaa seeraa, sivilii, hawaasummaa baroota darban keessa obsaan geggeeffamaniiti. Achumaan, garuu suutumaan, mootummaan biyyoolessaa hariiroo biyyoota alaa wajjin qabu keessatti humni guddaan hariiroo sanyiiwwan biyya keessaa gidduu jiru ta’uusaa hubataa jira. Alatti maqaan keenya, amala keenya isa biyya keessaa fakkaata.

Libiraalonni kaabaa fi kibbaa baay’een, sagantaawwan jajjaboo waggoota darbanii wayita tarreessan, ‘Yeroon boqonnaa yookiin aara galfii jiraachuu qaba,’ jedhu. ‘Yoo kana ta’uu baatee baay’ee ariifanne, mirga warri hokkara barbaadan gadi lakkisuu danda’an caalaa fudhachuu waan feenuuf kanuma duraan arganne iyyuu nu dhabsiisaa,’ jedhu.

Ilaalchi kun maaliirraa akka madde beekamaa yoo ta’eyyuu, galma dargaggoota Negroo hubachuu dhabuu fakkaata. Isaan amma walqixummaa afaanii qofa hin barbaadan. Qabsoon isaanii guutummaatti sirna Jim Kiroow irratti waan ta’eef, hanga kutaan keessummaa, manni fincaanii, tiyaatirri fi tajaajiloonni uummataa marti Negroota, Meksikaanota, Indiyaanota, Yihudoota kkf f banaa ta’anitti kan hin dhaabbanneedha. Isaan galma walqixummaa fi kabaja namummaa bira gahuuf kutatanii jiru. Kanaaf ammoo waan

hundumaa kafaluuf qophaawanii jiru-barbaachisaa taanaan gidiraas, rakkinas.

Barattoonni kunniin ofiif qofa qabsaawaa jiru miti. Ameerikaa badii irraa oolchaa jiru. Barattoonni kun uummata biyyattii gara boolla isa dimookirasiin keessaa burquu kan abbootii keenya warra biyyatti bu’uressaniin qotame warreen heera nuu tumee fi labsii bilisummaa nuuf baasetti nu geessaa jiru. Qabsoo ofiin mana nyaataa keessa walqixxummaan taa’uu danda’uu isaanii argaa jirra. Ameerikaaf dhaabbachuu isaaniiti. Qoodiinsa irraa kan ka’e burjaajii Ameerikaan keessa jirtu keessaa baasuuf gootummaadhaan sodaa tokko malee gara manneen hidhaa kibbaa deemu. Sochii barattoota kana gaaf tokko barreessitoonni akka seenaa guddaa keenyaatti barreessu.

Garuu nuti akka biyyaatti wayita kaka’umsi hawaasaa lafa raasu callisinee teenyee ilaaluu qabnaa? Baay’een keenya sirni Jim Kiroow akka kufu ni beekna. Eega kana beeknee maaliif awwaalcha isaa hin saffisiifnu ree? Osoo mootummaan keenya seera federaalaa fi murtiiwwan mana murtee guutummaatti hojiirra oolchee kun salphaa ture. Itti dabalees, hoggantoonni amantii, siivikii fi dinagdee hordoftoota isaanii sochoosanii, ‘Jim Kiroow ammaa jalqabee haa badu!’ jedhanii osoo duula labsanii ni feena.

Gaaffiin dargaggoonni kun nuuf dhiheessan isa kanadha. Achumaanis ofitti amanummaa haaraa ofii isaanii fi dhala namaa irratti qaban ibsa.

Barattoota kanneen sirriitti hubachuu fi akka isaan of hubatan gargaaruuf jecha waa’ee qabsoo keenyaa akka inni itti ibsu barataa tokkon gaafadhe. Barataan kun jechaan taphachuu irra kubbaa kaachoo kan jaalatu, nama baay’ee dubbachuu hin jaalanneedha. Gaaf tokko ganama akkana jedhee barreessee minjaala koo irra naaf Kaa’ee deeme:

Lubbuu koon barbaade; garuu arguu hin dandeenye,
Waaqa koon barbaade; garuu na jalaa miliqe,
Obboleessa koon barbaade; sadanuu isaanii nan argadhe.

10

Xalayaa Mana Hidhaa Bermingam Irraa

(1963)

Hiriyootuma isaa keessaa tokko tokko Maartiin Luuter Kiing Xiqqaan waan ofii hin goone namni biraan akka godhu jajjabeessa jedhanii komatu. 'Dr. Kiing hidhameeyyuu hin beeku,' jedhanii ifatti kan dubbatanis ni jiru. Keessumaa waahiloota Koree Qindeessituu Barattoota Hokkara-maleeyyii irraa duula filattoota galmeessuu Albanii, Joorjiyaatti bara 1962 geggeeffame booda ceephoo akkanaa dhagahuun isaa baay'ee isa gaddisiise. Ceephoo xixiqqaan akkanaa dhugaa qabatamaa irraa osoo hin taane, dagachuu fi hinaaffaa irraa kan dhufeedha. Itti gaafatama hoggansaa isarra jirullee kan ilaalcha keessa galche miti.

Qeeqxonni kun rakkoon faayinaansii Kora Hoggansa Kiristaana Kibbaa (KHKK) yeroo meeqa dhaabicha kuffisuu irra gahee akka ture illee hin beekan. Dubbiwwan Dr. Kiing irratti horiin walitti qabamu KHKK yeroo baay'ee salphina kana irraa olchee jira. Yeroo meeqa akka inni hidhame galmee irraa namni arge dhugummaa ceephoo kanaa shakkuu hin oolu. Yeroon inni 'Irbaata Qulqulluu Hidhaa' fudhachuuf dabarse yeroo inni itti "Xalayaa Mana Hidhaa Bermingam Irraa" qopheesse ta'eefii jira. Barreeffama armaan gadii kan inni barreesse Bitootessa 16, bara 1963 bifa xalayaa banaatiin wayita ta'u hiriira mirga sivilii Bermingam, Alabaamaa keessatti qooda fudhachuu isaarraan kan ka'e mana hidhaa keessa osoo jiruuti.

Dr. Kiing mormitoota isaatiif deebii kennuuf yeroo hin balleessu ture. Haata'u malee, hojjettoonni Waldaa Kiristaanaa libiraalonni sagal ji'a Amajjii keessa xalayaa banaa barreessan keessatti Dr. Kiing duul walqixxummaaf geggeeffamu mana murtiif dhiisuu akka qabu waamicha godhaniifii turan. Diddaa hokkara-maleessi Kiing uummata jeequmsaaf kakaasuu danda'a jechuudhaan akeekkachiisan.

Dr. Kiing xalayaa kana keessatti hiikni ergama Kiristaanummaa giddugala qabsoo Ameerikaanonni Afrikaa bilisummaa, haqaa fi walqixxummaaf godhan keessa jiraachuusaa tajaajiltoonni Kiristaanaa akka hubatan gochuu yaala,

JAALATAMTOOTA HOJJETTOOTA WAAQAYYOO!

As mana hidhaa magaalaa Bermingam jiru keessa taa'ee, sochiin nuti geggeessinu kan yeroo hin eeggatini fi ogummaan kan itti hir'ate ta'uusaa eeruudhaan ibsa baasuu keessan dhagaheen jira. Yaadaa fi hojjiikoo ilaalchisee qeeqa anarratti ka'aniif deebii kennuuf yeroo fudhadhee hin beeku. Komee anarratti ka'an hundumaaf deebii kennuu osoon barbaadee barreessitoonni koo guyyaa guutuu dalagaa birootiif yeroo hin argatan turan; anis hojii bu'a-qabeessaaf yeroo hin argadhun ture. Haat'u malee, qeeqni keessan yaada qajeelaa irraa kan maddee fi sirnaan kan dhihaate waan natti fakkaateef ibsa keessaniif deebii madaalawaa fi obsaan guutame kennuun barbaada.

Ibsa keessan keessatti waa'ee humnoota alaa waan kaaftaniif maaliif as Bermingam akkan jiru ibsuun kan narra jiru natti fakkaata. Teessoon isaa Atilaantaa Joorjiyaa ta'ee guutummaa kutaalee dhihaa kan tajaajilu dhaaba Kora Hoggansa Kiristaana Kibbaa jedhamuuf pirezidantii ta'ee hojjechuuf carraa argadheen jira. Dhaaba Sochii Kiristaanummaa Alabaamaa Mirga Dhala Namaatiif jedhamu dabalatee guutummaa Kibbaa keessa dhaabbilee nuu wajjin hojjetan saddeettamii shan ta'anitu jiru. Dhaabbilee kanneenii wajjin barbaachisaa fi mijaawaa yeroo ta'utti humna namaa, meeshaalee barnootaa fi maallaqa wal gargaaraa turre. Baatiwwan muraasa dura dhaabni as Bermingam keessa jiru tokko barbaachisaa ta'ee karaa nagaa tarkaanfii kallaattii irratti yoo bobba'an sagantaa sana irratti akka qooda fudhannu nu afeeran. Nutis waamicha kana fudhannee gaafa yeroon isaa ga'u waadaa galle guutne. Sababa kanaafin michuwwan koo wajjin as jirra. Sababni isaa asitti afeeramnee jirra; hidhata bu'uuraa dhaabbilee waan qabnuufin as jira.

Itti dabalees kanan as jiruuf haqni waan as hin jirreefi. Raajonni jaarraa 18ffaa gandeem xixiqqoo ofii dhiisanii,"Gooftaan akkas jedhaa" baatanii daangaa ce'anii akkuma lallabaa turan, Ergamaa Phaawuloos ganda dhaloota isaa Tersesiin dhiisee Wangeela Yesuus Kiristoos baatee gara gandoota Giriikii fi Roomaa akkuma deeme anis Wangeela bilisummaa baadhee magaalaa jiraadhuu ala imaluuf dirqameen jira. Akkuma Phaawuloos waamicha gargaarsaa Maqadooniyaaf deebii kennetti anis deebii kennuutu narra jira.

Kanarratti ammoo, hawaasotaa fi kutaaleen walitti hidhamanii jiru. Atilaantaa taa'ee wanti Bermingam keessatti ta'u 'na hin ilaallatu' jechuu hin danda'u. Bakka tokkoo haqni dhabamuun haqa eessallee jiruuf balaadha. Akka wal baqachuu hin dandeenye taanee galma walootiin walitti hidhamnee jirra. Wanti isa tokko irratti dhiibbaa kallattii fidu isa biraa irratti ammoo dhiibbaa harka lafaalaa fida. Kanaan booda yaada dhiphaa "namoota alaa" jedhu qabannee eessayyuu ga'uu hin dandeenyu. Lammiin Yunaayitid Isteetis keessa jiraatu kamiyyuu kutaa biyyattii biraa keessatti akka alagaa yookiin nama alaatti lakkaawamuu hin qabu.

Hiriirawwan Bermingam keessatti geggeeffamaa jiran ni balaaleeffattanii jirtu. Haata'u malee, ibsi keessan hiriira kanneen maaltu akka kakaase ibsuu dhabuun isaa na gaddisiisee jira. Akka qorattoota hawaasaa warra ka'umsa waan tokkoo xiinxaluu osoo hin yaalin bu'aasaa qofa ilaalanii osoo hin taane, isaan irra fooyyoftanii akka argamtan nan abdadha. Yeroo ammaa kana Bermingam keessatti hiriirri baay'een geggeeffamaa jiraachuun isaanii kan nama gaddisiisuudha. Haata'u malee, caasaan aangoo warra adii warra gurraachaaf filannoo kana caalu kennuu dhiisuun isaa caalaa kan nama gaddisiisu ta'uu cimsee isin hubachiisuun barbaada.

Duula hokkara-maleessa kamiyyuu keessatti sadarkaaalee bu'uuraa afurtu jira. 1) Haqni dhabamuu isaa mirkaneessuuf odeeffannoo sassaabuu. 2) rakkoo sana hiikuuf qaama ilaallatu waliin dubbachuu 3) of qulleessuu 4) tarkaanfii kallaattii fudhachuu. Bermingamitti sadarkaaalee kanneen mara keessa darbinee jirra. Ummata kana haqa-

dhabiinsi sanyii irratti hundaa'e liqimsaa jiraachuu isaa haaluun hin danda'amu. Bermingam tarii magaalota Yunaayitid Isteetis keessaa magaalaa qoodiinsi sanyii keessatti dagaage ta'uu hin oolu. Hammeenyi fokkisaan poolisoota ishee kutaa biyyattii kamiyyuu keessatti ni beekama. Manneen murtootti gurraachonni haala jibbisiisaa ta'een keessummeeffamu. Magaalota biyyattii hundumaa caalaatti Bermingam keessa hiika kan hin argatin manneeni fi Waldaaleen Kiristaanaa gurraachotaa boombiin gubatan hedduutu jiru. Dalagaaleen gara-jabina guutaman kunniin dhugaa fi amanuun kan nama rakkisuudha. Haalawwan kanneen irratti hoggantoonni warra gurraachotaa abbootii magaalichaa waliin mari'achuuf barbaadanii turan. Haata'u malee, hoggantoonni siyaasaa ishii didanii jiran.

Kana booda Fulbaana darbe dura-bu'oota hawaasa dinagdee waliin haasa'uuf carraan argamee ture. Haasaa kana irratti daldaltoonni sirreeffama tokko tokko, fakkeenyaaf mallattoolee salphisaa fi qoodiinsa sanyii agarsiisan manneen daldalaa ofii irraa akka kaasan waadaa galanii turan. Akka kanatti Luba Shaatilwoorzi fi hoggantoonni Sochii Kiristaanummaa Alabaamaa Kan Mirga Dhala Namaa hiriirri nagaa hundi yeroo biraatti akka darbu walii galan. Torbani fi baatiwwan dhufanii darban; waadaan galame garuu hin raawwatamne. Mallattooleen akkuma turanitti jiru. Akkuma yeroottan darbanii abdii hin qabatamne waliin ija walitti babaafnee hafne. Gaaddidduu gurraachaa fi gaddi guddaan nurratti lafa dhahe. Kanaaf, dhimma keenya kana murtoo sammuu uummata kutichaa fi biyyichaaf dhiheessuuf qaama keenya balaaf saaxiluudhaan tarkaanfii kallattiif of qopheessuu malee filannoo biroo hin qabnu turre. Rakkoolee nu mudachuu danda'an hubachuu dadhabnee miti.

Kana booda adeemsa of qulqulleessuu keessa darbuuf murteessine. Osoo walirraa hin kutin waa'ee hokkara-malummaa irratti woorkishooppii adda addaa geggeessine. "Nama si rukututti deebistee osoo itti hin aggaamin qabsoo itti fufuu dandeessaa? Rakkoo fi gidiraa mana hidhaa baachuu ni dandeessaa?" jennee wal gaafanne. Ayyaana Qillee dura yeroo gabaan itti o'u yeroo Ayyaana Cuuphaa

waan ta'eef, tarkaanfii kallattii nuti geggeessinu wayita sana ta'uu qaba jennee murteessine. Ayyaana sanatti homaa akka hin bitne tarkaanfii fudhachuudhaan jijjiiramni akka dhufuuf daldaltoota irratti dhiibbaa gochuuf kun yeroo gaariidha jennee amanne. Yeroosuma jiini Bitootessaa baatii filannoo waan ta'eef filannoo booda akka ta'u waliigalle. Miister Koonor filannoo yeroo lammaffaa geggeeffamaa jiruuf dorgomaa jiraachuu isaanii wayita dhageenyu hiriirri keenya dhimma kanarratti gaaddidduu akka hin buufanneef jecha yeroo lammaffaaf dabarsine. Dhuma irratti akka filannoon xumurameen hiriira geggeessuuf waliigalle.

Kun kan agarsiisu calluma jennee osoo itti hin yaadin utaallee gara tarkaanfii kallattiitti kan seenne akka hin taaneedha. Akka Miister Koonor injifatamu nutis ni barbaadna turre. Kun fedha hawaasichaa waan ta'eef kana fiixaan baasuuf daddaballee daddabarsine. Isaan booda tarkaanfii kallattii kana, kana caalaa dabarsuun akka hin danda'amne nutti dhaga'ame.

"Tarkaanffii kallattii maaliif? Manneen nyaataa warra adii qofaaf hayyamame keessatti warri gurraachaa seenanii bakka qabachuun maaliif? Hiriiraan karaa dhiphisuun maaliif barbaachise? Waliin dubbachuu hin wayyu turee?" jechuu dandeessu. Waliin dubbachuuf waamichi isin gootan sirrii fi seera-qabeessa. Kaayyoon tarkaanfii kallattiis kanuma. Tarkaanffii kallattii hokkara-maleessi waldiddaan akkanaa uumamanii gartuu irra deddeebi'uudhaan hin mari'adhu jedhu muddama keessa galchuudhaan dhimmicha waliin fuulaa fi fuulatti walitti baasuudha. Muddama uumuun dalagaa qabsaawaa hokkara-maleessaa tokkooti. Kun kan nama rifachiisu fakkaachuu danda'a. Ani garuu jecha *muddama* jedhu hin sodaadhu. Muddama fincilaan guutame mormee bara dheeraa lallabaa tureen jira. Haata'u malee, muddamni faayida-qabeessa ta'ee fi kan hokkarri itti hin makamin ni jira. Akkuma Sooqiraaxis jedhu, namoonni beekumsi isaan waa'ee addunyaa qaban isa oduu dur-durii irratti hundaa'ee fi walakkaan dhugaa walakkaan soba ta'e keessaa ba'anii gara xiinxala qabatamaa fi daangaa hin qabneetti akka seenaniif sammuu isaanii keessatti muddama uumuu barbaachisa. Nutis, namoonni sanyummaa

fi dogoggora gadi-fagoo keessatti argaman keessaa bahanii gara hubannoo olaanaa fi hufuura obbolummaa akka dhufan gochuuf mudamni fincilli itti hin makamin uumamuun isaa barbaachisaadha jenna. Kanaaf, kaayyoon tarkaanfii kallattii haala muddamni keessa guute uumuudhaan balballi waliin dubbii yookiin marii akka banamu taasisuudha. Kanaaf, waliin dubbiidhaaf waamicha isin gootan irratti nutis waliigalla. Michuuwwan keenya kibba biyyattii keessa jiraatan nama biraa waliin dubbachuu irra ofii ofii waliin dudubbachaa turan.

Qabxiwwan bu'uuraa ibsa keessanii keessaa tokko gochaan keenya yeroo malee kan raawwate ta'usaa ibsa. Namoonni tokko tokko, "Bulchiinsa isa haaraaf maaliif yeroo hin kenninu?" jedhanii gaafatu. Kanaaf deebiin ani kennu, "Bulchiinsi haaraan kun hojii isaa osoo hin eegalin hanguma isa duraa tuttuqamee quba kakkaayamuu qaba," kan jedhuudha. Filatamuun Miister Butwel Bermingamiif jijjiirama fida jennee yaadna yoo ta'e dogoggorree jirra. Miister Butwel Mister Koonor caalaa dubbatee kan nama amansiisuu fi amala gaarii kan qabu yoo ta'eyyuu, lamaanuu haalli amma jiru akkuma jirutti akka itti fufu kan barbaadani fi namoota qoodiinsa sanyii tarkaanfachiisanidha. Abdiin ani waa'ee Miister Butwel qabu tokko yoo jiraate qabsoo qoodiinsa sanyii hambisuuf geggeeffamu dura dhaabbachuun faayidaa akka hin qabne kan hubatu ta'uu isaati. Isumayyuu dhiibbaa malee hanga barbaadame ni hubata jedhee hin amanu. Yaa firotan ko, kutannoodhaa fi karaa seera-qabeessa ta'e nagaadhaan dhiibbaa osoo hin taasisin mirgi sivilii nuti arganne tokkollee akka hin jirre isinitti himuun barbaada.

Cunqursitoonni fedha ofiitiin cunqurfamootaaf bilisummaa isaanii akka hin kennineef seenaan nu barsiisa. Cunqurfamaan gaafachuu qaba. Ani namoonni dhukkuba sanyiitiin hin gidirfamin "yeroo gaariidha" jedhanii tarkaanfii kallattii isaan waaman irratti qooda fudhadhee hin beeku. Yeroo dheeraadhaaf gorsa, "Obsaa!" jedhu dhaga'eera. Kan gurraacha gurra duuches kanuma. "Obsaa!" jechuun "Dhiisaa!" jechuu ta'eera. Kunis yeroodhaaf muddama miiraa yoo qabbaneesse iyyuu mucaa laamsha'aa sodaan dhalche ta'uu irra hin darbu. Beektonni seeraa akka jedhanitti, "Haqni dhufa turte haqa

baddeedha." Mirgoota Waaqni nuu kennee fi heerri keenya nu gonfachiise osoo eegnuu waggoonni 340 darban. Biyyoonni Afrikaa fi Eshiyaa saffisa jeettiin gara bilisummaa siyaasaatti wayita arreedan nuti garuu mirga mana warra adiitii buna siinii tokko dhuguu gonfachuuf akka qocaa daa'ima jirra. Dhuguma namoota hammeenya qoodiinsa sanyii hin arginiitiif "obsaa!" jechuun salphaadha.

Haata'u malee, kashalabboonni haadhotii fi abbootii keessan marsanii obboloota durbaa fi obboloota dhiiraa keessan bakka arganitti akka fedhan lubbuu wayita itti guraaran yookiin dhiphisan; poolisoonni jibbaan guutaman gurraachota obbolaa keessan yeroo arrabsan, dhidhiitan, dararan, darbee darbee ammoo ajjeesan; biyya qabeenyi guutee dhangala'e keessa gurraachonni obolaan keessan miiliyoona digdamatti lakkaawaman gadadoo hiyyumaatiin liqimfamanii jiraachuu isaanii wayita argitan, akkamiin obsuun danda'ama? Intalti keessan waggaa ja'aa gara bakka bashannana uummataa dhiheenya kana TV irratti beeksifamaa turee maaliif dhaquu akka hin dandeenye wayita isin gaafattu, kan deebifan dhabdanii yeroo giingoftan yookiin afaan isin hidhamu; isaan booda ijoollee gurraachotaaf akka hin hayyamamne wayita itti himtan, imimmaan ijashee keessaa burqu maddiishee wayita dhiqu, achumaan samii sammuushee ishee xiqqoo sana hurriin gadaantummaa yeroo inni aguugu wayita argitan; isaan booda osoo hin beekin eenyummaashee faaluudhaan adii jibbuushee wayita argitan kana caalaa obsituu laata? Ilmi keessan waggaa shanii, "Warri adii gurraachota maaliif akka kana miidhuu?" jedhee wayita isin gaafatu kan deebifan yeroo dhabdan, iddoo fagoo deemuuf kaatanii guyyaa guutuu konkolaataa oofaa ooltanii bututtanii manni ciisichaa simatee isin keessummeessu waan hin jirreef konkolaataa keessa cinaacha tokkoon ciiftanii wayita bultan; mallattoowwani fi beeksisoota nama salphisan, "Adii Qofaaf", "Warra Gurraachaaf" jedhan gara deemtan maratti wayita argitan; maqaan nama gurraachaa hundumaa "garba", kan abbaa ammoo "mucaa" (yoo nama guddaa ta'es) kan akaakayyuu ammoo "Joon" jedhamee wayita waamamu; haadhotii keessanis ta'an haati manootiin keessan "aadde ebelu" jedhamanii akka hin

waamamneef wayita dhowwaman; gurraacha sababa taataniif halkani fi guyyaa wayita ari'amtan; waan isinitti dhufu sababa hin beekneef hirriba lukkuu wayita raftan; keessa keessan yaaddoon diida keessan ammoo aariin foon keessan alalfatee wayita nyaatu; kanaafis miira duwwummaa irratti kutannoon wayita qabsooftan yeroo sana maaliif obsuu akka nuti hin dandeenye ni hubattu.

Seerota cabsuudhaaf murannoo nuti qabnu irratti yaaddoo keessan ibsitani jirtu. Yaaddoon keessan sirriidha. Manneen barnootaa keessatti qoodiinsi sanyii akka hafu manni murtii waliigalaa bara 1954 murtii inni dabarse uummanni akka kabajuuf kakaasaa turree, amma ammoo seera osoo cabsinuu argamuun keenya hibboo isinitti ta'uu danda'a. "Seerota tokko tokko kabajjani kanneen biroo ammoo maaliif cabsitu?" jettanii gaafachuu dandeessu. Deebiin isaa seerota gosa lamaatu jira kan jedhuudha. Isaanis seerota haqa-qabeeyyii fi seerota haqa-dhabeeyyiidha. "Seera haqa-dhabeessi tasuma seera miti" kan jedhu yaada qulqullicha Agustiin irratti waliin gala.

Lamaan gidduu garaagarummaa maaltu jira? Seera haqa-qabeessaa fi seera haqa-dhabeessi akkamiin beekama? Seera haqa-qabeessi seera nam-tolchee seera mooraalii fi seera Waaqaa waliin wal simatee wal tumsuudha. Akka ibsa qulqullicha Toomaas Akuwinasitti seera haqa-dhabeessi seera seera barabaraa fi seera uumamaa irratti hin hundoofneedha. Seerri eenyummaa fi kabajaa dhala namaa ol kaasu marti seera haqa-qabeessa; kan gadi buusuu fi kan salphisu garuu seera haqa-dhabeessa. Seeronni qoodiinsa sanyii labsan marti haqa-dhabeeyyiidha. Sababiinsaa qoodiinsi sanyii miira namaa booressee eenyummaa namaa miidha. Warra qoodiinsa sanyii raawwataniif olaantummaa sobaa kan gonfachiisu yoo ta'u kanneen irratti raawwatamu irratti ammoo gadaantummaa sobaa aguuga. Kanaaf, qoodiinsi sanyii karaa siyaasaa, dinagdee fi jireenya hawaasaa fudhatama kan hin qabne qofa osoo hin taane karaa moraalis dogoggoraa fi cubbuudha. Phawulos Tolik addaan bahuun cubbuudha jedha. Qoodiinsi sanyii adda addummaa gaddisiisaa dhala namaa gidduutti uumame mitii? Cubbamaa ta'uu keessaa isa fokkisaa mitiiree? Walhiikuu sodaachisaas mitiiree? Kanaaf, namoonni seerota

qoodiinsa sanyii irratti hundaa'an akka hin kabajne nan gorsa. Mee gara fakkeenyyota qabatamoo seerota haqa-qabeeyyii fi seerota haqa-dhabeeyyiitti haa deebinu. Seera haqa-dhabeessi seera warri baay'een warra muraasa irratti fe'aniidha. Kun seera-qabeessummaa adda addummaati, Karaa biraa ammoo seera haqa-qabeessi seera warri baay'een warri muraasni akka fudhatan dirqisiisan kan ofiis hordofuu barbaadanidha. Kun seera-qabeessummaa tokkummaati.

Ibsa biraan isinii kenna. Seera haqa-dhabeessi warri muraasni mirga filachuu sababa hin qabneef seericha tumuu keessatti qooda osoo hin fudhatan seera warra baay'een bahee isaan irratti fe'ameedha. Alabaamaa keessatti qaamni seera qoodiinsa sanyii tume sun karaa dimokiraatawaa ta'een filatame jechuu kan danda'u eenyu? Alabaamaa keessatti gurraachonni baay'ee yoo ta'an iyyuu, malleen jiran hunda hojiirra oolchuudhaan gurraachonni filannoof akka hin galmeeffamne, naannoo filannoo tokko tokkotti ammoo gurraachi filachuuf galmeeffame tokkollee akka hin argamne taasifamnee jira. Seerri kutaa akkanaa keessatti tumame karaa dimokiraatawaa ta'een raawwate jechuu kan danda'u jiraa?

Isaan kun seerota haqa-qabeeyyii fi seerota haqa-dhabeeyyii ilaalchisee fakkeenyyota muraasa. Seerri tokko irri isaa haqa-qabeessa fakkaatee keessi isaa garuu haqa-dhabeessa ta'uu ni danda'a. Fakkeenyaaf, ani gaafa Jimaataa kanan hidhameef hayyama malee hiriira waanan baheef ture. Seerri hiriiraaf hayyama gaafatu jiraachuun isaa rakkoo hin qabu. Haata'u malee, seerichi qoodiinsa sanyii kan tursuu fi seera isa heera fooyyessee lammiiileen mirga nagaadhaan walga'uu akkasumas mormuu akka danda'an taasiseen kan walitti bu'u yoo ta'e garuu seera haqa-dhabeessa ta'a.

Lamaanuu gidduu garaagarummaa jiru ni hubattu jedheen abdadha. Bifa kamiinillee akka maraattota warra qoodiinsa sanyii tarkaanfachiisanii seeronni akka caban hin deggeru. Kun gara seer-dhablummaatti adeema. Namni seera tumame cabsu akka haadholii adii warra Orliinsi keessatti argamanii kanneen jibbaan guutamanii "garba, garba" jedhanii caraanaa TV irratti mul'atanii osoo hin taane

ifaa fi jaalalaan gochuu qabu. Adaba sababa kanaan itti dhufus fudhachuudhaaf qophaawuu qabu. Namni tokko seera sammuu ofii haqa-dhabeessa jedhee itti himu tokko cabsee sababa kanaan mana hidhaa seenee achi turuudhaan seerri sun haqa-dhabeessa ta'uusaa hawaasa hubachiisuu yoo danda'e, namni sun seeraaf kabaja guddaa kennee jira jedheen amana.

Ajajamuu diduun kana fakkaatu haarawaa miti; seera Naabukadinaazor fudhachuu diduudhaan Sidiraaq, Meesaaqi fi Abdinagoon Kiristaanonni durii seerota haqa-dhabeeyyii mootota Roomaaf bitamuu diduudhaan boolla leencota beela'aniitti darbatamanii jiru. Gidiraa baay'ees fudhatanii jiru. Bilisummaan akkaadamii har'a jiru kan inni dhugome hanga tokko ajajamuu diduu uummataa Sooqiraxosiin geggeeffameen ture.

Wantoonni Hiitler Jarman keessatti raawwate marti "seera-qabeeyyii" wantoonni loltoonni bilisummaa Hangarii Hangarii keessatti hojjetan ammoo "seera-dhabeeyyii" akka turan dagachuu hin qabnu. Jarman ishee kan Hiitler keessa Yihudii tokkollee gargaaruun yookiin jajjabeessuun hin danda'amu ture. Bara sana osoon Jarman keessan jiraadha ta'ee seeraa ala yoo ta'ellee, Yihudoota obboloowwan koo nan gargaara, nan jajjabeessas ture. Har'a biyya koministii tokko keessan jiraadha osoo ta'ee fi wantoonni amantaa Kiristaanaaf bu'uura ta'an yoo ukkaamfaman, uummanni seerota farra amantii ta'an kanneen akka hin fudhanneef ifatti nan kakaasan ture. Kiristaanotaa fi Yihudoota obboloota koof waa laman dhugaa bahuu barbaada. Waggottan muraasa darbanitti adiiwwan ilaalcha giddugala qabanitti baay'ee mufadheen jira. Guraachonni gara bilisummaatti sochii isaan taasisaniif gufuuwwan guguddaa kan ta'an Kaawunsilarii Lammiwwan Adii yookiis Ku Kilaaksi Kilaaner osoo hin taane, adii ilaalcha giddugala qabu isa haqa dhiisee seeraaf bitameedha. Nagaa adii giddugaleessi barbaadu kun nagaa waarawaa haqni keessatti calaqqisu irra nagaa yeroodhaaf muddamni keessa hin jirreedha. Kanaaf, "Galma keessan irratti waliigalla: mala qabsoo keessanii tarkaanfii kallattii jettan garuu nuuf hin fudhatamu," jedha.

Bilisummaa nama biraaf abbaa ta'ee sagantaa yookiin karoora baasuufii kan danda'u itti fakkaatee itti mul'ata. Kanaaf, yeroo mijawaan hanga dhufutti akka obsaniif warra gurraachotaa cimsanii gorsu. Waan tokko warra fuulaa fi fuulatti morman caalaa kanneen miira qabbanaawaan simatantu nama rakkisa.

Seeraa fi tasgabbiin jiraachuun haqni akka hundee godhatu adiin giddugaleessi ni hubata jedhee abdadheen ture. Seerri haqa dhugoomsuu yoo hin dandeenye, hidha hamaa yaa'a jijjiirama hawaasummaa ittisuuf ijaarame ta'uu irra hin darbu. Adiiwwan ilaalcha madaalawaa qaban muddamni kibba keessa jiru sadarkaa nagaa sobaa isa gurraachi callisee mataa gadi-qabatee rakkinaan jiraatu irraa gara nagaa dhugaa isa namni hundi keessatti walkabajutti ce'uuf sadarkaa barbaachisaa ta'uu isaa ni galaaf jedheen ture. Nuti warreen qabsoo karaa nagaa tarkaanfii kallattii geggeessinu muddama hin uumnu. Muddama durumaanuu dhokatee jiru ifa baafna. Bakkee bahee mul'atee hiika akka argatu taasifna. Akkuma dhullaa saaqanii, malaasaa isa fokkisaa aduu fi qilleensa rukuchiisuun barbaachisu, haqa-dhabiinsis muddama uumuu wajjin saaxilamee furmaata argachuu qaba.

Ibsa keessan keessatti tarkaanfiin keenya karaa nagaan kan adeemisfamu yoo ta'ellee, jeequmsa kaasuu waan danda'uuf balaaleffatamuu qaba jettanii jirtu. Garuu kun yaada qajeelaadhaa? Kun nama saamame tokko qabeenya keetu gochaa hamaa kana (saamicha) fide jedhanii balaaleffachuu irraa maaliin adda baha? Kana jechuun murannoo inni dhugaa barbaachaaf qabuu fi gaaffileen inni kaasu namoonni hubannaa hin qabne summii akka isa obaasan taasisa jedhanii Sooqiraaxisiin akka komachuu mitii? Kana jechuun waa hunda beekuun isaa, fedha Waaqayyoo of kennuun daangaa hin qabne fannoodhaaf isa kenne jedhanii Yesuusiin akka balaaleffachuu mitii? Akkuma manneen murtii federaalaa irra deddeebi'anii hubachiisan, gaaffiin isaa jeequmsa kaasa jechuudhaan namni tokko mirga heera mootummaan isaa kenname akka hin gaafanne

sodaachisuun dogoggora ta'uu isaa hubachuu qabna. Uummatni warroota saaman adabee warroota saamaman golguu qaba.

Waa'ee yeroo nuti bilisummaa keenyaaf qabsoo itti geggeessinuu ilaalchisee adiin yaada giddugalaa qaban oduu durii sana ni fudhatu jedhee hin yaadnen ture. Kana ilaalchisee obboleessii adiin tokko Teeksasii xalayaa naa ergee jira. Akkana jedhe: "Kiristaanonni marti 'Uummattoonni halluu adda addaa qaban dhumarratti mirga walqixxummaa ni argatu, garuu ariitii hafuuraa cimaa keessa galtanii jirtu,' jedhanii amanu. Amantaa Kiristaanaatti sadarkaa har'a irra jiru ga'uuf waggoota kuma lama itti fudhate. Barsiisni Kiristoos lafa qabachuuf yeroo fudhata." Ilaalchi akkanaa yaada dogoggoraa nuti yeroo irratti qabnu irraa madda. Yaadni kunis, 'Yeroon hammeenya waan hundumaa fayyisuu ni danda'a,' kan jedhuudha.

Garuu, yeroon eenyuuf iyyuu hin loogu, qajeelchuufis balleessuufis itti fayyadamuun ni danda'ama. Akka yaada kootti namoota yaada gaarii qaban irra namoota yaada hamaa qabanitu yerootti sirriitti fayyadama. Nuti dhalootni har'aa kun jechoota jibbiinsaa fi gochaawwan namoota hamootiin darbatamaniif qofa osoo hin taane, callisa namoota gaggaariin keessa jiraniifis qalbii jijjiirrachuu qabna. Guddinni dhala namaa geengoo carraa irra kan naannawu miti. Namoonni nan dadhabe osoo hin jedhiin ifaajuudhaan Waaqa waliin hojjechuudhaan kan dhufuudha. Hojii jabaa kana malee, yeroon humnoota guddina hawaasaa dura dhaabbatan gargaaruuf ooluu danda'a. Waan sirrii hojjechuuf yeroon yoomiyyuu mijaawaa ta'uu isaa hubannee ogummaadhaan yerootti fayyadamuu qabna. Bu'aa dimookirasii yeroon itti dhandhamannuu fi boo'ichi keenya gara faarfannaa obbolummaatti kan jijjiiramu yeroon isaa amma. Imaammata biyyoolessaa keenya daaraa haqa-dhibiinsa sanyummaa irratti hundaa'e keessaa gara dhagaa jabaa kabaja dhala namaatti ol kaasuuf yeroon isaa amma.

Gocha nuti Bermingamitti raawwanne 'gocha leellisummaati' jettanii jirtu. Tajaajiltoonni akka kootii gochi kee gocha leellistootaati wayita naan jettan jalqaba irratti mufadheen ture. Kana irratti hawaasa

gurraachaa keessatti humnoota fiixee gamaa-gamanaa dhaabbatanii walmorman lama gidduu dhaabbachuukoon yaaduu jalqabe. Humni tokko isa haala jirutti quufee jiraatuudha. Isaan kun gar-tokkoon gurraachota hacuuccaa bara dheeraa irraan kan ka'e kabaja ofii dhiisuudhaan qoodiinsa sanyiitti madaqanii jiraatanidha. Gara biraan ammoo gurraachonni muraasni gita giddugaleessaa jiran barnoota qabani fi dinagdeen isaanii amansiisaa waan ta'eef, akkasumas haala adda addaan qoodiinsa irraa fayyadamoo waan ta'aniif rakkoolee uummata bal'aatiif dhimma hin qaban. Humni inni kan biraan isa hadhaa'inaa fi jibbaan guutame ta'ee isa qabsoo humnaa labsuudha. Kun gartuuwwan gurraachaa adda addaa biyyattii keessa jiraniin kan calaqqisu yoo ta'u inni guddaa fi beekamaan Sochii Musliimaa Eliyaas Muhaammad keessatti argamu. Itti fufiinsa qoodiinsa sanyii irraan kan ka'e sochiin kun namoota Ameerikaa irratti abdii kutatan, kanneen Kiristaanummaa jibbani fi kanneen namni adiin hafuura hamaa fayyina hin qabneedha jedhanii yaadaniin ijaarame.

Ani humnoota kanneen lamaan gidduu dhaabbadhee warreen abdii kutatanii homaa hin hojjetinaa jedhanii harka maratani taa'ani fi kanneen jibbaan guutamani lola labsan hin hordofinaa jedheera. Kanneen lamaan gidduu karaan nagaa fi jaalalaa ni jira. Dhiibbaa Waldaa Kiristaanaa Gurraachaa irraan kan ka'e qabsoon karaa nagaa qaama qabsoo keenyaa ta'uu isaatiif Waaqayyoon nan galateeffadha.

Osoo falaasamni kun hin dhalanne ta'ee, dandiiwwan Kibbaa baay'een isaanii dhiigaan xuraa'anii turan. Yoo obbolooni keenya adiin nuyi warreen karaa nagaa qabsaa'an gargaaruu dhiisanii "rakkoo-uumtuu" fi "lootee-galtuu" jechuu isaanii itti fufan gurraachonni miiliyoonotaan lakkaawaman sodaa fi abdii-kutannaa irraan ka'anii yaada leellistoota gurraachaa duukaa bu'u jedheen amana. Kun immoo gara abjuu sodaachisaa sanyiitti nu geessa.

Cunqurfamoonni bara-baraan cunqurfamanii hin hafan. Fedhiin bilisummaa finiinee of mul'isuun isaa hin hafu. Wanti gurraachota Ameerikaa keessatti ta'es kanuma. Wanti tokko keessa isaatii bilisummaan mirga dhalootaa ta'uusaa itti himee jira; wanti tokko

immoo diida isaatii argachuu akka danda'u gurra isaatti asaasee jira. Osoo beekuu yookiin osoo hin beekin hafuura Zitgistiin qabamee jira. Gurraachonni obbolaan isaa Afrikaa keessa jiran kanneen bifa adda addaa qabani fi Eeshiyaa, Ameerikaa Kibbaa, Kaariibiyaa fi gurraachonni Ameerikaa ariitii guddaadhaan gara biyyattii haaraa walqixxummaa sanyii irratti ijaaramtee galuuf gulufaa jiru. Namni haala hawaasni gurraachaa ittiin liqimfamee jiru kana hubate maaliif hiriirri uummataa geggeeffamaa akka jiru hubachuutu irra jira. Gurraachi aarii gadi qabamee, ukkaamamee jiru baay'ee qaba; kun futtaafachuu qaba. Kanaaf, haa hiriiru; gara galma magaalaa deemee Waaqa isaa haa kadhatu; maaliif akka inni kana raawwatu hubachuufii yaalaa. Quuqqaan garaa isaa keessaa karaa nagaan yoo bahuu baate, humnaan karaa itti of keessaa obbaafatu barbaada, kun doorsisa osoo hin taane dhugaa seenaati. Kanaaf, ani uummata kootiin, "Aarii keessan dhiisaa!" hin jedhu. Aariin dhugaa isaan qaban kun gara daandii qabsoo karaa nagaatti qajeeluu qaba jedheen itti hima. Daandii kana amma akka daandii leellisummaatti kan lakkaa'ame.

Jalqaba irratti akka leellistuutti lakkaawamuu kootiif gaddi kan natti dhagahame yoo ta'eyyuu, eegan xiqqoo itti yaadaa tureen booda akkana jedhamuun koo boqqonnaa naaf kennaa deeme. "Diinota keessan jaalladhaa; warra isin abaaran eebbisaa; warra isin jibbaniif gaarii godhaa; akkasumas warra isin ari'ataniif kadhadaa," yeroo jedhu Yesuus jaalalaaf leellistuu mitii? Amoons "Bulchiisni qajeelaan akka bishaaniitti, qajeelummaan is akka laga yeroo hundumaa yaa'uutti haa burqu," wayita jedhu haqaaf leellistuu ta'uu isaa mitii? Phaawuloos "Qaama koo keessatti mallattoo Gooftaa Yesuus nan qaba," wayita jedhu wangeelaaf leellistuu mitii? Maartin Luuter Kiingi "Kunoo as dhaabbadheen jira; kana malee homaa gochuu hin danda'u; kanaaf, Gooftaa na gargaari," jechuunsaa leellistummaa mitii? Joon Buniyaan wayita, "Sammuu koo wajjin wal loluu mannaa, hamma dhuma guyyoota kootiitti mana hidhaa turuu naaf wayya," wayita jedhu leellistuu mitii? Abiraam Linken, "Biyyi kun walakkaan garba walakkaan immoo bilisa ta'uu hin dandeessu," wayita jedhu,

Toomas Jefersen ammoo, "Kun dhugaadha jennee fudhannee jirra; namni hundi walqixa dhalate," wayita jedhan leellistoota mitii? Kanaaf, gaaffichi leellistuu ta'uu fi ta'uu dhiisuu osoo hin taane leellistuu akkamii akka taanuudha. Leellistuu jaalalaa moo jibbiinsaa taana? Leellistummaan keenya haqa-dhabiinsa tursiisuufi moo haqa barbaachaafi? Gaara Kaalvari sana irratti namoota sadiitu fannifame. Jarreen sadeenuu yakka walfakkaatuuf fannifamuu isaanii dagachuu hin qabnu, yakka leellistummaa. Lama leellistummaa al-mooraalawaatiin himataman, kanaaf ilaalcha naannoo isaanii gaditti kufanii jiru. Inni kan biraan, Yesuus Kiristoos, leellistuu jaalalaa kan dhugaa fi gaarummaati; kanaaf, ilaalcha naannoo isaa irraa ol jedhee jira. Akka yaada kootti Kibbi, biyyattiin akkasumas addunyaan leellistoota waan haaraa uuman isaan barbaachisa.

Adiiwwan giddugaleessi kana ni hubatu jedhee abdadheen ture. Tarii garmaleen abdadhe ta'a; tariimmoo waan baay'een isaanirraa eege ta'a. Miseensota sanyii cunqursaa keessaa muraasa qofatu rakkoo fi fedha warra cunqurfamuu akka hubatan beekuutu narra ture. Isaanuma keessaa ammoo xiqqootu haqa-dhabiinsi kun qabsoo cima walirraa hincinnee akka buqqa'uu qabu akka beekan hubachuun qaba ture. Haata'u malee, obboloowwan adiin kibbatti argaman tokko tokko hiikni warraaqsa hawaasaa galeefii nu bira dhaabbachuuf murachuu isaaniif Waaqayyoon nan galateeffadha. Lakkoofsi isaanii xiqqoo haata'uyyuu malee qoodni isaanii guddaadha. Namoonni akka Ralf Makgil, Liliyan Smiz, Harii Golden, faa waa'ee qabsoo keenyaa bareechanii barreessanii jiru. Kanneen biroon daandiiwwan maqaa hin qabne Kibbaa keessa nu waliin hiriiranii jiru. Manneen hidhaa ajaa'oo geergoon guutaman keessatti darbatamanii poolisoota akka "fokkistoota hiriyoota garbaa"tti isaan lakkaawaniin arrabsoo fi gidiraa fudhatanii jiru. Isaan kun akka obboloowwan adii giddugaleeyyii warra biroo osoo hin taane dhukkuba qoodiinsa sanyii kana fayyisuuf tarkaanfii cimaan akka barbaachisuu fi kunis atattamaan raawwaachuu akka qabu ni hubatu.

Wanti biraan na gaddisiisus ni jira. Waldaa Kiristaanaa warra adii fi hoggantoota isaaniitti baay'ee gaddeen jira. Garuu, namoonni komiin kun isaan hin ilaallanne ni jiru. Tokkoon tokkoon keessan dhimma kana irratti ejjennoo garagaraa akka fudhattan naaf gala. Sanbata Guddaa darbe qoodiinsa malee gurraachonnis bakka Waaqeffannaa akka seenaniif Kiristaanummaatiin waan hayyamtaniif luba Staaliingisiin nan jaja. Waggoota baay'ee dura Kolleejjii Spring Hiil keessatti qoodiinsa sanyii waan hambisaniif hoggantoota Kaatolikiif galatan galcha.

Isaan kana malee Waldaa Kiristaanaa birootti gadduu koo irra deebi'een ibsuu barbaada. Kanan kana dubbadhus akka namoota hir'ina Waldaattii saaxilaniitti hammeenyaan ka'ee miti. Kanan dubbadhu akka lallabaa wangeelaa, isa Waldaa isaa jaalatu, akka nama kaasuu ishee keessatti guddatee, akka nama eebba hafuura isheetiin yoona ga'ee fi akka nama hanga lubbuun isaa jiruutti amanamaa ta'eefiitti.

Waggoota muraasa dura akka tasaatti gara hoggansa Lagannaa Otobuusii Montigoomerii Alabaamaatti wayitan filatamu, Waldaan Kiristaanaa warra adii nu gargaarti jedhee yaadeen ture. Tajaajiltoonni warra adii, luboonni fi Raabonni Kibbaa nu bira dhaabbatu jedhee abdadheen ture. Qooda kanaa baay'een isaanii mormitoota keenya ta'anii argaman; sochii nuti bilisummaaf geggeessinu hubachuu diduudhaan hoggantootaaf maqaa adda addaa kennan. Baay'een isaanii immoo ija jabaatanii nu bira dhaabbachuu mannaa shakkiin guutamanii foddoo isaanii isa oflaalee gurraachaa keessa sodaadhaan dhokatanii afaan qabatanii taa'an.

Abjuu sodaachisaa mo'adhee gara Bermingam kanan dhufe hoggantoonni amantii warra adii sirrii ta'uu dhibee keenyaa hubatanii gara-laafinaan rakkoon keenya kun karaa isaanii gara abbootii aangooitti nuuf dhihaachuu danda'a abdii jedhuun ture. Tokkoon tokkoon keessan ni hubattu jedhee abdadheen ture. Kana tahuu dhiisuu isaatiif ammas gaddeen jira.

Hoggantoonni amantii Kibbatti argaman amantoota isaaniitiin, 'Seera waan ta'eef murtii qoodiinsa sanyii hambisu hojiirra oolchaa!' jechuudhaan osoo gorsanii nan dhagaha. Ani garuu bara dheeraaf dhagahuuf eegaa kanan ture, "Seera kana fudhadhaa; sababiinsaa walitti makachuun mooralaan sirriidha; gurraachis obboleessa keenya," kan jedhu ture. Mirgi gurraachaa dhiibamaa jiraachuu isaa osoo arganii namoonni Waldaalee Kiristaanaa Warra Adii qarqara dhaabbatanii wantoota xixiqqoo waa'ee hin baafne osoo dubbatanii dhageenya. Biyyi keenya rakkoo sanyummaa fi dinagdeetiin liqimfamte keessaa akka baatuuf qabsoo guddaa keessa osoo jirtuu, hojjettoonni Waldaalee Kiristaanaa baay'een, "Kun dhimma hawaasummaati; wangeelli kana irraa dhimma hin qabu!" osoo jedhanii dhageenya. Waldaalee baay'een amantii addunyaa kanbiraa isa sagalee Waaqayyoo wajjin hidhata hin qabne, kan qaamaa fi lubbuu, qullaa'aa fi xuraawaa jedhee addaan qooduuf of kennanii jiraachuu isaanii argeera.

Alabaamaa, Misisiippii fi kutaalee Kibbaa kanneen biroo keessa mataatii hanga miillaatti keessa deemeen jira. Waldaalee mimmiidhagoon Kibbaa bonaa fi ganna, ganamaa fi guyyaa maal akka fakkaatan argeen jira. Gamooowwan gurguddoon barnootni amantii keessatti geggeeffaman toora galanii ilaaleen jira. Irra deddeebi'ee akkana jedhee of gaafadheera: "Namoota akkamiitu asitti waaqeffata laata? Waaqni isaanii eenyu? Afaan mootii Barnet keessaa dubbiiwwan hamoon wayita rooban sagaleen isaanii eessa ture? Wayita mootichi Waalas lolaa fi jibbiinsaaf waamicha godhu isaan eessa turan? Yeroo dhiirotaa fi dubartoonni gurraachaa warreen miidhaan bututan dukkana calleensaa keessaa bahanii gara gaara ifaatti ol bahuuf murteeffatan sagaleen gargaarsa isaanii eessa ture?"

Eeyyee, gaaffilee kunniin ammallee sammuu koo keessa jiru. Dhimma dhabummaa Waldattii irraan kan ka'e gaddee boo'een jira. Garuu hubadhaa, imimmaan koo imimmaan jaalalaati. Jaalalli guddaan osoo hin jiru ta'ee, gaddi guddaan hin jiru ture. Eeyyee, Waldaattii nan jaaladha. Akkamittan jibbuu danda'a? Keessattuu

ammoo ani ilma lallabaa, ilma ilma lallabaa, ilma, ilma, ilma lallabaa ta'uunkoo adda na taasisa. Eeyyee, Waldaa akka qaama Kiristoosittin ilaala. Garuu, tuffii hawaasaa fi sodaa tole jechuu diduutiin qaama kana hangam madeessinee jirra.

Yeroon itti Waldaan humna-qabeettii turte tokko tureera. Waan itti amananiif gidiraa fudhachuun Kiristaanota duriif gammachuu yeroon itti kennu tureera. Yeroo sana Waldaan Kiristaanaa termoometira yaadaa fi ilaalcha uummataa safartu qofa osoo hin taane meeshaa barsiifata uummataa gara sadarkaa guddaatti tarkaanfachiiftu turte. Kiristaanonni durii wayita isaan magaalaa tokko seenan, warri aangoorra jiran jeeqamanii battalumatti "gooli-uumtota" fi "lootee-galtoota" jechuudhaan isaan himatu turan. Kiristaanonni bara sanaa garuu ittuma fufanii, "Nuti qaama Mootummaa Waaqaati," jechuudhaan 'Waaqa malee nama hin sodaannu,' jedhu turan. Lakkoofsi isaanii xiqqoo haata'u malee murannoon isaanii garuu guddaa ture. Hafuura Waaqayyoon machaa'oo waan ta'aniif homaa hin sodaatan turan. Karaa ifaajii isaanii fi fakkeenya ta'uudhaan dalagaaleen hamoon kanneen akka daa'imman ajjeesuu, namaa fi bineensa walitti gadi-lakkisani ilaaluudhaan bashannanuu akka hafan godhanii jiru.

Amma wanti hundumaa adda ta'ee jira. Waldaan bara kanaa dadhabduu fi kan sagaleen ishii hin dhaga'amne taatee jirti. Yeroo baay'ees sirni amma jiru akka itti fufu kan feetu taatee argamti. Jiraachuu Waldaattii irraan kan ka'e sodaachuun hafee, miseensonni aangoorra jiran callisa Waldattiin tasgabba'anii jiraatu. Yeroo tokko tokko isheenis haalli jiru akka itti fufuuf sagalee ol fuutee deggerti, eebbiftee bobbaafti.

Garuu, yoomiyyuu caalaa adabbiin Waaqayyoo Waldaa Kiristaanaa irra jira. Waldaan Kiristaanaa bara kanaa akka Waldaalee durii wareegama baasuuf qophii ta'uu yoo dadhabde, amanamummaa dhabdee miseensonni ishii miiliyoonotaan lakkaawamaniin akka walgahii hawaasaa jaarraa 20ffaa isa waa'ee hin baafneetti

lakkaawamtee gatamti. Guyyaa guyyaan itti gadduu irraan kan ka'e dargaggoota Waldaa Kiristaanaa jibban baay'een argaa jira.

Tarii ammas taanaan baay'ee abdadheeran ta'a. Amantiin sirnaan qindaa'e biyya keenyaa fi addunyaa badiisa irraa oolchuuf haala amma jiru wajjin walitti hidhachuu qabaa? Tarii amantaa koo gara keessa Waldaa Kiristaanaa hafuuraatti deebisuun qaba; Waldaattii Waldaa keessaa, ishee dhugaa fi abdii biyya lafaa taatetti. Ammas garuu, amantii qindaa'e keessaa namoota gurguddaa tokko tokko kanneen waanjoo laamshessaa waan mara tole jedhanii fudhachuu cabsanii bahanii qabsoo bilisummaa keenya keessatti qooda fudhataniif Waaqayyoon nan galateeffadha. Amantoota isaanii dhiisanii dandiiwwan Albanii, Joorjiyaa irra nuu waliin hiriirani jiru. Irraangadee karaalee jajal'oo gurguddaa kibbaa irra nuu waliin gulufanii jiru. Eeyyee, nuu wajjin mana hidhaa dhaqaniiru. Hangi tokko Waldaa isaanii keessaa ari'amanii jiru; hiriyyoota isaanii fi hoggantoota isaaniirraa gargaarsi irraa citeera. Garuu, 'Dhugaan mo'ame soba injifate caalaa jabaadha,' amantaa jedhuutiin socho'u. Dhuga- bahiinsi isaanii rakkina sana keessatti soogidda afuuraa ta'ee dhugaa hiika wangeelaa dhalootaa dhalootatti dabarsa. Tulluu gurraacha gaddaa jala hulluuqaa abdii uranii baasanii jiru.

Rakkoo amma nu mudate kana Waldaan Kiristaanaa dura dhaabbatti jedheen abdadha. Yoo Waldaaleen haqaaf dhaabbachuu baatan illee, waa'ee egeree keenyaa ani abdii hin kutadhu. Kaayyoon keenya ammatti dalga hubatamullee, waa'ee bu'aa qabsoo Bermingamitti geggeessinee shakkii hin qabu. Galmi Ameerikaa bilisummaa waan ta'eef, Bermingami fi biyyattii keessatti galma bilisummaa keenyaa ni geenya. Yoo arrabsamnee daddarbatamne illee, hireen keenya hiree Ameerikaa wajjin walitti hidhamee jira. Osoo imaltoonni amantii Pilaaymawuz hin dhufin, nuti asuma turre.



(Inni olii) Maartiin Luuter Kiingi guddichaa fi ilma isaanii Maartiin Luuter Kiingi xiqqaa bara 1950oota keessa; (inni gadii) Maartiin Luuter Kiing Xiqqaan Moontigoomerii, Alabaamaa keessatti wayita hidhamu.



Hiriira Waashingten, Hagayya 28, bara 1963.
Hiriirtonni bakka yaadannoo Liinken irraa wayita mul'atan.



(Inni olii) Kiing Waldaa Kiristaanaa Warra Cuuphaa Ebeenezerritti, Onkoloolessa, bara 1964, Atilaantaa; (inni gadii) bitaa irraa haadhaa fi abbaa Maartiin Luuter Kiing, Koreetaa Iskoot Kiing, Maartiin Luuter Kiing Xiqqaa fi ijoolleessaa afran, bara 1964.



Kiing hiriira Boosten, Masachuuset irratti, Bitootessa bara 1965

(Inni olii) karaa bitaa, Raalf Abernatii, Kiing, Chaarlis Evers, Raalf Banchee, fi Rabaay Abrahaam Heschel hiriirri yeroo jalqabamu



(Inni gadii) karaa bitaa, wayita hiriirichaa Kiing daa'imman lamaa wajjin; karaa mirgaa, waajjira mootummaa Alabaamaa fulduratti dubbii isaa "Waaqni Keenya Hojiirra Jira" jedhu Montogoomeriitti osoo dubbachaa jiruu.

Bitootessa bara 1963 Mirga filachuu gonfachuuf Seelmaa irraa gara Montigoomeriitti hiriira godhame



Maartiini fi Koreetaa Kiing dura bu'anii hiriira wayita geggeessan



(Inni olii) Maartiin Luuter Kiing, Xiqqaa. (1929- 1968)

(Inni gadii) Reefi Maartiin Luuter Kiing , Xiqqaa gara boqonnaa isaatti wayita geggeeffamu, Bitootessa bara 1968.

Osoo kobbeen Jefersen labsii bilisummaa galmee seenaa irratti hin galmeessin, nuti asuma turre. Jaarraa lamaa oliif abbootiin keenya mindaa malee biyya kanaaf dafqanii jiru; jirbii mootii taasisanii jiru; gooftota isaaniif manneen ijaaranii ofii garuu haqa-dhabiinsa qaanii fi salphinaan jiraataniiru. Kanuma keessatti garuu jabina guddaadhaan guddachuu fi dagaaguu ittuma fufan. Gara-jabinaa fi garbummaan nurra ture kan nu dhaabuu hin danda'in, mormiin amma nu mudate nu dhaabuu hin danda'u. Hambaa qulqulluun biyya keenyaa fi fedhiin Waaqa bara-baraa gaaffii belbeltuu keenya keessa waan jiraniif bilisummaa keenya ni arganna.

Osoon xalayaa koo hin xumurin dura ibsa keessan keessaa waan na dhibe tokkoon kaasuu barbaada. "Seeraa" fi "nageenya" eegsisuu isaatiif poolisii Bermingam jajjani jirtu. Osoo wayita saroonni isaanii gurraachota hidhannoo malee nagaan hiriiran ilkaaniin kukkutan argitanii jirtu ta'ee, poolisoota ni jajju turtan jedhee hin yaadu. Osoo akkaataa isaan gurraachota as mana hidhaa magaalattii keessatti gidirsan argitanii, akkas daftanii poolisoota jajuuf hin ariifattan ture. Osoo akkaataa isaan durboota keenyaa fi jaartolii keenya daddarbatani fi arrabsan argitaniittu ta'ee, yookiin yeroo isaan dargaggootaa fi manguddoota gurraachaa kabalani fi dhiitan argitaniittu ta'ee, poolisoota akkas hin jajjan turtan. Mana hidhaa keessatti yoo xiqqaate yeroo lama, 'walduukaa faarfannee galateeffannee nyaanna,' sababa jenneef nyaata nu dhowwachuu isaanii osoo argitaniittu ta'ee, akkana hin jettan turtan. Isinii wajjin kutaa polisii Bermingam jajuu hin danda'u.

Namoota hiriira bahan kessummeessuu irratti poolisoonni naamusa agarsiisuun isaanii dhugaadha. Uummata duratti nagumaan hojjechaa turan. Garuu, maaliif laata? Sirna qoodiinsa sanyii kana tursuufi. Waggoota darban muraasa karaa naga nuti hordofnu malli isaa akka galma keenyaa qulqulluu ta'uu akka qabu lallabaan ture. Amma garuu mala gaarii galma gaarii hin taaneef fayyadamuun dogoggora ta'uusaa mirkaneessuun barbaada. Tarii akkuma Chiif

Prichet, Albani, Joorjiyaa keessatti godhe Mr. Koonori fi poolisoonni isaa humna hin fayyadamne ta'a. Haata'u malee, mala humna fayyadamuu dhiisuu isa gaarummaa qabuutiin galma sanyummaa tursuu isa gaarii hin ta'in bira gahuuf yaalu. Akkuma T.S. Eliyet jedhe: "Qorumsi inni dhumaa ganuu isa guddaadha: Galma sirrii hin taaneef gaarii godhanii hojjechuu."

Gurraachota qoodiinsa sanyii diduudhaan mana warroota adiin qofti nyaatanitti iddoo qabatanii ka'uu didan akkasumas Bermingam keessatti tuttuqaa guddaa obsanii naamusa ajaa'ibsiisaa ta'een gurraachota nagaan hiriiran osoo jajjaniittu ta'ee akkam gaarii ture. Gaaf tokko Kibbi gootota ishee ni faarsiti. Gootonni kun Jems Meredizifaa warreen qofaa isaanii gartuulee goolii uuman dura dhaabbatanii kaayyoo ulfina-qabeessa bakkaan gahuuf yaalanidha. Gootonni keenya manguddoota, cunqurfamoota, dubbartoota gurraachaa miidhaan bututan ta'anii dubartii waggaa torbaatamii lamaa ishee Alabaamaa, Moontigoomerii keessatti kabaja ofiif jecha otobuusii adii fi gurraacha addaan qoodu hin yaabbadhuu jettee murteefattee miilaan osoo deemtuu waa'ee dadhabbii ishee wayita gaafatamtu Ingiliffa caccabaan, "Miilli koo dadhabaniiru; lubbuun koo garuu boqottee jirti!" jetteen fakkeeffamu. Gootonni keenya, dargaggoota, barattoota sadarkaa lammaffaa fi kolleejjotaa, hojjetoota wangeelaa fi angafoota isaanii warreen jeequmsa malee murannoodhaan mana nyaataa adii qofaaf hayyamame keessa seenanii tajaajila gaafatan, kanneen eenyummaa ofiif jecha fedha ofiin gara mana hidhaa deemanidha. Gaaf tokko gaafa ijoolleen Waaqayyoo kun walqixa nyaataaf dhihaatan mul'ata Ameerikaa keessaa isa guddaa akkasumas hambaa amantii Judoo-Kiristaanaatiif dhaabbataa akka jiran Kibbi ni beeka. Kana raawwachuudhaan biyya keenya gara madda dimookrasii isa abboonni keenya karaa Heeraa fi Labsii Bilisummaa gadi-fageessanii qotaniitti deebifna.

Kanaan dura xalayaa hanga kana dheeratu barreessee hin beeku. Yeroo keessan irraa baay'ee fudhachuunkoos hin hafne. Osoon minjaala mijaawaa irrattin barreesse ta'ee, kana caalaa gabaabbachuu

ni danda'a ture. Gar-tokkoon immoo namni mana hidhaa dhiphoo keessa qofaa jiru tokko, xalayaalee dhedheeroo barreessuu, yaadaan gulufuu fi yeroo dheeraaf kadhachuu faa caalaa maal dalaguu danda'a?

Xalayaa kana keessatti dhugaa jiruun ala itti dabaleera yoon ta'e, kunis immoo obsa dhabuu koo agarsiisa yoo ta'e dhiifama akka naa gootaniif isinan kadhada. Yoon dhugaa jiru irraa hir'iseera ta'e, kunis immoo obsa darbaa obbolummaaf raawwatamee gadi yoo ta'e dhiifama akka naaf godhuuf Waaqayyoon nan kadhada.

Xalayaan kun amantiitti isin jabeessa jedheen abdadha. Akkasumas yeroo dhihoo keessatti tokko tokkoo keessan akka namoota walitti makiinsa sanyii fedhaniitti yookiin falmitoota mirga siviiliitti osoo hin taane, akka hiriyyoota tajaajiltoota wangeelaa fi obboloota Kiristaanaatti wal arguuf haalli naa hayyama jedheen abdadha. Dukkanni gurraachi jibba sanyii akkasumas hurriin walhubachuu nu dhowwe hawaasa keenya isa sodaan liqimfame irraa akka bittinnaa'u abdii qabna. Akkasumas yeroo fagoo hin jedhamne keessatti urjiiwwan caccalaqqisoon jaalalaa fi obbolummaa miidhagina isaanii hundumaan biyya keenya guddittii irraan ni ifu.

Nagaa fi Obbolummaan
Maartiin Luuter Kiing, Xiqqaa

11

Mul'atan Qaba

(1963)

Barri 1963 waggaa dhibbaaffaa Labsiin Bilisummaa itti mallaatteeffameedha. Barri kun seenaa Ameerikaa keessattis jireenya Maartiin Luuter Kiing Xiqqaa keessattis iddoo olaanaa qaba.

Bulchitoota Alabaamaa fi Misisiippii irraa mormiin yoo isa mudateyyuu pirezidantiin Yunaayitid Isteetis Joon F. Kenediin barattoonni gurraachaa Yunivarsitii Misisiippii fi Yuniversitii Alabaamaatti akka galmeeffamaniif humni eegumsaa akka isaan walalchuuf yookiin geggeessuuf ajaja kennan. Ajajaan Poolisii Bermingam, inni Alabaamaa "Bul" Koonor ammoo qondaalonni isaa hujummoowwan bishaan tufani fi saroonni poolisii gara gurraachota hiriira irra jiraniitti akka gadi-lakkifaman ajaja kenne. Uummanni biyyattii kana TV irraa gaafa argu amanuu dadhabee naasuudhaan afaan qabatee hafe. Namichi barreessaan WBFUHA umurii soddonii torbaa Medgar Eversi jedhamu Waxabajjii 12 Jaaksen, Misisiippii keessatti ajjeefame. Ganna guutuun jeequmsaan darbe. Biyyattiin fiixee waraanaarra geese. Kanaaf, aara baarudaa fi boombii keessaan fageesse kan argu raajiin ishee barbaachise.

Yeroo sana barreeffama isaa "Maaliif Kana Caalaa Obsuu Akka Hin Dandeenye" jedhu kan maxxansiise Dr. Maartiin Luuter Kiing Xiqqaan raajii wayitii sanaa ta'ee argame. Gaaleewwan inni fayyadamee fi ijoon dubbii inni "Mul'atan Qabaa" keessatti kaasu kanaan dura kan dubbataman yoo ta'eyyuu, kun haasaa isaa isa baay'ee beekamaa fi namoonni baay'een arraba irraa hin dhabneedha. Kan inni dubbate Hagayya 28, bara 1963 fuula Yaadannoo Liinkenitti hiriira Mirgoota Siviilii Waashingiten DCtti bahame irratti ture. Haqaa fi bilisummaaf yeroo inni waamicha godhu guutummaan biyyattii akka dhageessuu fi akka argituuf kaameraaleen televiiziyinii gargaarsa godhaniifii jiru. Aadde Koreetaa Kiing, haati manaa isaa, yeroo tokko wayita dubbattu, "Wayitii sana waan

mootummaan Waaqaa dhihaate fakkaata ture; garuu yeroo gabaabduu duwwaadhaaf ture," jetteetti.

SEENAA BIYYA KEENYAA KEESSATTI HIRIIRA BILISUMMAA ISA GUDDICHA ta'ee galmee seenaa irratti kan galmeeffamu hiriira kana irratti argamuu kootiif nan gammada. Waggoota dhibba tokko dura, lammiin Ameerikaa guddichi, inni nuti har'a fakkaattii gaaddisa isaa jala dhaabbannee jirruu, Labsii Bilisummaa mallatteesse. Labsii seena-qabeessi kun, garboota Ameerikaa miiliyoonotaan lakkaawaman kanneen arraba ibiddaa salphisaa haqa-dhabiinsaatiin waadamaa jiraniif akka abdii guddaatti ilaalamee ture. Barri dukkanaa isaan itti boojuu jala turaniis akka xumurametti lakkaawamee ture.

Garuu, waggoota dhibba tokko booda, har'as Negroon bilisa miti. Waggoota dhibba booda, mogoleen Negroo ammallee fuuncaa addaan ba'iinsaa fi qodiinsaatiin naafatee jira. Waggoota dhibba tokko booda, Negroon har'as qabeenyaa daangaa hin qabne keessa garba ta'ee qofaa isaa odola hiyyummaa irra jiraataa jira. Waggoota dhibba tokko booda, Negroon har'as qarqara uummata Ameerikaa irra dachee ofii keessa orma ta'ee jiraata.

Kanaaf, kan nuti har'a as dhufne haala qanfachiiisaa kana mul'isuufi. Gara magaalaa guddittii biyya keenyaa kan dhufneef cheekii nuu kenname gara maallaqaatti jijjiirrachuu fi. Arkitekicheroonni reppabliika keenyaa wayita jechoota gugurdaan Heeraa fi Labsii Bilisummaa barreessan, tokko tokkoo Ameerikaanotaaf yaadannoo waadaa fuula duraa mallatteessuu isaanii ture. Yaadannoon kun Ameerikaanonni hundi, adii akkasumas gurraachi, mirga lubbuun jiraachuu, bilisummaa, fi gammachuu eenyu illee irraa fudhachuu hin dandeenye akka qaban waadaa galameefidha.

Ameerikaan har'a lammiilee ishee halluu adda addaa qaban ilaalchisee waadaa galte cabsuunshee beekamaadha. Waadaa ulfina-qabeessa kana kabajuu mannaa Ameerikaan lammiilee Negrootiif cheekii sobaa, "Maallaqa gahaa hin qabu," jedhamee itti deebi'e kenniteefii jirti. Nuti garuu, 'Baankiin haqaa duwwaadha,' isa jedhu

fudhachuu didne. 'Kuusaa carraa biyya kanaa keessa homtuu hin jiru,' isa jedhus fudhachuu hin dandeenyu. Kanaaf, cheekii kana jijjiirrachuu dhufnee jirra, cheekii isa yeroo barbaadnetti bilisummaa fi nageenya haqaa nuuf argamsiisu.

Bakka kabajamaa kana kan dhufneef, yeroon amma keessa jirru ariifachiisaa ta'uusaa yaadachiisuufi. Qananii dugdaan galanii taa'uu fi suuta deemuutiif yeroo hin qabnu. Amma yeroo waadaa dimookirasii itti dhugoomsanidha. Amma yeroo sulula dukkanaa fi onaa addaan qoodiinsaa keessa bahanii yeroo gara ifa walqixxummaa sanyiitti tarkaanfatanidha. Amma biyya keenya dhadhaqii walcaalma sanyii keessaa baasanii yeroo itti dhagaa obbolummaa isa hin sochoonerra kaa'anidha. Amma ijoollee Waaqayyoo hundumaaf haqni yeroo itti dhugoomuudha. Haalli amma keessa jirru ariifachiisaa ta'uusaa osoo beektuu achi ilaaltee bira darbuun biyyattiif balaadha. Gaaffii dhuga-qabeessi Negroo inni akka ibidda saafaa boba'u hanga bilisummaa fi walqixxummaan qabbanaawutti hin dhaabbatu.

Kudha sagal jaatamii sadii jalqaba malee xumura miti. Gurraachi iyyee aarii baafatee deebi'ee tasgabbaa'a jedhanii kanneen abdatan borus biyyattiin sanuma taatee yoo argamte naasuun isaan qabata.

Hanga gurraachi mirga lammummaa gonfatutti Ameerikaa keessatti boqonnaanis ta'e tasgabbiin hin jiraatu. Hanga ifti haqaa quuqee bahutti bubbeen warraaqsa hunde biyya keenyaa sochoosuu isaa ittuma fufa.

Uummata koo balbala masaraa haqaarra dhaabbatee jirutti waanan himun qaba; adeemsa mirga bakka nuuf ta'u argachuu keessatti, gocha dogoggoraa keessa seenuu hin qabnu. Dheebuu bilisummaaf qabnu waancaa hadhaa'inaa fi jibbiinsaa keessaa dhuguun bahuu hin qabnu. Yoomiyyuu qabsoo keenya dirree olka'aa naamusaa fi kabajamaa irratti geggeessuu qabna. Mormiin keenya bifa haaraan geggeeffamu kun gara qaamaan walitti bu'iinsaatti akka gadi deebi'u hayyamuu hin qabnu. Ammas ammas, gara gaara kabajamaa lafa humna hafuuraatiin humna qaamaa dura dhaabbataniitti ol bahuu qabna.

Kaka'umsa gaarii haaraan uummata gurraachaa keessatti uumame, gara warra adii shakkuutti nu geessuu hin qabu. Akkuma har'a asitti argamuu isaanii mirkanaa'e obbolloonni keenya warroonni adiiin egereen isaanii egeree keenyaa wajjin kan walitti hidhate ta'uusaa hubatanii jiru. Bilisummaan isaanii kan keenyaa wajjin akka walitti hidhate baranii jiru. Lolli waltaanee haqa-dhibiinsa irratti gochaa jirru waraana sanyii lamaanuu keessaa bahaniin geggeeffamuu qaba. Qofaa tarkaanfachu hin dandeenyu.

Utuma deemaa jirruu gara fuulduraatti tarkaanfachuuf waadaa seenuutu nurra jira. Boodatti deebi'uu hin dandeenyu. Namoonni falmiitoota mirga siviliiitiin, "Isin yoomuma garaa isin ga'aa?" jedhanii gaafatan ni jiru. Hanga gurraachi rukutaa gara-jabinaa poolisii jala jirutti gonkumaa garaa nu hin ga'u.

Qaamni keenya adeemsaan butute mooteelota karaarraa fi hoteelota magaalalee keessatti hanga boqochuu danda'utti tasa garaa nu hin ga'u. Hanga sochiin Negroo gandeen gurraachaa tokko irraa gara gandeen gurraachaa biraa qofatti daangeffamee jiruutti matumaa garaa nu hin ga'u.

Ijoolleen keenya beeksisa "Adii qofaaf" jedhuun eenyummaan isaanii irraa mulqamaa fi kabajaan isaanii irraa fudhatamaa osoo jirru gonkumaa garaa nu hin ga'u. Osoo gurraachonni Misisiippii filachuu hin danda'ini fi gurraachonni Niwu Yoork, 'Waan filannuuf tokkollee hin qabnu,' jedhanii osoo amanaa jiranii garaa nu ga'uu hin danda'u. Waawuu garaa nu hin geenye, ammallee hanga haqni akka bishaanii dhangala'uu fi qajeelummaan akka galaana guddaa dambali'utti nuun garaa nu hin ga'u.

Isin keessaa namoonni tokko tokko himatamtanii falmii dheeraa keessa darbitanii akka dhuftan nan hubadha. Kaan immoo manneen hidhaa dhidhiphoo keessaa akkuma baatanii as dhuftan ta'a. Kaan immoo gaaffii bilisummaa waan gaafattaniif bakka ari'atamni isin rukutee fi haleellaan poolisii isin bitintirse irraa dhuftan. Muuxannoo

gidiraa adda addaas qabdu. 'Gidiraan badii malee fudhatan humna fayyinaati,' amantaa jedhuun hojii keessan ittuma fufaa.

Haalli amma keessa jirru kan jijjiiramuu danda'uu fi jijjiiramuu qabu ta'uu beektanii gara Misisiippiitti deebi'aa; gara Alabaamaatti, gara Kibba Karolaayinaatti, gara Joorjiyaatti, gara Luuziyaanaatti deebi'aa; gara gandeen hiyyeeyyii fi gandeen gurraachaa magaalalee Kaaba biyya keenyaa keessa jiran dhaqaa. Sulula abdi-kutannaa keessa gangalachuu haa dhiifnu.

Michuwwan koo, har'a waan tokkoon isinitti dubbadha: har'as boru rakkoon fuula keenya dura kan jiru yoo ta'ellee, ammas ani mul'atan qaba. Mul'atichi hundeen isaa mul'ata Ameerikaa keessa jira. Gaaf tokko biyyi kun hirriba keessaa dammaqxee akka isa ishee himameetti yommuu jiraattu natti mul'ata. Namni hundi walqixa dhalate dhugaa jedhus ni amanna.

Gaaf tokko ilmaan garboota durii fi ilmaan abbootii garbaa duranii tulluwwan diddiimoo Joorjiyaa irratti walii wajjin maaddiitti dhihaatuu danda'u mul'ata jedhun qaba.

Gaaf tokko kutaadhumti Misisiippii isheen ho'a haqa-dhabiinsaatiin waadamaa akkasumas ho'a hachuuccaatiin gubachaa jirtu illee, gara qabbana bilisummaa fi nagaatti jijjiiramti mul'ata jedhun qaba.

Gaaf tokko ijoolleen koo xixinnoon afran biyya bifa gogaa isaaniiitiin osoo hin taane qabiyyee amala isaaniiitiin madaalaman keessa akka jiraatan natti mul'ata. Har'a mul'atan qaba!

Gaaf tokko goda Alabaamaa keessatti namoota ishee hamoo warroota sanyiitti amananii wajjin, geggeessaa ishee isa arraba isaarraa waan gaariin hin baanee wajjin, achuma Alabaamaatti ijoolleen dhiiraa gurraachaa fi ijoolleen durbaa gurraachi, ijoollee dhiiraa adii fi ijoollee durbaa adii waliin harka walqabatanii obbolummaan waliin osoo jiraatanii natti mul'ata. Har'a mul'atan qaba!

Gaaf tokko dachaan hundi ol ka'ee, gaarreeni fi tulluwwan marti gadi jedhanii, bu'aa-ba'iin hundi wal qixxaatee, daandiiwwan jajal'oon qajeelanii kan foon uffate marti ulfina Gooftaa wayita inni argutu natti mul'ata.

Kun abdii keenyadha. Kun amantaa ani fudhadhee ittiin gara Kibbaatti deebi'uudha.

Amantaa kanaaniti tulluu abdii-kutannaa irraa dhagaa abdii muranna. Amantaa kanaan waca waldhibdee biyya keenyaa gara faarfannaa gaarii obbolummaatti jijjiiruu dandeenya.

Amantaa kanaan gaaf tokko akka bilisoomnu barannee walduukaa hojjechuu, walduukaa Waaqa kadhachuu, walduukaa qabsaa'uu, walduukaa hidhamuu fi bilisummaaf walfaana ka'uu dandeenya.

Guyyaan sun, eeyyee guyyaan sun, guyyaa ijoolleen Waaqayyoo marti faaruu, "Yaa biyya koo, dachee bilisummaa mi'ooftuu, waa'ee kee nan faarsa. Dachee abbootiin koo itti du'an, kallattii hundaarraa bilisummaan haa bilbilu," jedhu bifa haaraan faarfachuu dandeenya. Ameerikaan biyya guddoo akka taatu yoo barbaadame kun dhugoomuu qaba.

Kanaaf, bantii tulluwwan Niwu Haampishaayer irraa bilisummaan haa bilbilu.

Gaarreen gurguddaa Niwu Yoork irraa bilisummaan haa bilbilu.

Bakkeewwan ol ka'oo Pensilveenyaa irraa bilisummaan haa bilbilu. Kattaawwan Koloraadoo cabbii aguuggatanii taa'an irraa bilisummaan haa bilbilu. Mirgoowwan jajal'oo Kaalifoorniyaa irraa bilisummaan haa bilbilu.

Kana duwwaa miti.

Tulluu dhagaa Joorjiyaa irraa bilisummaan haa bilbilu.

Qarree tulluu Tenesii irraa bilisummaan haa bilbilu.

Tokko tokkoo gaarreeni fi kubbuyyoo Misisiippii, randa tulluwwan hundumaarraa bilisummaan haa bilbilu!

Yammuu kun ta'u, wayita bilisummaan akka bilbilu hayyamnu, wayita inni gandeeni fi godoo hundaarraa bilbilu, kutaa fi magaalaa hundaarraa bilbilu, gaafa sana ijoolleen Waaqayyoo hundi, adii fi gurraachi, Yihudootaa fi Fariisotni, Pirotestaantii fi Kaatolikootni

harka walqabatanii faaruu Negroota durii "Dhumarratti bilisa baane. Gooftaa Guddaa ulfaadhu, nuti dhumarratti bilisa baane" jedhanii faarfatu.

Badhaasaa Noobel Fudhachuu Irratti Haasaa Godhe

(1964)

Sadaasa 22, bara 1963, pirezidant Joon F. Kenediin ajjeeffaman. Dr. Kiingi fi Musliimota biratti akka fayyisaatti kan ilaalamu Malkoom Eks, 'Ameerikaan biyya dhukkubsattuudha,' jechuun labsan. Dhibeen jibbiinsa sanyii fi haqa-dhibiinsi uummata hidda Afrikaa irratti callisaan ilaalame qaama siyaasa biyyattii irratti dhukkuba hin fayyine ta'ee jira. Yoo addaan baaftonni galma magaalotaa, seera-tumtoonni naannolee, bulchitoonni, fi kongiresiin Y.I matumti isaa kana arguu baatan illee addunyaan al tokko dhaabbattee waan ta'aa ture xiinxaltee jirti. Pirezidantii itti aanaan Liinden Joonsen pirezidantii ta'anii kakuu seenan. Pirezidantichi gargaarsa namoota amantii fi namoota aangoo qaban hundumaan dhiibbaa gochuudhaan addaan qooddota kongiresii kanneen seera mirga sivilii pirezidant Kenedii mormaa turan injifatan. Seenetiin Y.I sagalee 71 fi 29n Waxabajjii 10, bara 1964 mala dubbii dheeressuutiin akka murtoo irra hin ga'amne gochuu warri Kibbaa itti fayyadaman seeraan daangesse. Adoolessa 2, seera mirga sivilii seena-qabeessi bara 1964 mirkana'ee pirezidant Joonseniin mallatteeffame.

Gurraachota magaalaa keessa jiraatan warra hojii dhabummaa fi hiyyummaan gidiramaa jiraniif, kun waan xinnoo ta'uu isaarrayyuu kan yeroon itti darbe ture. Jeequmsi kutaa NiwYork keessatti qabate. Haarlemi fi Biruukliyinitti ammoo Adoolessa 18 jalqabe. Adoolessa 25, Roochister Niwu Yoorkiittis gaafa qabatu bulchaan magaalattii Neelsan Rokifeelar nagaan buusuuf ittisa biyyoolessaa ajajan. Hagayya 2, Niwu Jeersiitti magaalli Jeersii faana buute.

Guyyaa lama booda, reeffa ciccitaan hojjettota mirga sivilii sadii kan Waxabajjii 21, irraa kaasee bakka-buuteen isaanii dhabamee ture, qonna Filaadeelfiyaa, Misisiippii biratti argame. Biyyi humna-qabeettiin lafa kana irraa haqa-dhibiinsa sanyii irraan kan ka'e yeroo dheeraaf jeequmsa Ameerikaanota Afrikaatiin liqimfamuu jalqabuu ishee addunyaan arge. Koreen Badhaasa Noobel ergamaa nagaan tokko muuduuf addunyaa wayita ilaalu, Luba Dr. Maartiin Luuter Kiing Xiiqqaa argate. Barreeffamni asiin gaditti argamu Mudde 10, bara 1964 Noorweey keessattii eega Badhaasa Nagaan Noobel fudhateen booda dubbii Dr. Kiing dubbateedha.

Yeroo tokko badhaasa kana fudhachuun faayidaan isaa maal akka ta'e gaafatamee Dr. Kiing akkana jedhe. 'Badhaasni Noobel naamusa ajaa'ibsiisaa Negrootiif beekamtii kenna. Jeequmsi jiraate iyyuu, naamusa hokkara-maleessa osoo hordofuu baannee dhiiga dhangala'iinsa sodaachisaa arguu hin oollu turre'.

KABAJAMOO MOOTII, KABAJAMOO PIREZIDANTII, KABAJAMTOOTA, xinnaa fi guddaa:

Badhaasa Nagaan Noobel kanaan fudhadhu yeroo Negroon Y.I miiliyoona digdamii lama ta'an haqa-dhabiinsa sanyii irratti duula cimaa geggeessaa jiranitti. Badhaasa kana kanan fudhadhu maqaa sochii mirga sivilii isa kutannoodhaan balaaf qoma isaa kennee bulchiinsa bilisummaa fi haqaa ijaaruu gara fuulduraatti tarkaanfachaa jiruutiin.

Kaleessuma kana Alabaamaa, Bermingam keessatti daa'imman keenya obbolummaaf osoo iyyanii dhukkaasa qawwee, ilkaan sarootaa fi du'aan simatamuu isaanii nan beeka. Kaleessuma kana Filadeelfiyaa, Misisiippiitti dargaggoonni mirga filachuu gaafatan reebamanii ajjeefamuu isaanii quba nan qaba.

Hiyyuma ulfaataan, uummata koo dugda cabsee miila dinagdee biyyaattii jalatti korokkodee hidhee jiraachuu isaa nan beeka.

Kanaaf, badhaasnii kun maaliif sochii rakkoon marfamee jiruu fi itti cichee qabsaa'uuf kutateef akka kennamu gaafachuun barbaada. Sochii nagaa fi obbolummaa isa handhuura Badhaasa Noobel ta'e hin argatin jiruuf maaliif kenname?

Gadi-fageenyaan eegan irratti yaadee booda, badhaasni maqaa sochii kanaatiin ani har'a fudhadhu kun gaaffii siyaasaa fi mooraalii bara kanaatiif deebii kan ta'u qabsoo hokkara-maleessa qofa ta'uu isaatiif beekamtii kennuufii akka ta'en hubadhe namni miidhaa fi hokkara osoo hin fayyadamin miidhaa fi hokkara mo'achuun akka isa barbaachisu.

Qaroominaa fi hokkarri faallaa waliiti. Negroonni Y.I, uummata Indiyaa hordofuudhaan, qabsoo hokkara-maleessi mataa gadi qabatani ajaja fudhachuu osoo hin taane, humna mooraalii cimaa jijjiirama hawaasaa fiduu danda'u ta'uusaa agarsiisanii jiru. Oolee bulee, uummanni addunyaa karaa nagaan wajjin jiraachuun danda'amu fi daandii faaruun boo'ichaa gara faaruu gammachuu fi obbolummaatti jijjiramu barbaaduu qaba.

Kun akka milkaa'u yoo barbaadame, dhalli namaa wal-dhibdee isa gidduutti ka'u hundumaaf mala haaloo bahuu, gara-jabinaa fi dugda deebisuu lagachuu qaba. Bu'uurri mala kanaa jaalala.

Dhugumaan akkan hubadhutti badhaasni kun kabaja dhuunfaa kootiif kan naaf kenname miti.

Xiyyaaraan gara tokkoo bakka biraatti yeroon balali'u hunda namoota balaliisa sana dandeessisan, balaliistota warra beekamoo akkasumas gartuu lafa jiran, kanneen waan hundumaa nuuf mijeessan garuu kanneen hin beekamne, mara nan yaadadha.

Kanaaf, badhaasa kanaan balaliistota qabsoo keenyaa warreen yeroo sochiin bilisummaa gara samiitti ol ka'e fuuldura taa'anii kutannoodhaan to'ataniif ulfina kennitan. Irra deebi'uudhaan ammas Albert Lituulii Afrikaa Kibbaa isa saba isaatiif jecha uummata isaa of

bira hiriirsee qabsoo inni geggeessaa jiru, akkasumas gara-jabina dhalli namaa namarraan ga'uu danda'u keessumeessaa jiruuf kabaja keennitan.

Kan isin kabajjan namoota lafa jiran kanneen humna isaanii fi wareegama isaaniitiin xiyyaarichi akka lafaa ol ka'u godhaniidha. Dadhabbii isaanii malee lafaa ol ka'uu hin dandeenyu turre.

Namoonni kunniin waa'een isaanii mata duree oduu ta'ee hin beeku; maqaan isaaniis galmee "Eenyutu Eenyu?" jedhu keessatti hin argamu. Haata'u malee, barri darbee ifni dhugaa bara nuti keessa jiraachaa jirru kanarratti gaafa bahu - biyya gaarii, uummata fooyya'ee fi qaroomina olaanaan keessa jiraachaa jirru kan arganne ijoollee Waaqayyoo qulqullumaaf jecha of wareeganiin ta'uu isaa xinnaa fi guddaan ni beeka; daa'imman keenyas ni baratu.

Yeroo ani, "Badhaasa kana akka nama meeshaa gati- qabeessa tokko hanga abbaan isaa dhufutti eeguuf galfata yookiin imaanaan itti kennameettan fuudha," jedhu maal jechuu koo akka ta'e Alfiired Noobel ni hubatu jedheen yaada. Abbaan badhaasa kanaa uummattoota miidhaginni dhugaa, dhugaanis miidhagina ta'eef, akkasumas miidhaginni obbolummaa dhugaa fi nagaa miidhaginaa daayimendii yookiin meetii yookiin warqee kan caalu ta'uu amananii fudhatanidha. Karaa rakkisaan Montigoomerii, Albaamaa irraa gara Oslo geessu dhugaa kanaaf ragaa ta'a. Daandiin kun daandii Negroonni miiliyoonotaan lakkaawaman ulfina ofii deebifaachuuf irra deemaniidha. Daandiidhumti kun Ameerikaanota humdumaatiif bara guddinaa fi abdii haaraa banee jira. Seera mirgoota sivilii haaraas argamsiisee jira. Akkuma Negroo fi warri adii rakkoo waloo injifachuuf harka wal qabataniin karaan kun gara karaa guddaa haqaatti ni bal'atas, ni dheeratas jedheen abdadha.

Har'a badhaasa kana kanan fudhadhu Ameerikaa fi egeree dhala namaarra amantaa guddaa kaawwachuudhaani. 'Eenyummaan namaa har'aa, enyummaa inni ta'uu qabu bira osoo hin ga'in isa hambisa,' yaada jedhu hin fudhadhu.

'Namni meeshaa caccabaa galaana jireenyaa naannoo isaa jiru keessa olii fi gadi hungulaalamuudha,' yaada jedhu ani hin fudhadhu. Ilaalchi 'Dhalli namaa haala gaddisiisaa ta'een halkan gurraacha sanyummaa fi waraanaa kan ifni nagaa fi obbolummaa tasumaa keessatti dhugoomuu hin dandeenyeedha,' jedhus ana biratti fudhatama hin qabu.

'Biyyoonni walduraa duubaan hanga dhumiiinsa ibiddaa nukileeraa ga'anii irraa gadee loltummaa gadi gugachuu qabu,' yaada jedhu hin fudhadhu. Dhugaa meesha-maleessi fi jaalalli haal-duree hin qabne haala jiru keessatti murteessaa akka ta'an nan amana. Kanaafi dhugaan yeroodhaaf dhokatte hammeenya injifannoo argatte caalaa humna kan qabaattuufi.

Har'allee taanaan dhukaasa moortaraa fi iyya sagalee rasaasaa keessa teenyee guyyaan boruu ifaadha jennee abdanna. 'Haqni madooftee daandiiwwan dhiigni irratti lol'aa jiran keessa gadi gombifamtee ciisaa jirtu, dhukkee yookiin awwaara salphinaa kana keessaa ol qabamtee ilmaan namaa gidduutti ulfinaan ni mootii,' jedheen amana.

'Ummanni eessayyuu jiru qaama isaatiif yeroo sadii nyaata, sammuu isaatiif barnootaa fi aadaa, akkasumas hafuura isaatiif ammoo kabaja, walqixxummaa fi bilisummaa argachuu ni danda'a,' jedhee amanuuf ija nan jabaadha. Waan namoonni ofittoon diigan nammoonni nama biraaf yaadan ammoo deebisanii ijaaruu ni danda'u jedheen amana. 'Gaaf tokko dhalli namaa iddoo aarsaa Waaqaa irratti jilbeenfatee lolaa fi dhiiga dhangalaasuu irratti injifannoo argatee goonfoo mataarra keewwatee mudama,' jedheen ammas amana. Gaafas "Leencaa fi ilmoon hoolaa waliin wajjiin rafu; akkasumas tokko tokkoon namaa muka wayinii isaa jala taa'a, kan isaan sodaachisu hin jiru." Ammas ni mo'anna jedheen amana.

Amantaan kun egeree hin beekamne fuula keenya dura jiru simachuuf jabina nuuf kenna. Tarkaanfii keenya gara magaalaa bilisummaatti wayita itti fufnu miila keenya isa dadhabeef jabina

haaraa kenna. Gaafa guyyaan keenya duumessa dadhabsiisaa ta'uu fi halkan keenya dukkana guyyaa kumaatamaa nutti caalu, qaroominni dhugaa dhalachuuf karaa irra jiraachuu isaa ni hubanna.

Har'a gara Oolsoo kanan dhufu akka nama kennata fuudhuu, kaka'umsa akkasumas namummaaf hojjechuuf murannoo haaromfameetiini. Badhaasa kana kanan fudhadhu maqaa namoota nagaa fi obbolummaa jalatan hundumaatiini.

KUTAA III

Mul'atichi Ni Bubbule

(1963- 1968)

13

Faaruu Ijoollee Wareegamaniif
(1963)

Gammachuu guddaan waa'ee milkaa'ina hiriira Waashingten kan Hagayya bara 1963 osoo baay'ee hin turin biyyattiin deebitee dhukkuba addaan qooddotaan qabamte. Akkuma uummattoonni tarkanfatoon addunyaa dandeettii hayyuu fi falmaa mirga dhala namaa Ameerikaanicha hidda Afrikaa Dr Wiiliyaam E.B.Du Buwa isa bara 1868- 1963 jiraatee Hagayyaa 27 du'e jajachaa jiranii rincicoonni ammoo hawaasa haqa-qabeessa ijaaruuuf bu'aa dhihoo kana argame gufachiisuuf tattaafachaa turan.

Luba Dr Kiing lallaba armaan gadii kan inni dhiheesse sirna awwaalchaa ijoollee dubaraa Fulbaana 15, bara 1963 osoo mana barnootaa Dilbataa hordofaa jiranii boombiitiin ajjeefamanii irratti yoo ta'u Waldaa Kiristaanaa warra Cuuphaa ishee Bermingam, Alabaamaa keessatti ture.

HAR'A WAAREE KANA BOODA KAN NUTI WALITTI QABAMNEEF ijoolleewwan Waaqayyoo xixinayyoo kanaaf jaalalaa fi kabaja qabnu ibsinee nagaa itti dhaamuufi. Daa'imman kunniin gara waltajjii seenaa kana kan dhufan waggoota muraasa dura ture; yeroo gabaabduu kana keessatti hiree isaanii akka gaariitti taphatanii darbanii jiru. Amma aduun isaanii dhiitee jirti; nu biraa bahani deemanii jiru. Daawwiin isaan jireenya biyya lafaa keessatti agarsiisaa turan xumuramee jira. Amma bakka jireenya bara-baraa lafa dhufanitti deebi'anii jiru.

Ijoolleen badii hin qabne, qulqulluun fi mimmiidhagoon kunniin yakka suukanneessaa dhala namaa irratti gara-jabinaan raawwatameen lubbuu isaanii dhabanii jiru.

Haata'u malee, ulfinaan du'ani. Isaan gootota bilisummaa fi kabaja dhala namaatiif wareegamaniidha. Kanaaf, du'a isaaniitiin har'a waan nutti himan qabu. Tajaajiltoota Wangeelaa warra daawitii

gurraacha foddaa isaaniitiin da'atanii yookiin duuba dhokatanii, afaan qabatanii taa'anittis waan himan qabu. Namoota siyaasaa warra hordoftoota isaanii buddeena dhangaggaa'aa jibbiinsaa fi foon ajaa'aa sanyummaa nyaachisaa jiranittis waan himan ni qabu. Mootummaa federaalaa isa jecha farra dimookirasii warra kibbaa fi rippablikaanota kaabaa fakkeessitoota warra ija hin fuunee wajjin waliigalee jiraatuttis waan himan ni qabu. Gurraachota warreen qixxe-lamaan yookiin walakkaa qabsoo haqaaf geggeeffamuu jiraachaa sirna hamaa baatanii afaan qabatanii harka maratanii taa'aniifis waan himan ni qabu. Tokko tokkoo keenyaan, adii fi gurraachaan, shakkii yookiin walaallamummaa murannootiin akka bakka buufannu nutti himu. Gaafachuu kan qabnu eenyu akka isaan ajjeese osoo hin taane waa'ee sirnichaa, akkaataa jireenyaa fi falaasama namoota ajjeechaa kana raawwatan oomisheeti nuun jedhu. Mul'ata Ameerikaa dhugoomsuuf osoo hin nuffin hojjechuu akka qabnu nutti hima duuti isaanii.

Kanaaf, duuti isaanii akkanumaan miti. Waaqayyo waan hamaa keessaa waan gaarii baasuuf har'as karaa qaba. Gidiraan balleessaa ofii malee fudhatan fayyinaaf akka ta'u seenaan irra deddeebi'ee mirkaneessee jira. Dhiigni qulqulluun ijoollee durbaa xixinnayyoo kanneenii humna fayyinaa magaalattii dukkanooftuu kanaaf ifa haaraa fida ta'a.

Kitaaba Qulqulluun, "Mucaa xinnoon isaan geggeessa," jedha. Duuti ijoollee xixinnayyoo kanneenii guutummaa kibba biyya keenyaa karaa gadi-aanaa, namummaa bahuu namaa, irraa gara karaa ol-aanaa nageenyaa fi obbolummaatti nu geessa ta'a. Duuti ijoollee kanneenii sirna olaantummaa bifa gogaa irratti hundaa'e olaantummaa amala gaarii irratti hundaa'een bakka buusa ta'a. Dhiigni daa'immanii dhangala'e kun lammiiwwan Bermingam mara dukkana xillimii kaleesaa irraa gara egeree ifaa boruutti ceesisa ta'a. Keessumattuu, ajjeechaa suukanneessaan kun adiiwwan kibbaa gara sammuu isaaniitti akka deebi'an ni taasisa ta'a.

Kanaaf, yeroon kun yeroo dukkanaa yoo ta'eyyuu abdii kutachuu hin qabnu; jibbiinsa guutamuus hin qabnu; humnaan ijaa bahuuf yaaduunis nurra hin jiru. Obboloota keenya warra adii irratti amantaa dhabuu hin qabnu. Isaan keessaa kan dalga gorfame kamillee kabajaa fi gatiin dhala namaa hagam ulfaataa akka ta'e ni bara jennee abdachuu qabna.

Maatiiwwan ijoollee kanaatti mee waan tokkon isinitti dubbadha. Yeroo hamaa kana gadda keessan isin irraa balleessee waan isin jajjabeessuu danda'u waan tokkollee isinitti himuun hin danda'amu. Garuu, wanti kun waan namni hundi keessa darbu ta'uunsaa jabina isinii kenna jedheen abdadha. Duuti nama hundaaf kan oolu miti. Duuti dimokiraatawaa ajaa'ibsiisaadha. Duuti gartuu tokko qofa kan ilaallatu miti. Mootonni ni du'u; kadhattoonnis ni du'u; dureeyyiin ni du'u; hiyyeeyyiinis ni du'u; dulloonna ni du'u; dargaggoonnis ni du'u. Duuti isa gaariis ni qaqqaba, isa hamaas ni qaqqaba. Duuti kan dhalli namaa kamillee baqatee jalaa hin baaneedha.

Duuti isa dhumaa akka hin taane amantiin Kiristaanaa waan nu barsiisuuf kunis jajjabina isinii ta'a jedheen abdadha. Duuti xumura jireenyaa osoo hin taane, waan guddaa isa booda jiruutiif ce'umsadha. Duuti daandii sanyii namaa gara homtu-hin-jirreetti geessitu osoo hin taane balbala gara jireenya bara-baraatti qajeelchuudha. Amantiin keessan inni hin sochoone kun yeroo hamtuu kanatti humna isiniif haa ta'u.

Yeroo tokko tokko jireenyi ulfaataa namatti ta'a, akka dhakaattis jabaata. Yeroon nama waliwallalchisuu fi rakkiinaas ni jira. Akkuma laggeen bonaa-ganna yaa'anii yeroon inni itti gogee hir'atuu fi mirgisee guutu ni jira. Akkuma naanna'a waqtiilee bulluqa bonaa fi qorra gannaa baatee deema. Garuu kana hundumaa keessatti Gooftaan nuu wajjin jira. Waaqayyo bututa abdi-kutannaa keessaa gara jabina abdi-qabeessaatti ol isin fuudha. Gadi-bu'iinsa dukkanaa fi duwwummaa keessaas gara ifaa fi boqonnaatti isin tarkaanfachiisa.

Daa'mman keessan addunyaa kanarra baay'ee hin jiraanne, garuu akka gaariitti jiraatan. Waggoonni jireenya isaanii baay'ee xiqqoodha, qulqullini isaa garuu guddaadha. Yeroo duuti dhufe bakka isaan turani fi waan isaan hojjetaa turan tokko tokkoo keessaniif yaadannoo gaarii ta'ee hafa. Bakki isaan itti du'an lafa bishaan daakanitti yookiin qoosaa xurawoo osoo dhaggeeffatanii yookiin osoo haasaawanii miti. Kan isaan du'an gidaara qulqullaa'oo Waldaa Kiristaanaa keessatti dubbiiwwan bara-baraa kanneen akka jaalalaa osoo mari'ataniiti. Sheekispiir Horeeshoon reeffa Hamleetirra dhaabbatee jechoota gaggaarii akka inni dubbatu godheera. Anis har'a reeffa ijoollee dabaraa mimmiidhagoo kana dura dhaabbadhee jechoota kanneenin irra deebi'a.

“Nagaan dhaqaa jaalatamtootaa, maleekaan Waaqaa baallee isaatiin gara boqonnaa bara-baraatti isin haageessu.”

14

Waaqni Keenyaa Hojii Irra Jira!

(1965)

Seerri Mirga Sivilii bara 1964 kan bahe yoo ta'eyyuu, Ameerikaanonni hidda Afrikaa Kibba keessaa bakka baay'eettii hanga ammaatti mirga filachuu dhowwatamanii jiru. Doorsisaa fi bakka filannoo jijjiiruudhaan akka isaan qooda hin fudhanne godhu turan. Pirezidantummaa Yunaayitid Isteetisiif kaadhimamaa dhiyeessuuf bara 1964 wayita falmiin geggeeffamu jilli Paartii Bilisummaa Misisiippii irraa filatamanii deeman akka qooda hin fudhanneef Konveenshinii Biyyoolessaa Dimokiratotaan dhowwamaniiru.

Siyaasni akkuma yeroo kaanii ammas irra deebi'ee walqixxummaa siyaasaa fi hawaasummaa akka fiduuf hojii baay'een kan isaan eeggatu ta'uusaa hoggantoota warraaqootti mul'ise. Kana irraan kan ka'e, Korri Hoggansa Kiristaana Kibbaa, Koree Qindeessituu Barattoota Hokkara-maleeyyii akkasumas gartuuwwan mirga sivilii waa'ee mirga-dhabuu gurraachotaa mul'isuuf jecha Selmaa, Alabaamaatti walga'an. Sababa hiriira Guraandhala 1-4, bara 1965 geggeeffameetiin namoonni 3,000 hidhaman. Haata'u malee, jijjiiramni karaa kana osoo hin taane karaa mana murtee irra mul'ate.

Guraandhala 4, Manni Murtii Federaalaa qormaatni barnootaa fi wantoonni xixiqqoon gurraachonni akka hin filanne dhowwachiisan marti akka hojiirra hin oolle murteesse. Haata'u malee, Guraandhala 21 Maalkom Eks Niwu Yoork keessatti ajjeefamuun isaa, 'Haqa-dhibiinsa sanyiitiif deebiin mootummaa basaasaa fi shiradha,' shakkii jedhu jabeesse. Addaan qooddonni sadii Luba Jeems Riib, tajaajilaa adii tokkummaatti amanu, daandii Seelmaa irratti Bitootessa 9 eega ajjeesaniin booda, adiiwwan baay'een mootummaan waa'ee mirga dhabuu warra gurraachaaf deebii akka kennu gaafachuu jalqaban.

Faaruu Sochii Mirga Sivilii keessaa dhaadannoo fudhachuudhaan Pirezidant Liinden Joonsen mana maree lamaan duratti bahanii, "Ni

Moona!" jechuun labsan. Wal danda'uu dhabuu fi haqa-dhibiinsa abaaruudhaan manni maree seera mirga filachuu gonfachiisu akka raggaasisuuf gaafatan. Garuu dhiibbaa gochuun barbaachisaa ture. Deggersa hammamii akka qabnuu fi waldanda'uu- dhibiinsi sadarkaa maaliirra akka ga'e biyyattiin akka argitutti, namoonni yaada gaarii qaban hundi gara Seelmaa akka dhufan Dr.Kiing waamicha dabarse. Dr. Kiing Seelmaatii hanga Montigoomeriitti adeemsa maayilii 54 dura bu'ee eega geggeessee booda gamoo mootummaa Montigoomerii isa "Handhuura Konfederesii"jedhamee waamamu fuulduratti dubbi godhe. Barbaachisummaa hiriirichaa Riqicha Edimend Peetes isa Montigoomerii lafa hiriirtonni yaalii isaanii isa jalqabaa irratti loltoota Montigoomeriittiin reebamanii deebifamaniitti ibse. Hiriirichi sirnaan Bitootessa 21 jalqabee haasaa armaan gadiitiin Bitootessa 25, bara 1965 xumurame.

KABAJAMoota MICHUUWWAN KOO, RAALF ABERNATII, AMEERIKAANOTA kabajamoo waltajjii kanarra jirtan, hiriyoottankoo fi hojjettoota kutaa Alabaamaa nu waliin hojjechaa jirtan, jaalala bilisummaatiif guutummaa biyyattii akkasumas guutummaa addunyaa irraa galgala kana asitti kan walitti qabamtan.

Sanbata Guddaa darbe namoota kuma saddeetii ol taanee hiriira guddaadhaan Seelmaa irraa gara Alabaamaatti qajeelle. Karaalee jajal'oo irra deemuudhaan dhakaa boraafannee ciifneerra. Fuulli keenya aduun nu gubateera.Dhoqqee keessas rafneerra. Bokkaanis nu xoollesseera.

Qaamni keenya dadhabeera, miilli keenya nu dhubbeera. Garuu har'a isin dura dhaabbadhee waa'ee hiriira sanaa duubatti deebi'ee wayitan yaadu, akkuma obboleettiin keenya Poolar, dubartii gurraattiin waggaa torbaatamii lamaa jetten jedha. Dubartiin kun yeroo lagu otobuusii sana hawaasa kana keessa jiraatti turte. Gaaf tokko osoo deemaa jirtuu namni tokko konkolaataa dhaabeefii lixi jennaan hin barbaadu jette.Namni sun deebisee,"Maaliif, hin dadhabnee?" jedhee gaafate. Ingiliffaa caccabaatiin deebiftee akkana

jette: "Dhuguma miilli koo dadhabeera, lubbuunkoo garuu boqottee jirti."

Nutis har'a galgala kana miilli keenya dadhabeera, garuu lubbuun keenya boqotteetti jechuu dandeenya.

"AS JIRRA"

As hin geessan nuun jedhanii turan. 'Kan isin as geessan reeffa keenyarra tarkaanfattiinuu,' kanneen jedhanis turaniiru. Garuu addunyaan akka nuti har'a as jirru ni beeka, kunoo humnoota kutaa Alabaamaa dura dhaabbannee, "Hin deemnu, eenyullee boodatti nu deebisuu hin danda'u," jenna.

Seerri Mirga Sivilii bara 1964 bahe ulfina Negrootaaf malu keessaa hanga tokko kenneefii jira, garuu mirgi mirga filachuu malee ulfina jabina hin qabneedha.

Ammas malli diddaa hokkara-malummaa man'ee isaa keessaa luqqifamee gutummaan hawaasichaa diina isaa dura dhaabbachuuf socho'eera. Gara-jabinni sirna du'aa jiruus bakka hundatti dhaga'amaa jira. Garuu, Selmaa, Alabaamaan sammuu namaa keessaa ifaa jirti.

Seenaa Ameerikaa keessatti gocha ulfina-qabeessaa fi jajjabeessaan akka kanaa kan xinnaa fi guddaan, namoonni sanyii fi amantaa adda addaa qaban Negroota bira dhaabbatanii balaa irra ga'u hirmaachuuf gara Selmaatti jigan argamee hin beeku.

Morkiin hammeenya fi gaarummaa hawaasa xiqqoo Selmaa keessatti ukkaamamee jiru humna guddaa guutummaa biyyattii daandii addaa irra qajeelche uume. Pirezidantiin Kibbatti dhalate tokko, fedha biyyattii hubatee, haasaa isaa isa seenaa keessatti waamicha pirezidantiin biyya keenyaa tokko kabajamuu mirga dhala namaatiif taasise ta'ee galmaa'een, mootummaan federaalaa rakkoo bara hedduu lakkoofsise akka hiiku waadaa seene. Pirezidant Joonsen sammuu Ameerikaanotaa hirribaa dammaqsuu isaaniif jagnummaa Negrootaa jajaniiru.

Nutis gama keenyaan Ameerikaanota adii warra barsiifata fokkisaa dhaloota lakkoofsise irratti aadaa dimookirasii isaanii ijaarratanii har'a ammoo nu gargaaruuf nu bira dhaabbataniif ulfina kennuu qabna. Montigoomerii irraa gara Bermingamitti, Bermingam irraa Selmaatti, Selmaa irraa ammoo deebi'ee Montigoomeriitti karaa geengoon yeroo tokko tokko balaafamaa ta'e kun daandii dukkana keessaa ittiin ol baaneedha. Alabaamaan hammeenya hanqaaqxee hammattee guddisuuf yaaltee jirti, garuu hammeenyichi karaalee fi daandiiwwan kutaa biyyichaa keessatti lubbuun keessaa bahuuf wixxifataa jira.

Kanaaf har'a fuula keessan dura kanan dhaabbadhu qoodiinsi Alabaamaa keessatti siree du'aa irra akka inni jiru amanuudhaan yoo ta'u, waa'ee isaa waan nuti hin beekne yoo jiraate addaan qooddoti fi Waalaas awwaalcha isaa hangam qaalessuu yookiin gatii guddaa itti baasuu akka danda'anidha.

Alabaamaa keessatti giddugaleessi duula keenyaa mirga filachuu gonfachuudha. Xiyyeeffannoo biyya kanaa fi addunyaa gara mirga filachuu dhowwatamuu keenyaatti deebisuudhaan ka'umsaa fi hundee addaan qoodiinsa sanyii Kibba keessa jiruu saaxila baasaa jirra.

Negrootaa fi adiin baay'een mirga filachuu dhabuun isaanii hawaasni addaan qoodame akka uumamu taasisee jira. Horii kibba keessaa, hiyyeeyyii adii achi jiraatan irraa dhoksan; duudhaa kibbaa, dureeyyii adii irraa addaan baasan; Waldaalee Kiristaanaa Kibbaa, Kiristaanummaa irraa addaan kutan; sammuu kibbaa, qajeeloo yaaduu irraa adda baasan; Negroo ammoo waa hunda irraa kutan.

Haqni fakkeessaan sun sammuu Ameerikaanotaatti eega aguugamee tureera. Har'a magaalaa Selmaatti waa himuun barbaada; har'a kutaa Alabaamaatti wayi dubbachuun barbaada; har'a uummata Ameerikaa fi uummaattoota addunyaatti akkanan jedha: "Tasumaa booddeetti hin deebinu. Amma gara fuulduraatti deemaa jirra. Eyyee, kaaneerra, danbaliin sanyummaa kamillee nu dhaabuu hin danda'u."

"ADEEMAA JIRRA"

Adeemaa jirra. Waldaalee Kiristaanaa keenya gubuun booddeetti nu hin deebisu. Amma kaanee jirra. Manneen keenya boombiin rukutuun abdii nu hinkutachiisu. Amma kaanee jirra. Namoota amantii fi dargaggoota keenya reebuun karaa irraa nu hin jal'isu. Amma kaanee jirra. Warra nu ajjeesan hidhanii adaba malee gadi-lakkisuun booddeetti nu hin deebisu. Amma kaanee jirra.

Akka yaada yeroon isaa gahee, humni waraanaa hangam ga'u illee nu dhaabuu hin danda'u. Gara biyya bilisummaatti deemaa jirra.

Kanaaf gara mul'ata Ameerikaa dhugoomsuutti adeemsa keenya itti haa fufnu. Hanga hadooddaan hawaasummaa fi dinagdee gandeen qof-galeeyyii dhabamanii Negroo fi adiin walcina manneen gaggaarii fi qulqulluu keessa jiraachuu danda'anitti qoodiinsa manneetii irratti hiriiruu ittuma haa fufnu.

Barumsi qulqullina hin qabnee fi godaannisi qoodiinsaa darbee Negroo fi adiin kutaalee barnootaa caba hawaasummaa darbe fayyisan keessa wal cina taa'anii hanga baratanitti manneen barnootaa irratti haa hiriirru.

Hanga maatiin Ameerikaa kamiyyuu ijoollee isaa bulchuuf jecha ofii isaatii agabuu ooluu dhiisuutti akkasumas hanga namni beela'e hojii hin jirre barbaacha daandii irra deemaa oolu dhabamutti hiyyumaa irratti haa hiriirru.

Hanga kiiyyoon sanyummaa dirree siyaasaa irraa haxaawamee badutti korojoo filannoof haa hiriirru. Hanga Waalaasonni biyya keenyaa callisaan karaa gadi-lakkisanitti korojoo irratti haa hiriirru.

Hanga mana maree magaalalee keenyaatti, mana maree kutaaleetti akkasumas Kongiresii Yunaayitid Isteetisitti namoota haqaan hojjechuuf hin sodaanne, gara-laafeyyii fi Waaqa sodaatan filannee ergachuu dandeenyutti, korojoo filannoof haa hiriirru. Hanga ijoolleen

Waaqayyoo guutummaa Alabaamaa keessa jiraatan marti sodaa malee ulfinaan deemuu danda'anitti korojoo filannoof haa hiriirru.

Lola keessa jirra. Karaan fuula keenya dura jiru qajeelaa miti. Karaa bal'aan salphaatti mirkanaa gara hiikaatti nu geessu hin jiru. Adeemsa keenya ittuma fufuu qabna.

"SABAKOO, NA DHAGA'I!"

Sabako, sabako, na dhaga'i! Lolichi harka keenya keessa jira. Lolichi Misiippii fi Alabaamaa akkasumas guutummaa Yunaayitid Isteetisitti harka keenya keessa jira.

Waaree kana booda wayita asii baanu, yoomiyyuu caalaa qabsoo fi hokkara-malummaaf kutannee haa baanu. Ammallee rakkoon fuula keenya dura akka jiru isinitti himuun barbaada. Yeroon rakkinaa guddaatu, biyyoota saqqii gurraachaa Alabaamaa baay'ee, Misiippii bakkawwan hedduu, Luuziyaanaa iddoowwan baay'ee keessatti nu eeggata.

Ammallee manneen hidhaa baay'een banamanii nu eeggataa jiru; yeroon dukkanaa fi hamaan nu dura akka jiran nan beeka. Haata'u malee, hokkara-malummaan dukkana kaleessaa ifa boruutti ni jijjiira amantaa jedhuutiin itti fufna. Haala kana hundumaa jijjiiruu ni dandeenya.

Kaayyoon keenya uummata adii injifachuu fi salphisuuf miti, hubachiisanii michuu godhachuufi malee. Dhuma irratti wanti nuti arguu barbaadnu uummata matuma isaa wajjin nagaa qabu, uummata sammuu ofii wajjin jiraatuudha. Guyyaan sun guyyaa adii yookiin guyyaa gurraachaa hin ta'u. Namummaa isaatiif guyyaa namaa ta'a.

Har'a, "kun hammam fudhata?" jettanii akka isin gaafattan nan beeka. Animmoo akkanan isiniin jedha. Barri isaa hammam ulfaataa yoo ta'eyyuu, yeroon isaas hammam sodaachisaa yoo ta'eyyuu, fagoo hin ta'u; dhugaan lafatti gadi dhidhiitamte deebitee mataa ol ni qabatti.

Yoomi? Sobni bara baraan jiraatu hin jiru waan ta'eef, hin fagaatu.

Yoomi? Waan facaafta haammatta waan ta'eef, hin fagaatu.

Yoomi? Harki mooraalaa yunivarsii kanaa dheeraa innis immoo gara haqaatti jal'ata waan ta'eef, hin fagaatu.

Yoomi? Bakka wayinii lafa firiin jibbiinsaa kuufamu irra ejjetee caccabsaa yammuu Gooftaan dhufu argaan jira waan ta'eef, hin fagaatu. Gooftaan ifa goraadee isaa isa sodaachisaa gadi-dhiiseera. Dhugaan isaa dhufaa jira.

Akka booddeetti hin deebineef fiingee isaa afuufaa jira. Qalbii nama hundumaa gara teessoo murtii isaatiitti ol fuudhaa jira. O, yaa lubbuukoo, ariifadhuu deebii kenniif. Miila koo, gammadi. Waaqni keenya hojiirra jira.

15

Hokkara-malummaa: Gara Bilisummaatti Karaa Tokkicha (1966)

Caamsaa 4, bara 1966, Ameerikaanonni Afrikaa kutaa Alabaamaa keessatti galmaa'an keessaa %80 ol kan ta'an filannoo jalqabaa Dimokiraatootaa irratti filachuu danda'aniiru. Kunis sochiin walqixxummaa siyaasaatiif godhamu gaaffii walqixxummaa hawaasummaa wajjin walsimachuu jalqabuu isaa agarsiisa. Garuu gurraachonni yaada walmakachuutti hin amanne jiru turan. Namoonni baay'een warra adii irraa haqa sanyummaa argachuun isaan shakkisiisa. Kanaaf, yaada hiree murteeffannaa gurraachotaa isa durii namoota akka Biishop Henrii Maakniil Tarner (1834-1915) tajaajilaa Waldaa Kiristaanaa Epiiskopaal Metodistii Afrikaa fi booda ammoo Maarkos Garvey (1887-1940) fi waldaa isaa Waldaa Waliigalaa Fooyya'insa Negrootiin geggeeffamaa turetti deebi'aa jiru. Caamsa 16, bara 1966, Istokilii Kaamikaa'el pirezidantummaa Koree Qindeessituu Barattoota Hokkara-maleeyyiitti "filatamuun" isaa, achumaanis yaadaa fi dhaadannoo "Aangoo Gurraachaa" jedhu ifatti labsuun isaa yaada dullooma duriitti deebi'uusaa agarsiisa. Jeequmsa magaalaa keessatti danbalii haaraan loltummaa gurraachota Ameerikaa, dorgommiin maallaqaa fi beekamtii siyaasaa argachuuf dhaabbilee mirga sivilii biroo wajjin godhamu, akkasumas mallattoon xiyyeeffannoon biyyattii Sochii Mirga Sivilii irraa fuula deebifachuusaa Dr. Kiingi fi waahiloonni isaa ejjennoo Kora Hoggansa Kiristaana Kibbaa deggeranii barruu Ibonii irratti akka barreessan godhe. Barreeffama kana keessatti uummata gurraachaaf jijjiirama hawaasummaa fiduuf tarsiimoo bu'a-qabeessi tokkichi diddaa hokkara-maleessa ta'uusaa falman.

BARRI 1966 MISEENSOTUMA SOCHII MIRGOOTA SIVILII KEESSAA waa'ee falaasama fi tarsiimoo hokkara-malummaa gaaffii guddaa fudhatee dhufe. Michuuwwani fi obboloota keenya irraa murtee ofirraa ittisuu fi aangoo gurraachaa jedhu dhaga'uu jalqabne. Magaalaalee gugurdaa keessatti jeequmsi asittis achittis dhowe. Namoonni baay'een

dhimmoota kanneen lamaan gidduu walitti dhufeenyi jira yoo jedhaniyyuu hoggantoonni sochichaa garuu yaada aangoo gurraachaa jedhu keessa hokkarri jiraachuu isaa ni haalu.

Piresiin biyyattiis gurraachonni bilisummaa isaanii argachuuf mala hokkara-malummaa fayyadamuu dhaabuu isaanii labse. Barreeffamoonni matadureewwan "Adii Argachuuf Qaxxisuu" fi "Negroonni ofirraa loluu qabuu?" jedhaniin bahan. Isaan keessaa tokko humna yookiin hokkaratti fayyadamee sochii cimaan Negroota gara bilisummaatti geggeessaa jiru akka jiru kan ibsu fakkaata.

Waa'ee hokkaraa hedduu dhaga'ama ture. Waggoota kurnan darban sochii hokkara-malummaa irratti dubbatamaa kan tureedha. Dubbiin kun haasaa namoota sodaatooti. Namoonni kun yoo tuqaman yookiin haleelaman obsuu waan hin dandeenyeef sochii hokkara-malummaatti makamuu hin barbaadnu jedhu. Har'a haalichi jijjiiramee waa'ee hokkaraa dubbachuun beekamaa yoo ta'eyyuu kana hambisuuf wanti dalagaan mul'ate garuu hin jiru. Barreeffama *Niwu Yoorker* irratti dhihoo kana bahetti rippoorterr tokko akka ibsetti, lubbuun jiraachuun Beekwiz, Piriis, Reenii, fi Koolii Leeroy Wilkins faa Negroon ammayyuu hokkara-maleessa ta'uu isaatiif raga jiraataadha. Kun hin ga'u yoo ta'e, lakkoofsa namoota dhihoo kana jeequmsa irratti miidhamanii yoo ilaalte namoota du'an keessaa baay'een Negroota ta'uusaa agarta. Karaalee saffisaa Los Aanjeles irratti illee miidhaan tokko akka hin dhaqqabin gabaasaaleen ni agarsiisu. Barataa dargaggeessi adii maraataan Yunivarsitii Teksaas sun, haleelaan garaa kutate miidhaa akkamii geessisuu akka danda'u agarsiisee jira. Gurbaa dargaggeessi kun namoota inni guyyaa tokko keessatti ajjeese eega jeequmsa Haarlem bara 1964 jalqabee namoota magaalalee hunda keessatti jeequmsa hunda irratti Negroonni ajjeesan ni caala. Kun yaada Negroon hokkaraaf qabu irratti gaaffii cimaa kaasa.

Walumaagalatti, yeroo hadhaa'ina akkamii keessatti illee Negroon bilisa bahuudhaaf nama adii ajjeesuu hin barbaadu. Kana jechuun Negroon maleekaa hokkara jibbuudha jechuu keenya miti. Carraa

hamaa ta'ee namni Sanbata galgala hospitaalota hawaasa Negroo keessatti argaman irra naanna'ee ilaale hokkara hawaasa Negroo gidduu jiru ni hubata.

Namoota rasaasaan rukutamani fi meeshaa qara qabuun waraanaman dhibbaan lakkaawaman osoo dhiiganii kan agarru yoo ta'u, adiin gurraachaan miidhame garuu hin mul'atu. Namoota gandeem hiyyeeyyii Kaabaa keessa jiraatan baay'ee wajjin haasa'een ture; hokkara yookiin humna fayyadamuu akka qaban cimsanii dubbatu. Garuu, jeequmsa Shikaagootti ta'e keessatti tokkoo isaaniiyyuu hin argine. Karaalee Haarlemi fi Paarkii Waashingiten isa Shikaagootti lallaba hadhaa'inaa fi jibbiinsaa dhaga'een jira, garuu tokkoon isaaniiyyuu jeequmsa kaasuu hin dandeenye. Hanga ammaatti, poolisiimatu sodaa fi jibbiinsa irraa kan ka'e uummata keenya gara jeequmsaatti oofaa jira. Al tokko jeequmsi kaanaan poolisii fi Naga-eegdota Biyyoolessaa qofatu to'achuu danda'a. Kunis dhohiinsi hokkaraa kun kan hin karoofamini fi kan to'atamuu hin dandeenye ta'uusaa maddi isaa ammoo aarii, hiyyuma, salphina, hakuuccaa fi saamiinsa bara dheeraa ta'uusaa mul'isa. Hokkarri akka tarsiiimoo jijjiirama hawaasaa fiduu danda'utti Ameerikaa keessa hin jiru. Wacaa fi aariin hundi hojii sodaattota warra dubbiinsaani bu'aa hin qabneetti lakkaawama.

Gama mooraalaatiinis haata'u gama hojiirra ooluu danda'uu isaatiin uummata koo gara bilisummaatti geessuu kan danda'u hokkara-malummaadha. Qabsoo humnaan geggeeffamu keessatti, gaaga'amni namoota kumaatamaa dhaqqabuu akka danda'u beekanii qophaawuu barbaachisa. Lola Veetinaam keessatti Yunaayitid Isteetis namoota miiliyoonaan lakkaawan qaluuf, lammiiwwan ishee kuma dhibba lama ta'ani fi doolaara biiliyoona digdama waggaatti wareegama baasuuf murteeffattee itti seente. Kun hundumti Veetinaamota miiliyoona kudha afur ta'an bilisummaa gonfachiisuuf jecha ture. Waraanichi kan geggeeffamu dachee Eeshiyaa bakka Eeshiyaanonni baay'inaan jiraatanitti. Namni lola geggeessu marti qorannoo akkanaa geggeessuutu irraa eegama. Uummat-xiqqaan

uummata guddeessa, dureessa, hanga funyaaniitti hidhate, leellistoota mirga deemtuu kanneen jireenyi warra adii fi maateriyaalummaan dhihaa balaa irra jira jedhanii yoo yaadan uummata gurraachaa haxaawanii balleessuuf ija hin sukkuummanne qabu wajjin wal lolu miidhaa irra ga'uu danda'u dursee tilmaamuu qaba.

Negroon Ameerikaa qaama addunyaa ishee uummattoonni halluu adda addaa qaban keessa jiraatanii waan ta'eef, uummattoonni kunniin tokkummaan ka'anii waanjoo cunqursaa warra adii ofirraa cabsuu danda'u falmiin jedhu yoo xiqqaate hanga waggaa shantamaatti kan dhugoomu miti. Ammatti biyyoota halluu addaa qaban keessaa, Chaayinaa dabalatee, kan warraaqisa idil-addunyaan dhaga'u geggeessuuf humna qabu hin jiru. Gaanaa, Zaambiyaa, Tanzeeniyaa fi Naayijeeriyaan hiyyuma, wallaalummaa fi dhiibbaa niyookolooniyaaliizimii wajjin kokkee walqabaa jiru waan ta'eef, Negroo Ameerikaaf haa hafuutii Angoolaa, Roodeeziyaa Kibbaa fi Afrikaa Kibbaaf illee abdii ta'uu hin dandeenye.

Dhugaan har'a jiru kan inni agarsiisu abdiin uummattoota adimaleeyyii addunyaa Negroo Ameerikaa fi dandeettii inni caasaa sanyummaa impeeriyaalizimii jijjiiree tekinoooloojii fi qabeenya dhihaa hojii hiyyumaa baasuutti geeddaruu isaarratti kufee jira.

Jaalala bilisummaaf qabnu haasa'aa ooluu fi falmii falaasamaaf yeroo balleessinu hin qabnu. Yeroon kun yeroo hojiiti. Wanti ammaan tana barbaachisu tarsiiimoo jijjiirama fiduu fi sagantaa Negroo gara jireenya idilee Ameerikaatti ariitiidhaan fiduu danda'u baasuudha. Hanga ammaatti kan kana gochaa jiru sochii hokkara-malummaati.

Bu'aan nuti tarkaanfii hokkara-malummaa irraa arganne amumayyuu beekamaadha. Jijjiiramni hawaasaa ajaa'ibsiisaan Kibba keessatti mul'atu seenaa keessatti hiriyyaa hin qabu. Tarkaanfileen Montigoomerii, Albani, Bermingami fi Seelmaa irratti fudhataman jijjiirama guddaadhaaf karaa bananii jiru. Jijjiiramni kunniin wareegama qabeenyaa fi lubbuu muraasaan ta'uun isaa ammoo caalaatti ajaa'ibsiisaadha.

Hiriira hokkara-maleessaa irratti lubbuun nama tokkoollee hin dabarre. Waldaa Kiristaanaa Warra Cuuphaa Daandii 16ffaa irratti bombiin kan darbatame hiriirri eega dhaabbatee ji'a baay'ee booda ture. Luba Jeems Riib, Aadde Vayolaa Liwuzoo fi Jiimii Lii Jaaksen hundi kan ajjeefaman halkaniin yoo ta'u guyyaa hiriirri turerra. Guutummaa Kibbaatti namoota waggaa kudhan keessatti ajjeefamanirra jeequmsa halkan sadi'iin kanneen Waatis keessatti ajjeefamantu baay'ata. Aarsaan hanga kanaa osoo hin kaffalamin qabsoo Gaandiin bilisummaa Indiyaaf geggeesses haata'u biyyi Afrikaa kamiyyuu bilisummaaf godhe keessatti jijjiiramni akkasii argamee hin beeku.

GAAFFII OFIRRAA ITTISUU

Garraamummaa irraa kan ka'e namoonni gaaffii waa'ee ofirraa ittisuu kaasan ni jiru. Kun qixa qajeelaan ilaalamuu qaba. Namoonni mana ofii eeggachuun yookiin hamaa irraa ittisuun waan wal nama gaafachiisu miti. Kun mirga heerri mirkaneessee fi bakka hamoo Kibbaa keessatti illee kan kabajamuudha. Garuu mana ofii fi mataa ofii qofa saamtota halkanii irraa eeggachuun mala akka hokkarri hin uumamne godhu miti. Sagantaan seera baasuu jiraachuu qaba. Muuxannoon Savanaa fi Makoon, Joorjiyaa keessatti akkuma nu agrsiise Negroota filannoof galmeessuun qondaalota poolisii warra sanyiitti amanan caalaa seera kabachiisuu kan danda'uu fi Negroof ulfina kennuudha.

Hiriira hokkara-maleessaa keessatti malli ofirraa ittisuu kallattii biraatiin ilaalamuu qaba. Hiriirri kan geggeeffamuuf hakuuccaa fi miidhaan bakka tokko sababa jiruuf namoonni goota ta'ani fi yaada qajeelaa qaban waan hamaa kana waliigalanii mormuutiif akka ta'e eenyuyyuu yaadachuu qaba. Fakkeenyaaf, manneen barnootaa sanyiin qoodaman irratti hiriirri kan godhamu carraa barnoota walqixaa dhabuun guyyaadhaa gara guyyaatti sammuu daa'immanii akka dadhabsiisu waan beekameefi. Kanaaf, namoonni hiriira bahan yeroo

gabaabaadhaaf rakkina fudhatanii ilmaan isaanii fi dhaloonni itti aanee dhufu doofummaa keessatti akka hin hafneef sirna hamaa manneen barnootaa addaan qoode kana irratti hiriiruuf murteeffatu.

Hiriira akkanaa irratti akka manneen barnootaaa gahumsa hin qabnetu ibsama. Hundumtuu hammeenya kanatti quba qabuu barbaada; qabxii kanaan ala wanti ka'u marti xiyyeeffannoo keenya waan hamaa sana irraa gara biraatti deebisa. Dhuguma namni tokkollee miidhamuu fi rakkachuu hin barbaadu. Haata'u malee, hundee rakkinichaa bira ga'uun of oolchuu yaaluurra caala. Daa'imman kumaatama kutaa shanitti yookiin jahatti dubbisuu jalqaban qabaachuurra dhakaa hamoonni darbataniin yookiin ulee isaaniin mataa rukutamanii dhiiga ofii xiqqoo dhangalaasuu wayya.

Ani isinii wajjin hiriiruu hin danda'u sababiinsaa yoo namni na rukute, deebisee rukutuun koo hin oolu Negroota jedhan wayitan dhaga'u baay'ee na dhiba. Namni kun nama ijoolleen isaa hantuutaa fi bararootiin rakkachaa bultuudha; kan haati warraa isaa dukaana meeshaalee nyaataa gatii qaaliin yookiin mi'aan saamamaa jirtuudha; ofii ammoo ogummaa walqixaa qabaatee hojii walfakkaatu hojichaa kan adiiif kaffalamu harka sadii keessaa lama qofti kan kaffalamuufidha; guyya-guyyaan rakkoo akkanaa keessa taa'ee lola itti kaasuuf jecha kanneen itti tufani fi garbicho jedhanii waaman keessa oola.

Haalli Negroo Ameerikaa kana waan ta'eef, ofirraa lolachuun dirqama isaati. Akkuma loltuun dirree waraanaatti bobba'ee balaan narra hin ga'u jedhee yaaduun irra hin jiraanne Negroonis gaaffii waa'ee ofirraa ittisuu kaasuun isaa aja'ibsiisaadha. Kan inni achi jiruuf bilisummaan biyyasaatii hanga lubbuu ofii wareeguutti gatii kan qabu ta'uusaa amaneeti. Hiriirtota hokkara-maleeyyiifis akkuma kana. Rakkoo uummata isaa irra jiru sirriitti argeetu kana dhabamsiisuuf bakka isaanii balaaf dabarsee of kenna.

Kanarratti ammoo, sochii tokko mala ofirraa ittisuu irratti qindeessuun balaa guddaa qaba. Daangaan hokkara ittisaa fi hokkara ijaa bahuu gidduu jiru hin beekamu. Ofirraa ittisaaf hokkara uumuun yoo hayyamame, lolli inni ka'ameef dagatamee gaaffii ofirraa ittisuu qofarratti hafuu danda'a.

Bara 1955 Montigoomeriitti manni koo boombiin wayita rukutamu, namoonni baay'een waardiyyaa hidhate balbalakoo irra kaa'uudhaan, haaloo bahuu barbaadanii turan. Dubbiinsaa garuu waa'ee lubbuukootii osoo hin taane, waa'ee Negroonni otubuusii keessatti akka lammii sadarkaa tokkoffaatti keessummeeffamuuti. Waa'ee eegumsa kootii irratti osoo xiyyeeffanneerra ta'ee, lola mooralaa irratti injifatamnee sadarkaa cunqursitoota keenyaatti gadi buuna turre.

Hokkarri ofirraa ittisuudhaaf yoo itti fayyadamne illee rakkoo inni hiiku irra kan inni uumutu caala jechuu koo amantiidhaan har'as ittuman fufa. Jibbiinsa yookiin nama ajjeesuu diduu qofatu fuunca hokkara addunyaa kana cabsee gara hawaasa isa namni hundi sodaa malee keessa jiraatuutti nu geessuu danda'a. Galmi keenya hawaasa jaalatamaa uumuudha, kunimmoo jijjiirama hafuuraa fi mala jireenyaa barbaada.

TARSIIMOO JIJJIIRRAA

Warraaqisi sanyummaa Ameerikaa keessatti geggeeffamaa jiru warraaqsa fonqolchuu osoo hin taane warraaqsa "keessa seenuu"ti. Dinagdee Ameerikaa keessatti, gabaa manaa, sirna barnootaa keessatti, carraa hawaasummaa keessatti qooda keenya barbaadna. Galmi kun matumti isaa Ameerikaa keessatti jijjiiramni hawaasaa hokkara-malee ta'uu akka qabu agarsiisa.

Namni tokko hojii gaarii barbaada yoo ta'e, warshaa gubuun homaa isa hin gargaaru. Namni tokko barnoota gahaa barbaada yoo ta'e, hogganaa isaatti dhukaasuun faayidaa isaa hin qabu. Yookiin

mana argachuun galma keenya yoo ta'e, ijaarsa qofatu achiin nu ga'a. Namas qabeenyas kamillee balleessuun gara galma isa nuti barbaadnuutti nu geessuu hin danda'u.

Tarsiimoon hokkara-malummaa hammeenya uummata keenya keessa jiru ifatti baasanii mul'isuudhaan uummaticha keessaa humnoonni yaada qajeelaa qaban dhiibbaa irratti godhanii akka jijjiiran gochuudha.

Diddaan taa'anii ka'uu diduu bara 1960 barattootaan geggeeffame fakkeenya gaarii mala kanaati. Barattoonni kun mirga mana nyaataa adii seenanii nyaachuu sarbamanii turan, kanaaf taa'anii ka'uu diduudhaan mormii isaanii agarsiisan. Wayita barattoonni kunniin hidhaman maatiin isaanii dheekkamsaan ka'an. Haata'u malee, barattoonni ittuma fufan; kun ammoo magaalattii ni qaanesse, adii baay'een deemanii bitachuu waan sodaataniif, daldala magaalattii fi dinagdee ishee irratti yaaddoo fide. Dhiibbaa akkanaa keessatti namoonni jijjiirama akka fudhatan waliigaltee irra gahuun nama hin rakkisu.

Hanga ammaatti gaaffii jijjiiramaa nuti kaafnuuf deggersa Heeraa ni qabna; manneen murtii federaalaa hiriirota keenya seeraan akka deggeran ni amanna, kun ammoo hojii keenya nuuf salphisee jira. Amma bakkawwan sagaleen Heeraa guddisee hin dhaga'amne ga'aa jirra. Daangaa mirgoota Heeraa bira darbinee daangaa mirgoota namummaa seenaa jirra.

Heerri mirga filachuu nuuf mirkaneessee jira, garuu mirga mana gahaa argachuu, yookiin mirga galii gahaa argachuu nuuf hin mirkaneessine. Biyya waggaatti oomisha waliigalaa doolaara biiliyoona 750 qabdu keessatti namni hundi mana gaarii akka qabaatu, barnoota gahaa akka argatuu fi maallaqa gahaa maatii isaa ittiin jirachifatu akka qabaatu gaafachuun karaa mooraaliinis taanaan sirriidha. Galma kanneen bira gahuun ulfaataa akkasumas naamusa, walhubannaa, gamtaa fi wareegama guddaa barbaada.

Negroonni kan jiraatan walakkeessa magaalalee gugurdaa Yunaayitid Isteetis keessadha. Magaalaleen kunniin sagalee filannoo magaalalee biyya keenyaa kan to'ataniidha. Kana jechuun lakkoofti keenya uummata biyyattii keessaa dhibbeentaa kudhan yoo ta'eyyuu, teessuma lafaan bakka murteessaa ta'e qubannee waan jirruuf-magaalaleen Kaabaa fi saqqii gurraachi Kibbaa-tokkummaa siyaasaa fi mooraalaa daandii biyya keenyaa qajeelchu hogganuu dandeenya. Haata'u malee, iddoon keenya humna siyaasaa qofa irratti kan hundaa'u miti. Dandeettii humna mooraalaatti fayyadamuu keenya irrattis ni hundaa'a. Humna mooraalaa wayita dhabnu, humna biyyattii keessaa dhibbeentaa kudhan keenya qofatti deebina. Kun ammoo, hawaasa keenya keessatti illee, jijjiirama hiika-qabeessa tokko fiduuf gahaa miti. Dinagdee kan to'atu toora aangoo qabu waan ta'eef, karaan maallaqni irra dhangala'u addaan cinnaan guddinni ni dhaabbata.

Waggoottan darban sadii humna sab-xiqqaa, kutataan mooraala qabu biyya geggeessuuf qabu nu agarsiisee jira. Innis gartuu sochiin Bermingam Waldaalee Kiristaanaa, hojjetootaa fi hawaasa akaadamii kan dhimmoonni libiralii jabana kanaa walitti fideedha. Seeronni libiralii walga'ii Kongiresiitiin darban hundumti sababa isaaniitiin ta'e. Sochiiwwan nagaa godhamani fi mormiin waraana Veetinaam ilaalchisee mooraa hunda keessatti geggeeffaman ka'umsi isaanii tarkaanfii sochii hokkara-maleessaa Negrootaan hogganameeti. Bermingam dura, mooraaleen keenya waa'ee bara Maakaartii irraa kan ka'e naasuu keessa turan, Kongiresiin ammoo waggaa guutuu mormii Dimokiraatota kibbaa fi Rippaabbliikaanota giddugala dhihaatiin goolamaa ture. Negroonni biyyattiin fuula ishee gara diinota dhugaa kanneen akka hiyyummaa, gandeen hiyyeeyyii fi barnoota gahaa hin taaneetti akka deebiftu godhanii jiru.

TEEKNIKOTA FUULA DURAA

Gaafa Negroonni hiriira bahan, biyyis wajjin bahe. Humna hiriirri hokkara-maleessi qabu ajaa'ibsiisaadha. Negroonni dhibba muraasni hiriirani guutummaa biyyattii keessaa deebii akkasii argachuun isaa nama dhiba. Dhimmoota sirriitti adda bahanii beekaman irratti hiriirri eeggannoon yoo qindaa'e humna isa Viiktor Huugoo humna-qabeessa addunyaa jedhee moggaase, "yaada yeroon isaa ga'e" bakka bu'a. Miilli hiriiru yaada tokkoof yeroon isaa kan ga'e ta'uu labsa. Yaadi sun kan fudhatama qabu yoo ta'e, ka'umsi isaa haqa-qabeessa yoo ta'e, hiriirri isaas qulqulluu yoo ta'e, jijjiiramni ni dhufa. Garuu haalonni kun tokkollee yoo keessaa hir'atan, humni jijjiiramaa guutuu hin ta'u. Hiriirri nama kuma tokkoo mirga herooyinii fayyadamuu gaafatu dhiibbaa xiqqoo qofa fida. Akkuma kanaan, namoonni kuma kudhan ta'an aariidhaan buufata poolisii tokko irratti hiriira bahanii ajaajaa poolisii abaaraa yoo oolan, qaama seera kabachiisu jaalatamaa, ulfina-qabeessaa fi gartu-malee ta'e ijaaruuf qooda inni qabu xiqqoodha. Hiriirri akka kanaa sodaa uumee humni dabalataa gara buufatichaatti akka ergamuu fi tarkaanfiin caalu akka fudhatamu gochuu duwwaa danda'a.

Gara fuuladuraatti hiriirri itti fufuu qaba, garuu kan bu'aa buusan ta'uu qabu. Haata'u malee, hiriirri mala yeroo tokkichaan injifannoo fidu miti. Milkaa'inni takkumaan argamu muraasa. Akkuma michuun koo Keenet Kilaark *Dark Ghetto* keessatti dubbate hiriirri akkanaa aarii ofirraa dabarsuu fi humna jijjiiramaaf barbaachisu dhangalaasuudha. Haata'u malee, hiriirri akka sagantaa hammeenya ifa baasuutti, akka humnoota yaada qajeelaa qaban sochoosuutti, akkasumas jijjiiramaaf dhiibbaa fi humna akka maddisiisuutti yoo ilaalame, bu'a-qabeessa ta'a.

Akka muuxannoo keenyaatti hiriirri bu'a-qabeessa ta'uuf guyyaa soddomaa hanga afurtamii shaniitti geggeeffamuu qaba. Humnoota aangoo irra jiran boqonnaa dhowwachuuf lakkofsi namaa illee baay'achuu qaba, yoo kana hin taane osoo hin beekamin darba. Kana jechuun xiyyeeffannoo piresii hawwachuu qaba; dhimmicha hiika kan

itti kennuu fi uummataaf ibsu akkasumas kan qaama ilaallatu jijjiiramaaf kakaasu isa waan ta'eef.

Hiriira biratti meeshaa hokkara-maleessi biraan laguudha. Bu'uurri falaasama hokkara-malummaa hammeenya wajjin waliigaluu diduudha. Hawaasa keenya keessatti humnootaa fi dhaabbilee hammeenya dheeressaa jiran wajjin dinagdeen waliigaluu diduu caalaa mala bu'a-qabeessi hin jiru.

Ji'a jahan darban keessa kaampanilee Negroota hanga barbaachisu hojii hundarratti hin qacarre irraa bituu diduudhaan, tajaajiltoonni Shikaagoo hoggansa KHKKn Duula Guuboo Nyaataatiin galii hawaasa Negroo waggaatti doolaara miiliyoona lamaan dabaluu danda'anii jiru. Atilaantaa keessatti humni galii argachuu Negrootaa wagga waggaatti doolaara miiliyoona digdamaa ol dabaluu danda'ee jira. Kun kan ta'e sagantaa naamusaan akkasumas eeggannootiin filatanii bitachuu fi gatii falmachuu tajaajilaa Negroo tokkoon qophaa'eetiin. Kun humna hokkara-malummaa isa sadarkaa guddaarra ga'e isa bu'aa daldaltootaa irraa kutuudhaan Negroonni akkasumas shammattoonni qoodiinsa hojii fi carraalee birootti fayyadamoo akka ta'an kan taasisedha.

Garuu ammas taanaan, laguun bu'a-qabeessa akka ta'uuf turban yookiin ji'oota baay'eef itti fufuu qaba. Uummatichi gargaarsa akka itti fufuuf barnoota walirraa hin cinne argachuutu irra jiraata. Uummatni wareegamni inni baasu akkamitti jijjiirama fiduu akka danda'u sirriitti hubatee jennaan gamtaan ni hojjeta, aarsaas ni kaffala. Namni marti ni hubata jennee yaaduu hin qabnu. Uummata quba qabaachisuu fi dammaqsuun hojii keenyadha.

Meeshaan hokkara-malummaa guddichi fi inni dadhabsiisaan ijaarsa jaarmiyaaleeti. Jijjiirama fiduuf uummanni ijaaramee gamtaan hojjechuu qaba. Jarimiyaaleen kunniin kanneen akka Liigii Filattootaa fi paartilee siyaasaa jarimiya siyaasaa ta'uu danda'u; yookiin jaarmiyaalee dinagdee kanneen akka gartuu qonnaan bultoota waldaa ijaarrachuuf yookiin kiraa kaffaluu diduuf walga'anii; yookiin dafqaan

bultoota hojii barbaadan yookiin dabalata mindaa gaafatan ta'uu danda'u.

Keessumaa, sochiiwwan mirgoota sivilii uummanni gartuu bakka isaa bu'ee mirga isaa isaatiif kabachiisuu danda'u jalatti gurmeessuu irratti bobba'uu qabu. Kun hojii waggaa dheeraa fudhatuu fi dadhabsiisaa ta'uu danda'a, garuu bu'aansaa dhaabbataa fi hiika-qabeessa.

Gara fuuladuraatti hoji-dhableewwan gurmeessuuf ni waamamna, daldala gandeen hiyyeeyyii keessa jiran yuniyeniitti jijjiiruuf, qonnaan bultoota humneessinee dhaabbilee faayinansii ciccimoo Negrootaan to'ataman ijaaruuf ni waamamna.

Addunyaa dhiiraa fi dhalaan keessa wajjin jiraatan, lafa namni hundi hojii fi mana qabu lafa daa'imman marti barnoota hamma mataan isaanii fudhachuu danda'u baratan uumuun salphaa miti. Garuu bara jireenya keenyaa keessa addunyaan akkanaa yoo uumame, kun Yunaayitid Isteetis keessatti Negrootaa fi adiiwwan yaada qajeelaa qabaniin ta'a. Kunis kan raawwatu namoota osoo nama biraa irratti rakkoo hin geessisin ofii isaaniitii rakkoo fudhachuuf murannoo qabaniini. Kunis kan ta'u sanyummaa, maateriyaalummaa fi hokkara isa qaroominni Dhihaa ittiin beekamu balleessuu fi qooda isaa addunyaa obbolummaa, waliigaltee fi nagaa uumuuf jabaatanii hojjechuudhaani.

Yeroon Callisaa ni Ga'a

(1967)

Bara 1954-1965 wayita Sochiin Mirga Siivilii injifannoo galmeessise, Yunaayitid Isteetis ammoo humna loltummaa ishee Veetinaam keessatti cimsaa ture. Akkuma pirezidant Ayizenaawar akeekkachiisan qooda-fudhannaan loltummaa Ameerikaan addunyaa irratti qabdu akka jabaatuuf indastriin waraanaa Ameerika dhiibbaa gochaa ture. Beektonni akka W.E.B. Duubuwaa sochii loltummaa Ameerika kana keessatti kan miidhaman warra adii osoo hin taane uummattoota halluu adda addaa qaban ta'uusaa dubbachuu jalqaban. Hirooshimaa fi Nagasaakii irratti bara 1945 boombii atoomii darbachuutii kaasee hanga lola Kooriyaa fi Veetinaamitti Ameerikaan kallattiidhaan masaanuu ishee Tokkummaa Sooviyet wajjin walitti bu'uu irra uummattoota bifa biraa loluu filatte. Akkuma pirezidant Joonsen suuta suutaan Veetinaamitti loltoota bobbaasaa deemaniin namoonni sammuu qaban sirrummaa tarkaanfii Ameerika kana shakkuu jalqaban.

Dr. Kiing lola Veetinaam mormuudhaan waltajjii Waldaa Cuuphaa Ebenezer Atilaantaa, Joorjiyaa irra dhaabbatee yeroo baay'ee dubbataa kan ture yoo ta'eyyuu, ifatti kan inni labse Bitootessa 25, bara 1967 gaafa Shikaagootti adii fi gurraacha 5000 duula Veetinaam mormuuf bahe hoggane ture. Haasaan isaa inni dubbii cimaa kaase garuu guyyaa muraasa booda isa Magaalaa Niwu Yoorkitti dubbatameedha. Dr. Kiing haasaa seena-qabeessa kana kan inni dubbate walga'ii tajaajiltootaa fi amantootaa irratti ture. Walga'ichi kan geggeeffame Eebila 4, bara 1967 ajjeefamuu isaa waggaa tokko dura Waldaa Kiristaanaa Riiversaayid, Magaalaa Niwu Yoorkitti ture. Duula Veetinaam mormee dubbachuun isaa yeroo jalqabaa hin turre, garuu yeroo jalqabaaf Sochii Mirga Siivilii wajjin walqabsiise. Imaammata waraanaa bulchiinsa Joonsenis yeroo jalqabaaf ifatti qeeqe.

HAR'A GARA MANA WAAQEFFANNAA KANAA KANAN DHUFEEF filannoo biraa sababan hin qabneefi. Kanan dhufeeff kaayyoo fi hojii dhaaba keessanii isa isin "Namoota Waa'een Veetinaam Isaan Yaaddessu" jettanii waamtan kanaa waanan deggeruufi. Dhaaba kanatu asitti walitti nu fide. Ibsa koreen hojii raawwachiistuu keessanii dhihoo kana baase irratti bo'oo jalqabaa irratti, "Yeroon itti callisuun gantummaa ta'u ni dhufa" jedhu argeen itti waliigale. Yaadi koo illee kanuma. Veetinaamiin ilaalchisee yeroon sun amma ga'ee jira.

Dhugummaan jecha kanaa kan nama shakkisiisu miti. Ergama inni nutti kennu garuu baay'ee cimaadha. Keessattuu ofiitii dhugaan muddee yoo nu qabe illee, namoonni imaammata mootummaa ofii, keessumaa yeroo waraanaa mormuu hin fedhan. Maal na dhibdee yookiin addunyaa naannoo ofii fakkaatanii buluu irra darbuun salphaa miti. Keessumaa haala walxaxaan akka walitti bu'iinsa sodaachisaa kanaa wayita nu mudatu, waan goonu wallaaluu irra geenya; garuu fuulduratti tarkaanfachuu qabna.

Nuti warri calleensa kana cabsuu jalqabne wanta akkanaa dubbachuun, waamicha rakkoo namatti fidu ta'uusaa hubannee jirra; haata'u male, dubbachuu qabna. Hanga dandeenyutti kan dubbachuu qabnu hafuura qajeelaani; garuu, dubbachuu qabna. Gammaduus qabna sababiinsaa, seenaa biyya keenyaa keessatti dura-bu'oonni amantii muraasa hin taane yeroo jalqabaatiif gootummaa raagu irra darbanii gara tulluu ol ka'aa yaada addaa keessummeessuutti ce'uuf filatanii jiru. Tarii hafuurri haaraan gidduu keenya sosocho'aa jira. Yoo kana ta'e, keessa keenya dhaggeeffannee sochii kanaan akka geggeeffamnu haa kadhannu; dukkana nutti dhihaatee jiru keessa bahuuf karaa haaraan waan nu barbaachisuufi.

Waggoota darban lamaan ibidda laphee koo keessaa didichu irraa kan ka'e, calleensa cabsee dhumiinsi Veetinaam keessa jiru akka dhaabbatuuf wayitan waamicha godhu namoonni baay'een 'maaltu si

dhahe' naan jedhanii turan. Yaaddoo irraan kan ka'e, "Dr. Kiing, ati maaliif waa'ee waraanaa dubbata. Warreen yaada akkanaa kaasan maaliif faana buuta? Nageenyaa fi mirgi siivillii adda addaadha," naan jedhu turan. Kun qabsoo uummata keetii hin miidhuu? jedhanii na gaafatu. Yeroon kana dhaga'u, madda yaaddoo isaanii yoon beeke illee warri gaaffii kanneen gaafatan anas, kutannoo koos waamicha koos hubachuu dadhabuu isaaniif nan gadda. Dhuguma addunyaa keessa jiraataa jiran wallaaluu isaaniif na gaddisiisu.

Haala wal hubannaan hin jirre akkanaa keessatti karaan Waldaa Cuuphaa Montigoomerii Alabaamaa ishee ani paasterummaa keessatti jalqabe gara kanatti akka inni fidu maaliif akkan amanu ibsuun barbaada.

Har'a waltajjii kanarra kanan dhaabbadheef biyya kootiif waamicha onnee irraa buqqa'e gochuufi. Kanan dubbadhu Haanoy yookiin Adda Bilisummaa Biyyoolessaatti miti. Chaayinaa yookiin Raashaattis miti. Haala jiruu fi rakkoo Veetinaam keessa jiruuf hiika kennuu dhiisuudhaan achi ilaalanii bira darbuuf yaalii godhamus miti. Veetinaam Kaabaa fi Addaa Bilisummaa Biyyoolessaa (ABB) mudahinqabnee fi qulqulluu taasisuu yookiin qooda isaan rakkoo kana furuuf qaban tuffachuus miti. Lamaanuu Yunaayitid Isteetis biratti shakkiin ilaalamuuf sababa gahaan yoo jiraate iyyuu, yoo karaa lamaanuu kennanii fudhachuun wal amantaa irratti hundaa'e hin jiraanne, wal dhibdeen hiikamuu akka hin dandeenye seenaa fi jireenyi dhugaa nuuf bahu.

Har'a garuu, Haanoyi fi ABB wajjin osoo hin taane Ameerikaanota lammii koo warra wal dhibdee ardii lamaanuu gatii guddaa kafalchiisaa jiru kana dhabsiisuuf, itti gaafatamni irra jiru wajjin haasa'uun barbaada.

BARBAACHISUMMAA VEETINAAM

Hojiin koo lallabaa waan ta'eef, waa'een Veetinaam sababoota torbaaf garakoo dhufa. Tokkoffaa lolli Veetinaam keessatti geggeeffamuu fi qabsoon ani fi hiriyyoonni koo Ameerikaa keessatti geggeessinu hidhata qabu. Waggoota muraasa dura qabsoo sana keessa yeroo gaariitu ture. Karaa karoora hiyyummaa hiyyeeyyii adiifis ta'e gurraachaaf abdiin akka jiru waadaa kan galameef fakkaata ture. Yaaliin abdachiisaa fi jalqabni haaraan turaniiru. Itti aansee Veetinaamitti duulamee sagantichi fashalee tapha siyaasaa biyyi waraanaan maraatte taphattu ta'uu isaan arge. Ameerikaan gochaan ofjajaa Veetinaam keessa itti fufee akka hootuu seexanaa, horii, ogummaa fi humna namaa osoo xuuxaa jirtuu, hiyyeessa ofii bayyaanachiisuuf humnaa fi qabeenya dhangalaafuu akka hin qabne nan hubadhe. Kanaafan waraana kana akka diina hiyyeessatti ilaalee mormuudhaaf dirqame.

Waraanni kun abdii hiyyeeyyii biyya keessaa qofa kan dukkaneesse akka hin taane ifa naaf ta'e. Lolichi ilmaan, obboloonni fi abbootiin manaa isaanii lolatti bobba'anii hunda caalaa lubbuu isaanii akka dhaban taasisee jira. Dargaggoo gurraacha, hawaasa keenyaan naafatan fageenya maayilii kuma saddeetii mana irraa fageessinee bilisummaa Kibba Lixa Joorjiyaa fi Haarlem Bahaa keessatti hin argatin Kibba Bahaa Eshiyaatti akka mirkaneessaniif ergaa turre. Haaluma kanaan ilmaan Negroo fi ilmaan adii wal bira dhaabbatanii wayita ajjeessani fi du'an TV irratti daawwachaa turre. Biyya wal bira dhaabbatanii kufanii kuffisaniif keessatti garuu mana barnootaa tokko keessatti wal bira taa'anii hin baratani. Hojii garajabinaa manaa fi gandeen hiyyeessaa guubuu irratti yeroo wal tumsan ilaalle; garuu, Ditirooyit toora tokkorra walii wajjin jiraachuu akka isaan hin dandeenye ni beekna. Akka kanatti wayita isaan hiyyeessaan taphatan callisuu hin dandeenye.

Sababa sadaffaa kanaan dhiheessu muuxannoon waggoota sadan darban gandeen gurraachaa kaabaa irraa argadhe irraa ka'eeti.

Dargaggoota dagatamoo, abdii kutatoo fi aariin guutaman wajjin wayitan wal arge rakkoon isaanii meeshaan akka hin hiikamne itti himeen ture. Haalli isaan keessa jiran baay'ee kan natti dhaga'amu yoo ta'eyyuu, jijjiiramni hawaasaa qajeelaan dhufuu kan danda'u karaa tarkaanfii hokkara-malee ta'uusaas itti himeen jira. Garuu, waa'ee Veetinaam na gaafatan, dhugaa qabu. "Biyyi keenya rakkoo ishee hiikuuf humna garmalee fayyadamaa hin jirtuu?" jedhanii na gaafatan. Gaaffiin isaanii manatti as deebi'e. Kanaaf, mootummaa biyya kootii ishee rakkoo addunyaa kanarraa humnaatiinan hiika jettutti osoo hin dubbatin cunqurfamoota gandeen hiyyeeyyii keessa jiraniin humni rakkoo hin hiiku jedhee itti dubbachuu akka hin dandeenyeen hubadhe. Ijoollee sanaaf jecha, mootummaa kanaaf jecha, hokkara keenya irraan kan ka'e kumaatamoota nu dura dhaabbatanii sodaan raafamaa jiraniif jecha, callisuu hin danda'u.

"Ati dura bu'aa qabsoo mirga sivilii mitii?" jedhanii sochii nageenyaaf godhamu ala na taasisuu warra barbaadaniif, deebii kanan qaba. Bara 1957 namoota muraasa taanee KHKK wayita bu'uuressine dhaadannoon keenya," Lubbuu Ameerikaa oolchuu" kan jedhu filanne. Mul'ata keenya mirgoota muraasa uummata gurraachaa qofatti akka hin daangessine murteeffanne turre. Hortee garboota kaleessaa cancelli isaan sakaalee jiru hanga irraa ciccitutti Ameerikaan bilisa ta'uu akka hin dandeenyee fi fayyuus akka hin dandeenye of amansiifnee turre. Yaada kana Langisten Hiyuz akkana jedhe:

Eeyyee,

Ifattin jedha,

Ameerikaan anaaf Ameerikaa hin turre,

Garuu, akkana jedheen kakadha,

Gaaf tokko ni taati!

Har'a namni waa'een Ameerikaa na ilaala jedhu kamiyyuu duula yookiin lola ammaa kana tuffatee darbuu hin danda'u. Lubbuu Ameerikaa summooffee jirti yoo ta'e, walakkaan isaa sababa Veetinaamiifi. Ameerikaan guutummaa addunyaatti abdii namaa osoo ajjeesaa jirtuu fayyuu hin dandeessu. Kanaaf, nuti warri Ameerikaan

"ta'uu qabdi" jennu karaa mormii fi yaada addaa qabannee fayyummaa biyya keenyaaf hojjechuu qabna.

Akka waan ba'aan waa'ee jireenyaa fi fayyummaa Ameerikaa ga'aa hin ta'inii, itti gaafatamni biraan bara 1964 ana irratti kufe. Badhaasni Nagaa Noobelis isa duraa caalaa "obbolummaa namootaaf" akkan tattaafadhu imaanaa narra kaa'ee jira. Waamichi kun daangaa biyyoolessaa ala kan na geessuudha. Garuu, osoo kana ta'uus baatee tajaajila Gooftaa Yesuus Kiristoos natti kenne bakkaan ga'uun qaba. Anaaf, tajaajila kanaa fi nagaa buusuun walitti hidhata waan qabaniif, namoonni maaliif waa'ee waraanaa dubbata jedhanii na gaafatan na ajaa'ibsiisu. Sagaleen Waaqaa ani lallabu hundumaaf-koministootaa fi kapitaalistoof, ijoollee isaanii fi ijoollee keenyaaf, adii fi gurraachaaf, akkasumas isa tarkaanfataa fi rincicaatiif ta'uusaa quba hin qabani laata? Tajaajilli koo isa diinota isaa hanga lubbuu isaa dabarsee kennutti jaalateef ajajamuudhaan ta'uusaa hin irraanfatanii laata? Akka tajaajilaa amanamaa tokkoo Veetikong, yookiin Kaastroo yookiin Maa'ootti maalin himuu danda'a? Du'aan isaan sodaachisuu nan danda'aa? Jireenya koo isaanii hiruu hin qabuu?

Dhumarratti, karaan Montigoomerii akkamitti gara kana akka inni fidu wayitan dubbadhu, amantaa koo isa mucaa Waaqa jiraataa ta'uuf waamamuu na beeksise irraa kan ka'e ta'uu osoon itti himeera ta'e ni ga'a ture. Waamicha sanyii yookiin biyya tokkoo irra, waamicha mucummaa fi obbolummaatu caala. Kanaaf, abbaan hunda caalaa waa'ee ijoollee isaa warreen rakkatanii gargaarsa dhabanii fi gatamaniitu isa dhiba. Har'a isaaniif dubbachuufan asitti argame.

Nuy warreen amanummaani fi deggersi keenya daangaa biyya keenyaa irra bal'inaa fi gadi-fageenya qaba kan ofiin jennu, akkasumas ejjennoo fi galma biyyi keenya kaawwate bira dabarree deemna jennuuf, kun ba'aa fi itti gaafatama keenya jedheen amana. Isa dadhabaaf, isa sagaleen isaa hin dhaga'amneef, warreen miidhaan biyya keenyaan irra ga'eef, warreen biyyi keenya diina jettee waamtuuf dubbachuuf waamamne. Namootni kunneen akka isaan

obbolaa keenya hin taane ragaan agarsiisu harka nama kamiyyuu hin jiru.

BILISA-BAASTOTA KEESSUMMOOTA

Maraannaa Veetinaam karaan itti hubadhuu fi akkaataan deebii itti kennu keessa koo wayitan barbaadu qalbiin koo gara uummata galoo galaanaa sana na deema. Amma kanan dubbadhu waa'ee loltoota karaa lamaanuu hiriiranii miti; waa'ee humna waraanaa aangoo qabatee Saayigon keessa jiruus miti. Kanan dubbadhu waa'ee uummata waggaa soddomaaf waraana keessa jiraachaa jiruuti. Gara isaanii kanan yaaduuf waa'ee isaanii baruu fi boo'icha isaanii dhaga'uuf yaaliin osoo hin godhamin hiikni argamuu sababa hin dandeenyeefi.

Uummanni kun, Ameerikaanota akka keessummoota isaaniin bilisa baasuuf dhufaniitti ilaala. Uummanni Veetinaam Firaansi fi Jippaaniin bitamaa turee warraaqsa kominiizimii Chaayinaa dura bara 1945 bilisummaa ofii labsate. Hochii Miiniitiin hogganamu turan. Dokumentii bilisummaa isaanii keessatti Labsii Bilisummaa Ameerikaa kan waabeffatan yoo ta'eyyuu, nuti garuu beekamtii isaan dhorkannee jirra. Irra darbee Firaansi deebitee akka isaan koloneeffattuuf gargaarsa kennuufiif murteeffanne.

Oftuulummaa dhihaa isa qilleensa idil-addunyaa summeesseen kaka'ee mootummaan keenya uummattoonni Veetinaam bilisummaaf qophii miti jedhee fudhate. Murtii dogoggoraa kanaan mootummaa tarkaanfataa hiree ofii murteeffachuu barbaadu, mootummaa Chaayinaan osoo hin taane, koministoota muraasa dabalatee humnoota biyya keessaan dhaabbate hin fudhannu jenne. Qonnaan bultoonni, mootummaa haaraan kun lafa nuu qooda jedhanii abdii irra kaawataniit turan. Kun waan isaan jireenya isaanii keessatti baay'ee barbaadan ture.

Bara 1945 booda waggaa sagaliif Veetinaamiin mirga bilisummaa dhowwanne. Waggaa sagaliif yaalii Firaansi deebitee Veetinaamiin koloneeffachuuf goote cimsinee gargaarre.

Waraanichi osoo hin xumuramin dura, baasii waraanaa Firaansi harka dhibba keessaa saddeettama nutu danda'e. Firenchonni Diyen Biyen Fuutti osoo hin mo'amiin dura abdii kutachuu jalqabanii turan; nuti garuu abdii hin kutanne turre. Eega isaan fedha dhabanii booda illee tumsa guddaa maallaqaa fi meeshaa lolaa keenyaan waraana akka itti fufan jajjabeessaa turre. Fuuldurattis gatii lola yaalii deebisanii koloneeffachuuf geggeeffamu kana guutummaatti baasuuf jirra.

Eega Fireenchonni injifatamanii booda bilisummaa fi labsiin lafaa deebi'ee karaa waliigaltee Jiniivaa kan dhufu fakkaatee ture. Garuu, qooda isaa Yunaayitid Isteetis biyya yeroodhaaf qoodamtee jirtu Hoon akka tokko hin goone kutattee kaate. Yeroo nuti abbaa irree ofii filanne ministeera muummicha Diyam deggerru, qonnaan bultoonni ija isaaniin ammas argan. Wayita Diyam gara-jabinaan mormitoota barbadeessu, wayita inni abbootii lafaa gargaaru, wayita inni marii kaabaa wajjin walitti makamuu didu, qonnaan bultoonni kun sodaadhaan walitti galani taa'anii ilaalan. Kun hundi Yunaayitid Isteetisiin akka geggeeffamuu fi loltoonni ishee mormii Diyam irratti kaka'u, to'achaa akka jiran qonnaan bultoonni argan. Gaafa Diyam aangoo irraa bu'e gammadaniiru ta'a, garuu abbootiin irree waraanaa dabaree dabareedhaan aangoo qabatan jijjiirama dhugaa hin fidne, keessumaa nagaa fi lafa ilaalchisee.

Jijjiiramni dhufe yoo jiraate, akkuma nuti mootumoota dadhaboo, malaammaltummaan liqimfamani fi uummata biratti hin jaalatamne gargaaruuf loltoota baay'inaan bobbaasineen kan Ameerikaa irraa dhufe ture. Yeroo hunda uummatichi waa'ee nageenyaa, dimookirasii fi qoodiinsa lafaa waraqaa dharaa nuti facaafnu dubbisee abdiin eeggataa ture. Amma garuu boombii keenyaan tumamaa jiru; akka Veetinaamota lammii ofiitti osoo hin taane akka diinaatti nu ilaalu. Lafa abbootii isaanii irraa gara manneen hidhaatti wayita isaan oofnu gaddaan mataa buusanii nu dura yaa'u. Yoo hin deemnu jedhan

boombiin keenya akka isaan barbadeessu ni beeku. Kanaaf, hinuma deemu baay'een isaanii dubartoota, daa'immani fi manguddoota.

Yeroo nuti bishaan isaaniitti summii naqnuu fi midhaan hektaara miiliyoonotaan lakkaawamu barbadeessinu nu argu turan. Bosona isaan akka agartuutti ilaalan mancaasuuf buldoozeroonni qophaawan wayita isaan huursaa didichan boo'uu hin oolle. Tokko tokkoo Veetkoong rukutamee gadoo yookiin haaloo ba'uuf yeroo nuti yoo xiqqaate namoota digdama rasaasaan tumnu isaaniin gaafachuuf hospitaalatti yaa'u. Hanga ammaatti nama miiliyoonaa ol ajjeesuu hin oollu-keessumaa daa'imman. Gara magaalaatti godaanuudhaan ijoollee manaa fi uffata hin qabne kumaatamni akka horii osoo walfaana yaa'anii ilaalu. Daa'imman nyaata kadhachuu dhaqan waraanni keenya wayita isaan salphisani daawwatu. Wayita ijoolleen isaanii obboleewwan ofii loltoota keenyatti gurguranii hadholii ofiif ammoo gatii dubbatanii ilaalu.

Waa'ee qabiyyee lafaa waan dubbanne tokko hojii irra hin oolchin hafuudhaan akkasumas abbootii lafaa bira wayita dhaabbannu qonnaan bultoonni kun maal yaadu laata? Akkuma Jarmanoonni qoricha haaraa fi mala dararaa haaraa manneen hidhaa Yuurop keessatti yaalan, wayita nuti meeshaalee waraanaa dhihoo oomishne isaanirratti yaallu maal jedhu laata? Hundeen Veetinaam ishee bilisoomtee nuti ni ijaarra jennu eessa jira? Namoota sagalee hin qabne kanneen keessa jiraa?

Maatii fi ganda isaanii diignee jirra. Lafa isaanii fi midhaan isaanii barbadeessinee jirra. Humna siyaasaa warraaqaa koministii hin taane tokkicha- Waldaa Tokkummaa Budistii diiguu keessatti qooda fudhannee jirra. Diinota qonnaan bultoota Saayigon gargaarree jirra. Dubartootaa fi ijoollee isaanii gowwoomsinee amala balleessinee dhiirota isaanii ammoo ajjeefnee jirra. Maal bilisa baasaan akkanaa?

Amma hadhaa'ina malee wanti irratti waa ijaaran hin jiru. Yeroo dhihootti ammoo wanti qabatamaan hafu mooraalee waraanaa keenyaa fi manneen hidhaa qofa keessatti argamu. Veetinaam haaraa bu'uura akkasii irratti ijaaramuu danda'uusaa qonnaan bultoonni kun ni

gaafatu. Maaliif kana yaaddan jennee isaan komachuu dandeenyaa? Isaaniif dubbannee gaaffii isaan kaasuu hin dandeenye kaasuufii qabna. Isaanis obbolaa keenyadha.

Tarii dubbachuufiin kan nama rakkisu garuu kan dubbatamuufiin irra jiru warreen diinota keenya jedhamanii moggaafamaniifi. Waa'een ABB-gartuu hin beekamne nuti VC yookiin koministoota jennee waamnuu maal inni? Maal yaaduutu isaanirra jira wayita nuti Diyam gara-jabinaan akka isaan miidhu hayyamneefii gartuu mormituu ta'anii Kibba kessatti akka ijaaraman isaan dirqisiifnu? Hokkarri isaanirratti raawwate wayita meeshaa isaan butachiisu callisnee ilaalu keenya akkamitti ilaalu laata? Yeroo nuti waa'ee lola Kaaba irraa aggaamamuu dubbannu akkamitti nu amanuu danda'u? Wayita Diyam ajjeesee isaan fixu callisnee amma ammoo meeshaa lubbuu namaa kutan lafa isaanirratti gadi roobsaa "hokkara kaaftan" jennee, akkamitti isaan himachuu dandeenya? Gocha isaanii yoo fudhachuu baanne illee rakkoo isaanii hubachuu qabna. Dhugumatti namoota nuti deggerrutu hokkaratti isaan oofe. Karoora nuti isaan balleessuuf jecha kompiyuteraan gargaaramnee baafnu, gochaa isaanii walbira qabamee yoo ilaalame fardaa fi lafa ta'uusaa beekuu qabna.

Miseensota isaanii keessaa dhibbeentaa digdamii shan qofti koministoota ta'uu osoo beekanii qondaaltonni keenya maqaa duuchaa koministii jedhu wayita isaanii kennan akkamitti nu madaalu laata? Kutaaleen Veetinaam ciccimoon to'annaa isaanii jala akka jiru utuma beeknuu, qaama siyaasaa qindaawaa kana osoo qooda hin fudachiisin filannoo biyyoolessaa gochuu keenya wayita beekan maal yaadu? Osoo piresiin Saayigon sansuramaa fi to'atamaa jiruu waa'ee filannoo bilisaa akkamitti dubbachuu akka dandeenyu nu gaafatu. Mootummaa haaraan paartii tokkichi qonnaan bultoota wajjin hidhata qabu keessatti qooda osoo hin fudhatin ijaaruu yaallu kan akkamii akka ta'e yoo nu gaafatan dhugaa qabu. Galma siyaasaa keenya ni shakku; waliigaltee nagaa kan isaan keessa hin jirres hin fudhatan. Gaaffileen isaanii dhugaa qabu. Mootummaan keenya ammas dur-durii siyaasaa

irratti mootummaa ijaaree akka inni hin kufneefimmoo humna hokkaraa haaraan utubuu barbaadaa?

Hiikni dhugaa fi faayidaan gara-laafinaa kan mul'atu yoo bakka diinaa keenyee of ilaaluu, gaaffii isaa dhaggeeffachuu fi akka inni itti nu ilaalu beekuu nu dandeesiseedha. Ilaalcha isaa irraa kaaneeti kan nuti hir'ina keenya beeknee yoo hubannaa qabaanne ammoo obboloota keenya mormitoota jennee waamnu irraa barannee guddachuu fi bu'aa argachuu kan dandeenyu.

Kan Haanooyis akkuma kana. Kaaba, lafa boombiin keenya lafa gubaa jiruu fi dhuka'aan keenya karaa bishaanii cufaa jirutti wal amantaan badee jira. Isaaniif dubbachuun haasaa warra Dhihaa amanuu dhabuu fi kaayyoo Ameerikaa shakkuu isaanii ibsuudha. Haanoy keessa namoota biyyattii bittaa Jippaani fi Firaansi jalaa bilisa baasanitu jira. Namoonni kun Veetinaam miseensa French Koomonwelzi ta'uu ishee osoo barbaadanii dadhabina Paariisiin dhorkatamanii jiru. Namootuma kanadha kan yeroo lammaffaa Firaans irratti qabsoo finiinsee lafa baay'ee harkatti eega galfatee booda waliigaltee Jiniivaatiin hanga tokko dabarsee kan kenne. Bara 1954 booda wayita nuti filannoon silaa Hoo Chi Miiniin hogganaa Veetinaam ishee tokko taatee godhu akka hin geggeeffamne Diyer waliin shira xaxnee hambisnu taa'anii nu ilaalan. Ammas isaanin ganuu keenya hubatanii jiru.

Maaliif teessanii hin mari'attan jennee wayita gaafannu isa kana yaadachuu qabna. Hoggantoonni Haanoy waraanni Ameerikaa Diyemiin gargaaruuf achitti argamuun isaa waraana biyya alaa ilaalchisee waliigaltee Jiniivaa irratti godhame cabsuu jalqabuu akka ta'etti lakkaa'u. Hanga humnoonni Ameerikaa kumaatamootaan biyya keessa galanitti namas haata'u meeshaa baay'ina qabu erguu akka hin jalqabin nu yaadachiisu.

Waa'ee marii nagaa Veetinaam Kaabaa dhiheessitee turtee hoggantoonni keenya akka dhugaa isaa nu dhoksan Haanoy ni yaadatti. Araarri kan dubbatamee ture yoo ta'u, pirezidantichi garuu

wanti akkanaa hin jiru jechuudhaan haalan. Waa'ee nagaa dubbachaa wayita Ameerikaan humnoota ishee kuufattu, Hoo Chi Miin argee jira; amma ammoo Ameerikaan Kaaba weeraruuf qophaawaa akka jirtu oduun gurra butee jira; boombiin darbatamaa jiru, meeshaa guguddaan dhukaafamaa jiru akkasumas dhuka'aan awwaalamaa jiru waraani jalqabuuf kan deemnu ta'uusaa akka agarsiisu ni beeka. Biyyi humna-qabeettiin addunyaa kanaa boombii kumaatama uummata hiyyeessa maayilii kuma saddeet caalu fagaatee jiru irratti roobsaa waa'ee weeraraa osoo dubbattuu wayita dhaga'u kolfuu malee maal jechuu danda'a!

Daqiiqota muraasa dhumaa kanatti Veetinaamiin ilaalchisee warreen sagalee dhabaniif dubbachuu akkuman yaalee fi yaadi namoota diina jedhamanii maal akka ta'e ibsuuf akkuman carraaqe, waa'een waraana keenya achi jiruu kan na yaadessu ta'uusaa ibsuun qaba. Sababiin isaa kan nuti isaaniin Veetinaamitti bobbaasnee jirru haala lola kam keessatiyyuu beekamaa ta'e, kan loltoonni gartuu lamaa walballeessuuf hiriiranii jiranii ta'ee natti hin mul'atu. Yeroo gabaabaa booda wanti isaan lolaa jiraniif akka achi hin jirre waan beekaniif gochaan keenya du'a irratti shakkii dabaluu qofa ta'a. Osoo hin turin ammoo mootummaan isaanii qabsoo Veetinaamota gidduutti akka isaan erge ni beeku; warreen bilchaatoon ammoo dureeyyii deggerree hiyyeeyyii dhabamsiisaa akka jirru ni hubatu.

Sanas ta'u kana, maraatummaan kun dhaabbachuu qaba. Amma dhaabuu qabna. Akka mucaa Waaqayyoo fi obboleessa hiyyeeyyii Veetinaamittan dubbadha. Warreen lafti isaanii balleeffamaa jiruufin dubbadha; warreen manni isaanii barbadeeffamaa, aadaan isaanii manca'aa jiruufin dubbadha. Hiyyeeyyii Ameerikaa kanneen biyya ofii keessatti abdiin isaanii fashalee Veetinaam keessatti ammoo lubbuu ofii wareegaa gatii dachaa baasaa jiraniifiin iyya. Akka lammii addunyaattan addunyaa hojii keenya ilaaltee rifatteefan dubbadha. Akka lammii Ameerikaa tokkootti hoggantoota biyya kootiittin dubbadha. Lola kana nutu jalqabe. Kan dhaabuu qabus nuyi.

Ergaan armaan gadii ammoo hoggantoota Budistii Veetinaam irraa dhufe: *Akkuma waraanichi guyya guyyaan itti fufeen jibbinsi onnee Veetinaamotaa fi namoota namummaa qaban keessa jiru dabalaa deema. Ameerikaanonni michuuwwan isaanii illee diinota akka ta'aniif dhiibbaa gochaa jiru. Ameerikaanonni injifannoo waraanaa argachuuf eeggannoon buusanii kan baasan yoo ta'u, adeemsa kana keessatti qoor-qalbii fi siyaasaan ammoo injifatamaa jiraachuu isaanii hubachuu dadhabuun isaanii nama ajaa'ibsiisa. Maqaan Ameerikaa ammaan booda warraaqsa, bilisummaa fi dimookirasii wajjin osoo hin taane hokkaraa fi loltummaa wajjin yaadatama.*

Yoo itti fufne, akka yaada koo fi yaada addunyaatti Veetinaam keessaa kaayyoo ulfina-qabeessa tokkollee hin qabnu. Kaayyoon keenya yoo xinnaate kolonii Ameerikaa godhachuu, yoo guddate ammoo Chaayinaa tuttuqanii waraana seensisuudhaan buufataalee nukileraa ishee boombiin tumuu akka ta'e namni hundi ni hubata. Waraana uummata Veetinaam irratti geggeessaa jirru battalatti hin dhaabnu yoo ta'e, addunyaan tapha fokkisaa lubbuu namaa irratti taphachaa jirru ilaaluu caalaa carraa biraa hin qabaattu.

Addunyaan har'a bilchina nuti hin qabne nurraa eeggata. Jalqabaa kaasee duulli Veetinaam irratti banne dogoggora ta'uusaa akka fudhannu addunyaan nu gaafata. Haalli keessa jirru, karaa amma qabannee jirru irraa dafnee garagaluu akka qabnu nu dirqisiisa.

Cubbuu fi dogoggora Veetinaam keessatti hojjenne irraa deebi'uuf, waraana fokkisaa kana dafnee dhaabuu qabna. Rakkoo kana furuuf tarkaanfilee qabatamoo mootummaan keenya fudhachuu qabu shan eeruun barbaada:

1. *Kaabaa fi Kibba Veetinaam boombiin tumuu dhaabuu.*
2. *Mareef akka haala mijeessuuf dhukaasa dhaabuu gartokkee hojiirra oolchuu.*
3. *Waraana keenya bakkeewwan waraanaa biraa Eeshiyaa Kibba Bahaa waraana keenya Taayilaandi fi Laa'os keessa jiran xiqqeessuu.*
4. *Veetinaam Kibbaa keessatti ABB fudhatama akka qabuu fi marii fuulduratti mootummaa Veetinaam ilaalchisee godhamu irratti qooda akka qabu fudhachuu.*
5. *Akka waliigaltee Jiniivaatti waraanni alaa Veetinaamii guyyaa inni itti ba'u murteessuu.*

Mootummaa Adda Bilisummaa Biyyoolessaa dabalatee ijaaramu keessatti lubbuu kootiif nan sodaadha Veetinaama jedhuuf koolu-galtummaan akka hayyamamuuf ifa gochuun ni barbaachisa ta'a. Itti aansee miidhaa geessifneef beenyaa dandeenyu kafaluu qabna. Qoricha uummanni biyya kanaa baay'ee barbaadus dhiheessuufitu nurra jiraata.

WARAANICHA MORMUU

Nuti namoonni amantii, wayita mootummaan keenya waan yeellaasisaa irraa akka of qusatuuf gorsinu hojii walirraa hin cinne qabna. Yoo mootummaan keenya gochaa isaa Veetinaam keessaa itti fufe, nutis sagalee keenya dhageessisuu itti fufuu qabna. Jechaa fi dalagaa keenya walsimsiisuuf toftaalee adda addaatti fayyadamnee mormuu qabna.

Dargaggoota keenya waa'ee tajaajila loltummaa wayita gorsinu qooda biyyi keenya Veetinaam keessatti qabdu ibsineefii filannoo mormii sababa irratti hundaa'ee dhiheessuufii qabna. Barattoonni kolleejjii koo, Moorhaawus jiran torbaatamaa ol karaa kana akka filatan dubbachuu isaaniitti nan gammada; namoota waan Ameerikaan Veetinaam keessatti hojjechaa jirtu qaanfachiisaa fi haqa-dhabeessa jedhanii amanan hunda kanuman gorsa. Itti dabalee, tajaajiltoonni mormii akkanaatti akka dabalaman nan jajjabeessa. Yeroon kun soba osoo hin taane dhugaa kan itti filannuudha. Biyyi keenya balleessaa

ishee irraa akka damdamattuuf yeroo jireenyi keenya karaa qabatuu qabu ammadha. Namni gara-laafina qabu hundumti karaa itti amaneen haa mormu; garuu hundi mormuu qaba.

Achi dhaabbatanii gara mormii uummatni waraana Veetinaam irratti geggeessuutti nama erguu waan nama kajeelchisutu jira. Qabsoo keessa seenuu qabna jedheen dubbadha; garuu, itti fufee waan isaan ol nama yaachisu dubbachuun barbaada. Lolli Veetinaam mallattoo dhukkuba hamaa Ameerikaa qabateeti. Dhugaa kana osoo agarruu yoo callisnee bira dabarre dhaloota dhufuuf koree tajaajiltootaa fi amantiitaa ijaaruun keenya hin oolu. Koree waa'ee Guwaatemaalaa fi Peeruu yaadda'u. Kana qofa miti; waa'ee Taayilaandi fi Kamboodiyaa, waa'ee Moozambiiki fi Afrikaa Kibbaa kan yaadda'u. Jireenyaa fi imaammatti Ameerikaa hin jijjiiramu taanaan, biyyoota kanneeni fi biroof illee osoo walirraa hin kutin hiriira bahuun keenya hin oolu. Ilaalchi akkanaa Veetinaamii alatti nu geessa; garuu, akka ilmaan Waaqa jiraataatti, ergama keenyaa ala nu hin geessu.

Bara 1957 keessa qondaalli Ameerikaa biyya alaa jiru tokko, biyyi keenya faallaa warraaqsa addunyaa dhaabbatee kan jirtu akka itti fakkaatu dubbatee ture. Waggoota darban kudhan keessa miidhaa Venezuweelaa keessa tureef harki "gorsitoota" waraana Yunaayitid Isteetis jiraachuun isaa mirkanaa'ee jira. Nageenya investmentii keenyaa eegsisuu kanadha kan Guwaatemaalaatti humnoonni Ameerikaa gocha farra waraaqsaa akka raawwatan kan taasisu. Riphee loltoota Kolombiyaa irratti helikopteroonni Ameerikaa kan hojiirra oolaniif akkasumas humnoonni Ameerikaa qoobii magariisaa finciltoota Peeruu irratti wanti isaan raawwatan maaliif akka ta'e nutti hima. Gocha akkanaa wayita agarru, biyyeen itti ha salphatu malee, jechi Joon F. Kenedi kan nu naasisu. Waggoota shan dura akkas jedhee ture, "Warreen warraaqsi karaa nagaa akka hin dhugoomne godhan warraaqsi hokkaraa yookiin humnaa akka hin oolle godhu."

Osoo beektuu yookiin osoo hin beekin, biyyi keenya karaa kana qabatee jirti- karaa qananii fi gammachuu bu'aan investmentii alaa fidu hin dhiisu jechuudhaan warraaqsa nagaa dhowwu.

Warraaqsa addunyaa kanaa wajjin tarkaanfachuu yoo barbaadne, akka biyyaatti warraaqsa bu'uura ofirratti geggeessuu qabna. Hawaasa meeshaa irratti ijaarame irraa gara hawaasa nama irratti ijaarameetti jijjiiramuu atattamaan eegaluu qabna. Bara mashiinotaa fi kompiyuteroonni, bu'aatiif figuu fi mirgi qabeenyaa namoota caalaa iddoo qabatan kana keessa, lakkuuwwan hamoon sadeen: sanyummaa, maateriyaalummaa fi loltummaan mo'amu hin danda'an.

Warraaqsi dhugaa qajeelinaa fi haqa-qabeenya imaammattoota keenya kaleessaa fi har'aa akka sakattaanu nu godha. Gartokkoon namaaf akka garaa laafnuu fi gargaarruuf waamamnee jirra, kun garuu isa jalqabaa qofadha. Gaaf tokko daandiin Jerikoo jijjiiramee dhiiraa fi dhalaan osoo hin reebamini fi hin saamamin karaa jireenyaa irra bilisummaan osoo adeemanii arguu qabna. Gara-laafinni dhugaa, kadhataatti beese yookiin tamunii darbichuu irra dabra; akka feetee fi kan hundee hin qabnes miti. Sirni kadhattoota oomishu irra deebi'ee sakatta'amu fi ilaalamuu akka qabutti ilaala. Warraaqsi dhugaa inni duudhaa keenya irratti geggeeffamu kun biyya keenya keessatti garaagarummaa hiyyummaa fi badhaadhina gidduu jiru ni xiinxala. Kappitaalistoonni dhuunfaa Dhihaa maallaqa hedduu Eshiyaa, Afrikaa fi Ameerikaa Kibbaa keessatti investi gochuudhaan fooyya'insa biyyoota kanneeniif dhimma osoo hin godhatin, bu'aa irraa saammachuu isaanii ilaalee quuqqaa dhugaatiin "kun sirrii miti" jedha. Hariiroo nuti abbootii lafaa Laatin Ameerikaa wajjin qabnu ilaalee "kun haqa-qabeessa miti" jedha. Yaadi oftulaan Dhihaa inni, "Waan hundumaa orma barsiisuu dandeenya, waan orma irraa barannu tokkollee hin qabnu" jedhu sirriitti miti. Warraaqsi duudhaa dhugaan harka isaa sirna addunyaa kana irra kaa'ee waraanaan akkana jedha, "Karaa kana rakkoo hiikuun sirrii miti." Dhala namaa naapaaliin gubuu, ijoollee abbaa fi haadha malee hambisuun, dubartoota abbaa manaa malee hambisuun, haadha hiyyeessaa taasisuun, uummattoota uumamaan garraamii ta'an summii jibbiinsaa afaan kaa'uun, namoota dirree waraanaatti qaama hir'isanii qoor-qalbiin laamshessanii manatti deebisuun, gochaalee beekumsa, haqaa fi jaalalaa wajjin wal simatan miti. Biyyi guyyaadhaa gara guyyaatti maallaqa gara caalu sagantaalee

jireenya hawaasaa fooyyessan irratti osoo hin taane, loltummaa irratti balleessuu, du'a hafuuraatti kan dhihaateedha.

Biyya dureettii fi humna-qabeettiin addunyaa kanaa Ameerikaan daandii warraaqsa duudhaa kana dursuu dandeessi. Hawwii du'aa malee, fedhiin nuti nagaaf qabnu fedha lolaa dura akka dhufuuf, wantoota barbaadnu duraa-duubaan toora galfachuu kan nu dhowwu hin jiru. Walcaalmaa ture harka machaallaa'een sukkuumnee obbolummaa hanga tolfannutti kan irraa nu deebisu hin argamu.

Warraaqsa duudhaa isa akkanaati kominiizimii nurraa ittisuu kan danda'u. Waraanni deebii miti . Kominiizimiin boombii atoomii fi meeshaalee nukileeraan gonkuma hin mo'amu. Warroota lola labsan akkasumas Yunaayitid Isteetis qooda fudhannaa Mootummoota Gamtooman keessatti qabdu akka dhiiftuuf warroota gorsan deggeruu ha dhiifnu. Yeroon kun yeroo of qusannoo beekumsa irratti hundaa'ee fi tasgabii sababa irratti bu'uureffame gaafatuudha. Nama "Chaayinaa Diimtuun Mootummoota Gamtooman keessatti teessoo argachuu qabdi" jedhu mara yookiin jibbiinsaa fi tarkaanfiin miiraa yeroo jeeqamaa kana keessa deebii akka hin taane nama amanu hunda kominiistii jennee waamuu hin qabnu. Farra koministummaa jaamaa ta'e hordofuu dhiisu qabna. Kominiizimii kan ofirraa faccisuu dandeenyu, haqa kunuunsuuf tarkaanfii cimaa yoo fudhannee fi amantaa dimookirasii yoo cimsanneedha. Tarkaanfii qajeelaadhaan hiyyummaa, nagaa dhabuu fi haqa-dhibiinsa balleessuu qabna; isaan kun biyyee furdaa sanyiin kominiizimii keessatti biqilee guddatuudha.

UUMMATATU CAALA

Yeroon kun yeroo warraaqsaati. Iddoo hundumatti namoonni sirnoota hacuuccaa irratti ka'uudhaan gadameessa addunyaa dulloomaa kana keessaa sirni haaraan haqaa fi walqixxummaa dhalataa jira. Uummattoonni qomaa fi miila duwwaa deeman yoomiyyuu caalaa mataa ol qabataa jiru. Uummanni dukkana keessa ture ifa guddaa arge. "Nutii warri Dhihaa warraaqsa kana deggeruu qabna. Qananii, maal na dhibdee, sodaa kominizimii fi haqa-dhibiinsatti madaquu irraan kan ka'e, biyyoonni dhihaa hafuura warraaqsa qabsiisan amma deebi'anii

farra-warraaqsa guddaa ta'uun isaanii nama gaddisiisa. Kun immoo Maarkisiizimii qofatu hafuura warraaqsa qaba yaada jedhutti nama oofe. Kanaaf, kominiizimiin, dimookirasii dhugoomsuu dadhabuu keenyaa fi warraaqsa jalqabne itti fufsiisuu dadhabuu keenya irraan kan ka'e, adaba nutti dhufeedha. Abdii tokkichi nuti har'a qabnu dandeettii hafuura warraaqsa kana deebisanii qabachuu fi gara addunyaatti achi baanee hiyyummaa, sanyummaa fi loltummaa irratti duula labsuudha. Murannoo cimaa kanaan walcaalmaa amma jiruu fi amala haqa-dhabeessa jala dhaabbannee guyyaa, "dhiibuun itti ol ka'u, garreeni fi tulluuwwan itti gadi jedhan akkasumas jal'aan itti qajeelu" ariifachiisuu qabna.

Warraaqsa duudhaa isa dhugaa jechuun amanummaa keenya walitti fiduutiif malee addaan qooduuf miti jechuudha. Biyyi kamiyyuu waan gaarii hawaasa ofii keessa jiru tikfachuu yoo barbaade, dura guutummaa dhala namaatiif amanamaa ta'uu qaba.

Waamichi tokkummaa waliigalaa inni akka nuti gosa, sanyii, gitaa fi biyya keenyaa olitti yaadnu nu taasisu waamicha jaalala hunda hammatuu fi haalduree hin qabnee, isa nuti nama hundaaf qabnuudha. Yaadni kun namoota baay'ee biratti dalga kan hubatamuu fi akka humna dadhabaa fi sodaataatti kan ilaalmu yoo ta'eyyuu, amma garuu jireenya namaatiif barbaachisaa ta'ee jira. Wayitan waa'ee jaalalaa dubbadhu waa'ee miiraa fi deebii dadhabaan dubbadha miti. Kanan dubbadhu humna amantiwwan guguddaan hundi akka yaada tokkeessaatti fudhataniidha. Jaalalli furtuu balbala gara dhugaatti geessu banuudha. Amantaan Hinduu-Musliimaa-Kiristaanaa-Juwishi-Budistii waa'ee dhugaa isa dhumaa ergaa Yohaannis isa duraa keessatti cuunfamee dhihaatee jira:

Wal haa jaalannu, jaalalli Waaqa waan ta'eef. Kan jaalatu hundumtuu Waaqa irraa dhalate, Waaqas beeka. Kan hin jaalanne Waaqa hin beeku; Waaqni jaalala waan ta'eef. Yoo wal jaalanne Waaqni nu keessa jiraata, jaalalli isaa nu keessatti guddata.

Hafuurri kun kan hundumaa ta'a jennee haa abdannu. Kana booda Waaqa jibbiinsaa waaqeffachuu yookiin iddoo aarsaa haaloo-ba'uu duratti sagaduu hin dandeenyu. Galaanonni seenaa dhahaa jibbiinsaana raafamaa jiru. Seenaan caccabaa biyyootaa fi namoota daandii jibbiinsaa kana qabataniin guutamee jira. Akka Arnoold Toyinbii jedhutti: "Jaalalli humna filannoo du'aa fi hammeenya isa nama balleessu osoo hin taane filannoo jireenyaa fi gaarummaa isa nama oolchu ijaaruudha. Kanaaf, waan nuti qabnu keessaa abdiin inni jalqabaa abdii, 'jaalalli ni mo'a' jedhuudha."

Dhugaan fuula keenya dura jiru, boru har'a ta'uu isaati. Ariitiin "ammaa" kokkee nu qabee jira. Burjaajii jireenyaa fi seenaa argaa jirru keessatti boodatti harkifachuutu mul'ata. Qaqqabannaan ammas yeroo nu jalaa hataa jira. Carraan dabarraan duwwaa fi qullaatti nama hambisa. Dhahaan galaanaa waa'ee namaa irratti ka'u ciisee hin hafu; ni yaa'a. Yeroon xiqqoo dhaabbattee akka nu eegduuf ni iyyina ta'a, garuu gurra nuuf hin laattu, ittuma fufti. Lafeewwan addaatani fi hafteewwan qaroomina durii hedduu irratti "yaa yeroo dhabaa!" kan jedhutu barreeffamee jira. Dammaqinni yookiin daguun keenya kan irratti galmeeffamu kitaabni jireenyaa hin mul'anne ni jira. "Qubni socho'u ni barreessa; barreessee itti fufa. 'Har'as filannoo ni qabna; nagaan walfaana jiraachuu yookiin hokkaraan walfaana dhumuu."

Walaallammummaa irra darbine deemuu qabna. Nageenya Veetinaami fi haqa biyyoota guddataa jiraniif falmuuf karaa haaraa barbaaduu qabna. Yoo tarkaanfii fudhachuu baanne irraangadee dukkana dheeraa fi salphinaa qabachuun keenya mirkana. Karaan kun kan warroota aangoo malee gara-laafina hin qabnee, humna malee mooraala hin qabnee, jabina malee agartuu hin qabneeti.

Amma haa jalqabnu. Qabsoo dheeraa, hadhaawaa garuu miidhagaa addunyaa haaraa ijaaruuf godhamuuf ammas waadaa haa seennu. Kun ergama ijoollee Waaqayyooti; obbolloonni keenyas hawwiidhaan deebii keenya eeggataa jiru. 'Bu'ii- ba'iin isaa guddaadha,' ittiin haa jennuu? 'Qabsoon isaa baay'ee cimaadha,'

jennee itti haa himnuu? 'Jireenyi Ameerikaa kana nu hin dandeessisu,' jennee ergaa gaddaa erginaa? Moo, 'Gatii hagam yoo kafalchiise illee kaayyoo keessan galmaan ga'uuf isin bira dhaabbanna,' jennee ergaa abdii ergina? Filannoon kan keenyadha. Yeroo murteessaa seenaa dhala namaa kana keessatti maalis ta'e maal filachuu qabna.

Humni Gurraachaa Yoo Ibsamu

(1967)

Barreeffamni kun barruu Niwu Yoork Taayims irratti maxxanfamee kan ba'e yoo ta'u, cuunfaa hubannaa Dr. Kiing waa'ee dhahaa yookiin danbalii haaraa sochii sabummaa Ameerikaanota Afrikaa irratti qabuudha; haata'u malee, hawaasa gurraachaa baay'ee biratti yaada fudhatama argateedha. Kitaabni Dr. Kiing kan bara 1967 Niwu Yoorkitti maxxanfame, "Asirraa Garamitti Deemna: Jeequmsa yookiin Hawaasa?" jedhu waa'ee sochii bilisummaa gurraachotaa ibsa bal'aa kenneera. Dr. Kiing ajandaa bu'uraa siyaasaa fi hawaasummaa humna gurraachaa tarkaanfachiisan kan deggeru yoo ta'eyyuu, warraaqsa humnaan geggeeffamu fi yaada addaan foxxoquu gurraachaa ni balaaleffata ture.

Sochiin humna gurraachaa Ameerikaanonni hundee Afrikaa qaban seenaa fi aadaa Afrikaa akka barani fi akka dammaqaniif isaan jajjabeessa. Hordoftoonni sochii kanaa hemisfera lixaa keessa Afrikaanonni argaman koloneeffattummaa fi gabrummaa irraan kan ka'e muuxannoo wal fakkaatu qabaachuu irra darbee akka fayyadamtoota kappitaaliizimii indastrii osoo hin taane akka miidhamtoota sirna kanaatti of ilaaluu qabu jedhu. Waamichi walta'iinsa seenaa fi aadaa waloo irratti hundaa'e sochii humna gurraachaa Ameerikaanota Afrikaatiif tarsiimoo bal'aa ta'eefii jira. Yaadaa fi sagantaalee baay'een sochii kanaa hoggantoota Ameerikaanota Afrikaa kanneen akka Firederiik Daglaas (1817-1895), Alegzaander Kirumel (1819-1898), Buuker T. Waashingiten (1856-1915), Ida Bel Welz Barnet (1862-1931), Wiiliyam E.B. Du Buwaa (1868-1963), fi Markos Garvey (1887-1940) hojiiirra oolanii jiru. Hogganoonni kunniin marti karaa tokkos haa ta'u karaa biraa Ameerikaanonni Afrikaa of kabajuu fi of gargaaruu akka qaban cimsanii gorsu. Haata'u malee, ejjennoo fi tattaaffiileen kunniin seenaa sanyummaa fi cunqursaa warra adii irraa addaan baafnee yoo ilaalle hiika nuuf hin kennan. Akkuma seensa kitaaba kanaa irratti

ibsame, seenaan kun itti fufiinsa kan qabuudha. Ameerikaanonni hidda Afrikaa qaban irratti shororkeessummaa qoor-qalbii karaa hawaasummaa fi dinagdee geggeessuudhaan mirgoota heera Ameerikaatiin lammiilee hundumaaf walqixxummaan kennaman Ameerikaanota hidda Afriikaarraa mulquuf yaalii godhamuudha.

UUMMANNI TOKKO CUNQURSAA KEESSA JIRU IRRAA OBBAAFACHUU kan danda'u humna jijjiirama fiduuf isa barbaachisu qabaachuu isaa yeroo hubatuudha. Warreen abbaa humnaa yeroo hunda carraa hin dhaban, carraan harka isaanii jirti. Karaa biraa ammoo warroonni humna hin qabne carraa hin qaban; kan isaan carraa argatan eega turee boodadha.

Har'a hojii cimaan gurraachotaa akkamittiin jabina keenya, mootummaan gaaffii keenya osoo achi ilaalee bira hin darbin dirqiin akka deebisu gochuu bifa dandeessisuun qindeessuu dandeenya kan jedhuudha. Jabina keenyaan kan ka'e mootummaan nuu wajjin walitti bu'uu mannaa nuu wajjin waliigaluu akka inni filatu haala taasisu uumuu qabna. Homaa osoo hin dalagin mootummaan gaaffilee nuti sagantaalee keenya irra kaawwanne akka hojiiirra oolfannuuf fedha gaarii agarsiisa jennee harka marannee taa'uun gowwummaa isa hunda caaluudha.

Dhuguma baroota darban keessa dandeettii kalaqaa fi fageessanii yaaduu keenya akkaataa itti humna cimsannu barachuu irratti itti fayyadamnee akka hin beekne amanuu qabna. Kanaan dura mala qabsoo karaa nagaa hojiiirra ooluu danda'u argannee jirra. Seerota isaa fi kallattiwwan guddinasaa gadi-fageenyaan qorachuuf yeroo hin qabnu. Tarkaanfileen keenya ija-jabinaa fi milkaa'inaan kan gonfataman yoo ta'an iyyuu, osoo hin karoorfamin akka yaaliitti kan raawwataman turan. Galma kaa'ameef kan rukutan ta'an iyyuu muuxannoo keenya cilee dibanii darbaniiru.

Qabsoon mirgoota sivilii yeroo ammaa kana asirra jira. Amma tarkaanfii murteessaa itti aanu fudhachuudhaan qaamota humna kana

sochoosan qorree ilaaluu qabna. Gurraachonni haalawwan jiran kallattii qabsiisuuf kun isaan barbaachisa.

Hawaasa keenya keessatti humna yookiin aangoon yeroo mara kan maddu humnoota siyaasaa, dinagdee fi aaydiyooloojii ilaalchaa irraati. Aayidiyooloojii ilaalchisee hojiiwwan barreessitoota gurraachaa murtaawani fi gumaacha isaaniin ala dhahaa yaada Ameerikaa guddicha irratti dhiibbaa fiduu kan danda'an gurraachota muraasatu jira. Haata'u malee, qixa hir'inni sirna dimookirasii biyyattii ifatti ba'ee akka aduun rukutu taasisuutiin sirni dimookirasii kun irra deebi'ee akka sakatta'amu fi dhugumaan hojiirra akka ooluuf tattaaffii godhanii jiru. Sababii sochii mormii cimaa gurraachonni taasisan kanaaf, biyyi keenya gara waggoota kudhaniitiif hundeewwan amaloota dimookirasii irratti qixa dinagdee fi siyaasaan akka sakatta'amu ta'eera. Gurraachonni rakkoolee jiran ifa baasanii, dimookirasii fi hir'ina isaa ilaalchisee barnoota qabatamaa kennuudhaan ilaalcha hawaasa warra adii irratti bifa murteessaa ta'een dhiibbaa taasisuu danda'anii jiru.

Guraachonni carraa televiiziyinii, maxxansa adda addaa fi waltajjiwwan gurguddaatti fayyadamuu waan hin qabneef, ergaawwan namoota amansiisuu danda'an guyyaadhaa gara guyyaatti kobbee isaanii doomeen barreessuuf dirqamanii jiru. Hoggantoonni siyaasaa baay'een warra adii akkasumas jaalleewwan keenya tokko tokko, hiriira bahuu dhiifnee gara mana keenyaatti akka deebinuuf wayita nu gorsan, akka callisnu nu gaafataa jiraachuu isaanii hin hubanne ta'a. Ameerikaanonni baay'een qaanii yookiin salphina Ameerikaa kan hubatan baroota duraanii caalaatti baroota qabsoon karaa nagaa itti geggeeffame keessa ture. Haqaa fi qabaa qajeelaan jiraachuu irraan kan ka'e hanga qabsoon kallattii karaa nagaa gatii dhabutti ammas madda humnaa ta'ee itti fufa.

Dinagdee ilaalchisee karaa guddaan gara aangootti geessu gurraachotaaf balbala seensaa baay'ee hin qabu. Addunyaa keessatti dinagdeen aango-qabeessa. Dameen daldalaa gurraachonni itti bobba'anii jiran kan murtaa'an ta'uu isaanii caalaa bu'aa qoodiinsa

sanyii qof-galeessummaa wanti agarsiisuu danda'u hin jiru. Waggaatti omishini indastrii kan Ameerikaa qofti walakkaa isa kan addunyaati. Kana keessaa kan gurraachotaa baay'ee xiqqoo ta'uu irraan kan ka'e madaala kamiinuu safaramuu kan danda'u miti.

Haata'u malee, karaa hawaasa gurraachaa qofaan yoo ilaalle daldala gurraachotaa tuffachuu hin dandeenyu. Daldalli kun warra gurraachotaa keessatti tasgabii ni uuma. Gufuuwwan rakkisoon yoo isaan mudatan illee, kanneen amala gaarii fi dorgomtummaa horatan, hoggantoota gahumsa qaban, kanneen biroo kan kakaasani fi sagantaalee fi karoora qopheessuu namoota danda'aniif madda ta'anii jiru. Isaan aango-qabeeyyii biratti dadhaboo yoo ta'anillee, dadhaboota gidduutti ammoo jabina.

Haata'u malee, gurraachonni dinagdee keessatti dhiibbaa guddaa taasisuu bakki itti danda'an dameewwan gara biraan lama ni jiru. Akka hojjetaa fi akka bitataatti lakkoofsi gurraachotaa humna gatii falmachuu isaanii kenna.

Qixa hojjetoota gurmaa'anii jiraniin yoo ilaalame, gurraachonni gara miiliyoona lamaatti lakkaawaman kan jiran yoo ta'u, irra guddinaan bobba'anii kan jiranis naannoo indastriiwwan furtuu ta'anii keessatti. Fakkeenyaaf, geejjiba konkolaataawwan gurguddaa, indastriiwwan sibiilaa fi nyaataa keessaa baay'inaan hojjetu. Indastriiwwan kunniin ammoo lafee dugdaa jireenya dinagdee biyyattii wayita ta'an, gurraachonni hojjetoota keessaa %20 ni ta'u. Kun ammoo lakkoofsa isaan uummaticha keessaa qaban %10 wajjin walbira qabamee yoo ilaalame baay'ee guddaadha. Jabina isaan qabaachuu danda'an wanti daran ol kaasuu danda'u immoo, tokkummaa isaan hojjetoota adii miiliyoonaan lakkaawaman waliin qabaniidha. Namoonni waliin hojjetan daangaa addaan qoodiinsaa irra darbee wanti walitti isaan fiduu fi tokko taasisu ni jira. Ilaalcha dogoggoraa fi dalagaalee sanyummaa fokkisaa irra darbanii gurraachonni baay'een tokkummaa fedha waloo irratti hundaa'e warra adii wajjin uumuu danda'anii jiru. Kanas ta'ee, dhimmoota tokko

tokko irratti fakkeenyaaf, mana jireenyaa fi barnoota ilaalchisee walsukkuumuun jiraachuu isaa haaluun hin danda'amu. Haata'u malee, fedhii galma walfakkaatuuf tokko ta'anii qabsaa'uutiin qabbanaawee laafaa deema.

Seenaan hojjetoota gurraachaa waldaalee keessatti bifa tokko kan qabu yoo ta'uu baatullee, dhiibbaa inni murtoowwan waldaalee irratti qabu ammayyuu cimaadha. Waldaalee gugurdaa baay'ee keessatti hoggansa warra adii keessa namoonni yaada gaarii qabani fi haala qabatamaa hubachuu danda'an ni jiru. Gartuun lamaanuu hariiroo gaarii miseensummaa gurraachaa irraa fayyadamoo akka ta'an ibsu. Sababoota dirqisiisoo kanneeniif gurraachonni sochii waldaalee keessatti salphaatti hin ilaalaman. Waldaaleen tokko tokko kan jibbiinsaan guutaman yoo ta'an iyyuu kun garuu dhugaadha.

Guyyoota fuula keenya dura jiranitti barbaachisummaan waldaan gurmaa'uu carraa gurraachotaa keessatti ni guddata. Gurraachonni hojiiwwan tajaajila kennuurratti bobba'uuf dirqaman; kanneen hin gurmaa'in, kafaltii xiqqaa argatani fi sa'a dheeraa hojjetan; waldaan mirga isaanii eegsisu isaan barbaachisa. Sochiin waldaalee hojjetootaas uummata guutuu keessatti ciminaan itti fufuuf miseensummaa isaanii cimsee barbaada. Adda haaraa kanaan gurraachonni akkuma bara 1930ootaa yeroo gurmaa'uun eegalamee, har'as dura-bu'oota ta'uu ni danda'u.

Akka gurraachotaatti qooda keenya guutummaatti taphachuuf bakka bu'iinsi keenya akka dabaluuf carraaquu fi sochii waldaalee keessatti dhiibbaa uumuu qabna. Dargaggoonni keenya hojii daldalaa fi dameewwan hojii ogummaa biroo akkuma yaadan waldaalee hojjetootaa keessatti qooda fudhachuus yaaduu qabu. A. Filip Randolph kan jedhamu gurraachicha gara sadarkaa mana maree hojii raawwachiiftuu AFL-CIO ga'uudhaan mallattoo gootummaa fi jabinaa ta'ee gadi raawwachuun irraa hin eegamu.

Gaaffiin amma ka'uu qabu," Bara walakkaa jaarraatti lakkaawamutti maaliif Randolph tokko qofti nu keessaa bahuu danda'e?" kan jedhuudha. Qoodiinsa sanyiiti kan jedhu hundumaaf deebii ta'uu hin danda'u. Yaada dogoggoraa giti giddu-galeessaa sochii waldaalee irratti adeemsisu tole jennee fudhannee jirra. Haata'u malee, kun bakka barnootni olaanaan waajjira olaanaa qabachuuf itti barbaachisu miti. Irraa baqachuudhaan carraa baay'ee of dabarsinee jirra. Amma deebinee qabachuuf haa yaallu, yeroo gurraachootaa fi waldaaleen gamtaadhaan hojii seena-qabeessa jijjiirama hawaasaa fiduu kana.

Karaa dinagdee carraa biraan gurraachi of harkaa qabu bitattummaa isaati. Manni maree hoggantoota Kiristaanummaa Kibbaa qoodiinsa qolachuuf sochiiwwan qoqqobbii dinagdee hojiirra oolchuutiin adda-dureedha. Bara 1963 Bermingam keessatti qabeenya uummataa qoodiinsa sanyii malee hundumaaf akka ta'u kan taasise hiriira qofa hin turre. Dhaabbileen daldalaa walakkaa magaalatti argaman haala amanuu hin dandeenyeen dhiibbaa qoqqobbii keenyaa irraan kan ka'e miidhaa guddaan waan irra ga'eef malee. Gurgurtaan isaanii dhibbeentaa guddaan gadi bu'uun, maammiltoota gurraachaa keessaa %98 gabaa bahuu diduun, osoo hin jaalatin gurraachi akka bitataatti ulfina akkamii akka qabu isaan barsiisee jira.

Booddee muuxannoowwan keenya Bermingami fi bakka biroo walitti cuunfinee MOKK jalatti kutaa Duula Guuboo Nyaataa jedhu hundeessine. Kaayyoon isaas gurraachonni hojiiwwan dabalataa fi gaggaarii akka argatan taasisuudha. Kutaan kun hawaasni gurraachaa dhaabbilee gurraachota qacaruu keessatti yaada madaalawaa qaban cina akka hiriiran kanneen imaammata qoodiinsaa hordofan ammoo akka hin gargaarreef waamicha dabarsan.

Duulli Guuboo Nyaataa irra jireenyaan kan hojiirra oole hojjetoota Waldaalee Kiristaanaatiin. Dursa gareen tajaajiltootaa hoggana dhaabbata daldalichaatiif waamicha godhee gaaffilee bu'uura dhiheessaaf: waliigala lakkoofsa hojjetootaa, lakkoofsa

hojjettoota gurraachaa, kutaalee yookiin dameelee hojjettoonni itti ramadamani fi garaagarummaa mindaa dameewwan hojii gidduu jiru gaafatu. Isa booda gartichi gara koree hundeeffameetti deebi'ee ragaalee madaalee hojiiwwan haaraa gaafatamuu qabani fi kanneen guddinni itti gaafatamuu qaban lakkoofsaan adda baasee murteef dhiheessa. Itti aansee qoratichi yeroo murtaa'e keessatti gurraachonni bakkoota sanaaf gahumsa qabu jedhaman akka qacaramaniif hoggana dhaaba daldalaa sanaaf gaaffiin dhihaata. Gaaffilee dhihaatan irratti waliigalteen yoo dhabame tarkaanfiin aangoo dhugaa fi dhiibbaan hojiirra oola: oomisha kampanii sanii lagachuudhaan qoqqobbii dinagdee buusuu, barbaachisaa yoo ta'e immoo hiriira irratti bahuu.

Yeroo ammaa kana MOKK magaalaalee 12 keessatti Duula Guuboo Nyaataa geggeessaa kan jiru yoo ta'u, bu'aa gaariis argamsiisaa jira. Fakkeenyaaf, Atilaantaa keessatti galiin gurraachonni hojii hojjetan irraa argatan waggoota sadan darban keessatti waggaatti doolaara miiliyoona digdamaa oliin guddatee jira. Kunis kan ta'e karaa sagantaa of eeggannoo fi filatanii bitachuu akkasumas karaa gatii hojii cimsanii falmachuu tajaajiltoota gurraachaan adeemsifamuuti. Ji'oottan saddeet darbanitti Shikaagoo keessatti gartuun Duula Guuboo Nyaataa indastriiwwan gurguddaa sadii aannan, dhugaatii lallaafaa fi giroosera adda addaa wajjin mariin taasise milkaa'inaan xumuramee jira. Isaan keessaa kampaaniwwan afur gara waliigaltee barbaadametti kan dhufan duulli "hin bitinaa!" gabaabaan eega geggeeffamee booda ture. Kampaaniwwan biroon torba immoo jijjiirama gaafataman kan hojiirra oolchan osoo qoqqobbiin hin barbaachisin marii qofaatiin ture. Kampaaniwwan lama ragaalee qaxarii guutuu tajaajiltootaaf eega kennanii booda qaxarriin isaanii fayyaaleessaa fi walqixxummaa irratti kan hundaa'e ta'ee waan argameef xalayaan galataa akka isaan dhaqqabu taasifamee jira. Bu'aansaa walumatti gurraachotaaf guddinaa fi bakka hojiiwwan haaraa 800,000 kan argamsiise yoo ta'u, maatii gurraachotaaf waggaatti galii doolaara miiliyoona torbaa ol argamsiisee jira. Shikaagoo keessatti dhiheenya kana duula Guuboo Nyaataatti kallattii haaraa itti daballee jirra. Carraawwan hojii haaraa gaafachuu irratti

dabalee dhaabbileen mana daldalaa gandeen gurraachonni qoodamanii jiraatan keessaa qaban galiwwan isaanii baankiilee gurraachotaa keessatti akka kuufatan akkasumas oomisha gurraachotaan oomishaman akka fudhatani gurguran gaafataa jirra. Karaa kana qabeenyi gandeen hiyyeeyyii warra gurraachaa keessaa argamu naannoo isaa akka hin bayyannachiisne haalli gochaa ture akka dhaabbatu yaalaa jirra.

Kallattii biraan kan hanga ammaatti hojiirra hin ooliin karaa siyaasaati. Walhormaati gurraachotaa guddaa ta'uun isaa, gurraachonni baay'een gara magaalaatti godaanuu fi warri adiin baay'inaan qarqara magaalaa filachuun isaanii gurraachonni hedduminaan magaalaalee gugurdaa keessatti akka kuufaman taasissee jira. Jijjiiramni qabiyyee magaalaalee kun siyaasa irratti hiika-qabeessa. Keessumaa kaaba biyyattii keessatti magaalaaleen carraa siyaasaa mootummaa naannoo sanaa murteessu. Kutaaleen kunniin ammoo dabaree isaaniitiin dorgommii pirezidantummaa irratti sagalee irra-jireessa qabu. Egereen paartii dimokiraatawaa xinxalamuu kan danda'u gurraachonni eenyuuf sagalee isaanii akka kennan yoo beekameedha. Paartiin Rippablikaanii abdiin inni magaalaalee gugurddaa keessatti qabu taanaanis filannoon kan murtaa'u galma walga'ii kampaaniwwan gurguddaa keessatti osoo hin taane sagalee uummataan waan ta'eef gandeen hiyyeeyyii gurraachaas baay'ee barbaachisoodha.

Kibba biyyattiitti guddachaa deemuun sagalee filannoo gurraachotaa madda humnaa kan biraadha. Filannoo irratti sagalee dhowwachuudhaan ni dadhabsiisa, kongiresii keessatti immoo waliigaltee tokkummaa booddetti-harkistoota Kibbaa fi michuuwwan isaanii Reppablikaanota Kaabaa ni hir'isa. Tokkummaan sun kongiresii keessatti humna garmalee fayyadamanii koreewwan gurguddaa to'achuudhaan tarkaanfiiwwan guddina hawaasaaf fudhataman akka hin gufachiifneef akkasumas siyaasa biyyattii keessatti hiika jal'aa isa dimokirasiif kennaa ture akka hojiirra hin oolchine gufuu itti taha.

Humni sagalee filannoo gurraachaa keessa jiru jabinni isaa hanga tokko qofatu beekame. Kibba keessatti jabina kana dachaa taasisuun ni danda'ama. Kaaba keessatti lakkoofsi gurraachota filannoof galmaa'anii warra adii wajjin walqixa yoo ta'ellee, lakkoofsa walfakkaatuun sagalee hin kennani. Waan gatii hin qabnetti sababa lakkaawaniif gurraachonni cidha filannoo irratti qooda fudhachuu hin fedhan. Haata'u malee, lammileen guraachi tokkummaa fi qindoominaan yoo socho'an bu'aa qabatamaan akka argamu wayita baran dhiibbaan isaanii akka dhaga'amu ni taasisu. Gochaa akkanaa keessatti aangoon siyaasaa sab-xiqqaa dammaqee hundee jabeeffatee babal'achuu kan danda'u.

Gamtaa keenya cimsuu kan danda'an wantoota baay'eetu jira. Gurraachonni osoo itti hin yaadin wal barbaadu; salphaatti wal argu; wayita warra adiirraa hamaan irragahu, wal amananii walbira dhaabbatu. Hamaa ofirraa ittisuun barbaachisaa akka ta'e cimsinee beekna. Akkuma uummattoota miidhaman kan biroo wal bira dhaabbachuun, waltumsuun qaama jireenya gurraachotaati.

Karaa biraa immoo gurraachonni waliin morkii, gungumuu, of nyaachuu, of jibbuu, walshakkuu fi wal danda'uu dhabuudhaan beekamu. Dadhabinni isaanii inni ifatti mul'atu tokko ammoo walitti amanuu dhabuu fi of amanuu dhabuudha.

Hoggantootni gurraachaa amala garmalee walbarbaaduufi garmalee walbaqachuu gurraachotaa kana irraan kan ka'e walaallammii gammachuu fi abdii-kutannaa keessa jiraatu. Hoggantoonni tokko tokko immoo uummata isaanii irratti amantaa dhabuudhaan qofa-galeessummaan rakkatu. Warri adiin mala ittiin hoggantoota gurraachaa jajanii gara ofiitti deebifatan ni beeku. Eenyummaa ofii isaanitti uffisuudhaan isaaniin akka akkeessan, akka isaaniitti akka uffatani fi akka jiraatan taasisuudhaan isaan jijjiiru. Hogganaan gurraachaa akka kanaa jibbiinsa warri adii gurraacha irratti qaban hirmaachuu jalqaba. Namni akkanaa uummataa ofii caalaa gita adii giddugaleessaa gidduutti argamuutu itti tola. Afaan isaa ni jijjiirama; galiin isaa ni jijjiirama; dhuma irratti warra adii

biratti bakka-bu'aa gurraachaa ta'uunsaa hafee, warra gurraachaa biratti bakka-bu'aa warra adii ta'a. Wanti nama gaddisiisu yoo jiraate, namni akkanaa maal akka isa tuqee fi hangam akka jijjiirame wallaaluu isaati.

Waggoottan baay'ee dura gurraacha mirga siviliiif falmu Alabaamaa tokko wajjin haasawuuf namoonni lama gara sanatti balali'anii turan irraa waa baradheen jira. Dirree xiyyaaraatti haasawa isaanii osoo hin jalqabin dura namichi lafa haxaawaa ture tokko namicha waamee waa'ee rakkina isaa itti himuu jalqabe. Daqiiqaan kudha shan wayita darbu jarreen lamaan keessaa inni tokko hiriya isaatti garagalee aariidhaan, "Waan gatii hin qabne akkanaaf yeroon balleessu hin qabu; maayilii kuma tokko deemee kanan dhufeef wayita inni nama lafa qulqulleessuu waliin haasa'u taa'ee eeguuf miti." jedhe.

Hiriyaan isaammoo deebisee akkana ittiin jedhe, "Gaafa inni qulqulleessitoota dubbisuuf yeroo dhabu, ani immoo isa dubbisuuf maayilii tokkollee deemee dhufuuf yeroo hin qabaadhu."

Dhaabbileen walamantaa irratti hundaa'ani fi malaammaltummaa irraa bilisa ta'an nu barbaachisu. Yoo kana ta'uu baate, lakkoofsa baay'ee qabaachuu dandeenya garuu ida'amni isaanii zeroo ta'a. Dhaabbilee itti gaafatamni itti dhagaa'amu, dammaqoo fi bu'a-qabeeyyii ta'an nu barbaachisu. Nuti kana irratti muuxannoo hin qabnu sababiinsaa seenaan keenya qindaa'ina dhabuudhaan guutamee jira. Haata'u malee, fedhii nuti jijjiiramaaf qabnu wallaalummaa nurra buufatee jiru waan caaluuf ni injifanna. Qabsoo keenyaaf dhaabni kutataan akka barbaachisu yoo hubanne akkuma daandiiwwan baaburaa lafa jalaa ijaaru dandeenye, akkuma gartuuwwan mormii uumuu dandeenye, akkuma waldaalee walgargaarsaa bu'uureessuu dandeenye, akkuma Waldaalee Kiristaanaa dahoo keenya, madda abdii keenyaa fi madda tarkaanfii keenyaa ta'an ijaarre isas ni ijaarra.

Gurraachonni salphaatti hin gurmaawan sababiinsaa gowwoomsaa gara-garaatiif saaxilamanii jiru. Namoonni angoorra jiran dadhabina isaanii sadiitti dhimma bahu: akkaataa hoggantoonni

siyaasaa itti uumaman, hanga ammaatti waliigalteen siyaasaa dhabamuu isaa fi siyaasa keessatti guutummaatti qooda fudhachuuf of qabuu gurraachotaati.

Hoggantoonni siyaasaa gurraachotaa baay'een isaanii gara aangootti kan ol dhufan deggersa uummata isaanii miti. Hoggantoonni uummataan filataman yoo jiraatan illee baay'een isaanii garuu warra adiitiin fo'amanii taayitaatti ol bahu; wanti barbaachisu isaanii guutamee to'annaa isaanii jala galu. Gurraachonni hoggantoota tolfamoo akkanaa kanneen kutannoo fi dandeettii hin qabne, kanneen sagantaa hin qabnee fi uummata hin tajaajille kana shakkuu eegalu. Namni akkanaa haala nama gaddisiisuun kan sirna haaraatiif qabsaawu osoo hin taane qaama sirna moofaa dulloomee ta'ee argama. Kanaaf, hoggantoota siyaasaa muraasa qofatu uummata isaanii biratti kabajaa fi deggersa qaba.

Hariiroon akkanaa kun immoo hoggantoonni gurraachaa kunniin akka isaan hoggantoota paartilee warra adii biratti ciminaa fi murannootiin waa'ee mirga ofii akka hin falmine isaan taasisa. Warri adii akka isaan uummata isaanirraa fagaatani fi humna hin qabne waan beekaniif akka ajajamaatti malee akka hiriyaatti isaan hin lakkaawan. Maqaa kabajaa fi ulfina dhuunfaa yoo dhowwachuu baatanillee aangoo siyaasaa akka qabaataniif hin hayyamaniif.

Kanaaf, hoggantoonni siyaasaa warra gurraachaa qilleensa irratti of argu. Kallattii lamaanuutiin hundee irratti humna ijaarratanii dhiibbaa fidan hin qaban.

Gurraachonni hoggantoota kabajamoo akka filataniif yaada uummataa guutuu biyyattii yeroo lama sassaabameen, namoota kudha shan warra duraa keessaa, nama siyaasaa miseensa kongiresii Adam Kileyton Pawel qofatu, inniyyuu listii lamaanuu keessatti gara gadiitti barreeffamee, jira. Kun haala warri adii yaada uummataarraa ka'anii hoggantoota kabajamoo itti filatan irraa baay'ee adda. Namoonni siyaasaa yeroo mara jalqaba listichaa irratti argamu; sagalee namoota baay'een filatamus. Gurraachota keessa namoonni akka Joon F.

Kenedii, Elinor Ruzivelt, Herbert Liiman, Erl Wareni, fi Adiley Stevensen namoota biratti jaalala kan qaban, kan kabajamani fi fakkeenya ta'uu danda'an hin jiran.

Akkaataa miseensi kongiresii Pawel gara hoggansaatti dhufani fi muuxannoon isaanii addadha. Kan isaaniirra dhaabbannee jireenya warra biroo xinxaluun rakkisaadha. Walumaagalatti, hogganaan siyaasaa gurraachi tokkollee isa biraa wajjin wal hin fakkaatu, jabina qabuunis, taayitaa irra tureenis, dogoggora raawwatee darbeenis addaddummaa qabu jechuutu gaarii ta'a.

Kanaaf, hoggantoota dandeettii fi ulfina qabeeyyii ta'an uumuu qabna. Hoggantoonni surraa fi naamusa qaban ofitti amanummaa fi itti amanuudhaan bira dhaabbachuu kan dandeenyu nu barbaachisu. Karaa hunda waan olaanaa isaanirraa eegna, akkasumas deggersa amansiisaa walirraa hin cinne warroota isaanii ta'uuf kennuu qabna. Gootota siyaasaa nuuf jecha duula geggeessaniif gargaarsa amansiisaa kennuufi qabna. Wayita sochiin keenya namoota siyaasaa uummata isaanii wajjin hariiroo cimaa qabani fi saba isaaniif gartummaa agarsiisan, kanneen dhiibbaa ormaa irraa bilisa ta'an qabaatu, isaanis mana marii siyaasaa warra adii biratti kabajaan simatamuu jalqabu.

Hoggantoota siyaasaa bilisa ta'ani fi bakka-bu'oota dhugaa argachuu irra darbinee ogummaa ittiin kanneen biroo wajjin hariiroo siyaasaa uumnu qabaachuu qabna. Gurraachonni dhibantaa paartilee warra adii kanneen jijjiirama fidani fi bilisa ta'anii ta'uutu irraa eegama. Haftee namoota siyaasaa magaalaalee guguddaa keessa maadheffatanii diduudhaan hiree keenya ija-jabinaan gaafachuu qabna. Yoo hiree keenya nu dhowwatan, tokkummaadhaan kaanee paartilee bilisa ta'an yookiin birkiilee paartilee gurguddaa kanneen dhimma keenya cimsanii qabanii falmuufiif qophaawoo ta'an gargaaruuf qophaawuu qabna.

Paartiilee biroo wajjin hariiroo tolfachuun isa yaadamu caalaa walxaxaadha. Waliigalteewwan mimmiidhagoo waraqaa irra kaa'uun salphaadha. Waggoota kudhan darban keessatti injifannoon nuti

galmeessifne dhaabbilee fedha adda addaa tarkaanfachiisan waliin hojjechuudhaan ta'uun isaa kan nama gammachiisuudha. Haata'u malee, karuma kana hojjechuudhaan hawaasa keenya keessatti jijjiirama caasaa fiduu hawwina yoo ta'e of gowwoomsuu ta'a. Durumaanuu sagantaa akkanaaf walitti hin qabamne, fuuldurattis walitti hin qabamu.

Qindoominni dhugaa fedha dhuunfaa tokko tokkoo gartuuwwanii fi fedha waloo gara tokkummaatti isaan fidee irratti hundaawa. Qindoominni tokko akka lubbuu dheeratu fi miseensota isaa biratti fudhatama argatuuf, hundi galma isaarraa bu'aa argachuu qaba; akkasumas isaan keessaa tokkollee ilaalcha bu'uuraa kanneen biroo wajjin faallaa ta'e qabaachuu hin qabu.

Toora kanaan of eeggannee yoo deemne of fayyaduuf jecha kan nuu wajjin adeemuu yookiin nu gargaaruu danda'an qaamota miiliyoonaan lakkaawamanitu jiru. Hundee jabaa akkanaa irratti tokkummaa, walamannu fi bu'aa qabatamaan dagaaguu danda'a.

Haala amma Kibba keessatti jijjiiramaa jiruun, qindoominni garagaraa baay'ee murteessoo ta'anii argina. Waggoottan baay'eef, ifatti yoo ta'uu baatuuyuu kutaalee tokko tokko keessa qindoominni turaniiru. Adiiwwan ilaalcha sanyummaa irraa deebi'anii gara madaalawummaatti dhufaniif gurraachonni osoo hin gaafatamin sagalee filannoo kennaafi turaniiru. Baroota dhihoo kana keessa ammoo jijjiiramni itti cimaa dhufee, kaadhimamtoonni warra adii ifatti qindoomina keessa seenuu jalqabanii jiru. Sagaleen gurraachotaa barbaachisaa ta'uusaa wayita hubatan achi ilaalanii darbuu hin dandeenye. Humnoota siyaasaa warra adii keessatti sagalee gurraachotaaf dorgommiin hammaate; tokkummaan warra adii qofaa inni sanyummaa irratti hundaa'es kana booda akka hin deemsifne beekame.

Sanyummaan dhukkuba hamaa dhuma hin qabneedha. Garuu kan hin fayyine miti. Warri adii miiliyoononni dantaan isaanii hin

eegamaniif walfaallessa addaan qoodiinsaa fi guddina dinagdee gidduu jiru hubannoon hordofaa jiru. Yaadi olaantummaa warra adii qalbii isaanii yoo bokokse iyyuu garaa isaanii hin quubsine. Garaa guuttatanii buluu yookiin hawaasa dureessa qabatanii olaantummaa sanyii isaanii eegsisuu.

Bulchitoota Waalaasi fi Madooksi ilaalcha sanyummaatiin kan beekaman illee kana ni beeku. Kanaaf, ofii isaanii akka libiraalota yaada uummataa tarkaanfachiisaniitti of lakkaawu. Yeroodhaaf gatiittii isaanii lamaan irratti bishaan baachaa jiru; garuu lafti miilla isaanii jalaa ni sosocho'a. Lamaan isaaniyyuu filannoo jalqabaa waggaa darbe geggeeffame irratti kadhimamaan adiin kibbaa yeroo jalqabaaf dhaabbilee gurraachotaa biraa gargaarsa argachuuf jecha sanyummaa irraa bilisa ta'anii rifoormii dinagdee irratti fuula deebifatanii jiru. Namoonni kunniin filattoota adii biraa sagalee hin tuffatamne argatani jiru. Sagaleen isaanii kun injifannoon isaan ga'uu baatu illee kallattii eegeree Kibbaa mul'isuuf garuu gahaa ture.

Dhugumaan sagaleen filannoo gurraachotaa Kaaba biyyattii hin jijjiirre. Haata'u malee, qindoominni fi sochiin siyaasaa kaaba keessaa dadhabaa ta'uunsaa muuxannoon kun Kaabatti babal'ata yookiin Kibbattis irra deebi'ama jennee tilmaamuu hin dandeenyu. Gurraachonni Kaabaa jijjiirama fiduuf tarkaanfii kallattii bal'inaan fudhatanii hin beekani. Namni waggoota kudhan dura gurraachonni Kibbaas ni dhiisu jedhee yaadeera yoo ta'e amma akka dogoggore beekuu ni danda'a.

Wanti gurraachonni barbaadan marti korojoo filannoo keessaaa kan maddu miti. Garuu akka geengoo aangootti xiyyeeffannoon yoo kennameef, akkasumas dandeettii waan haaraa uumuu yeroo mormii geggeessine itti fayyadamne yoo hojiirra oolchine, umurii keenya keessatti jijjiirama gurguddaa akka arginuuf nu gargaara.

Sababiin jabina siyaasaa dhabuu gurraachotaa, keessumaa Kaabatti inni dhuma kan maddu barsiifata gurraachonni tokko tokko

qaban irraati. Mataa isaanii siyaasa irraa fageessuu filatu. Akka gowwomfamanitti of fudhatu, eenyullee gaarii nuuf yaada jedhanii waan hin amanneef, fedha hin qaban. Saamiinsa kallattii meeqaan isaanirratti geggeeffamu jalaa baqachuuf sochii siyaasaa irraa dheessanii harka maratanii taa'u. Abdii kutannaan isaanii gadi-fagoodha; muuxannoo isaan keessa darban yoo ilaalle dhugaa qabu. Sochiin siyaasaa madda aangooti jedhanii hin fudhatan. Ilaalcha kana akka ofirraa haqan gochuuf obsaa fi yaalii walirraa hin cinne barbaada. Haat'au malee, dammaqina waggoota kudhan darban keessatti uumame gurraachonni yaada ijaarsaa qaban gara sochii siyaasaatti dhufanii qabsoo yaada yeroon itti darbee fi laamsha'aa ta'ee bakka tokko dhaabbate sochoosuun ni danda'ama.

Gara fuulduraatti qabsaa'ota siyaasaa jajjaboo ta'uu qabna. Gartuu hawaasa Ameerikaa kamiyyuu caalaa jabinni siyaasaa waan nu barbaachisuuf, kallattii kanaan geggeeffamuu qabna. Baay'een keenya hiyyeeyyii waan taaneef, aangoo dinagdee gahaa hin qabnu. Baay'een keenya aadaa jiruun tufamnee waan jirruuf, qaama aadaa aangoo qabatee jiruu ta'uu hin dandeenyu. Dandeettii waan haaraa uumuutti fayyadamnee aangoo karaa siyaasaa argamu harka keenyatti galfachuun dirqama keenya ta'a.

Gurraachonni, 'Yihudoonni Ameerikaa iddoo hawaasummaa olaanaa fi ulfina guddaa argachuu kan danda'aniif sababa qabeenya qabaniifi,' yaada jedhu qabu. Dogoggora akkanaa calluma jedhanii bira darbuun hin ta'u. Karaa tokko yoo ilaalle, fal-semetikummaa jajjabeessee faayidaa qabeenyaa garmalee ol kaasee agarsiisa. Karaa biraa immoo dhugaan isaa guutummaatti yoo ilaalamne, barnoota nuuf ta'a.

Yihudoonni kan guddataniif aadaa barumsaa qaban sochii hawaasaa fi siyaasaa wajjin waan wal simsiisaniifi. Maatiin Yihudootaa tokko barnootaaf iddoo guddaa kenna; argachuufis aarsaa guddaa kafala. Bu'aan isaas waan ijaan mul'atuudha. Hojii hawaasummaa dandeettii barnoota irraa argameen cimsatanii

Yihudoonni siyaasa keessatti bu'a-qabeeyyii ta'uu danda'aniiru. Yihudoonni ogeessa seeraa, daldalaa, barreessaa, bashannansiisaa, hogganaa waldaa, ogeessa fayyaa ta'an hojiisaanii qofarratti bobba'anii achumaan liqimfamanii hin hafan. Jireenya siyaasaattis ogummaa fi toftaa siyaasaa baruudhaan dammaqinaan qooda fudhatu.

Sochii hawaasummaa fi siyaasaa keessatti kan qooda fudhatan dureeyyii qofa miti. Walakkaa jaarraa tokkoof Yihudoonni miiliyoonaan lakkaawaman hiyyeeyyii turan, garuu sochii hawaasummaa fi siyaasaa keessatti lallaafuu hin turre. Maatii siyaasni afaanii hin buune keessa jiraatu. Paartilee leellistootaa, paartilee bilisummaa yaadaatti amanan, paartilee duudhaa leellisan-baay'ee isaanii ijaaran. Qoodiinsi wayita irratti geggeeffamu kaka'umsi isaanii akka siillaa'u taasifame illee muraasa isaanii qofatu abdii kutate. Garaagarummaan muuxannoo Yihudotaa fi gurraachotaa fardaa lafa ta'uusaa osoo hin dagatin qooda fudhannaa isaan barnoota, hawaasummaa fi siyaasa keessatti qaban irraa barachuu qabna. Gurraachonni sochii mormii uumuudhaan karaa jalqabanii jiru. Kun garuu jalqabbii qofadha. Nama bira ga'uu dandeenyu mara qooda fudhachiisuu qabna. Kanneen barnoota hin qabne illee marii, shaakalaa fi dubbifachuudhaan gamnuma siyaasaa beekuu qabu.

Beektonni gurraachotaa sadarkaa guddaa irra ga'an dandeettii waan haaraa uumuutti fayyadamanii maal hojjechuu akka qaban ni beeku. Isaan gartuu baduu danda'an miti, yeroo dheerinnis isaan hin barbadeessu. Fedhiin qabsoo fi murannoon dargaggoonni jijjiirama fiduuf qaban daran kan nama jajjabeessuudha.

Haata'u malee, daangaan qabsoo keenyaa ammallee murtaa'ee jira. Humnaa fi xiyyeeffannoo keenya waan aangooti ol nu baasu irra kaa'uu qabna. Kana raawwachuu kan qabu dhaloota keenyadha. Kana raawwachuudhaan ijoolleen keenya ogummaa fi toftaa olaanaa akka baratan kakaafna.

Qabsoon kun qindeessitoonni mirga sivilii gargaarsa walitti qabuuf namoota dhuunfaaf waamicha itti taasisan osoo hin taane duula waliigalaa ta'uu qaba. Hawaasichi gurraachota mirga lammummaa

isaanii fedha isaanii jabina ofii taasifatani dalagaa ofii isaaaniifi uummata ofiif aangoo ta'u hin hojjenne balfachuu fi abaarudhaan dhiibbaa gochuu qaba. Waggoota darban keessa bubbeen jijjiiramaa gandeen hiyyeeyyii warra gurraachaa keessa qilleensa'uu eegalee jira. Garuu, ammallee saffisa dachaa kumaatamaa nurraa eegamu irraa fagoo jirra. Akka ammaatti yoo itti fufe, bara 1970tti magaalalee gurguddaa qabnu keessaa kudhan keessatti gurraachotatu baay'ata. Carraa kana jireenya maatii fi hawaasa keenyaa fooyyessuuf itti fayyadamna yookiin akkanumaan dabarsina.

Gartuuwwan hojii hawaasaa fi wiirtulee leenjiitti fayyadamnee filattoota uumuu qofa osoo hin taane, uummata dammaqaa of beeku, kan gara itti deemu beeku, kan beekumsi fi jabinni isaa kabaja isaa kennisiisu oomishuu qabna. Yaadannoon garbummaa dagatamuu kan danda'u jabina keenya hubannee jireenya guyyuu keessatti kutannoodhaan yoo fayyadamneedha.

Aangoon mirga warroonni adiin qofti dhalootaan badhaafaman miti; labsiin bahee qajeelfama mootummaatiin kan nuuf kennamus miti. Aangoon humna hawaasaa gartuun kamiyyuu bifa qindaa'een humna kuufatee, karoorfatee duula geggeessuudhaan to'achuu kan danda'uudha.

Kutaa IV

Raajiin Waan Fulduraa Arga

(1967-1968)

Asirraa Garamitti Deemna?

(1967)

Bara 1967 Dr. Kiing gartokkoon namoota ilaalcha siyaasaa gara bitaa qaban biratti akka nama shakkii fi eeggannootiin socho'uutti karaa biraan namoota ilaalcha siyaasaa gara mirgaa qaban biratti ammoo sababa qeeqa inni sanyummaa irratti dhiheessuutiif akka nama biyya ofii hin jaalanneetti lakkaa'amaa ture. Mirgarra kanneen jiran Dr. Kiingi fi hiriyyoonni isaa wayita biyyattiin komuniizimii balleessuuf 'duula qabbanaawaa' keessa jirtu kanatti addunyaa biratti Ameerikaa salphisuu barbaadu jedhanii yaadu. Yunaayitid Isteetisi fi michoonni ishee, Sooviyet Raashaa dabalatee, mootummaa faashistii Jarman, Itilii fi Jippaan bara 1945 xumura Duula Addunyaa Lammaffaatti yoo injifatan illee, Tokkummaa Sooviyet komuniizimii addunyaarra facaasuu barbaaddi jedhanii sodaatu turan.

Gartuu lamaan gidduu wal sodaachuu fi jibbiinsi jabaachaa deeme; keessumaa Tokkummaa Sooviyet fi Ameerikaa gidduu bara 1945 – 1987tti muddamni cime. Hoggansa senaataa Joosef Makartii Wiskonsin keessatti bara 1950-1954 farrummaan kominiizimii Ameerikaatti babal'ate. Egeree fi uumama dimookrasii Ameerikaa irratti mareen uummataa akka hin geggeeffamne Maakartoonni dhorkuu yaalaniiru. Falmitoonni mirga sivilii yeroo baay'ee kominiistummaatti himatamu turan. Kanaaf, qeeqa duula qabbanaawaa irratti kaasan laaffisanii turan. Haata'u malee, Dr. Kiing kana jabeessee mormee jira. Sababiinsaa Dr. Kiing ilaalcha siyaasaan soshalist dimokiraatawaa kan ture yoo ta'u, karaa biraa, jaalala, nagaa fi haqaaf kan of kenne, wangeela Kiristaanaa nama lallabu waan ta'eef adeemsa akkanaa cimsee dura dhaabbateera. Haasaan kanatti aanee jiru Dr. Kiing akka pirezidantii Kora Hoggantoota Kiristaanummaa Kibbaatti haasaa isa dhumaa fi isa gadi-fageenya qabuudha. Haasaan kun kan dhihaate Hagayya 16

bara 1967 Atilaantaa Joorjiyaa Waldaa Kiristaanaa Ebeenezzer Warra Cuuphaa keessatti ture.

ASIRRAA GARAMITTI DEEMNA? GAAFFII JEDHUU FI QABXII MARIi keenyaa osoo hin deebisin dura amma maalirra akka jirru hubachuu qabna. Wayita heerri barreeffame, kaffaltii gibiraa fi bakka bu'iinsa murteessuuf ni gargaara jedhamee formulaan ajaa'ibsiisaan qophaawe namni gurraachi dibbeentaa jaatama namaati jedhee kaa'e. Formulaa ajaa'ibsiisaa gara biraan amma jiru immoo gurraachi walakkaa namaati kan jedhu fakkaata. Waan gaarii yoo ta'e gurraachi walakkaa isa adii qaba. Waan gadhee yoo ta'emmoo gurraachi dachaa isa adii qaba. Kanaaf, walakkaan gurraachotaa manneen sadarkaa gadii keessa jiraatu. Gurraachonni walakkaa galii warra adii argatu. Muuxannoo jireenya hamaa wayita ilaallu, hireen gurraachotaa dachaadha. Gurraachonni hojii hin qabne dacha kan warra adiiti. Duuti daa'imman gurraachotaa kan warra adiitti harka lama. Lakkoofsa adii fi gurraachi biyyattii keessatti qabaniin walbira qabnee yoo ilaalle, reeshoon gurraachoota Veetinaamitti du'anii dachaa kan warra adiiti.

Karaa jireenya biroos herrega ajaa'ibsiisaa argina. Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa keessatti ijoolleen gurraachotaa ijoollee adii hiriyyoota isaanii irraa waggaa tokkoo hanga sadiitti booddeetti hafu. Manneen barnootaa gurraachota qofaaf ramadamanis maallaqni mata mataatti ramadamu yoo tilmaamne kan warra gurraachaa xiqqoodha. Barattoota 20 kolleejii seenan keessaa tokko qofatu gurraacha. Gurraachota hojii qabatan afur keessaa sadii hojii xixiqqaa humna gaafatan irratti bobba'u.

Kun bakka nuti jiruudha. Asirraa garamitti deemna? Duraan dursa kabajaa fi gatii nuuf ta'u cimsinee barbaaduu qabna. Sirna hanga ammaatti nu cunqursaa jiru dura dhaabbannee humna hin laafnee fi gatii guddaa akka qabnu mirkaneessuu qabna. Har'a gurraacha ta'uu keenyaaf gonkuma saalfachuu hin qabnu. Jaarraa hedduuf homaa gatii hin qabdu jedhamee itti himamaa uummata ture dammaqsanii kabaja

dhala namummaa fi eenyummaa isaaf akka dhaabbatu gochuun hojii salphaa miti.

Xinxalli hiika jechootaa illee gurraacha jechuun fokkisaa fi kan kufe jechuu akka ta'e fakkeessanii dhiheessuudhaan itti malanii jiru. Galmee jechootaa Rojets irra gurraacha jecha jedhuuf hiikoon 120 kennamee jira. Kanneen keessaa yoo xiqqaate jaatamni jechoota arrabsooti. Fakkeenyaaf, fokkisaa, dutaa, ajaa'aa, qaqaa, dheekkamaa, seexana kanneen jedhan keessatti argamu. Galmeedhuma jechootaa kana irratti jecha adii jedhu wajjin wal qabatee immoo hiikoon 134 kennamanii jiru. Marti iyyuu gaggaariidha. Fakkeenyaaf, qulqulluu, qulqullina, dingilummaa kanneen jedhaman keessatti argamu. Soba adiin soba gurraacharra ni wayya. Maatii keessaa namni milkaa'ina dhabe 'hoolaa gurraacha' jedhamuun beekama. Osee Devis barsiisonni ijoolleen gurraachotaa ofii isaanii kan ittiin arrabsan jechoota 60 akka hin barsiifamne; ijoolleenis ilaalcha gadaantummaa sobarratti ijaarameen akka hin guddanne; akkasumas ijoolleen warra adii jechoota ittiin of jajan 134 baratanii olaantummaa sobarratti hundaa'e fudhatanii akka hin guddanne afaan Ingilizii irra deebi'amee ilaalamuu qaba yaada jedhu dhiheesseera.

Gurraachi jireenya Ameerikaaf qooda inni gumaacheef bakka kennuu dhiisuu fi yaadi eenyummaa isaa mulquu hanga kitaabota seenaa dur-durii kan dulloomee fi hanga gaazexoota ganamaa haaraa kan ta'eedha. Aadaa ajjeechaa kana dura dhaabbachuuf gurraachonni kabaja namummaa ofii uffatanii murannoo guddaadhaan ka'uu qabu. Birmadummaa gurraachaaf qaamni socho'u kamiyyuu, barbaachisummaa yaada kanaa salphisee ilaala yoo ta'e walitti qabama awwaalcha ofiitiif eeggachaa jiru ta'a. Sammuun keenya gabrummaan qabamee osoo jiruu qaamni keenya bilisa ba'uu hin danda'u. Bilisummaan qoor-qalbii fi kabajni ulfaataan mataa ofiif kenninu dukkana dheeraa gabrummaa qaamaa ofirraa haquuf meeshaa isa cimaadha. Yoo kana ta'uu baate labsiin Linken bilisummaa garbootaaf mallatteesse yookiin mirgi sivilii Joonsenfaa bilisummaa akkanaa fiduu hin danda'u. Gurraachi kan bilisa ba'uu danda'u yoo

keessa eenyummaa isaatiitti seenee of hubatee baree onnee guutuun of ilaalee labsii bilisummaa isaa kobbee ofiitiin mallatteessee labsuu danda'eedha. Gurraachi akka kabaja namummaa hin gonfanne hafuurri wal'aansoo ittiin qabu yoo isa mudate, tuffii ofii isaatiif qabu jabinaan mo'atee, fuuncaa sibiilaa miilla isaatti jiru cabsee, ofii isaa fi addunyaatiif, "Ani nama ulfina namummaa gonfateedha," jechuu qaba; ani uumama kabajaa fi surraa qabuudha jechuu qaba; seenaa ajaa'ibsiisaa fi boonsaan qaba; seenaan koo gidiraan kan guutamee fi saamiinsaaf kan saaxilame yoo ta'e iyyuu ani dureessa seenaati. Eeyyee akaakileewwan koo garboota turan. Garuu, kanatti qaaniin natti hin dhaga'amu. Dhugaatti gochi isaanii hanga anaan garba taasisuutti namoota cubbuu raawwatanitti nan qaana'a. Eeyyee, waliin dhaabannee, "Gurraachas, miidhagaadhas" jechuu qabna. Karaa gurraachi Ameerikaa ofiisaa dadammaqsuuf hordofaa jiru kun yakka adiin Ameerikaa irratti hojjete irraan kan ka'e karaa inni hordofuuf dirqameedha.

Gaaffii murteessaa kan biraan jabina keenya akkamitti jabina dinagdee fi jabina siyaasaa wajjin qindeessuu dandeenya kan jedhuudha. Gurraachi mirga humna akkanaa barbaaduu kan isa dhowwu hin jiru. Rakkoolee gurraacha mudatan keessaa tokko humna dhabuu isaati. Qonnaalee babal'aa kibbaa durii irraa kaasee hanga gandeem haaraa gurraachonni keessatti daangeffamanii, hiyyummaaf saaxilamanii kaabajiranitti gurraachi humnaa fi sagalee dhabee jiraate. Jireenya mataa ofii irratti mirga murteessuu dhabee bittaa humnaa adii jalatti kufee hawwiidhaan jiraataa ture. Qonnaalee babal'aan kibbaa gurraachonni addaan citanii hiyyummaan irra jiraatan kan uumaman qaamota humna qabaniin ture. Kaayyoon isaas humna dhabee jireenya fooyya'aa akka hin geggeessine daangessuu fi dadhaboo ta'anii akka itti fufan taasisuufi. Gandeem gurraachotaa gara jireenya fooyya'eetti jijjiiruuf rakkoon jirus aangoo wajjin kan wal hidhateedha. Qaama humna arkaa qabu kan haalli jiru akka itti fufu barbaaduu fi qaama mirga ofii gaafatu gidduutti qabsoo geggeeffamuudha. 'Humna yookiin aangoo jechuun maal jechuudha?' gaaffii jedhu wayita deebifnu humna jechuun dandeettii kaayyoo

galmaan ga'uuti; jijjiirama siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa fiduuf jabina barbaachisu jechuudha. Wolter Ruter humna jechuun hiikni isaa maal akka ta'e gaaf tokko akkana jedhee kaa'eera. "Humna jechuun dandeettii waldaaleen hojjetootaa kanneen akka UAWfaa ittiin kampanilee human- qabeeyyii akka Jeneral Motorsifaa osoo 'hi'iyyoo' jechuu barbaadanii 'tole' akka jedhaniif isaan dirqisiisuudha. Humna jechuun kana."

Nuti baay'een keenya lallabdoota taanee osoo jirruu amantaa mooraala ofii qabna. Akkasumas humna ilaalchisee rakkoo mataa ofii qabna. Hanga aangoo qabnuun sirriitti hojjenetti aangoo barbaaduun rakkina hin qabu. Yeroo tokko tokko falaasonni keenya karaa sirrii irraa jal'achuu isaanii ni hubanna. Rakkoolee seenaan qabu keessaa tokko ilaalcha aangoo fi jaalalli kan waliin hin deemne garuu kan wal faallessan ta'anii fudhatamuu isaaniiti. Kanaaf, jaalala jechuun aangoo dabarsanii kennuu ta'ee wayita lakkaawamu, aangoo jechuun ammoo jaalala ganuu yookiin of keessaa baasanii gattuu ta'ee fudhatama.

Kun ilaalcha dogoggoraa ture. Ilaalcha akkanaati falaasaan waa'ee fedha aangoo Nicheen yaada Kiristaanummaan jaalala irratti qabu akka hin fudhanne kan taasise. Akkasumas namoonni waa'ee jireenya hafuura Kiristaanummaa qoratan falaasama Nichee akka mormaniif kan taasise hiika dogoggoraa kana ture. Amma waan kana qajeelchuu qabna. Dubbii ijoon nuuf galuu qabu, aangoo jaalalli keessa hin jirre maal na dhibdee fi gara-jabeessa yoo ta'u, akkasumas jaalalli aangoo hin qabne miirawaa fi dadhabaa ta'a. Aangoon karaa sirrii ta'een gaaffii haqaatiif jaalalaan deebii kennuu yoo ta'u, haqni ammoo aangoo waan faallaa jaalalaa dhaabbate mara sirreessuuti. A sii gara fuulduraatti wayita deemnu wanti ilaaluu qabnu isa kana. Wanti ta'e maalinni yoo jennee, biyya keenya keessattis karaa dogoggora ta'ee fi bitaa namatti galuun hubannee turre. Sababa kanaaf, baroota darban keessa gurraachonni Ameerika karaa aangoo isa jaalalaa fi walii yaaduun keessa hin jirre hordofuudhaan abjuu isaanii dhugoomsuuf osoo yaalanii kan argamaniifi.

Leellistoonni muraasni warra adii irratti olola humnaa akka oofanii fi akka yaalan kan tuttuqe haala kanadha. Rakkoolee gurguddaan bara keenyaa kun akka uumaman kan isaan taasisu walitti bu'iinsa humna mooralawaa fi humna al-mooralawaa giddu jiruudha.

'Biyyi keenya waggaatti galii amansiisaa akka argattuuf karoorsuu qabna. Naannoo jalqaba jaarraa kanaatti yaadi akkanaa kaka'umsa hamaa fi itti gaafatamummaa hin qabne ta'e kan jibbamuu fi balfamuu ture. Bara sana sadarkaan dinagdee nam-tokkee dandeettii dhuunfaa fi jabina namichaa agarsiisa jedhamee fudhatama ture. Akka yaada bara sanaatti meeshaalee biyya lafaa qabaachuu dhabuun barbaachisummaa amala qaxalummaa fi fo'aa yookiin hidda mooraalaa agarsiisa jedhamee fudhatama ture. Hawwii dhala namaa fi sirna dinagdee jaamaa ta'e hubachuuf karaa fagoo deemnee jirra. Sirna dinagdee gabaa bilisaa biyya keenyaa keessatti bakka dhabuu keenyaa fi loogiin jiraachuun isaa ilaalcha namaa golguudhaan ariitiidhaa fi dhaabbataan gara hojii dhabbummaa fi hojii jibbummaatti fedha isaanii maalee oofaa jiraachuu isaa hubanna. Yeroo ammaa kana hawaasni hiyyeessi, hiyyeessa jedhamanii waan beekamaniif, gadaantotaa fi dorgomuu kan hin dandeenyedha jennee akka hin lakkoofne nan abdadha. Akkasumas dinagdeen karaa kamillee guddatee yoo dagaage, guutumaan-guutuutti hiyyummaa dhabamsiisuu akka hin dandeenye ni beekna.

Rakkichi kan inni nu agarsiisu xiyyeeffannoon keenya dachaa lamaan guddachuu akka qabuudha. Dinagdee lammii hunda hojii qabsiisuu danda'u uumuu qabna. Yoo kana ta'uu baate karaa galiin ittiin argamu uumuu qabna. Toftaalee adda addaatiin karaa uummanni fayyadamaa ta'u mijeessuu qabna. Altokko uummatichi sadarkaa kanarra akka ga'u yoo taasifne dandeettiin nama dhuunfaa lafatti akka hin badne taasisuu dandeenya. Namoota hojiiwwan aadaa hojjetanii fi kanneen isa hojjechuu hin dandeenyeef hojiiwwan hawaasichaaf fayyadan uumuu qabna. Bara 1879 Henirii Joorji barreeffama 'Guddina fi Hiyyummaa' jedhu wayita barreessu kan akkanaa eegee ture.

“Hojiin jireenya dhala namaa fooyyessu, beekumsa kan babal’isu, humna kan dabalu, og-barruu kan gabbisuu fi ilaalcha kan babal’isu malee wabii jireenyaaf jecha hojii hojjetamu miti. Yookiin garbootaaf akka hojiitti kan kenname, yookiin gooftaa isaaniin hojii akka hojjetamu ajajaman, yookiin hin barbaachisa jedhamee calluma jedhamee hojiin hojjetamus kanarraan adda miti. Hojii kan jedhamu hawaasa waan itti hir’ate hin qabne keessatti namoonni akka hojiitti kan fudhatani fi ofuma isaatiif nageenya kan namaa kennuudha.”

Hojiin akka kanaa sadarkaa guddaan akka dabalu taasisuun ni danda’ama. Kanaaf, rakkooleen manaa fi barnootaa dabalaa deemuurra akka xiqqaatani fi hiyyumnis akka dhabamu taasisuun ni danda’ama. Hiyyuma dhabamsiisuun rakkooleen mana jireenyaa fi barnootaa akka hiikamaniif karaa bana. Hiyyeeyyiin humna waa bitachuu yoo cimsatan rakkina mana jireenyaa hiikuuf qooda guddaa taphachuu danda’a. Gurraachonni qabeenya horachuu yoo danda’an miidhaa harka lama isaanirra jiru dhabamsiisuuf qabsoo isaaniif meeshaa guddaa ta’ee isaan gargaara.

Faayidaalee kanneenitti dabalee, tasgabbii dinagdee bal’aa uumamu keessaa jijjiiramni qoor-qalbii gaggaariin uumamuun kan hafu miti. Hiree ofii murteeffachuu wayita danda’uu fi of fooyyessuuf wantoota barbaachisan wayita qabaatu, kabajaan nama dhuunfaa ol ka’a. Waldhibdeen haadha manaa, abbaa manaa fi ijoollee gidduutti ka’u kan inni badu yeroo gatiin namaa madaallii haqa-dhabeessa ta’een doolaaraan lakkaawamuun isaa hafuudha.

Biyyi keenya akkana gochuu dandeessi. Joon Kenet Galbret biyyi keenya doolaara biiliyoona 20 waggaatti ramaduudhaan galii waggaa mirkaneessuu ni dandeessi jedha. Kanaaf, animmoo har’a akkasin isniin jedha. Biyyi keenya doolaara biiliyoona soddonii shan ramaduudhaan lola haqa-dhabeessa Veetinaam keessatti kan geggeessitu eega ta’ee, akkasumas, nama gara ji’aatti erguuf doolaara biiliyoona digdama kan baaftu eega ta’ee, ijoolleen Waaqayyoo lafa

kanarra miila lamaan akka dhaabbatan gochuuf doolaara biiliyoonota baay’een lakkaawamu baasuu ni dandeessi.

Amma gabaabaamatti murannoo qabsoo karaa nagaatiif qabnu haareessuun akka nurra jiru waa tokko tokkoon dubbadha. Qabxii kanarratti xiyyeeffachuun barbaada. Haqa-dhabummaa sanyii wajjin walitti hidhate dura dhaabbachuuf qabsoowwan humnaan geggeeffaman marti bu’a-dhabeessa ta’uu isaaniitiif jeequmsa hanga dhihootti gurraachotaan raawwataman ragaa ta’u. Kaleessa jeequmsa kanneen xinxaluu fi ka’umsa isaanii baruuf yaalii taasiseen ture. Har’a kallattii biraan ilaaluun barbaada. Dhugumatti, waa’ee jeequmsaa wanti nama gadisiisu tokko jira. Dargaggoota iyyanii fi ga’eessonni baay’ee aaran dhimmoota hiika hin qabne irratti kaayyoo malee fi abdi tokko malee osoo wal reebanii arguun ni danda’ama. Kanaaf, keessa eenyummaa isaanii yoo ilaaltan ofii isaanii balleessuuf yookiin eenyummaa isaanii barbadeessuuf akka isaan barbaadan hubattu.

Darbee darbee gurraachonni jeequmsa bara 1965 ka’ani fi kanneen biroon qaama qabsoo mirgoota sivillii milkaawaniitti lakkaawamu jedhanii falmu. Jeequmsa kanneen hordofee bu’aa qabatamaan argame maal akka ta’e wayita gaafataman waan deebisan osoo dhabanii argamu. Bu’aa baay’ee gaarii argamsiisan yoo jedhame xiqqooyyuu yoo ta’e mootummaan jeequmsichaan rifate baajata farra hiyyummaa xiqqoo dabaluu isaa fi ijoollee gandeen hiyyeeyyii gurraachotaa keessa jiraatan qabbaneessuuf bishaan xiqqoo itti biifuu isaati. Hidhamtoota mana hidhaa keessatti sakaalanii nyaata isaanii akka fooyyessuuti. Eessatti illee yoo ta’e, bu’aa hiriirri nagaa sirnaan qindaawan argamsiisan jeequmsa osoo argamsiisuu arginee hin beeknu.

Nama sochii humnaa kakaasu tokkoon, ‘Maal maalfaa yoo hojjetaman milkaa’inni argama?’ jedhamee yoo gaafatame deebiin isaa loojika kan qabu miti. Yeroo tokko tokko waa’ee mootummaa sanyii irratti hundeeffame fonqolchuu dubbatu. Akkasumas waa’ee mootummoota naannoo kanneen sanyiirratti hundaa’an dhabamsiisuu

fi waa'ee riphee lolaa haasa'u. Mootummaan amma jiru deggersa uummataa fi amanamummaa raayyaa ittisaa yoo dhabe malee warraaqsi keessaa kamillee bu'a-qabeessa akka hin taane hin hubatan. Ilaalcha sirrii namni qabu kamiyyuu wanti akkanaa Ameerikaa keessatti ta'uu akka hin dandeenye hubachuu hin dadhabu. Caasaan aangoo humna poolisii naannoolee, waraana biyyoolessaa, humna addaa mootummaa marti to'annaa warra adii jala kan jiran waan ta'aniif akka garaatti itti fayyadamuu danda'a. Warraaqsi hokkaraa muraasni uummata-xiqqaatiin geggeeffamanii milkaawan yoo jiraatan muraasonni sun uummata guddaa isaaniin hin mormine irraa deggersa kanneen argatanidha. Kaastroon qabsoof gara gaarreeniitti wayita qajeelan isaan cina kan turan Kuubota muraasa yoo ta'anillee, uummata bal'aa Kuubaa irraa deggersa osoo hin arganne ta'ee, bittaa Baatiistaa garagalchuu hin danda'an turan.

Wanti baay'ee ifa ta'e Ameerikaa keessatti qabsoon warra gurraachaa inni humna irratti hundaa'e baay'ina kan qabu uummata adii Ameerikaa biratti fudhatama hin qabu. Warruma gurraacha biratti illee fudhatama inni qabu xiqqaadha.

Yeroon kun waa'ee bilisummaa dhimmoota qabatamaa hin taane kaasuudhaa fi falmii falaasamaa taasisuudhaan kan nuti dabarsnu miti. Yeroon kun yeroo hojii ti. Wanti barbaachisu tarsimoo jijjiiramaa fi sagantaa tooftaa ittiin gurraachota ariitiidhaan gara giddugaleessa jireenya Ameerikaatti fidan qopheessuudha. Hanga ammaatti jijjiiramni akkanaa dhugoomee kan mul'ate qabsoo karaa nagaa qofaani. Dhugaa kanaaf beekamti hin kenninu yoo ta'e hiikota hiika hin taane, deebiwwan deebii hin taanee fi ibsoota hin ibsine hammannee hafna.

Kanaaf, har'as qabsoo karaa nagaa akkan deggerun ibsuu barbaada. Nuti gurraachonni Ameerikaa haqa keenyaaf qabsoo geggeessinuuf meeshaa guddaa humna qabeessi harka keenya akka jiru nan amana. Waan biraan, waa'een jiraachuu addunyaa fooyyoftee na yaachisa. Waa'een haqaas na dhiba; waa'een obbolummaa na

dhiba; waa'een dhugaa na dhiba. Namni tokko osoo waa'een kanneenii marti isa dhibuu waa'ee qabsoo humnaa labsuu hin danda'u. Sababiinsaa humnaan nama nama ajjeese ajjeesuu ni dandeessu ta'a; garuu ajjeechaa ajjeesuu hin dandeessan. Humnaan sobduu ajjeesuu ni dandeessu ta'a garuu dhugaa dhaabuu hin dandeessan; karaa humnaa nama jibbitan ajjeesuu ni dandeessu ta'a, garuu jibbiinsa ajjeesuu hin dandeessan. Dukkanni dukkana ibsuu hin danda'u; ifa qofatu danda'a.

Irra deebi'een isinitti dubbadha. Jaalalatti cichuuf murteeffadheen jira. Deemee deemee rakkoollee dhala namaatiif hiikni isaa jaalala ta'uusaa nan beeka. Kanaaf, bakkan ga'e hundumaatti waa'eesaa dubbachuu ittuman fufa. Dhuguma waliitti qabama tokko tokkotti yeroo ammaa kana waa'ee jaalalaa dubbachuun waan jaalatamu miti. Waa'ee jaalalaa wayitan dubbadhu callisee jaalala irra-keessaa osoo hin taane waa'ee jaalala gadi-fagoo fi dirqisiisaa dubbachuu kooti. Jibbiinsa garmalee argeera. Akkasumas, jibba garmalee fuula Miseensota Mana Marii Lammiilee Adii irratti argee of jibbuu ga'uuf tureera; sababiinsaa yeroon kana fuula isaaniirratti argu, akka inni fuula isaanii fi amala isaanii miidhu nan beeka; kanaafis, jibbiinsi ba'aa dhalli namaa baachuuf baay'ee itti ulfaatuudha nan jedha.

Jaalachuuf murteeffadheera. Waan gaarii barbaaddu yoo ta'e, karaa jaalalaa ni argattu. Wanti baay'ee namatti tolu, akkuma nama jaalataa deemtaniin dogoggora irraa fagaachaa deemtu. Sababiinsaa Yohaannis, 'Waaqayyo jaalala' yeroo jedhe sirrii ture. 'Inni kan jibbu Waaqayyoon hin beeku; inni kan jaalala qabu, furtuu balbala hiika dhugaa isa dhumaa qabateera.'

Gara xumura kootti deemaa, "Asirraa garamitti deemna?" jennee yeroo wal gaafannu, dhugumaan sochii tassifamu gaaffii guutummaa hawaasa Ameerikaa deebisanii ijaaruu deebisuu akka qabnu nutti mul'isa. Hiyyeeyyii miiliyoona afurtama qabna. Kanaaf, gaaf tokko, "Hiyyeeyyiin miiliyoona afurtamni maaliif Ameerikaa keessatti argamu?" jennee gaafachuu qabna. Gaaffii kana gaafachuu wayita jalqabdan, waa'ee dinagdee biyyattii kaasuu keessan; akkasumas

waa'ee qoodiinsa qabeenyaa kaasuu keessan. Gaaffii dinagdee waliin wal hidhate wayita kaaftan, waa'ee sirna kappitaaliizimii kaasuu keessan. Salphaamatti kanan jedhu, deebinee deddeebinee waa'ee hawaasa guutummaa gaafachuu qabna jechuu kooti. Bakka gabaa jireenyaatti hiyyeeyyii abdii kutatanii jiran gargaaruuf waamamaa jirra. Haata'u malee, sirni hiyyeeyyii omishu kun jijjiiramuu akka barbaachisu arguu qabna. Gaaffileen ka'uu qabu jechuudha. Jaalleewwankoo, gaaffilee akkasiitti dhiphachuu wayita jalqabdan, "Boba'aa eenyutu to'ata?" jechuu jalqabdu, itti fuftanii, "Boolli sibiilli keessaa yaa'u arka eenyuu jira?" gaaffii jedhu gaafachuu jalqabdu. Ardii harka sadii keessaa lama bishaan ta'e keessatti maaliif bishaaniif maallaqa baafna? gaaffii jedhu gaafachuu jalqabdu. Gaaffileen kunniin gaafatamuu qabu. Yeroon kana isinitti dubbadhu harkaa fi harkatti akka na qabatanitti hin yaadinaa; ani waa'ee komuniizimii haasawaa hin jiruuti.

Ganama kana wanti ani jechaa jiru, komuniizimiin jireenyi dhuunfaa ta'uusaa irraanfata; kappitaaliizimiin jireenyi hawaasummaa ta'uusaa dagata; mootummaan obbolummaa kan argamu yaada walitti qabaa komuniizimii yookiin addaan kukkuta kappitaliizimii keessa osoo hin taane walitti dhufeenya ol ka'aa gidduu isaanii jiru keessa ta'uu isaattin amana. Kan inni argamu cuunfaa lamaanuu isaaniirraa argame keessatti. Walumaagalatti 'hawaasicha gaafadhaa!' yeroon jedhu, rakkoon sanyummaa, rakkoon saamiinsa dinagdee fi rakkoon waraanaa hundi walitti hidhamanii jiru jechuu kooti. Isaan kun wantoota hamoo walfaana waltumsanii deemaniidha.

Xiqqoo akkan lallabu yoo naaf hayyamtan- Gaaf tokko galgala, abbaan murtee tokko gara Yesuus dhufee, fayyuuf maal gochuu akka qabu gaafate. Yesuusis maal gochuun akka irra hin jirre tokko tokkoon tarreessuufii keessa seenuu hin barbaadne. Yesuus, "Niqodimoos, hin sobin" ittiin hin jenne. "Niqodimoos nama gowwoomsita yoo ta'e, hin gowwoomsin" ittiin hin jenne. "Niqodimoos, hin ejjin" ittiin hin jenne, yookiin "Niqodimoos dhugaatii jabaa baay'ee dhugda yoo ta'e, isas dhiisi" ittiin hin jenne. Garuu, Yesuus waan addaa tokko itti

dubbate. Sababiinsaa Yesuus waan bu'uuraa tokko hubateera; namni yoo sobe, ni hata. Namni yoo hate, ni ajjeesa. Kanaaf, tokko tokkoo isaa keessa galuu irra, Yesuus ol jedhee ilaaleetu, "Niqodimoos, lammata dhalachuutu siif ta'a" jedhe.

Karaa biraa, guutummaamti kee jijjiiramuu qaba ittiin jedhe. Biyyi namoota waggaa 244 garbummaa jala bulchitu namoota gara sadarkaa meeshaatti gadi buufti. Kanaaf, ni saamti, hiyyeeyyiis ni taasifti. Biyyi dinagdee saamtu investmentii biyya alaa fi waa hunda illee qabaachuu qabdi; investmentii ishee kana eeggachuuf immoo humna waraanaa cimaa fayyadamuu qabdi. Rakkooleen kunniin marti walitti hidhamanii jiru. Wanti ani har'a jedhu, aadaa kana cabsinee, "Ameerikaa, lammata dhalachuutu siif ta'a" jechuu qabna.

Kanaaf, har'a hojii qabna waan ta'eef 'gara-hanqina olii dhufeen(divine dissatisfaction)' gara dhufnetti deebi'uu qabna jedheen dubbii koo xumuruu barbaada. Hanga Ameerikaan baay'ina dhiigaa yaadiddamaa fi hir'ina dhiigaa dalagaa irraa hin fayyinitti garaa nu hin ga'u. Hanga gidaarri inni magaalaa qabeenyaa fi qananii alatti, magaalaa hiyyummaa fi abdii-kutannaa ammoo keessatti addaan qoodu burruusa qaamota haqa barbaadaniitiin jijjigutti garaa nu gahuu hin qabu. Hanga namoonni qarqara abdii jiraatan handhuura magaalaa guddittii bakka wabii nageenyaa argatan ga'anitti garaa nu hin ga'u. Hanga manneen laastikaa daandii irraa gara guuboo kosii seenaatti darbatamanii maatiin hundumtuu manneen sadarkaa isaanii eeggatan keessa jiraatanitti garaa osoo nu hin ga'in itti fufuu qabna. Manneen barnootaa kaleessa sanyummaa irratti hundaa'anii barsiisan hanga isaan gara manneen barnootaa boruu kanneen sanyiin osoo hin qoodamiin hundi keessatti barnoota qulqullina qabu argatan ta'anitti gara hanqinaan itti fufna. Hanga walitti makamiinsi rakkoo osoo hin taane carraa miidhagina adda addummaa keessatti qooda fudhannaa ta'uunsaa hubatamutti garaa nu hin guutu. Dhiiraa fi dubartiin kamiyyuu hangam yoo gurraacha'an illee, bifa gogaa isaaniitiin osoo hin taane qulqullina sansakkaa isaanitiin hanga madaalamuu danda'anitti garaa osoo nu hin ga'in itti fufna.

Hanga Masaraaleen mootummoota naannoo bulchitoota haqa eegsisan, kanneen araara gochuu jaallatanii fi Waaqa isaanii wajjin qajeelinaan tarkaanfatanii guutamanitti garaa nu hin ga'u. Manneen qopheessaa magaalalee hundumaa keessaa haqni akka bishaanii hanga dhangala'uu fi qajeelummaan akka galaana guddaa hanga danbali'utti osoo garaa nu hin ga'in ittii fufna. Yeroon Leencaa fi xobbaalaan walboraafatanii ciisanii fi namni hundi muka wayinii ofii jalatti aara-galfachuu, sodaa malee jiraachuu hanga danda'utti garaa nu ga'uu hin danda'u. Eeyyee osoo garaa nu hin ga'in itti fufuu qabna. Waaqayyo nama dhiiga 'tokko irraa uumee lafarra akka jiraatu akka taasise namoonni marti ni hubatu. Hanga guyyaa namni kamillee "aangoo adii" jedhee dhaadachuu yookiin "aangoo gurraachaa" jedhee dhaadachuu dhiisee waa'ee humna Waaqaa fi humna dhala namaa dubbatutti garaa nu hin ga'u.

Jaalleewwan ko, karaan fuula keenya dura jiru yeroo hunda qajeelaa akka hin taane isiniif ibsuun barbaada. Ammallee bu'aa-ba'ii karaa dhakaa hedduu fi daandiiwwan jajal'oon ni jiru. Gufuuwwan asittis achittis nu mudachuu danda'an ammas jiru. Abdiin guutuun gara gaddaa fi rakkinaatti yeroon itti jijjiiramu dhufuuf jira. Abjuun keenya abjuu qofa ta'ee yeroon inni itti hafu abdii gadi-fagoo nuti qabnu wayita inni fashalaa'u yeroon nuti arginu fagoo miti. Maaltu beeka? Yeroon nuti reeffa falmitoota mirga sivilii bira dhaabbannee himimmaan facaafannu ni dhufa ta'a. Eeyyee, obboloote dhiiga dheebotanii fi hammeenyaan guutamaniin qabsaawaa ajjeefame bira dhaabbannee gaddaan hirqinfanna ta'a. Yeroon isaa hangam hamaa fi rakkisaa ta'ellee baroota dhufan irra abdii kaawwannee adeemsa keenya itti fufuu qabna. Toora amma dubbannerra buunee wayita imallu haala baay'ee miidhagaa ta'een barreeffamee kan nuti darbe qabsaawaa fi waloo Jeemsi Wilden Joonseniin walaloo barreeffame irraa jajjabina arganna ta'a.

Daandiiin keenya qoreen guutee,
Dugdi keenya ulee quuftee,
Abdiin osoo hin dhalatin, ifa hin argin nurkaa duute.
Haata'uyyuu malee ni deemna, hin dhaabbannu,
Milli nu bututes nuti abdii hinkutannu.
Biyya hawwa keenyaa,
Hin hankaaknu hin geenya.
Karaa dheeraa sana,
Bu'ii ba'ii sana
Dheebotaa beela'aa
Kukkufnee kaka'aa
Himimmaan lolaasaa
Dhiiga dhangalaasaa
Dukkana kaleessaa qabsoodhaan ibsinee
Ifa boruu arguuf har'arra dhaabbannee
Kunoo ilaalaa jirra urjii ifuuf jirtu
Biiftuun bilisummaa yommuu calaqqiftu.

Kun mirkana faaruu keenyaa haa ta'u. Egeree maalummaan isaa hin beekamne fuula keenya dura jiru jabinaan akka dura dhaabbannu humna nuuf ta'a. Gara bilisummaatti akkuma tarkaanfannuun miilla keenyaaf jabina kenna. Guyyoonni keenya duumessa gurraachaan, abdii-kutannaan wayita guutaman, wayita alkanni tokkichi akka halkan kumaatamaatti dukkanaa'u, yunivarsii kana keessa humni guddaan gaarreen guguddaa hammeenyaajijjigsu, humni lafa karaan jirutti karaa qabuu fi dukkanoota kaleessaa ifa boruutti jijjiiruu danda'u jiraachuusaa haa yaadannu. Utubaan mooraala yunivarsii kanaa dheeraa yoo ta'eyyuu gara haqaatti duufee akka jirus haa hubannu.

Wiiliyaam Kuulen Bryaant sirrii ta'uu haa hubannu: "Dhugaan lafatti dhidhiitamte deebitee ni kaati." Eeyyee Macaafa Qulqulluun sirrii ta'uus haa hubannu. Hin gowwoominaa. Waaqayyootti hin qoosinaa. Namni waanuma facaase haammata. Kun abdii fuulduree keenyaati. Abdii kanaan yeroo dhihoo keessatti waan darbe yaadannee

akkana jennee faarfanna: “Ni moone; injifannee jirra, garaa kootti yaadeen ture, ni moona jedhee abdadheen ture.”

19

Anaafi Guddicha Dhuunfaa

(1968)

Waldaaleen Kiristaanaa gurraachaa aadaa Afrikaanota Ameerikaatiif karaa amantiitiin akka haadhaa fi abbaatti ilaalamu. Akkuma seensa irratti ibsametti walga'iin amantootaa kunniin ifatti mul'achuu kan jalqaban gara dhuma jaarraa 18ffaatti ture. Yaa'iin kunniin guutummaa seenaa biyya kanaa keessatti jireenya Ameerikaanota Afrikaa fooyyessuuf sochii gaggaarii hundumaa keessatti dhiibbaa gaarii godhaniiru. Atilaantaa, Joorjiyaa keessatti kan argamtu Waldaan Kiristaanaa Ebeenezar Warra Cuuphaa Dr. Kiingiin kaasuu ishee keessatti kan guddifte, booddee ammoo muudama kan kenniteefiidha. Waldattiin kun waldaaleen Kiristaanaa gurraachaa wiirtuu amanti fi amala gaarii ta'urra darbanii giddugala sochii hawaasummaa fi siyaasaa ta'anii tajaajiluu isaaniif fakkeenya gaarii ta'aniiru. Waldaan Kiristaanaa Ebeenezar isheen duraa kan hundeeffamte gar-tokkoon akka damee Waldaa Kiristaanaa Warra Cuuphaa Daandii Wihititti yeroo ta'u bara 1886 ture. Hanga akaakayyuun Maartin Luuter Kiing, Luba A.D. Wiiliyaams, hoggansa qabatanitti waldattiin hin cimne turte. Yaa'iin kun Ameerikaa keessatti dhaabbata Ameerikaanota Afrikaa isa guddicha ture. Ammas akkuma sana.

Waldaan Kiristaanaa Ebeenezar akaakayyuu Dr. Kiingiitiin hogganamuu akkuma jalqabdeen Yaa'ii Hoggantoota Kiristaanummaa Kibbaatiif tumsa hafuura fi qabeenyaa gochuufiidhaan akka inni jabaatu tuuta Waldaalee Kiristaanaa fi paasterootaa keessa galuu dandeessee jirti. Akaakayyuun Dr. Kiing bara 1931 wayita du'an abbaan isaa Luba Maartin Luuter Kiing Guddichi yaa'ii Ebeenezariin filatamanii akaakayyuu isaa bakka bu'an. Hanga bara 1975 boqotanitti paastera waldattii ta'anii tajaajilaniiru. Abbaan Dr. Kiing tokkummaa dhaabbilee fi Waldaalee Kiristaanaa Ameerikaanota Afrikaa isa Atilaantaa Daandii Hebern irratti argamu keessatti qaama murteessaa ta'an.

Maatiin Kiing daandii Hebern irra Waldaa Kiristaanaa Ebeenezir irraa tarkaanfii muraasa fagaatee jiraata ture. Maartin Luuter Kiing Xiqqaan gara mana barumsaa sanbataa Waldaa Kiristaanaa Ebeenezir deemuudhaan hiriyyoota baay'ee itti dhihaatani fi hanga dhumaatti waliin turan horachuu danda'ee jira. Maatiin Dr. Kiing hawaasa Waldaa Kiristaanaa Ebeenezir warroota Gargaarsa maallaqaa fi beekumsa isaaniitiin gumaachuudhaan tajaajilli isaanii akka milkaawu godhan biratti jaalatamaa kan ture yoo ta'u, walitti dhufeenya isaaniittis gammachuu qabu turan. Wantoota kanneen hubannoo keessa galchine yoo ilaalle, Dr. Kiing lallabaa fi ergaawwan uummataa baay'ee ajaa'ibsa jedhaman waltajjii Waldaa Kiristaanaa Ebeenezir irraa dabarsuun isaa nama hin dingu. Bara 1960 kaasee hanga 1968 ajjeefametti gargaaraa paasteraa ta'ee waldaattii tajaajiluun isaa ni beekama. Dr. Kiing lallaba baay'inaan jireenya dhuunfaa wajjin walqabate waltajjii Waldaa Kiristaanaa Ebeenezir irraa Guraandhala 4 bara 1968 dabarse. Kutaaleen haasaa isaa kana irraa kukkutamani sirna awwaalcha isaa guutummaa biyyattiitti televiziyoonaan darbe irratti dhihaatanii jiru. Awwaalchi isaa kan raawwatame lubbuun isaa darbee guyyoota shan booda Eebla 9, bara 1968 ture. Waggaa 39^{aa} isaatti, ajjeeffamuu isaa ji'a lama dura Dr. Kiing duuti isaa akka dhihaate baree ture.

HAR'A GANAMA "ANAAFOO" MATADUREE JEDHU LUQQISEEN LALLABUU barbaada. Sagaleen nuti hirmaannu Maarqos boqonnaa kudhan irra kan jiruu fi ergaa nuti beeknuudha. Boqonnaa kana lakkoofsa 35 irraa akkuma arginu, Yaaqoobii fi Yohaannis ilmaan Zabdewos gara Yesuusitti dhi'aatanii, "Barsiisa! waan nuyi si kadhannu akka nuuf gootu in barbaanna," jedhaniin. Inni immoo, "Maal akkan isiniif godhu barbaaddu?" isaaniin jedhe. Yommuus isaan deebisanii, "Ulfina keetti abbaan tokko gara mirgaa kee inni kaan immoo gara bitaa kee akka teenyu nuuf kenni," jedhaniin. Yesuus garuu, 'Waan kadhattan hin beektan! Xooffoo dhiphinaa ani keessaa dhuguuf jiru keessaa dhuguu ni dandeessuu? Cuuphaa ani ittiin cuuphamuuf deemus cuuphamuu ni dandeessuu?' isaaniin jedhe. Isaan immoo, 'ni

dandeenya' jedhaniin. Yesuus garuu, 'Xooffoo ani keessaa dhuguuf jedhu keessaa dhuguuf jirtu, cuuphaa ani ittiin cuuphamus cuuphamuuf jirtu. Mirga koo yookiis bitaa koo taa'uu garuu kennuun kan koo miti; taa'umsii sun warra kanaan dura qopheeffameeffii ta'a malee kan kennu ana miti' isaaniin jedhe.

Egaa Yesuus xumura ergaa isaatii irratti akkana jedha, 'Eenyullee isin keessatti guddaa ta'uu kan barbaadu, hojjetaa keessan ta'uutu isa irra jira'. Haalli isaa ifaadha. Yaaqoobii fi Yohaannis Goofticha gaaffii murtaa'e gaafachaa jiru. Ibiroonni baay'een akka yaadanitti dhufaatii mootii Israa'el achumaanis Jarsaalemiin akka bilisa baasu ni eegu turan. Achiis mootummaa isaa gaara Xiyyoon irra godhatee qajeelinaan biyya lafaa bita amantaa jedhu qabu turan. Yesuusiin mootii akkanaa taasisaniiti kan lakkaawan. Kan isaan yaadaa turan Yesuus mooticha Israa'el isa haaraa ta'ee ol ol jedhee akka inni bulchu ture. 'Mootummaa kee gaafa dhaabbattu tokkoon keenya teessoo kee gara mirgaa tokkoon keenya immoo gara bitaa haa teenyu,' kan jedhaniif kanaafi.

Amma Yohaannisi fi Yaaqoobiin ariifannee ofittoota jennee hadheessuun keenya hin oolu. Maaliif gaaffii ofittummaa kana fakkaatu dhiheessuu danda'an? Isaaniin ariifannee haadheessuun dura mee gabii fi amanamummaadhaan gara mataa ofii haa ilaallu. Hundumti keenya fedha qabna. Fedha xiyyeeffannoo namaa harkisuu, fedha beekamtii argachuu walfakkaatu qabaachuu keenya hubattu. Akkuma isaanii fedha dura bu'uu akka qabnu agartu. Dhugumatti duuka-buutonni warri biroon Yohaannisfaatti aaraniiru. Maaliif akka ta'es nuuf gala. Haata'u malee, amaluma akka Yohaannisfaa akka qabnu hubachuu qabna. Keessa, hidda dhiiga keenyaa keessa, hunduma keenya keessa 'anaafiin' tokko jira, anaafii guddicha. Fedha fuula duratti bahanii mul'achuu, hawwii hiriira hogganuu, fedha dura bu'uu qabna. Fedhiin kana fakkaatu bara jireenya keenyaa mara nu wajjin jiraata.

Kanaaf, isaaniin hadheessuun dura hundumti keenya miira kana akka qabnu haa hubannu. Warra biroo caallee argamuu feena.

Sadarkaa addaa irra ga'uuf hiriiricha tokkoffaa taanee hogganuu barbaadna. Xiinxalaan qoor-qalbii Alferd Adiler jedhamu anaafiin kun hundumaa kan caalu ta'uu isaa dubbata. Sigmend Firud fedhiin qunnamtii saalaa fedha guddicha anaafii akka ta'e falmaa ture. Haata'u malee, Adiler qabxii falmii kaasuudhaan beekamtiif fedha nuti qabnu, qalbii namaa hawwachuuf hawwii nuti qabnu, adda taanee mul'achuuf kajeellaan nuti qabnu, miira bu'uuraa, sochooftuun amala bu'uraa anaafii guddicha dhuunfaa ta'uusaa ibse.

Beektuu? Daa'imummaa keenya ganamaa eegalee jireenyi toora jalqabaa irra akka nu teessiftu barbaadna. Boo'ichi keenya ijoollummaa inni jalqabaa xiyyeeffannoo argachuuf kan raawwatamuudha, akka namni nu dhaga'uuf. Umurii keenya ijoollummaa keessatti xiyyeeffannoo guddaa kan fudhatu anaafii guddicha dhuunfaati. Daa'imman jireenyi iddoo guddaa akka isaaniif kennitu gaafatu. Ijoollee xixiqqoon guca narvoota 'anaaf' jedhaniiti. Osoo hin beekiin balaa anaafii guddicha dhuunfaa jala seenu.

Bara nam-guddummaa keenya illee nu hin lakkisu. Waan gaarii ta'e dalaguu barbaadna. Beektuu? Waan gaarii raawwanneef jajamuu feena. Jireenya keessan guyyuu keessatti callistanii yoo ilaaltan, waan hojjettaniif jajamuu akka barbaaddan battaluma hubattu. Kun waan namni hundumtuu jaalatuudha. Wayita galateeffamnu gammachuun nutti dhagaa'amu yookiin maqaan keenya maxxanfamee wayita ba'u gammachuun nutti dhagaa'amu vaaytaamin A jireenya keenyaa ta'ee anaafii dhuunfaa keenya gargaara. Namni kamillee yoo galuufii baatellee wayita galateeffamu kan hin gammadne hin jiru. Jajamuun akka isaa hin taane osooma beekuu illee wayita jajamu ni gammada. Waa'een galataa kan itti hin tole yoo jiraatan wayita namni biraan akka malee galateeffamanidha. Yookiin namootaaf galata isaanii ta'u oltu kennamaafii jira jedhanii kanneen amananiidha. Haata'u malee sababa anaafii guddicha dhuunfaatiif namni hundi jajamuu barbaada.

Sababa jiraachuu anaafii guddicha dhuunfaatiif namoonni hundi gartuwwan adda addaatti makamuu fedhu. Beektuu? Gartuu

hundumaa keessatti makamuu kanneen barbaadan ni jiru. Sababii guddichi beekamuuf, xiyyeeffannoo argachuu fi barbaadamoo ta'anii mul'achuuf keessi isaanii waan tuttuquufi. Maqaa miira kana isaan gonfachiisuu uffachuu fedhu. Namoonni tokko tokko olaantummaa mana ofii keessatti dhaban mana ofiin alatti argachuuf jecha gartuuleetti makamanii waan tokko irratti hunda caalaa beekamoo fi barbaadamoo ta'uu barbaadu. Bara jireenya keenyaa mara kan nu waliin dhangala'u anaafii guddichi dhuunfaa calaqqee fedha waan barbaadnu argachuuti. Hawwii beekamtii argachuu bakka hundatti argina. Beekamtii nu gonfachiisa jennee waan yaadnu mara keessatti deddeebinee makamna. Bakka hundatti miseensa ta'uu barbaadna.

Anaafiin kun jiraachuun maaliif yeroo baay'ee beeksisoonni adda addaa qalbii akka nubutan nuuf mirkaneessa. Dubbii isaaniitiin namoonni dandeettii nama amansiisuu qaban ni jiru. Kanaaf wantoota isin bituuf hin yaadin dandeettii dubbii isaaniin akka bittan taasisu. Nama addaa ta'uu yoo feetan Wiskii kana dhuguu qabdu. Ollaa keessan hinaafsisuuf konkolaataa akkanaa oofuu qabdu. Miidhagdani namoota biratti jaalatuuf dibata hidhii akkanaa yookiin urgooftuu akkanaa dibachuu qabdu. Beektuu? Waa'ee maalii akka isaan dubbataa jiran osoo hin beekin meeshicha bituu jalqabdu. Haala kanaan beeksistoonni waan tokko akka bittan kan taasisan.

Dheengadda xalayaan tokko na ga'e. Barruu haaraa tokko irraa ture. Akkana jedha. "Dr. Kiing akkuma beekamu maqaan keessan listii namoota ergaan ergamuufi heddu keessatti argama. Akkasumas sammuu baay'ee dammaqaa ta'e qabdu; namaaf kan yaaddan, saayinsii fi ogummaa kan jaalattan ta'uun keessanis beekamaadha. Kanaaf, waanan barreessu dubbisuuf akka isin tole jettan nan abdadha," jedha. Dhugumas dubbiseen jira. Waan sana hunda eega jedhee booda akka sanatti sirriitti eega na ibsee booda akkamittan dubbisuu dhiisa? Sirriitti dubbiseen jira.

Haata'u malee, dhimma isaa irratti haa dubbannu yoo jedhame, amalli dhuunfaa anaafii kun umurii keenya guutuu nu waliin deema.

Yaadni anaafii guddicha dhuunfaa dhugaadha. Kan biraa maal akka uumamu akka taasisu beektuu? Humna keenyaa ol akka jiraannu nu dirqisiisa. Sababa biraaf osoo hin taane sababuma anaafii guddicha dhuunfaa kanaafi. Ija galii isaaniitiin yoo ilaaltan konkolaataa bituu mitii bituu yaaduun isaaniirra hin turre namoota oofan argitanii hin beektanii? Konkolaataa T. Foordi gaarii oofuu kanneen hin dandeenye Kadilaaki fi Kiraayisles wayita konkolaachisan argitanii jirtu jedheen amana. Anamoo keessa isaaniitti gadi qabamee jiru futtaafachiisuuf isaan gargaara. Hubattanii? Ogeeyyiin dinagdee konkolaataan nuti oofnu galii nuti waggaatti argannu keessaa walakkaa ol nu baasisuu akka hin qabne nu gorsu. Kanaaf, waggaatti galii doolaara 5000 yoo qabaanne doolaara 2500 ol konkolaataaf baasuu hin qabnu. Kun qusannaa gaariidha. Maatiin miseensa lama qabu lamaanuu waggaatti doolaara kuma kudhan galchuu eega danda'anii konkolaataa tokko lamatti fayyadamuu danda'u; yeroo baay'ee mijataa yoo ta'uu baatellee kunis qusannaa gaariidha. Haata'u malee, galii doolaara kuma shaniin konkolaataa doolaara kuma jahaa kanneen oofan argitanii hin beektanii? Akka sanayyuu ta'ee fedhiin isaanii maaliif guutuu akka hin dandeenye nama dhiba. Kun dhugaa jireenyaati.

Saayinsiin dinagdee waa biraas ni dubbata. Mana bituu barbaadna yoo ta'e, galii keenya waggaa dachaa lamaa ol ta'uu akka hin qabne ogeessonna nu gorsu. Kun galii irratti kan hundaa'ee fi fedha keenya akkamitti guuttachuu akka dandeenyu yaada agarsiisuudha. Kanaaf, waggaatti galii doolaara 5000 qabdu yoo ta'e mana bitachuuf ni rakkattu. Garuu namni waggaatti galii doolaara kuma kudhanii qabu manni inni bitu doolaara kuma digdamaa ol baasuu hin qabu. Waggaatti galii kuma kudhan argachaa mana doolaara kuma afurtamaa fi shantamaa keessa kanneen jiraatan na mudataniiru. Wanta gonkumaa raawwachuu hin dandeenye raawwatuu yaalu. Eessas eessas lixanii cheekii fidu. Osoo hin ga'in rifeensi mataa isaanii liqii qofa ta'a. Guyyaa rakkinaaf jedhanii wanti kaawwatan hin jiru.

Ammas rakinni isaa miira anaafii dhala namaati. Yaada akkanaa namoonni qaban irra deddeebi'anii karaa kanarra osoo darbanii mul'atu. Yeroo hunda namoota biraa caaluuf osoo dhama'anii jireenya ofii boqonnaa dhowwu. 'Kootii akkanaa argachuun barbaada; sababiinsaa warra biroo irra xinnoo fooyya'aadha,' jenna. 'Konkolaataa kana oofuun barbaada; maaliif, konkolaataa ollaan koo qaburra in wayya,' jenna. Nama mana doolaara kuma soddonii shanii keessa jiraatun beeka ture. Booddee, namoonni mana doolaara kuma soddonii shanii gaafa ijaaruu jalqaban inni ammoo kan kuma torbaatamaa ijaaruu jalqabe. Itti aansee kan kuma dhibba tokkoo ijaare. Kanneen biroo caaluuf dhama'a yoo ta'e essarra akka inni dhaabbatu hin beekamu.

Yaadni anaafi jedhu yeroon inni itti balaa ta'u ni jira. Gara kanatti deebi'uun barbaada. Miiirri kun yoo yeroodhaan to'atamuu baate kan miidhaa fiduu fi balaa harkisu ta'a. Yeroodhaan to'atamuu baannaan amalli keenya karaa qajeelaa irraa akka jal'atu godha. Kun miidhaa inni amala keenya irraan ga'uudha. Karaa sirrii ta'e kana hin to'annu taanaan miira keenya waan keessumsiiifuuf lafa duwwaatti of tuulaa jiraanna.

Taa'anii waa'ee mataa ofii namoota haasaa'anii hin quufne, garuu nama isaan dhaggeeffatu kan dadhabsiisu argitanii hin beektanii? Osoo walirraa hin kutin irra deddeebi'anii of jaju. Jarreen kunniin warroota anaafii guddicha dhuunfaa yeroodhaan to'achuu dadhabaniidha.

Akkasumas, amala isaanii irratti miidhaa biraas ni geessisa. Yeroo tokko tokko waanuma beektan akka sobdan isin taasisa. Dhiibbaa gurguruu namoonni barbaadan tokko tokko ni jiru. Anaafii dhuunfaa isaanii wal'aanuuf jecha mataa isaanii namoota bebbeekamoo wajjin wal qabsiisuu yaalu. Yoo of eeggattan malee namoota hin beekne akka beekanitti isin amansiisuu danda'u. Shaaye waliin dhugu; ebeluunfaa sirriitti beeku yaada jedhurra gahuudhaan raga bahuufii dandeessu. Haalli akkanaa nama baay'ee mudata.

Miidhaa inni fidu kan biraan dhuma irratti qalbii nama harkisuuf jecha gara dalagaa raawwatamutti nama geessa. Namoonni qorannoo yakkaa irraa hojjetan akka dubbatanitti namoonni tokko tokko anaafii isaanii bakkaan ga'achuuf jecha yakka keessa akka seenan ni ibsu. Hariiroo hawaasummaa baratame keessa darbanii xiyyeeffannoo isa barbaadan namoonni dhaban adeemsa faallaa hawaasaa ta'e hordofanii xiyyeeffannoo fi barbaadamummaa horachuu barbaaduu yaalu. Kana dhugoomsuuf meeshaa hidhatu. Haala akkamii keessa darbaa akka jiran osoo hin beekin ofii isaanii saamicha baankii irratti bobba'anii argu. Kana hundumaa kan hojjetan beekamtii fi barbaadamummaa argachuuf jecha.

Anaafii isaa to'achuu kan hin dandeenyee fi namni akka yaadetti hin milkaa'in ofii isaa gara gaara milkiitti ol baasuuf jecha kanneen biroo gadi dhidhiituu yaala. Yoomiyyuu taanaan namni jireenya akkasii keessa seenu sochii miidhaa guddaa fidu keessa kan seene ta'uun isaa kan wal nama gaafachiisu miti. Hammeenya babal'isa. Hamii fi miidhaa qaqqabsiisuudhaan ol ba'uudhaaf jecha namootatti biyyoo uwwisuun gocha hamaadha.

Kanaaf, gaaffii guddichi jireenyaa anaafii guddicha dhuunfaa to'achuudha. Anaafii dhuunfaan hin to'atamin gara oftuummaa "ani adda" jedhuutti gadi nu buusa. Rakinni walitti qabama hawaasaa fi waldaalee hojjetootaa isa kana. Ani miseensa waldaa isa kanaati; namoota lama yookiin sadan jiran keessaa tokko ana jechuutu dhufa. Yunivarsiitoota keessa gamtaaleen dhaabbatan jiru. Gamtaalee kanneen mormee dubbachuu koo miti. Balaa qaba jechaan jira. Namoonni miseensa gamtaa tokkoo ta'uu waan danda'aniif sadarkaa addaa irra kan jirani fi dandeettii addaa kan badhaafaman taasisanii of lakkaawuu danda'u. Kunis milkaa'inaa fi boqonnaa tokko argachuu akka danda'anitti akka of lakkaa'an isan taasisa. Ani waldaa akkanaa keessatti miseensa. Kan hanga waldaa kanaa ga'u addunyaa irratti hin argamu. Waldaa kana keessa abbaan fedhe hin seenu. Dhumarratti, 'Waldichi baay'ee adda; namoonni itti galanis adda,' yaada jedhuun xumurama.

Akkuma beekamu, kun naannoo Waldaalee Kiristaanaattis ni mudata. Waldaaleen Kiristaanaa wayita rakkoolee akkanaa keessa seenan argee beeka. "Waldaan Kiristaanaa keenya hakiimota baay'ee, barsiisota baay'ee, abukaatoowwan hedduu fi daldaltoota baay'ee qabdi," osoo jedhanii dhagaa'amu. Homaa miti, hakiimonnis Waldaa Kiristaanaa dhaquu isaan barbaachisa. Abukaatoowwan, barsiisotaa fi daldaltoonnis Waldaa Kiristaanaa deemuun isaan barbaachisa. Haata'u malee, yeroo tokko tokko lallabdoonnis karuma kana deemu; miseensonni biroon kan gatii hin qabne isaan fakkeessa. Waldaan Kiristaanaa, abukaatoon abukaato ta'uusaa bakka itti irraanfatuudha. Waldaan Kiristaanaa hakiimiinis hakiimummaa isaa bakka itti irraanfatu ta'uu qaba; barsiisaanis bakka barsiisummaa isaa itti irraanfatu ta'uu qaba. Waldaan kana cabsite, "Kan dhufuu jaalatu hunduu haa dhufu" waldaan hin jenne, barsiisi ishee kan du'e, kan dilalloofte, golgaa amantiin kan maramtee fi walgahii kan biraa irraa kan adda hin taaneedha. Waldaan Kiristaanaa eenyummaashee isa dhugaaf amanamtuu wayita taatu, "Kan dhufuu jaalatu marti haa dhufu," jetti. Fedha ilaalcha anaafii dhuunfaa jal'ate guuttachuuf hin tattaafattu. Waldaan Kiristaanaa namni hundumtuu walii wajjin fuula Gooftaa fi fayyisaa isaa walqixxummaan bakka inni dhaabbatuudha. Namoonni hundi obboloota abbaa tokko irraa dhalatan ta'uu isaatiif beekamtiin nuti kenninu kana irraa madda.

Anaafiin dhuunfaa, 'ani adda' jedhee akka yaadu waan taasisuuf namni tokko leenjii murtaawaa waan argateef namoota leenjii sana hin fudhatin irra kan fooyya'u akka ta'etti yaachisiisa. Yookiin tasgabbii dinagdee keessa waan jiruuf kanneen biroo irra kan fooyya'e taasissee of lakkaa'a. Kun yaada anaafii dhuunfaa jal'atee fi to'annoo jala hin oolin ittiin mul'atuudha.

Karaa biraa yaadi anaafii kana fakkaatu bu'uura yaada sanyummaa ta'ee osoo mul'atuu argina. Baay'een waa'ee kanaa barreessanii jiru. Liiliyaan Smiz Kitaabota ishee murtaawan irratti miidhagsitee ibsitee jirti. Namoonni madda rakkichaa arguu akka danda'aniif gaarii gootee keessee jirti. Rakkooleen sanyii baay'een

isaanii ilaalcha anaafii dhuunfaa irraa akka maddan beektuu? Namoonni tokko tokko olaanoo ta'uuf hawwii isaan qaban irraa madda. Namoonni tokko tokko dursaa ta'uuf fedha qaban irraan kan ka'e, gogaa isaanii inni adiin dibata dursaa ta'uu akka isaan dibetti yaadu. Waan kana irra deddeebi'anii ija keenyaan arguu hanga dandeenyutti osoo dubbatanii fi osoo raawwatanii arginee jirra. Waggoota muraasa dura Misisiippii namichi jiraatu tokko "Waaqayyo miseensa Mana Maree Lammiilee Adii ta'uuf ulaagaalee miseensummaa kan guuteedha," jechuunsaa dhaga'ameera. Kanaaf, Waaqayyo ulaagaalee miseensummaa Mana Maree Warra Adii guatee miseensa eega ta'ee, mana maree sanatti kan hammataman marti hanga tokko aangoo waaqummaa uffatanii jiru jechuudha. Kunis olaantummaa isaanii mul'isa jechuudha.

Yaada jal'aa kana irraan kan ka'e seenaa keessatti maal akka uumame yaadaa. Kun gara yaada dogoggoraa nama gaddisiisutti kan deemu ta'uu isaarrayyuu dhalli namaa isa biraaf jibbiinsa inni qabu agarsiisa.

Wayitan hidhamee ture hundatti haa xiqqaatu iyyuu malee hojii namoota jijjiiruu hojjechuu yaalaan ture. Yeroo darbe wayitan mana hidhaa Bermingam turetti waardiyoanni adiin mana hidhichaa eegan gara kutaa kootii dhufanii waa'ee rakkina sanyummaa Ameerikaa keessa jiruu mari'achuun isaan gammachiisa ture. Sanyii adda addaa lama gidduutti gaa'illi raawwatamu rakkoon isaa maal akka ta'e naa ibsuuf yaalu turan. Hiriira ba'uu keenyaan eessatti baay'ee akka dogoggorre nuti himaa turan. Bakki jireenyaa sanyii irratti hundaa'ee, daangeffame karaa maalii sirrii akka ta'e nuuf ibsuuf yaalaniiru. Kanaaf, lallaba koo gabiidhaanin eegala ture; tasgabboofnee maree keenya itti fufna; sababiinsaa dhimma kana irratti haasawuu ni fedhu turan. Guyyaa lammaffaa yookiin guyyaa sadaffaatti eessa akka jiraatani fi mindaan isaanii meeqa akka ta'e kaafnee mari'achuura geenye. Obboloonni kun hangam akka kafalamuuf yeroo natti himan, "Beektuu? Nuu wajjin hiriiruutu isinirra ture; isinis akkuma warra gurraachaa hiyyeeyyiidha," ittiin jedhe. Akkasumas, "Haala

cunqursitoota keessan gargaartan irra jirtu. Sababiinsaa ilaalcha dogoggoree fi sababa ilaalcha sanyummaa jaameetiif humni gurraachota Ameerikaa cunqursu hiyyeeyyii adii Ameerikaas cunqursaa jiraachuusaa akka hin argine ija keessan aguugeera. Wanti akka isin boqottan isin taasisu addaachuu gogaa keessanii qofadha. Sababa ilaalcha anaafii dhuunfaatiif namoota gugurdaa fooyyee qabdan akka taatanitti of yaaddu; waan biraan osoo hin ta'in adii ta'uu keessaniin qofa sadarkaa akkanaarra waan jirtan isinitti fakkaata. Baay'ee hiyyeeyyii ta'uu keessan irraan kan ka'e ijoollee keessan illee mana barnootaatti ergachuu hin dandeessan. Yeroo nuti hiriira baanuu mara nu waliin bahuutu isinirra ture," jedheen itti hime.

Kun dhugaadha. Adii hiyyeeyyiin ilaalcha dogoggoree fi yaada sanyummaa ija itti jaamseen kan ka'e cunqursitoota isaanii deggaruuf dirqamaniiru. Wanti isaan argatan tokko yoo jiraate, kan soba irratti hundaa'ee fi sababa gogaa isaaniif olaantummaa akka qaban yaada isaan yaadan qofaadha. Haata'u malee, adii hiyyeeyyiin akkuma guyyaan dhufee darbuun waan nyaataaf barbaachisu sirnaan guuttachuu kan hin dandeenye ta'anii itti fufanii jiru. Ilaalcha dogoggoraa kana qabsoo sanyiiwwan adda addaa gidduutti geggeeffamu keessatti qofa osoo hin taane, qabsoo biyyoota gidduutti geggeeffamu keessattis ni argina.

Har'a ganama kana kanan isiniif ibsuu barbaadu walitti bu'iinsi guddaa fi hadhaawaan addunyaa keenya raasu sababa biraa kan hin qabnee fi sababni isaa dorgommii biyyoonni olaantummaa argachuuf godhan ta'uu isaati. Kana wanti dhaabu tokko hin jiru yoo ta'e, asitti argamnee waa'ee Yesuus Kiristoos, waa'ee Waaqayyoo fi waa'ee obbolummaa dubbachuu kan nu dandeessisan waggoota baay'een fuula keenya dura hin jiran kan jedhu yaaddoo guddaan qaba. Eenyullee fiigicha walballeessuuf addunyaa kanarraa taasifamaa jiru hin dhaabsisu yoo ta'e, eenyuun keenyallee lubbuun jiraachuu hin dandeenyu. Namni tokko dogoggora xiqqoo hojjetee bakka tokkotti bombii niwukileraa darbata. Akkasuma kan biraan immoo isa hordofee bakka biraatti darbachuu danda'a. Kana eenyullee isin hin

gowwoomsin. Kun sekoondota muraasa keessatti ta'uu danda'a. Yeroo ammaa kana Raashaan boombii meegaa toonii digdama qabdi. Kunis magaalaa akka Niwu Yoork gamoowwani fi nama ishee wajjin sekondii sadii keessatti barbadeessu danda'a. Nutis Rasha fi Chaayinaa irratti gocha kana fakkaatu raawwachuu ni dandeenya.

Haata'u malee, garuma kanatti gulufaa jirra. Gara kanatti kan gulufaa jirrus biyyoonni yaada anaafiitiin sakaalamanii waan qabamaniifi. Ani dursuun qaba. Ani hunda caaluun qaba. Biyyi keenya addunyaa bituu qabdi. Biyyi nuti keessa jiraannu leellistuu yaada kanaa ishee guddoo ta'uushee yeroon yaadu baay'een gadda. Biyyattii kana baay'ee sababan jaaladhuuf toora kanarra wayita isheen gulufu arguu hin barbaadu. Kanaaf, Ameerikaatti himuu koo ittuman fufa.

Waaqayyoo waan amma Ameerikaan hojjechaa jirtu akka isheen hojjetuuf ishee hin waamne. Waaqayyoo Ameerikaa lola hiika hin qabnee fi haqa-dhabeessa Veetnam keessatti geggeessaa jirtu fakkaatu akka raawwattuuf ishee hin waamne. Kanaaf, sababa lola kanaatiif nuti yakkamtoota waraanaati. Biyyoota addunyaa irra jiran hunda caalaa yakka lolaa baay'ee raawwannee jirra. Kanaaf, akkana jechuu koo ittuman fufa.

Haata'u malee, Waaqayyoo karaa ittiin biyyoota bakka isaaniif malu kaa'u ni qaba. Waaqni ani amanu, "Ana wajjin hin qoosinaa" karaa ittiin jedhu qaba. Waaqayyoo inni bara abbootaa akkuma gochaa ture, Ibrootaan, 'Ana wajjin hin qoosinaa Israa'el' akkuma jechaa ture ammas karaa qaba. 'Anatti hin qoosinaa Baabiloon. Callisaa dhaabbadhaa; Waaqayyoo akkan ta'e beekaa. Karaa keessan isa Dhimma-hin-qabnee irraa deebi'uu yoo baattan lafee dugdaa humna keessanii nan cabsa' jedha ture. Sagaleen kun Ameerikaa irrattis raawwachuu ni danda'a. Irra deddeebi'ee kitaaba Gibons, "Ka'insaa fi kufiinsa Bulchiinsa Roomaa" jedhuun dubbisa ture. Deebi'ee Ameerikaa wayitan ilaalu walfakkaattiin isaa na sodaachisa. Ilaalcha

anaafii dhuunfaatti sirriitti hin fayyadamne. Haata'u malee, gara xumuraatti ariifadheen Yesuus sirrii jedhee akka ture isin yaadachiisa.

Yesuus namoota kanneeniif deebii inni kenne maal ture? Baay'ee namatti tola. Tarii nu keessaa tokko tokko Yesuus, "Bakka keessan malee jirtu. Isin ofittoon nana, gaaffii kana fakkaatu akkamitti gaafattu?" jedha jennee yaadna ta'a.

Yesuus garuu kan inni jedhe isa kana miti. Walumaagalatti, waan addaa tokko kan inni raawwate. Qabiyyeen isaa, "Dura ta'uu akka isin barbaaddan hubadheera. Guddaa ta'uu barbaaddu. Barbaadamoo ta'uu barbaaddu. Murteessoo ta'uu barbaaddu. Dhuguma ta'uu qabdu. Duuka-buutota koo ta'uu yoo barbaaddan, ta'uu qabduu," dha kan inni jedhe. Haata'u malee, tartiiba isaa jijjiireera. Gaariidha. "Anaafii kana hin dhiisinaa, karaa sirrii ta'e yoo hojiirra oolchitan, anaafii gaariidha. Karaa sirrii irraa jal'isuu yoo baattan anaafii gaariidha. Gonkuma hin dhiisinaa. Miira barbaaduu qabaachuu qabdu. Dursaa ta'uuf fedha qabdan hin dhiisinaa. Haata'u malee, jaalalaan dursaa akka isin taatan nan barbaada. Amala gaarii qabaachuun hunda caalaa akka taatan nan barbaada. Arjummaan dura -buutuu akka taatan nan barbaada. Kana akka isin gootan kan ani barbaadu," ittiin jedhe.

Guddummaadhaaf hiika haaraa kennuufiidhaan haalicha jijjiire. Akkamitti akka dubbate beektuu? "Obbolootaa, guddummaa isinii kennuu hin danda'u; kanaaf, dhuguma ani guddaa isin taasisuu hin danda'u" ittiin jedhe. Kana ture Yesuus Yohaaniisaatti kan inni hime. Dadhabbii keessaniin argachuu qabdu. Guddummaa dhugaan ga'umsaan malee kennaan hin argamu. Mirgaa fi bitaan teessisuun ani kanaan kennu osoo hin taane warra qophaawaniifi.

Kanaaf, Yesuus kallattii haaraa guddummaa nu agarsiise, barbaadamoota ta'uu yoo feetan gaariidha. Beekamuu yoo barbaaddan gaariidha. Guddaa ta'uu yoo barbaaddannis gaariidha. Garuu, yaadadhaa isin keessaa guddaa ta'uu kan barbaadu yoo jiraate, tajaajilaa hundumaa haa ta'u. Kana waa'ee guddummaa hiikoo haaraan isinii kenname. Ganama har'aa kana waa'ee hiikoo kanaa

waanana jaaladhu waan tokkoti jira. Akka hiikoo kanaatti namni hundi guddaa ta'uu ni danda'a. Sababiinsaa eenyullee hojjetaa ta'uu ni danda'a. Hojjechuuf mathima fi xumurri akka waliigalan taasisuun nurraa hin eegamu. Hojjetaa ta'uuf waa'ee Aristootili fi Pileetoo beekuun isinirraa hin eegamu. Hojjetaa ta'uuf yaadiddama reletii viitii Anistaayin beekuun dirqama miti. Hojjetaa ta'uuf yaadiddama lammaffaa teermoo daayinaamiksii fiiziksii beekuun hin barbaachisu. Wanti isin barbaachisu laphee ayyaanaan guutame qofaadha. Lubbuu jaalalaan guutame isin barbaachisa. Hojjeticha barbaadamu ta'uus ni dandeessu.

Nama tokkoon beeka, mee waa'ee isaan isin taphachiisa. Dubbii si'an itti fufu tarii namicha beeku dandeessu ta'a, nama guddaa waan tureef. Kan inni jiraate tajaajila qofaan. Kan inni dhalate ganda hin beekamne keessatti ilma dubartii hiyyeettii qotee bulaa tokkoo ta'eeti. Kan guddates ganda hin beekamne tokko keessatti. Waggaa soddama hanga ta'utti jireenya isaa kan dabarse hojii mukaatiini. Achii waggoota sadiif sochii jalqabe. Naannawee lallabe. Booddee keessa wanta tokko tokko hojjechuu jalqabe. Homaa hin qabu ture. Gonkumaa kitaabas hin barreessine. Waajjira qabaatees hin beeku. Maatiis hin qabu ture. Manas qabaatee hin beeku. Kolleejjii seenee hin beeku. Magaalaa guddaa tokkollee daawwatee hin beeku. Bakka itti dhalate irraa Maayilii dhibba lama illee fagaatee deemee hin beeku. Waan addunyaan guddina waliin walqabsiiftu tokkollee hin raawwanne. Ragaa barreeffamaa tokkollee hin qabu ture. Ragaan isaa matuma isaa ture.

Dambaliin uummataa isa mormee wayita irratti ka'u umuriinsaa waggaa soddomii sadii ture. Goolii-kaaftuu ittiin jedhu turan. Abbaa-rakkoo ittiin jedhu turan. Nam-kakaastuu ittiin jedhu turan. Tooftaa qabsoo kara nagaa hojiirra oolcheera. Ajaja mana murtee darbatee gateera. Achiis diinota isaatti dabarfamee kenname. Dhaddachatti dhihaatee itti qoosame. Kan nama dhibu michuwwan isaa gara uummataa goruu isaaniiti. Michuwwan isatti dhihaatan keessaa tokko isa gane. Kanneen biroon diina isaa wajjin hiriiran. Wayita inni du'u

warri ajjeesan uffata isaa irratti carraa buufatan. Kun addunyaa irraa qabeenya tokkicha inni qabu ture. Awwaalchi isaa bakka awwaalchaa ergisaatti raawwatame.

Waggoonni kuma tokkoo fi dhibbi sagal dhufanii darbaniiru. Namni kun seenaa addunyaa kanneen darban hundaa ol dhiibbaa kan uume ta'ee hanga ammaatti ni yaadatama. Humni lafoo hanga ammaatti duule, humni galaanaa hanga ammaatti socho'e, parlaamaan hanga ammaatti walga'e, mootonni hanga ammaatti mo'an walitti qabamanii dhiibbaa namichi tokkichi kun fide fiduu hin dandeenye. Maqaan isaa haaraa ta'uu dhiisuu danda'a. Haata'u malee, bara kanas namoonni waa'ee isaa osoo dubbatanii nan dhaga'a. Ammas ammas namoonni, 'Inni mootii moototaati!' jedhu. Kan biraan immoo 'Gooftaa gooftotaa' wayita jedhan nan dhaga'a. Yookiin kan biraan immoo ka'ee, 'Kiristoosiin bahaa fi dhi'i hin jiru,' jedha. Itti fufuudhaan waa hedduu jedhu, 'Kiristoosiin kaabaa fi kibbi hin jiru; haata'u malee, karaa jaalalaa guutummaa biyya lafaatti obbolummaa tokko qofatu jiraata,' jedhu. Waan tokkollee hin qabu ture. Waan inni raawwate kanneen naannoo isaa jiran tajaajiluu fi gaarii gochuu qofa ture. Hanga tajaajiltanitti har'a ganama mirga isaa yookiin bitaa isaa taa'uu ni dandeessu. Karichi kana qofa.

Dhuguma guyyaa isa hunduma keenyaaf hin oollee fi isa sodaannu, du'a jennee isa waamnu, sana yaaduun keenya hin hafu. Hundi keenya waa'ee isaa ni yaadna. Irra deddeebi'ee waa'ee du'a kootiis nan yaada; waa'ee awwaalcha kootiis nan yaada. Garuu, waa'ee gaddisiisaa ta'uu isaa hin yaadu. Irra deddeebi'ee ofii kootiin, 'Gaafan du'u maal akka naa jedhamun barbaada?' jedheen of gaafadha. Kanaaf, ganama kana maal jechuu akka qabdan isiniifan dhiisa.

Xoofoo du'aa isa dhumaa wayitan habbuuqqadhu isin keessaa kan na biratti argamu yoo jiraate sirna awwaalchaa dheeraa hin barbaadu. Achi irratti namni na faarsu yoo jiraatee fi yoo bira jiraattan akka inni hin dheeressine itti himaa. Irra deddeebi'ee maal yoo

jedhame akka natti tolun yaada. Hin barbaachisu waan ta'eef, akkan Badhaasa Nagaa Noobel argadhe akka hin dubbanne isaan yaadachiisaa. Hin barbaachisu waan ta'eef, badhaasa biroo dhibba sadii yookiin dhibba afur akkan qabu hin dubbatinaa jedhaatii itti himaa. Mana barumsaa kamitti akkan baradhe akka hin kaafne itti himaa.

Gaafa sana namni tokko 'Maartin Luuter Kiingi (xiqqichi) namoota tajaajiluuf jireenya isaa dabarsee kenne,' akka inni jedhun barbaada. Guyyaa sana namni tokko Maartin Luuter Kiing namoota jaalachuuf yaaleera akka inni jedhun fedha. Gaafa sana dhimma lola Veetinaam irratti qeeqa dhi'eessuudhaan sirrii ta'uu akkan yaale akka naaf dubbattan nan barbaada. Gaafas warra beela'e nyaachisuuf yaaluukoo dubbachuu akka dandeessanin barbaada. Guyyaa sana kanneen daaran yookiin uffata dhaban uffisuuf yaaluukoo akka dubbattan nan barbaada. Gaafa sana bara jireenya koo lammiilee mana hidhaa jiran daawwachuuf yaaluukoo naa himaa. Eeyyee, guyyaa sana dhala namaa jaalachu fi tajaajluu akkan yaale akka naaf dubbattan nan barbaada.

Miira anaafii guddicha qaba ture yoo jettan haqaaf hinaaffaa akkan qabu naaf himaa. Nagaaf hinaaffaa akkan qabu dubbadhaa. Qajeelummaaf akkan hinaafu dubbadhaa. Wantoonni biroon gatii hin qaban. Kanan dhiisee deemu maallaqa hin qabaadhu. Wantoota gati-qabeeyyiin ani dhiise deemu hin jiran. Haata'u malee, jireenya of kennuu booddee kootti dhiisee nan deema.

Kana duwwaadha kanan jechuu barbaadu. Wayitan deemu nama tokko gargaareera yoon ta'e; nama gadde tokko faarfannaan jajjabeesseera yoon ta'e, nama karaa irraa jal'ate tokko karaan isaa gaarii akka hin taane itti himeera yoon ta'e, jiraachuun koo akkasumaan hin turre. Akka Kiristaana tokko irraa eegamutti deemeera yoon ta'e, biyya lafaa dogoggoriteef karaa fayyinaa himeera yoon ta'e, yaada bara-barummaa qaban tamsaasuuf yaaleera yoon ta'e, jiraachuun koo akkasumaan hin ta'u.

Eeyyee, Yesuus mirga kee yookiin bitaa kee ta'uun fedha. Garuu, ofittummaa kamiifiyyuu miti. Mirgaa kee yookiin hin wayya karaa ati jette ta'uun barbaada. Fedha mootummaa siyaasaa kamiifiyyuu yookiin hawwii kamiifiyyuu miti, garuu jaalalaan, haqaan, dhugaadhaan kanneen biroof of kennuudhaan achi ta'uun barbaada malee. Yoos addunyaa moofaa kana addunyaa haaraa taasisuu dandeenya.

Biyya Abdii Nan Arga

(1968)

Maartin Luuter Kiing (xiqqaan) waamicha amantii qaba ture. Ameerikaan lammiwwan ishee hidda Afrikaa qaban gadadoo gabrummaa keessa darbuu isaanii irra iyyuu loogiin sanyii, saamiinsa dinagdee fi dhiittaa mirgaa irraan gahuu ishee amantee dalagaa hamaa kana irraa akka deebituuf jajjabeessuuf jecha Waaqayyoo akka isa erge amana ture. Haata'u malee, of-kennuun akkanaa 'Namni tajaajilaa Waaqayyoo ta'e tokko duula hawaasummaa fi siyaasaa geggeessuu hin qabu,' kanneen jedhan biraa diinummaa horeefi.

Dr. Kiing karaa biraa tajaajiltoota amantiirra itti gaafatamni guddaan akka irra jiru, waraanni Veetinaam keessatti geggeeffamu sirrii akka hin taane, maqaa nagaa fi tasgabbii buusuutiin haqadhabbiinsa eessattiyyuu raawwatamu eenyullee obsuu akka hin qabne amana ture. Tajaajiltoonni amantiis dhimma uummataa akkasii irratti itti gaafatama adda duree ta'anii dhaabbachuu qabu ejjennoo jedhu qaba. Kanaafi, qulqulleessitoonni Ameerikaa hidda Afrikaa gara magaalaa isaanii Memfis, Tenesii dhaqee qabsoo isaan mirga isaaniiif gochaa jiran akka gargaaruuf waamicha isaan godhaniif irratti argamee deebii kan inni kenneefi.

Dubbii armaan gadii osoo hin dhiheessin guyyoota muraasa dura hiriirawwan isaan hogganan keessaa tokko irratti tarsii moon qabsoo karaa nagaa Dr. Kiingi geggeessu suutumaa ta'uu irraan kan ka'e gurraachonni abdii kutatani fi aaran gara sochii hin eegamaniitti isaan galchee ture. Saamicha, dhukaasaa fi miidhaanis gahe. Hiriirichis to'annoo ala ta'e. Dr. Kiing namoota isaatti dhihaatanitti akka himetti haala uumame irratti baay'ee gaddee ture. Dadhabbiin isaa bu'aa malee akka hafettis itti dhagaahamee ture. Haata'u malee, bu'aa qabsoo karaa nagaa fi Dr. Kiingi irratti abdii kan hin kutanne namoota hedduutu turan. Qabsoo karaa nagaa fi Dr. Kiing akka

jajjabaatan abdii kennuufiif jecha hiriira bahan. Dr. Kiing dubbataa muummicha ture. Carraa baay'ee qalbii namaa hawwatu ture. Lallaba isaa isa xumuraa fi haasaa isaa gurguddoowwan keessaa isa tokko ta'ee galmaa'eera.

Haasaa kana kan taasise Eebla 3 bara 1968 Maason bakka jedhamu Waldaa Kiristaanaa Memfis keessatti argamutti. Guyyaan kun jal-bultii ajjeefamuu isaatii ture.

JAALLEEWWAN KO GALATOOMAA. RAALFI ABERNATIIN DUBBII ISAA keessatti wayita inni jechoota gaggaariin isinitti na beeksisu xiqqoo waa'ee ofii kootii yaadeen, 'Waa'ee eenyuu dubbataa jira?' jedheen of gaafadhe. Gargaaraa keessan dhihoo kan ta'e namni akka garaa keessanii waa'ee keessan waan gaarii utuu dubbatuu dhagahuun gaariidha. Raalfi ammoo hiriyyaa dhugaa ani addunyaa kana irraa qabuudha.

Doorsisni hamaan narratti geggeeffamaa yoo jiraate illee galgala kana asitti isin arguu danda'uu kootiif baay'een gammada. Isinis asitti argamuun keessan qabsoo keessan irraa homtuu akka isin dhaabuu hin dandeenye mul'isa. Memfisitti wahitu ta'aa jira. Addunyaa irratti wahitu ta'aa jira.

Waaqayyoo ardii kana wayita uumu osoon bira jiraadhee fi osoon seenaa ardii kanaa arguuf carraa argadhe tahee Uumaanis, "Maartin Luuter bara kam keessa jiraachuu feeta?" jedhee na gaafatee akkanan godha ture. Yaada kootiin gara Masriitti balali'een achirraan Garba Diimaa irra qaxxaamureen gara biyya Abdiitti ce'a ture. Maalalchiisaa, yoo ta'ellee achi hin turu. Gara Giriikitti balali'een gara gaara Olimpisiitti qajeela. Achittis Pileetoo, Aristootil, Soqraxis, Yuuripidisi fi Aristoofoanefaa dhugaawwan jajjaboo baroo irratti wayita isaan mari'atan nan argan ture.

Haata'u malee, achi hin dhaabbadhu. Gara bara olka'aa warra Roomaatti qajeela ture. Achittis moototaa fi geggeessitoota adda addaatiin hojiiwwan misoomaa hojjetamaniin daawwadha ture. Garuu, achis hin dhaabbadhu. Yaadaan balaliisa koo ittuma fufuudhaan barri

haaromsa warra Yuurop jijjiirama aadaa fi hafuura inni warra Yuurop irratti fide nan ilaalan ture. Haata'u malee, achis hin turu. Balaliinsa koo ittuma fufuudhaan haala namni ani ittiin mogaafame tokko keessa jiraataa turen ilaala ture. Achis deemee Maartin Luuter yaadota isaa adda ta'an 95 waraqaa irratti barreessee wayita inni balbala Waldaa Kiristaanaa Wiitinberg irratti maxxansu nan argan ture. Haata'u malee, achis hin dhaabbadhu. Hanga bara 1963tti balali'uudhaan rakkoo biyyattii hiikuuf mukaa-jirmatti bu'aa kan ture Pirezidantii Abrahaam Linken jedhamu labsii garboota Ameerikaa bilisa baasu mallatteessuuf wayita inni murteessu nan argan ture. Haata'u malee, achis hin dhaabbadhun ture. Inumaahuu, hanga jalqaba 1930tti balali'een kufiinsa dinagdee biyya isaatiin wajjin pirezidantii wal'aansoo qabaa turen argan ture. 'Nuti kan sodaannu sodaa qofaadha,' wayita inni jedhu nan dhaga'an ture.

Haata'u malee, achis hin dhaabbadhu. Haala baay'ee maalalchiisaa ta'een gara Waaqayyooti garagaleen, "Jaarraa 20ffaa walakkeessa isa lammaffaa keessa waggoota muraasa akkan jiraadhuuf osoo naa hayyamtee nan jaaladha," ittin jedhan ture. Bara addunyaan mataa fi miila dhabe kana keessa jiraachuuf gaaffii dhiheessuun waan haaraadha. Biyyi keenya dhukkubsattee jirti. Addunyaan kun rakkoon guutamtee jirti. Garuu waan tokko nan beeka. Urjiiwwan kan mul'atan wayita baay'ee dukkanaa'uudha. Waaqayyo jaarraa 20^{ffaa} kana keessa addunyaa kana irratti waan namoota irra gahaa jiruuf deebii akka kennaniif hojjechaa jira. Ummattoonni bakka hundaa kaka'aa jiran. Yeroo ammaa kana eessattis yoo walga'an Johaanisbergi-Afrikaa Kibbaa, Naaroobii-Keeniyaa, Akraa-Gaanaa, Niwuyorkisiitii, yookiin Memfis-Tenesiitti sagaleen isaanii tokkicha. "Bilisa bahuu barbaadna!" kan jedhuudha.

Bara kana keessa jiraachuutti akkan gammadu kan na taasisan keessaa inni biraan, rakkinoonni kanaan dura turan namoonni qabsaawanii ofirraa gatuuf kan hin dirqisiifne wayita ta'an bara amma keessa jirrutti garuu qabsoofnee ofirraa kuffisuun dirqama sadarkaa itti ta'e irra ga'uu keenya. Jiraachuuf jecha rakkoolee kanneen wajjin

kokkee walqabuun dirqama. Hanga ammaatti namoonni kan isaan haasaa'an waa'ee nagaa fi waa'ee waraanaati. Ammaan booda garuu akka kanaatti itti fufuu hin danda'an. Kanaan booda qabsoo hidhannoo fi qabsoo karaa nagaa gidduu filannoo biraan hin jiraatu. Filannoon jiraachuu danda'u qabsoo karaa nagaa yookiin walfudhatanii lafarraa baduu qofaadha.

Amma kan jirru isa kanarra. Qixa warraaqsa mirga dhala namaatiinis namoonni mammagaalli hiyyuma, dhiibamuu fi salphina bara dheeraa isaanirra ture keessaa atattamaan karaa isaan bahan hin tolchinu taanaan addunyaan keenya badiisarra buuti. Waaqayyoo bara kana akkan arguuf waan naaf hayyameef nan galateeffadha. Memfisitti akkan argamuuf waan na dandeessiseef nan gammada.

Akkuma Raalfi dubbate gurraachonni yeroo baay'ee lafa hin nyaatin yeroo hooqqatan, lafa hin qotin yeroo meesan, osoo hin qirqidamin wayita isaan koflan nan yaadadha. Yeroon sun amma darbee jira. Amma nuuf gameera. Amma addunyaa Waaqayyo uume kana keessatti mirgaa fi iddoo nuuf ta'u qabachuuf murannee kaanee jirra.

Wantoonni nuti armaan booda raawwannu kana irratti hundaa'u. Eenyuu wajjin illee mormii hin taane keessa hin seennu, garuu akka nuuf beekamu kan nuti barbaadnu nama ta'uuf murannee ka'uu keenya qofaadha. Saba ta'uuf murannee jirra. Kan nuti jennu, "Nutis ijoollee Waaqayyooti" dha. Akkaataa itti jiraachuuf dirqamnetti jiraachuun nurra hin jiru.

Yeroo seena-qabeessa guddaa kana keessa kana jechuun maal jechuudha? Tokkummaan jabaannee dhaabbachuu qabna jechuudha. Gamtaa keenya cimsachuu qabna jechuudha. Fara'oon Masriitti gabrummaa cimsuu wayita barbaade foormulaa hordofu tokko qaba ture. Foormulaan sun maali? Garboonni akka isaan walwaraanan taasisaa ture. Haata'u malee, garboonni yeroo waliigalan yoomiyyuu masaraa mootummaa Fara'oon keessatti rakkoon ni uumama. Fara'oon garboota waanjoo gabrummaatiin qabee itti fufuu hin

danda'u. Garboonni gaafa bakka tokkotti walgahuu jalqaban gabrummaa irraa bilisa bahuuf jalqabbii isaati. Kanaaf, tokkummaa keenya haa eeggannu.

Lammaffaa, wantoota bakka isaanii isa sirrii ta'erra haa keenyu. Dhimmichi haqa-dhabummaadha. Dhimmi isaa waa'ee Memfis keessatti hojjetoonni mootummaa, qulqulleessitoonni karaa sirrii fi haqa-qabeessa ta'een keessummeeffamuu dhabuu isaaniiti. Kanaaf, amma xiyyeeffannoo keenya gara kanaatti deebisuu qabna. Qabsoon humna waliin walitti makate yeroo mara rakinni isaa kanuma. Yeroo darbe karaa sabaa-himaalee waan isaan jedhan dhageessaniittuu laata? Oduun isaanii waa'ee foddaan cabuu isaa duwwaa ture. Barreeffamoota waan kana ilaalchisee barreeffaman dubbiseen ture. Qulqulleessitoonni kuma tokkoo fi dhibba sadii Memfis karaa haqa-qabeessa ta'een keessummeessuu waan dadhabdeef sochii mormii irra jiraachuu isaanii dubbachuu hin barbaadne. Kana ilaalchisee homaa jechuu hin barbaadne.

Ammas deebinee hiriira baana. Dhimmicha bakka isaaf malu irra kaa'uuf ammas hiriira bahuutu nurraa eegama. Ijoolleen Waaqayyoo kuma tokkoo fi dhibba sadii asuma Memfis keessa gidiraa keessa akka jiran, yeroo tokko garaa maratanii agabuu oolanii akka bulan, yeroo biraa ammoo dukkana sodaachisaan isaan keessa jiran yoom akka bari'uuf yaadaa sodaan akka jiraatan namni hundinuu akka hubatutti hiriira bahuu qabna. Dhimmichi kanuma. Hiriiraan baanee biyya keenyaan, 'Halkan dheeraan gidiraa kun ni bari'a,' jechuu qabna. Sabni waan sirrii ta'e yeroo hubatuu fi waan sirrii ta'eef gatii baasuuf wayita muratu humni kamiyyuu isa dhaabuu hin danda'u. Wanti isa dhaabu tokkichi yoo jiraate injifannoo qofaadha.

Uleen poolisii kamillee akka nu dhaabuuf carraa kennuu hin qabnu. Mala ittiin humnoota poolisii hidhannoo hiikkachiisan toftaa qabsoo karaa nagaa itti beekna. Maal gochuun akka irra jiru tolchanii hin beekani. Yeroo baay'ee isaan argeen jira. Bermingam Alabaamaatti qabsoo seena-qabeessa wayita geggeessine haala ture

nan yaadadha. Waldaa Kiristaanaa Warra Cuuphaa daandii 16^{ffaa} irra jiru keessaa guyyuu namoonni dhibbaan lakkaawamnu baanee hiriirra turre. Bulkoonor poolisoonni saroota akka nutti lakkisaniif isaan ajaja. Saroonnis nutti fiigu turan. Garuu, "Eenyullee booddeetti na deebisuu hin danda'u!" jennee faarfachaa fuula sarootaa dura dabarra turre. Bulkoonor kanaan hin dhiisu. Konkolaataa bishaan facaasu akka nutti butaniif ajaja. "Bishaan gadi itti lakkisaa!" jedha. Dheengadda galgala akkuman isinitti hime, Bulkoonor seera quba hin qabu. Fiziksii nuti beeknu waliin kan wal hin simanne seenaa xiqqoo beeka. Kana irraan kan ka'e ibiddi bishaaniin hin dhaamne jiraachuu isaa hin beeku. Bishaan jechuun maal jechuu akka ta'e tolchinee waan beeknuuf, konkolaattota balaa ibidaatti itti rigannee dabarra. Warra cuphaa eega taanee yookiin hordoftoota amantaa Kiristaanaa biroo yoo taane bishaan keessa cuubamnee waan baaneef maalummaa bishaanii beekna. Meetodisti yookiin gosa Kiristaanaa kan biraas yoo taane bishaan nutti facaasanii waan beekaniif maalummaa bishaanii hin wallaallu.

Kun hundumtuu nu hin dhaabu. Saroota ilaalaa dabarra turre; konkolaataa balaa ibiddaa biras akkasuma. Wayita bira dabrinu, "Bilisummaan duumessa keessaa osoo faarfatu natti dhagaa'ama!" jennee faarfanna turre. Kana booda akka qurxummii xaasaatti hudumamuu, nutis konkolaataa poolisiitti cucuqqaalamna; gara konkolaataa poolisiitti darbatamna. Bulkoonor "Fuudhaatii deemaa!" jedha. "Ni mo'anna" jennee dhaadachaa qaarina.

Ammas gara mana hidhaatti darbatamna. Namoonni mana hidhaa eegan sagalee nuti walii hirruu fi kadhata keenya gurra qeensanii dhaggeeffatuu jecha karaa foddaa hiixatanii nu ilaalu. Faarfannaa keenya gabiin caqasu. Bulkoonor humna haala ta'aa jirutti of madaqsuu hin dandeenyedha. Dhaawataan yookiin suuta-suutaanwantoota akka inni sirreessu taasifne. Qabsoo Bermingamitti gaggeessinus injifannoon xumuranne.

Amma Memfisittis akkuma kanatti itti fufuu qabna. Hundumti keessan Wixata nu waliin akka baatan waamichan isiniif dhiheessa.

Mana murtii ilaalchisee boru obboroon baanee dhaqnee himata haqa-dhabeessaa fi heera keenyaan ala ta'e nurratti dhihaate mormanna. Ameerikaatti wanta tokkicha qofa itti dubbanna. "Ameerika! waadaa saba keef waraqaa irratti galteetiif amanamtuu ta'i" ittiin jenna. Chaaynaa, Raashaa yookiin biyya loltuun bultu kan biraa keessan jiraadha osoo ta'ee, heera isa duraa fooyyessuuf mirgawwan bu'uura tokko tokko kabajuuf waadaan isaan seenan waan hin jiraanneef sababa diddaa isaanii hubachuufii nan danda'a ta'a. Haata'u malee, bakka tokkotti waa'ee mirga walga'uun dubbisa. Iddoo biraa irratti ammoo waa'ee bilisummaa sabaa-himaaleen dubbisa. Bakka tokkootti ammoo, 'Guddummaan Ameerikaa kan inni irratti hundeeffamu eegumsa mirga namaaf jecha sochiiwwan geggeeffamaniif mirga kan gonfachiisu ta'uu isaati,' jedha. Kanaaf, himatni mana murtii kamillee booddeetti nu deebisuu akka hin dandeenye isin yaadachiisuun barbaada. Fuulduratti arreedaa jirra.

Hundumti keessan nu barbaachiftu. Waan ani arguu fedhu maali beektuu? Tajaajiltoota wangeelaa mara arguudha. Kan baay'ee garaa nama ciibsuidha. Lallabdoota caalaa kaayyoo fi hawwii uummataa dhinbiilee baasuu kan danda'u eenyu? Lallabaan akkuma ta'etti akka Amoos "Bulchiinsi qajeelaan akka bishaaniitti, qulqullummaan is akka laga yeroo hundumaa yaa'uutti haa burqu!" jechuu qaba. Lallabichi akkuma ta'etti Yesuus wajjin," Hafuurri Gooftaa anarra jira; rakkoolee hiyyeeyyii akkan hiikuuf na dabee jira" jechuu qaba.

Ifatti hoggansa kabajamoo Jems Lowusen jalatti tajaajiltoota hojjetaa jiran galateeffachuun barbaada. Jeems Lowusen bara dheeraa qabsoo keessa kan turani fi sababa isaafis mana hidhaatti darbatamanii kan turanidha. Garuu ammas qabsoorra jiru. Har'as mirga uummata isaanii qabsaawaa jiru. Kana malees kanneen akka Luba Raalf Jaaksani fi Biillii Kilisi fi kanneen biroos maqaa dhahuu osoon danda'ee gaarii ture. Garuu yeroon nuuf hin hayyamu. Asitti yoon maqaa dhahuu baadhellee hunduma isaanii galateeffachuun barbaada. Isinis naa galatoomfadhaa. Sababni isaa lallabdoonni ofii ofiif yeroo hin qaban. Tajaajila gati-qabeessa wayitan argu nan gammada.

Waa'ee miidhaa warri adii geessisanii keessatti ammoo bifa barnoota ta'uun dubbachuun hammeenya hin qabu. Haata'u malee, xumura irratti namoonni kafanni uffatani fi kopheen kaawwatan isaan barbaachisa. Waa'ee daandiiwwan dammaa fi aannan itti yaa'uu dubbachuunis gadhee miti. Garuu Waaqni keenya warra karaa gubbaa manneen plaastikaa keessa jiraataniif akka oo'inu nu abboomee jira. Waa'ee daa'imman guyyaatti yeroo sadii nyaata argachuu hin dandeenye akka dhiphannuuf ajajamnee jirra. Waa'ee Jerusaalem haaraa dubbachuun gaariidha. Haata'u malee, hojjetaan Waaqayyoo gaaf tokko waa'ee Niwu Yoork, waa'ee Atilaantaa ishee haaraa, waa'ee Filadeelfiyaa ishee haaraa, Los Aanjeles ishee haaraa, Memfis Tenesii ishee haaraa dubbachuu qaba.

Itti dabalees akkana gochuu qabna. Yeroo mara qabsoo kallattii karaa nagaa geggeessinu qoqqobbii dinagdee wajjin wal simsiisuu qabna. Tokko tokkoon keenya mata mataatti yoo ilaalamne hiyyeeyyiiidha. Warra adii wajjin wal qabamnee yoo ilaalamne nuti hiyyeeyyiiidha. Eeyyee hawaasa adii Ameerikaa wajjin yoo ilaalamne nuti hyeeyyiiidha. Ta'uyyuu waan tokko gonkumaa dagachuu hin qabnu. Qabeenya hundi keenya qabnu yoo walitti ida'ame addunyaa irraa biyyoota sagal irraan kan hafe kanneen biroo hundumaa caalaa nuti dureeyyiiidha. Waa'ee kanaa itti yaaddanii beektuu laata? Ameerikaa, Sooviyet Raashaa, Britaaniiyaa Guddittii, Jarman Lixaa, Firaansi fi kanneen biroo eega waamnee booda gurraachonni Ameerikaa qabeenya walitti qabaniin biyyoota biroo hunda ni dursu. Galii waggaa doolaara biiliyoona soddomaa ol qabna. Kun ammoo galii Ameerikaan daldala alaa irraa argattu ni caala; baajata waggaa Kaanadaas ni caala. Kana ni beeknaa laata? Akkamitti akka itti fayyadamnu yoo beekne kun humna guddaadha.

Eenyu wajjin illee falmii keessa seenuu hin qabnu. Eenyu illee abaaruu, waan hin taane dubbannee gocha hin barbaachifne dalaguun nurraa hin eegamu. Lolli kamillee nu hin barbaachisu. Qaruuraawwan ibidda garaa keessatti baatan nu hin barbaachisan. Kan nu barbaachisu

gara industriiwwan gurguddoo fi dhaabbilee raabsaa biyya keenya keessa jiranii deemnee, “Waaqayyo ijoollee isaa akka ta’utti keessumsiiisaa akka hin jirre akka isinitti himnuuf nu ergee jira. Kanaaf, ajandaa keessan keessaa inni olaanaan qabaa haqa-qabeessa akka ta’uuf isin gaafachuu dhufnee jirra. Kun dhimma ijoollee Waaqayyoo ilaallatuudha. Kana raawwachuuf hin qophoofne yoo taatan nutis kallattii hordofnu qabnaatii dursaa nutti himaa. Ajandaan keenya tumsa dinagdee isinii goonu dhaabuudha,” jennee itti himna.

Kanaaf, har’a galgala gara mana keessanitti deebi’aatii olloota keessan Memfis keessa jiraatanitti kokaa koollaa akka hin bitne itti himaa. Dhaqaatii aannan warshaa hin bitinaa jedhaa. Bixxileen jaraa sun maal ture maqaansaa? Bixxillee Wondar, eeyyee dhugaatii akka isaan hin bitne itti himaa. Kaampaniin bixxillee inni tokkommoo maal turee? Joosii? Deemaatii bixxillee Haartis akka hin bitne itti himaa. Jesii Jaaksen yeroo tokko akkuma dubbatan hanga ammaatti gidiraa fudhachaa kan turan namoota muraasa qofa turan. Amma garuu gidiraa kana tamsaasuu qabna. Kaampanii kanneen sababa malee hin filatne. Imaammata qaxarii haqa-qabeessa ta’e kan hin hordofne waan ta’aniif, adeemsa mirgaa fi fedha namoota mormiirra jiranii kabajuu keessa akka darbaniif jecha hariiroo dinagdee keenyaa kutuun dirqama nutti ta’eera. Isaan booda walakkeessa magaalattii deemuudhaan kantiibaa Loo’ib waan sirrii akka hojjetuuf itti himuu dandeenya.

Garuu kun sababa keenya isa tokkicha miti. Dhugaatti dhaabbilee keenya jajjabeessuu qabna. Gara magaalaa deemtanii qarshii keessan baaftanii baankii Tiraay Steet keessa akka kaawwattaniif waamicha isinii dabarsa. Memfisitti sochii baankii kawwachu eegaluu qabna. kanaaf, gara dhaabbile liqaa fi qusannaa deemna. Kora Kiristaanaa Kibbaa keessatti waan ofii keenyaa hin raawwanne akka isin raawwattaniif isin hin gaafanne. Geggeessitoonni Kora Kiristaanaa Kibbaa dhaaba liqaa fi qusannaa kanaa qusannoo akka qaban abbaa murtii Huuksi fi kanneen biroon isinitti himu. Waan ofii hojjennu isinis akka hordoftan isinitti himna. Qarshii keessan achi kaawwadhaa. Memfis keessa dhaabbileen inshuuransii jaha yookiin saddeet

gurraachotaan kan hundeeffamanidha. Maallaqa wabii inshuuransiif kaawwattan baasaatii dhaabbilee kanneenitti kuufadhaa. Amma sochii jalqabuu qabna. Isaan kun wantoota qabatamoo hojjechuu dandeenyu keessaa muraasa. Karaa kana fakkaatuun bu’uura dinagdee guddaa ijaaruu irra darbee bakka dhukkubbiin isaa dhaga’amuu danda’u irratti dhiibbaa uumaa jirra. Karaa kana akka isin hordoftan barbaadna.

Gara xumura dubbii kootti deemaan jira waan ta’eef, waan qabsoon kun barbaadu hundumaa hanga dhumaatti dhowwachuu akka hin qabne isin yaadachiisuun barbaada. Memfis keessatti yeroo ammaa kana qabsoo irraa baqachuu caalaa wanti nama gaddisiisu hin jiru. Wayita qabsoon kun galma isaa ga’u arguu qabna. Kanaaf, yeroo nuti as Memfis keessatti hiriira baanu nu wajjin akka hiriirtan barbaadna. Waa’een obboleewwan keenyaa nu dhibuu qaba. Tarii yeroo hiriira baanu nu waliin jiraachuu dhiisuu maltu. Garuu yookiin walqabannee kaana yookiin ammoo wal qabannee kufna.

Jireenya gonkumaa ofittoon hin taane haa qabaannu. Gaaf tokko namni tokko gara Yesuusitti dhihaatee jireenya keessatti wantoota hiika guddaa qaban kaasuu fi barbaade. Qabxii tokko irratti Yesuusiin qoruuf gaaffii gaafachuu irra darbee isa caalaa akka beeku agarsiisuu barbaade. Gaaffiin kun salphaatti gara falmii barnoota hafuura fi falaasamaatti nu seensisuu danda’a ta’a. Haata’u malee, Yesuus gaafficha qilleensa irraa fuudhee battalumatti karaa jajal’aa Jerikoo fi Jerusaalem gidduu irra kaa’e. Kana waan ta’eef, Yesuus waa’ee namicha to’annoo hattootaa jala seenee tokko kaase. Leewwota keessaa nama tokkoo fi lubni tokko qarqara karaa biraa irra darbaa akka turan ni yaadattu. Garuu, dhaabbatanii isa hin gargaarre. Dhuma irratti namni gosa biraa ta’e tokko achirra darba ture. Gara-laafinaan ka’ee isa gargaaruu barbaade. Obboleessa rakkina irra jiru kana gargaaruuf yaadee gargaarsa jalqabaa godheef. Yesuusiis namichi kun nama gaariidha jedhe. Namni kun nama guddaadha, sababni isaa “ana” jechuu bira darbee “si’i” jedhee obboleessa isaaf dursa kennuu danda’ee jira jedhe Yesuus. Mee Leewwichaa fi lubichi maaliif namicha harka hattootaatti kufe sana gargaaruu dadhaban jennee haa

yaadnu. Tarii walgahii hojjetoota Waldaa Kiristaanaatu jira waan ta'eef, yeroodhaan Jarsaaleem gahuuf ariifatanii sokkan haa jennu. Akkasuma karaa biraa, "Namni tajaajila amantii kennu tokko sirni sun osoo hin geggeeffamiin sa'a digdamii afuriif qaama namaatti bu'uu hin qabu" kan jedhu seerri amantii akka jirutti haa fudhannu. Tarii ammoo gara Jarsaaleem yookiin Jerikoo deemanii waldaa daandii Jerikoo fooyyessu gurmeessuuf ta'a. Kunis ta'uu danda'a. Yookiin ammoo nama tokko gargaaruu irra hundee rakkoo kanaa furuu barbaachisa jedhanii yaadanii ta'a.

Ani garuu waan natti dhagaahamun isinitti hima. Jarreen kun sodaatanii ta'uu danda'a jedheen yaada. Karaan Jerikoo karaa balaafamaadha. Ani fi haati warraa koo aadde Kiingi yeroo jalqabaatiif yeroo Jarsaaleemitti dabarsine nan yaadadha. Konkolaataa kireeffannee Jarsaaleemitti gara Jerikootti qajeelle. Karaa keenya akkuma jalqabneen haadha warraa kootiin "Yesuus dandii kana maaliif hibboodhaan akka dhiheessu amma naaf gale," jedheen itti dubbadhe. Daandichi jajal'aa fi afanfajjeessaadha. Riphuudhaaf baay'ee mijataadha. Jarsaaleemii wayita kaatan maayilii 1200 yookiin ciisa bishaanii irraa kophee 1200 ol ka'aadha. Jerikoo wayita geessan, daqiiqaa 20 yookiin 15 booda jechuudha, ciisa bishaanii kophee 2200 gaditti of argattu. Daandii balaafamaadha. Kanaaf, bara Yesuus jiraate kessa "Daandii Dhiigaa" jedhamee waamama ture beektuu? Leewwichaa fi lubichi namicha miidhame sana karaa irratti kufee arganii garuu hattoonni naannoo sana dhokatanii jiru ta'a jedhanii sodaatan ta'a. Yookiin ammoo namichi kufee argame sun ta'e jedhee isaan gowwoomsuuf kufe jedhanii yaadanii ta'uu danda'a. Akka salphaatti qabee isaan saamuu, kan miidhame, kan saamames fakkeessuu barbaadee ta'a. Kanaaf, Leewwichi gaaffiin inni dura gaafate, "Namicha kana gargaaruuf yoon dhaabbadhe maaltu na mudata?" kan jedhuudha. Gidduutti namichi Samaariyaa gaariin sun dhufe. Gaafficha garagalchee, "Namicha kana gargaaruuf yoon dhaabbachuu baadhe maaltu na mudata?" jedhe.

Har'a galgala gaaffiin fuula keessan dura jirus kanuma, "Qulqulleessitoota gargaaruuf yoon dhaabbadhe biiroo koo keessa

akka paasteraatti guyyaa guyyaa fi turban torbaniin yeroon ani dabarsu maal ta'u? kan jedhu ta'uu hin qabu. Akkasuma gaaffichi "Namicha kana gargaaruuf yoon dhaabbadhe maaltu na mudata?" kan jedhu miti. Gaaffichi, "Qulqulleessitoota kanneeniif yoo ani dhaabbachuu baadhe maaltu isaan mudachuu danda'a?" kan jedhuudha.

Har'a galgala qophaa'ummaa guddaadhaan haa sosochoonu. Murannoo guddaan haa kaanu. Guyyoottan murteessoo fi seena-qabeeyyii kanneen keessatti Ameerikaa sadarkaa isheef ta'u irraan ga'uuf haa sochoonu. Ameerikaa biyya fooyyofte taasisuuf carraa gaariin harka keenya keessa jira. Waaqayyo isinii wajjin bakka kanatti akkan walarguuf waan na gargaareef irra deebi'een galateeffadha.

Beektuu? Waggoota baay'ee dura Niwu Yoorkitti yeroo jalqabaaf kitaaban barreesse irratti mallatteessaan ture. Kitaabicha irratti bakkan taa'ee mallatteessaa jirutti dubartii gurraattiin hafuura hamaan guutamte tokko dhufte. Gaaffii tokkichi ani isheerraa dhagahe, "Ati Maartiin Luuter Kiingii?" kan jedhu ture.

Gadi-jedhee akkuman barreessaa jiruttan, "Eeyyee" jedhe. Itti aansee wanti tokko qomakoo yemmuu rukututu natti dhaga'ame. Osoon hin beekin dubartii hafuura hamaan qabamte sanaan laphee irra waraaname. Gara hospitaala Harlemittin ariitiin geeffame. Guyyaa Sanbataa dukanaawaa ture. Akka raajiin mul'isetti fiixeen meeshaa ani ittiin waraanamee laphee koo uree keessa ba'ee hidda dhiigaa guddicha bira ga'ee jira. Hiddi dhiigaa guddichi uramnaa dhiiga ofii keessa cuubamuudha. Kana jechuun boqonnaa jireenyaa isa dhumaarra ga'ama jechuudha. Borumtaa isaa ganama gaazexaa Niwu Yoork Taayims irratti osoon wayita sana haxxiiffadheera ta'ee akkan du'u barreeffamee jira. Qomakoo bananii halbee na waraane baasanii deebisanii eega hodhanii guyyaa afur booda barcuma sosochootuun hospitaalicha keessa akkan deddeebi'uuf naaf hayyamame. Guutummaa Ameerikaa fi guutummaa addunyaa irraa xalayaalee naaf ergaman keessaa hanga tokko ilaaleen ture. Xalayaalee kanneen keessaa kan ani dubbise muraasa yoo ta'aniyyuu isaan keessaa tokko

garuu irraanfachuu hin danda'u. Pirezidantichaa fi itti aanaan pirezidantiis xalayaa naaf erganii jiru. Telegiraamoonni sun maal akka jedhan irraanfadhara. Haata'u malee, xalayaan intalloo xiqqoo tokko irraa naga'e tureera. Innis mana barnootaa sadarkaa lammaffaa Haayit Pileen keessaa kan barattu intala xiqqoo tokko irraa xalayaa naa ergame ture. Xalayaa kana yoomuu hin irraanfadhau.

Salphumatti akkana jedha. "Jaalatamaa Dr. Kiingi ani Mana Barnootaa Haayit Pileen sadarkaa lammaffaa keessatti barattuu kutaa saglaffaati." Itti fuftee, "Waan dhimma baasu yoo ta'uu baatellee, ani mucayyoo durbaa adii ta'uu koo isinii ibsuun barbaada. Balaa suukanneessaa, isin mudate gaazexoota irraa dubbiseen jira. Osoo haxxiffattanii jirtu ta'ee duutanii akka turtan dubbiseen jira. Kanan isinii barreesseefis waan hin haxxiffatiniif akkan gammade isinii ibsuufi."

Kanaaf, har'a galgala waanan hin haxxiffatiniif gammaduu koo isiniif ibsuun barbaada. Sababni isaa osoon haxxiffadheera ta'ee bara 1960oota keessa guutummaa kibbaatti wayita barattoonni manneen nyaataa gurraachotaaf dhowwaa ta'an keessatti teessoo qabatanii osoo taa'anii hin arguun ture. Wayita achi taa'an abjuu Ameerikaa keessatti dhugaa hunda caaluuf akka dhaabbatan nan hubadha. Akkasumas abbootiin Ameerikaa hundeessan karaa labsii bilisummaa fi heera mootummaa gara bu'uuraalee dimookrasii gadi-fageenyaaan qotamaniitti biyya keenya guutummaa geggeessaa jiraachuu isaanii nan amana. Osoon haxxiffadheera ta'ee, bara 1962 gurraachonni Albanii, Joorjiyaa dugda ol qajeelfachuuf wayita murteeffatan arguu hin danda'un ture. Yoomiyyuu dhiiraa fi dubartoonni dugda ofii eega ol qabatanii bakka tokko gahuuf murteeffataniiru jechuudha. Sababiinsaa hanga hin guguufnetti eenyullee dugda namaa yaabee gulufuu hin danda'u. Osoon haxxiffadheera ta'ee, bara 1963 gurraachonni Bermingam Alabaamaa miira biyya keenyaa tuttuquudhaan seerri mirga dhala namaa wayita labsamu as jiraachuu hin danda'un ture. Osoon haxxiffadhe ta'ee, wagguma kana ji'a Hagayyaa keessa mul'atan qabu Ameerikaatti himuu yaaluu hin

danda'un ture. Osoon haxxiffadhe ta'ee, goda Selmaa, Atilaantaatti argamee sochii guddaa achitti taasifamaa jiru daawwachuu hin danda'u ture. Osoon haxxiffadheera ta'ee, Memfisitti argamee hiriira uummataa keessumaa obbolootaa fi obboleewwan gidiraa keessa jiran arguu fi gargaaruuf asitti argamuu hin danda'un ture. Haxxiffachuu dhiisuu kootiif hedduun gammada.

Amma namoonni natti dhaadataa yoo jiraatan iyyuu jijjiirama baay'ee hin fidu. Wanti amma ta'u tasa rakkina hin qabu. Atilaantaatii har'a ganama kan ani ka'e, xiyaaraan wayita sochii jalqabnu jaha turre. Balaliisinaan xayyaaraa imaltootaaf akkana jechuudhaan ergaa dabarsee ture. "Yeroo dabarsuu keenyaaf dhiifama guddaa. Garuu Dr. Maartin Luuter Kiing nu wajjin jiru. Mirkaneeffachuuf mi'a keenya mara akka gaariitti sakattaanee jirra. Waan hundumaa tokko tokkoon sirriitti waan mirkaneeffanneef xiyyaaricha irra homtuu hin ga'u. Akkasumas halkan guutuu xayyaarichi akka eegamu taasifnee jirra," jedhe

Achii Memfis geenye. Namoonni tokko tokko waa'ee doorsisaa fi dhaadannoo ajjeechaa wayita haasawan nan dhaga'a. Obboloowwan koo dhukkubsatoon tokko tokko maal narraan ga'uuf laata?

Amma maal akka namudatu hin beeku. Guyyaan qorumsaa muraasni fuula keenya dura jiru. Kun aanan dhimma baay'ee na yaadessu miti. Sababiinsaa fiixee gaarichaatti ol baheen ture. Kanaaf homtuu na hin dhibu. Akkuma eenyuuyyuu umurii dheeraa jiraachuu nan barbaada. Lubbu-dheerinni bakka ofii qaba. Amma garuu sun na hin cinqu. Fedha Waaqayyoo qofan raawwachuu barbaada. Gara fiixee gaarichaatti akkan ol bahu anaaf hayyameera. Bitaa fi mirga, duraa fi booddee koo ilaaleera. Biyya abdiis argeera. Isinii wajjin gara biyya abdii sanatti hin galu ta'a, haata'u malee, har'a galgala akka isin hubattan kan ani barbaadu gara biyya abdiitti hin galla. Galgala kana wanti na dhiphisu tokko hin jiru. Gammachuu guddaas nan qaba. Nama tokkollee hin sodaadhu. Ijikoo miidhagina dhufa Gooftaa argeera.